HUUTUUTSII

YAADANNOOWWAN DARGAGGITTII QALBII NAMAA FANNISAN

IIMAAKIYUULEE IILIIBAAGIIZAA

FI

ISTIIV EERWIIN

HIIKAAN:

AMAANU'EEL TAKILUU IMAANAA

© Mirgi Hiikaa Seeraan Kan Eegamee dha.

All Right Reserved!

Maxxansa Duraa – Hagayya 2012 E.C

Hayyama maxxansiisaatiin kan bilisaan gadhiifame!

Ilaalchaa fi Yaada Dabalataa Keessaniif

E-mail: amenamanuel69@gmail.com

amanuelbaba664@gmail.com

Maxxansaa fi Raabsaan: Mezemmir Girmaa

Kitaaba kana hiruu fi baay'inaan bituu yoo barbaadan, lakkoofsa bilbilaa kanaan nuuf bilbilaa (0913658839 yookiin 0970381070)

BAAFATA

GALATA 5
JECHA-DUREE 7
DURSA 14
SEENSA: IIMAAKIYUULEEN JEDHAMA 15

KUTAA 1ffaa:

GUYYAA HAMAAN DHUFUUF YOO OF QOPHEESSU 18
BOQONNAA 1:DACHEE BIRROOFTUU BARABARAA 19
BOQONNA 2:TAA'UMSA KEENYA IRRAA YOO OL NU KAASAN 35
BOQONNAA 3:BARUMSA OL'AANAAN DURA 52
BOQONNAA 4: GARA YUUNIVERSITIITTI 63
BOQONNAA 5:GARA BIYYAATTI 73
BOQONNAA 6:DUUBATTI DEEBI'UUN HIN DANDA'AMU 86
BOQONNAA 7:MANA LUBICHAA 102
BOQONNAA 8:IJOOLLETTIITTI NAGAA YOON DHAAMU 114

KUTAA 2FFAA

YEROON DHOKADHEE TURETTI 121
BOQONNAA 9: GARA KUTAA MANA DHIQANNICHAATTI 122
BOQONNAA 10:AARII KIYYAAN FUULDURATTII YEROON WALITTI BAHU 137

BOQONNAA 11:DHIIFAMA GOCHUUF YAALII YOON GODHU 148
BOQONNAA 12:FIRAN ITTI MARI'ADHU YOON DHABU 155
BOQONNAA 13:YAA'II IJOOLLOTA MAATI-DHABEEYYII 166
BOQONNAA 14:KENNAA AFAAN HAARAA 182
BOQONNAA 15:OOLCHANII KAN NAMA HIN OOLCHINE 196
BOQONNAA 16:AMANTAA KIYYA YOON EEGGADHU 204

KUTAA 3FFAA

DAANDII HAARAA 214
BOQONNAA 17:DHUKKUBA BILISUMMAA 215
BOQONNAA 18:XALAYAA DAAMAASIIN IRRAA ERGAME 232
BOQONNAA 19:MIJATAA TA'UU DAWOO DHOKANNAA 240
BOQONNAA 20:DAANDII GARA FINCILTOOTAATTI GEESSU 259
BOQONNAA 21:GARA KIIGAALIITTI 268
BOQONNAA 22:HOJII GOOFTAA KIYYAA 281
BOQONNAA 23:NAMOOTA DU'AN YOON AWWAALU 295
BOQONNAA 24:NAMOOTA LUBBUUN JIRANIIF DHIIFAMA YOON GODHU 306

SEENAAN BOODA: JAALALA HAARAA, JIREENYA HAARAA 312
GALATA 322
EENYUMMAA BARREESSITOOTAA 327
IIMAAKIYUULEE IILIIBAAGIIZAA 327
ISTIIV EERWIIN 328
ILAALCHOTA AJAA'IBSIIFANNAA KITAABICHAAF KENNAMAN 329

Galata

Kitaaba kana bifa kanaan hiikee maxxansuuf yeroon yaalii godhutti namootni hedduun ana gargaaraniiru. Jalqaba irratti kitaaba kana gara Afaan Oromootti akkan hiikuu fi maxxansu yaada isaa kan anaaf hire barsiisaa fi hiikaa kan ta'e obbo Mezemmir Girmaaf – *kitaabuma wal fakkaataa (Huutuutsii jedhu) bara 2008tti gara Afaan Amaaraatti kan hiike*, galatni kiyya guddaa dha. Jajjabinni inni anaaf kennee fi hawwii inni kitaabni 'Huutuutsii' jedhu kun gara Afaan Oromootti hiikamuun hawaasa Oromoof dhiyaachu qabu ilaaluun guddummaa isaa hubadheera. Kabajaa fi jaalalli inni uummata Oromoof qabus guddaa kan nama dinqisiisuu dha. "Seenaan kitaaba kana keessatti katabamee kun namoota hedduu gargaaruu danda'a." kan inni anaan jedhes hin irraanfadhu. Taarikuu Anaggaa ammoo torban tokko gidduutti barreeffama kana anaaf dubbisuun fi yaada ijaarumsaa anaaf kennuun waan ana gargaareef; akkasumas, yeroo hiikni jechaa ana jalaa badu, jecha sirrii fi fudhatama qabu barbaaduun kan ana gargaaran Wuubinesh Asmellaash, Meqides Tesfaayee, Kennesaa Taasisaa, Boonsaa Dabalaa fi Siisaay Kaffiyaalewuuf galatni kiyya guddaa dha. Takiluu Imaanaa, Muluu Gabayyoo, Maahider Abirehaa, Haannaa Takiluu fi Seenaa Takiluu anatti waan amananii fi hojiin kee maal irra gahe jechaa waan ana jajjabeessaniif galatni kiyya isaan haa qaqqabu.

Maatii kiyya ofii keessan irra caalchisuun ana jaallatan fi jaalala hanga hin qabne anaaf kennitan Li'oonaardii fi Rooz, obboleewwan kiyya Daamaasiin fi Viiyaanii, jannata iddoo ifaa calaqqisaa ni gootu. Yeroo hundumaa isinan jaalladha.

Obboleessa kiyya Eeyimaabiliif, jaalala isaa hin dhumne waliin, dhukkubbii himamuu hin dandeenye fayyisuuf abdii waa'ee godhachuuf

Akkasumas, maatii kiyya haaraaf – Biriyaan fi ijoollota kiyya hin quufamne Nikii fi Biriyaan xiqqicha – jireenya, jaalalaa fi kaka'umsa haaraa waan anaaf kennitaniif. Jireenyi kiyya guutuu akka ta'u anaaf gootu.

Yaadannoo isaa namoota addunyaa kana irraa iddoo kamiinitti iyyuu duguuggaan sanyii irra gahe hundaaf anaaf haa ta'u

"Waan tokko jijjiiruu yoo dadhabnu ofii keenya jijjiiruuf dirqamna."

Viktoor I. Firaankil, PHD, Doktoora Fayyaa, Ogeessa fayyaa sammuu fi Barreessaa kan ajjeechaa waraana addunyaa lammaffaa irraa hafe

JECHA-DUREE

Waggoottan shantama darban keessatti kitaabota kumaatamaan lakkaa'aman dubbiseera. Kitaabni harka keessan irra jiru kun garuu kitaabota ani bara jireenya kiyyaa keessatti dubbise hundumaa irra caalaatti kitaaba gaarii kan nama hawwatuu fi gadi fageenya qabuu dha.

Isin deemsa humna amantii itti arguu dandeessan shakkii tokko malee hanga dhumaatti deemsa isin jijjiiruu danda'u eegaluufi. Himni kitaaba qulqulluu keessatti argamu tokko akka nu yaadachiisutti "Waanti hundinuu Waaqayyoof ni danda'ama" Barumsoota hima kanaa irra deddeebi'uun gaaffii caalaatti nama amansiisuuf humna qabu waliinin caqasa. Gaaffiin kunis, "Dubbiin kun egaa waan of keessatti hin haammanne qabaaree?" isa jedhuu dha. Deebiin isaa nama hundumaaf ifaa dha. "Waan hundumaa gaafa jedhamu waan hundumaa jechuu dha."

Isin jabinni kan biraan tokko illee osoo itti hin dabalamin, amantii qulqulluun gaara iddoo isaatii sochoosuu akka danda'uu fi gaalas uraa lilmoo keessa akka baatu gochuu akka danda'u dubbistaniittu. Amantiin keessan bakkaa hin sochoone garuu qaamni uumama tokkoo uraa xiqqoo sana keessa darbuun hafee gaarreenis bakkuma jiranitti dhaabbachuun uraan lilmoo sun rifeensa tokkittii nyaara gaalaa illee dabarsuu dideera ta'inna. Kan shakkii hin qabne kitaaba 'Huutuutsii' jedhu kana dubbisanii yoo xumurtan, daangaan taateewwaan hundumaa maal akka fakkaatu ilaalcha haaraa akka qabaattan yoon isinitti himu gammachuu guddaadhaani. Isin

Iimaakiyuulee Iiliibaagiizaan yaaduuf illee kan nama suukanneessan yeroo duguuggaa sanyii sana keessatti haalota hin baratamne dabarsite yoo ilaaltan, dandeettiin amantaa qulqulluu fi amantaa haalli hin jijjiirre raajiiwwan adda addaa hojjechuu akka danda'u isiniif gala.

Naannoo waggota kudhaniin dura Ruwaandaa keessatti namootni dhala namaa biraa irratti dhiibbaa suukanneessaa namummaan alaa akka raawwatan yoo arginus, seenaan kun garuu dhugumaan seenaa jaalalaati jedhe dubbachuu nan danda'a – hafuurri dhala namaa argachuu kan danda'e mo'annaa guddaa jechuu dha. Seenaan kun dubartiin tokko gufaatii irra darbamuun ulfaatu hedduu irra darbuun seenaa ishee namootaaf qooduu fi hubannoo hafuuraa haaraa eegaluuf adda duree jijjiiramaa ta'uuf jecha lubbuun ooluuf kan gootu amantii gadi fagoo fi kutannoon kan irratti argamuu dha. Jabinaa fi jaalala isheen Waaqayyoof qabdu kan hafuura jibbaaf fedhii haaloo ba'uu diigus irraa calaqqisa.

Waggaan darbe waggaa ani Iimaakiyuulee sirriitti itti beekuunii danda'ee dha – guyyaa guyyaan waan wal arginuuf. Waltajjiiwwan nuti goonu irratti namoota kumaatamaan lakkaa'amaniif ana waliin deemuun seenaa ishee qooduufii dandeesseetti. Qofaa keenya taa'uunis sa'aatota muraasaaf waa'ee haala isheen yeroo duguuggaa sanyii sana keessa itti turtee fi waa'ee fedhiiwwan ishee guyyaa har'aa dubbanneerra. Sana irras darbee ishee fi maatii ishee waliin yeroo gaarii dabarseera. Namoota isheen hojii waliin hojjettuu fi keessummatti ammoo namoota ishee waliin duguuggaa sanyii sana irraa hafan waliin kan dudubbadhe yoo ta'u, isheenis gama isheetiin yeroo hedduu ijoollota kiyya waliin dabarsiteetti. Ishee waliin iddoo adda addaa deemuun barumsa kenninu gidduutti yeroo adeemsa goonu qilleensa irras ta'e baaburaan marii kan geggeessine ta'us, namoota muraasa yookaanis hedduu dura dhaabbattees argeera. Dubartii jabduu kana baay'inaan beekuu kiyya irraan kan ka'e hiriyoota kiyya baay'ee walitti siqeenya qabnu keessaa akka ishee tokkootti kan ilaaluun. Dhugaatti, baay'ee waanan ishee jaalladhuu fi ajaa'ibsiifadhuuf kitaaban dhiyeenya barreesse *Inispaayireeshin* jedhu yaadannoo isheetiif godheera.

Jalqaba fuulota hojii ajaa'ibaa kana irratti walitti dhufeenya dhuunfaa ani Iimaakiyuulee waliin qabu kan ibsu, isin gara taatee tasaa jireenya keessan barabaraan jijjiiruu danda'u seenuuf akka jettan (Addunyaan illee osoo hin hafin, kara daandii gaariin jijjiiruu danda'a jedheen amana) Iimaakiyuuleen akka ilaalcha kiyyaatti nama guddaa addaa akka taate akka ilaaltan waanan barbaadeefi. Yoom-eessa hedduu dhuunfaa fi hawaasummaaf sa'aatota lakkaa'amanii dhumuu hin dandeenyeef yeroon ishee waliin dabarse, dhugaa dubbachuuf dubartiin humnaa olitti hafuuraa fi amantaa isheetti cimtuu taate kun nama kamiin iyyuu yeroo hundumaa harkisee daangaa isaa keessa galchuu kan danda'u ifa burqisiifti.

Sa'aatii irbaataatti yeroo isheen dubbattu namootni argaman hunduu dhaggeeffachuu qofa osoo hin taane akkuma harkistuun sibiilaa sibiila ofitti harkisutti gara isheetti harkifamu; iddoo namootni hedduun itti walitti qabamanitti illee yoo haasaa gootu, lilmoon illee yoo kufe, sagaleen kufaatii isaatii isinitti dhaga'ama – callisa guddaadhaan ishee hordofu. Sagantaalee kan irrattis waan simboo gararraa ta'uun irraa bareedu akka irra mul'atu argitu – Iimaakiyuuleen akka haalli waan dura hin turreetti waa'ee jaalalaa barreessuu fi dubbachuu qofa osoo hin taane, iddoo deemtu hundatti sana ni calaqqiisiifti. Sadarkaa hafuura ol'aanaa keessa kan jiraattu dubartiin kun, kana gochuu isheetiif ana dabalatee namoota waliin wal quunnamtu hundaaf dandeettiin isaanii akka cimatu gooti.

Yeroodhuma jalqaba wal argine sanatti haala adda ta'een nama qulqullooftuu waliin akkan jiru anatti beekame. (Kun egaa kitaaba kana dubbistanii yoo xumurtaniin booda kan isiniif galu ta'a). Magaalaa Niwu Yoorki keessatti dhaaba Oomeegaaf barumsa gabaabduu ergan dhiyeesseen booda, daqiiqaa muraasaaf walitti dubbanne; daqiiqota muraasaan boodas ija kiyya duraa dhokatte – daqiiquma sanatti kan ani qabame. Waggoota dheeraa dura haadha qulqulleettii ta'uun uumaman jechuun kan itti amanamu lammii Hindii kan ta'an haadha Miiraa waliin ergan wal quunnameen booda, miira anatti dhaga'amee tureen kan wal fakkaatu humna Iimaakiyuulee adda ta'e hubadhe.

Kitaaba kana maxxansuuf Iimaakiyuuleen gargaarsa argachuuf ana hin barbaadne – anatu ishee barbaade malee. Yeroon ishee waliin turetti anatti dhaga'amee kan ture gammachuu guddaa fi ifni jaalalaa ana gadhiisuu dhabuu isaan, mucaa kiyya Iimaakiyuulee waliin ergaa waliif ergan Iskaay kan jedhamtuun Iimaakiyuulee waliin akka ana wal quunnamsiiftuuf gaafadhe. Guyyootni torbanootatti jijjiiramanis wal arguu hin dandeenye. Guyyaa hundumaa Iskaayiin "Dubartii lammii Ruwaandaa sana argatteenii?" jechuun gaafachuu adda hin kutne.

Dhuma irratti Iimaakiyuuleen gaaffiiwwan mucaa kiyyaaf deebii kennuu isheetiif tasuma bilbileef. Gaaffii tokkos gaafadhe "Seenaa akkaataa oolmaa kee barreessuu ni barbaaddaa? Ergaan sun addunyaa mara akka qaqqabuuf ani si'i gargaaruuf dirqama akkan qabutu anatti dhaga'ama." Yeruma sanatti ture Iimaakiyuuleen ofii isheef duguuggaa sanyii Ruwaandaatti bara 1994[1] raawwatame Tuutsii ta'uu isheef, yeroo ajjeechaaf adamsamteetti tokkoon tokkoon dhiphina suukanneessaa dabarsite barreessuu ishee kan anatti himte. Sababni du'a irraa hafuu ishees kanuma akka ta'e anaaf ibsite. Yaaliiwwan isheen seenicha maxxansiisuuf goote keessumattuu afaan Ingiliffaa afaan sadaffaa ishee ta'uu isaatiif akkasumas qabiyyee seenichaa irra caalaatti dubbifamuu gara danda'utti jijjiiruuf gargaarsi waan ishee barbaachisaniif milkaa'uufii akka hin dandeenye anaaf ibsite.

Kan barreessite hunda akka anaaf ergituuf kan ani gaafadheen yeroodhuma sanatti ture. Isheenis Ruwaandaa gadi dhiistee erga baatee waaggoota shan booda, yaalii ajaa'ibaan tokkoon tokkoon isheen barreessitee jechoota gara 150, 000 kan ta'an of keessatti kan qabate anatti kennite. Dura taa'aa mana maxxansaa Heey Haawus kan ta'e hiriyaa kiyya gaarii Raayid Tireesiif bilbila bilbiluun itti dubbadhee, barreessaan Istiiv Eerwiin akkuma fuulota barreeffama sanaa irratti barreeffamanii jiranitti gochuun akka barreessu fi Iimaakiyuuleen akka gargaaruuf haalota mijeessine. Hiriyaa kiyya Raayidinis anis haga anaaf danda'ame akkan gargaaruun itti hime – jecha duree gabaabduu kana qofa barreessuu osoo hin taane, waltajjii hawaasummaa argaman mara irratti Iimaakiyuulee fi seenaan ishee akka itti ol ba'an akkan gargaaru ibseef. Itti

dabaluunis, ajjeechichi yeroo dhaabbatetti ijoollota maati-dhabeessa ta'anii

---

[1] Barootni kitaaba kana keessatti caqafaman hunduu (Galata irratti kan eerameen alatti) akka lakkoofsa warra Awurooppaanotaatti kan barreefamanii dha.

hafan karoora gargaaruu isheetii akka galma gahu maallaqa walitti qabuun ishee fi maatii ishee waliin gara Ruwaandaa deemuun akkan ishee gargaaru waadaa seene.

Kana irra darbuunis Riyaadiin Iimaakiyuulee sagantaa televiiziyoona kiyya, *Inispaayireeshin – yuur altimeet kaliing* sagantaa jedhu irratti dhiyeessuuf akkan barbaaduu fi seenaa dubartii hafuuratti cimtuu taate kana gara fuula uummataatti dhiyeessuuf waan anaaf danda'ame hunda akkan godhu ibseefi. Kun hundumtuu ta'uu kan danda'e yeroo jalqabaaf golee kutaa namootaan guutame daqiiqaa muraasaaf yeroon itti argeen kaka'umsa miira anatti dhaga'ame irraa kan ka'ee dha.

Seerri addunyaa dhala namaa, addunyaa Waaqayyo keessa jiru keessatti hin hojjetu jedhama. Waa'ee jechoota kanaa kitaabicha dubbisuun yoo xumurtan isiniif gala. Yeroodhaa gara yerootti, namummaan keessoo Iimaakiyuulee inni qulqulluunii fi Waaqayyoon beeku sun, keenyan ijaan hin mul'atne dhaabuudhaan ajjeeftotni ishee billaa baatanuu fi fageenya taakkuu tokko irra turan akka qaama ishee hin arginetti ija isaanii jaamsaa ture. Amantaan ishee jabaachaa akkuma adeemeen raajiiwwan raawwatamanis akkanuma ta'aa dhufan. Mul'atni ishee baay'ee dhugeeffamaa yoo adeeman, sammuu ishee keessaas shakkiin badaa adeeman; Waaqayyo waliinis walii galtee guddaa uumteetti. Fannoo bifa ifaatiin itti mul'ate sun ishee fi namoota ishee waliin turan yeroo inni afaan du'aa irraa isaan oolchetti, Waaqayyo akka ishee waliin jiru itti beekameera. Iimaakiyuuleen Waaqayyo waliin qabdi kan turte miira gaarummaa yeroo qabaachaa turtetti, ergamtootni jaalalaa fi ajajamuu eessaa dhufan osoo hin jedhamin tasuma akka dhufaniif nutti dhaga'ama. Ajjeesaa muratee dhufe yeroo dheeraaf ija isaa xiyyeefattee ilaaluun qaanessuu, meshaa isaa yoo buusu

(gatu), socho'uu yoo dadhabuu fi tuffiin isaas gara gaarummaatti yoo jijjiiramu arguu dandeesseetti.

Dhuma irratti miira jibbaa fi dugda ba'annaa ajjeeftota sanaaf qabdu turte hundumaa dhiisuun yeroo tokkotti ni danda'ama kan hin fakkaanne namoota ishee dhiphisaa turaniif, miira gaddaa qofa osoo hin taane dhiifama guutuu fi jaalala sababa hin qabne kennuufiif Waaqayyo waliin tokkummaa qulqullaa'aa gara uumuutti ceeteetti. Eeyyeen hafuura qulqulluu waliin tokkummaan jiraatti – iddoo har'a jiraachaa jirtutti jechuu dha.

Seenaan ishee guddaa miira keessanitti bu'a. Sodaan ishee isnitti ni dhaga'ama, ni boossu, gaaffiiwwan akka namaatti gaafachaa turres, ofii keessan ni gaafattu – *Kun akkamiin uumamuu danda'e? Diinummaan akkanaa eessumaa dhufe? Maaliif burqaa hunda keenyaa kan ta'e akka Waaqayyoo hin taanu?* Garuu waanti biraan tokkos irra caalaatti isinitti ni dhaga'ama – namootni murna murnaan gara daandii haaraatti akka deemaa jirru abdii agarsiisu – jireenya qulqullaa'aa jiraachuuf daandii akka eegalle.

Gama kiyyaan Iimaakiyuuleen du'a irraa ooluu kan dandeesseef seenaa sammuu namaa jeequ dubbachuu qofaaf miti; sana irra darbee, hunduu keenya gara ofii keenyaatti deebinee hafuura irraa uumamne waliin wal simuu fi dhugaan jiraachuuf yoo filannu argachuu dandeenyuu keenyaaf fakkenya guddaa dha isheen.

Seenaa suukanneessaa kana addunyaa irratti akka beekamu gochuu irratti waan ana irraa eegamu xiqqishuu gochuu kiyyaaf kabaja guddaatu anatti dhaga'ama. Iimaakiyuulee waliin ta'uun mul'ata ishee jaalalaa fi namaaf garaa laafuu danda'uu galmaan gahuu keessatti gargaarsa ana irraa eegamu bahuu danda'uu kiyyaan ulfinatu anatti dhaga'ama. Mul'atni ishee kunis Ruwaandaa keessa qofatti kan daanga'e hafu osoo hin taane, iddoowwan wal jibbiinsi yeroo dheeraaf keessa turetti akka raawwatamuufis kan xiyyeeffatee dha. Yeroo keessan guutuu kennitanii aarsaa gochuun dubbisuuf kan qophooftan kitaaba kana irratti jechoota muraasa barreessuu kiyyaaf ulfina guddaatu anatti dhaga'ama. Kana yeroo gootanis, hafuura waaqummaa irraa uumamne waliin gara tokkummaan jiraachuutti

fageenya hanga taakkuu tokkoo itti dhiyaachuun akka isiniif danda'amu isiniif mirkaneessa.

Kitaaba kana nan jaalladha; Iimaakiyuulee Iiliibaagiizaas akkanuma.

Iimaakiyuule, gara jireenya kiyyaatti waan dhufteef galatni kiyya si'i haa qaqqabu.

- **Weeyin Daayer**, Maawii, Haawaayi

DURSA

Kitaabni kun seenaa Ruwaandaa yookiin immoo seenaa duguuggaa sanyii taasifamee ture ilaalchisuun kan qophaa'e osoo hin taane, seenaa ofii kiyyaati. Guyyoottan dhibba tokko ta'an keessatti, akka tilmaama mootummaa Ruwaandaatti, namootni miliyoona tokko ol ta'an kan irratti dhuman, haala jibbisiisoo duguuggaa sanyii bara 1994tti geggeeffame sana gadi fageenyaan kan qoratan kitaabotni hedduun gaggaarii ta'anii fi odeeffannoo gahaa kennuu danda'an dhiyeenyatti maxxansiifamaniiru.

Kitaabni kun - seenaa kitaaba kana keessa jiru - akkaataa anatti yaadatameen kan ani seenesse seenaa kiyya qofaa dha … kan anatti yaadatamanis, akka waan kaleessa raawwatamaniitti. Seenaan kitaabichaan seeneffamu dhugaa yoo ta'u, kitaabicha keessattis maqaa kiyyaa fi maqaa maatii kiyyaa akkuma jiruttin gargaarama. Haa ta'u iyyuu malee, maqaa namoota hedduu kanneen biroo kitaabicha keessatti eeraman, eenyummaa namoota lubbuun oolan dhoksuuf jecha, akkasumas wal jibbiinsi ture akka itti hin fufne yaaduun maqaa isaanii jijjiireera.

Jireenyi tokkoon tokkooon keenyaa wal qabataa akka ta'ee fi waantota beeknu ammoo wal irraa barachuu akka qabnu nan amana. Kitaaba kana kan ani barreesseef, namootni biroon seenaa kiyya irraa fayyadamuu danda'u jedhee abdii godhachuuni dha.

Iimaakiyuulee Iiliibaagiizaa: New York

SEENSA
Iimaakiyuuleen jedhama

Namootni ajjeechaaf ba'an yeroo isaan maqaa kiyya waaman dhaga'e.

Ani keenyaan irraan gama tokkoon jira yoo ta'u, isaan immoo keenyaan irraan gama kallattii biraan kan jiran. Dhoqqee fi muka furdaa taakkuu tokko hin guutne dha kan adda nu baasu. Haasaan isaanii gara-jabeenyummaan kan irraa calaqqisuu fi murannoon ka'uu isaanii kan mul'isuu dha.

"Asi kan jirtu… Asi iddoo ta'e tokko akka jirtu ni beekna. … Ishee barbaadaa – Iimaakiyuuleen barbaadaa."

Naannichi jeequmsa guddaan guutame. Namootni ajjeechaaf ba'an hedduun isaaniis dhufaniiru. Yaada sammuu kiyyaan anatti ni mul'atu – kanaan dura yeroo hunda jaalalaa fi gaarummaan nageenya ana gaafataa kan turan firoottanii fi ollaawwan kiyya duraanii, amma immoo eeboo fi billaa (seefii) baachuun manicha keessa maqaa kiyya waamaa nanaanna'u – ana barbaacha asiif achi deemu.

"Arraabbiiwwan 399 ajjeeseera." jedha namoota ajjeechaaf bahan sana keessaa tokko. "Iimaakiyuuleen itti dabalee yoon ajjeese ammoo 400 anaaf ta'a. Hamma kana yoon ajjeese kan biraa maalan barbaada!"

Golee kutaa mana dhiqannaa xiqqaa dhoksaan da'annee keessa jirru keessa, kutaa qaama kiyyaa tokko illee osoon hin sochoosin dhokadheera. Akkuma kiyya lubbuu isaanii oolfachuuf dhokatanii kan jiran akkuma dubartoota biroo torbaa sanatti, namootni ajjeechaaf dhufan sun yeroon hafuura baafadhu akka ana hin dhageenyeef hafuura kiyya liqimseera.

Sagaleen isaanii namummaa kiyya guutuu ana kukkute. Akka nama ramaxii cilee irra ciiseetti, akka nama gubaa ibiddaa irratti gatameetti kan anatti dhaga'ame. Guutummaan qaama kiyyaa miira dhukkubbiin weerarame. Qaamni kiyya lilmoo kumaatamaan lakkaa'aman kan ijaan hin mul'atneen waraaname. Sodaan akkas kan nama hollachiisu dhiphina foonii nama qabsiisa jedhee yaadee hin beeku.

Liqimsuuf yaale, garuu qoonqoon kiyya tasuma cufameera. Hancufan liqimsu illee hin qabun ture; keessi afaan kiyyaas akka dikee horiitti garmalee gogee jira. Ija kiyyas dunuunfadhe; of-dhoksuufis yaalii godhe; sagaleen haasaa isaanii garuu anatti dhiyaachaa dhufe. Dhiifama jedhamu tokko illee akka isaan anaaf gochuu hin dandeenye beekkadheera. Sammuu kiyya keessattis yaadni tokko deebi'ee deddeebi'ee anatti dhaga'amuu eegale – *yoo arganii na qaban na ajjeesu, yoo arganii na qaban na ajjeesu, yoo arganii na qaban na ajjeesu …*

Ajjeechaaf namootni dhufan sun balbala dura jiru; daqiiqaa kamitti iyyuu barbaadanii ana argachuu akka danda'an nan beeka. Seefiin (billaan) isaan baatan gogaa qaama kiyyaa darbee seenuun hanga lafee kiyyaatti yoo ana kukkutu miirri anatti dhaga'amuu maal akka fakkaatun yaade. Obboleewwanii fi maatiin kiyya anatti yaadataman; du'an yookiin ammoo lubbuun jiraachaa akka jiran, yeroo muraasaan boodas jannatatti wal arguu dandeenya ta'inna jedhees yaade.

Harka kiyya waliin maruun – wal keessa galchuun – lakkooftuu abbaa kiyya (callee kadhannaa) jabeessee qabachuun sagalee tokko osoon hin dhageessisin kadhachuu eegale – *Maalo yaa Waaqayyo, maaloo ana gargaari; haala kanaan akka ani du'u ana hin godhin; dhumni kiyya akkas hin ta'in. Jarreen ajjeechaaf bahan kun akka ana argatan hin godhin. Macaafa qulqulluu keessatti yoo gaafanne akka nuuf kennamu nutti himteetta… kunoo egaa gooftaa kiyya amma si'i gaafachaan jiraa. Ani siif jira anaan jedhi. Maaloo gooftaa koo, jarreen ajjeeftota kana akka fagaatan taasisi. Maaloo kutaa mana dhiqannaa kana keessatii akkan du'u ana hin taasisin. Maaloo, yaa Waaqayyo, maaloo, maaloo, maaloo na oolchi.*

Jarreen ajjeechaaf dhufan sun mana keessaa ba'anii deeman. Nutis deebinee hafuura baafachuu eegalle. Ammaaf deemaniiru; ta'us garuu ji'oottan sadan itti aananii dhufan keessatti yeroo baay'ee deddeebi'anii ni dhufu. Lubbuu kiyya Waaqayyo akka anaaf oolche nan beeka. Ta'us kutaa mana dhiqannaa hanga saanduqa dhaabbii geessu keessa namoota biroo torba waliin guyyoottan sagaltamii tokkoof sodaadhaan hollachaa lubbuun hafuu jechuun, fayyina irraa adda akka ta'en baradha… Barumsi kunis hanga dhumaatti na jijjiireera. Barumsi kun yeroo duguuggaa sanyii sanatti namoota ana jibbanii fi ana ari'atan akkamiin akka ani jaallachuu qabu –warren maatii kiyya qalan hunda akkamiin dhiifama gochuufii akkan danda'u beekumsa kan ani itti argadhee dha.

Maqaan kiyya Iimakiyuulee Iiliibaagiizaa dha. Kun seenaa ajjeechaa namootni hedduun irratti dhuman hedduu keessaa tokko irratti Waaqayyo akkamiin akka anatti mul'ate kan agarsiisu dha.

KUTAA 1ffaa

GUYYAA HAMAAN DHUFUUF YOO OF QOPHEESSU

BOQONNAA 1
DACHEE BIRROOFTUU BARABARAA

Kan ani dhaladhe jannata keessatti.

Ijoollummaa kiyyaan waa'ee biyya dhaloota kiyyaa kan anatti dhaga'amu kana ture.

Ruwaandaan giddu-galeessa Afriikaa keessatti biyya xiqqoo bareedinaaf akka faayaatti kaa'amte dha. Bareedina uumamaa nama harkisu waan qabduuf, tulluuwwan mammagariisa, gaareewwan hurriin uwwifaman, sululaawwan magariisa akkasumas haroowwan calaqqisoo isheetiin booji'amee, Waaqayyoof galata galchuuf gara samiitti ol jedhanii ilaaluu dhiisuun kan hin yaadamnee dha. Qilleensi gaarota ishee gubbaa irraa kaasuun bosona mukeen gosa adda addaan guutaman keessa darbuun goda gahan, urgaa ililiiwwan adda addaan kan guutamanii dha. Haalli qilleensa ishee waggaa guutuu mijataa ta'uu isaa irraan kan ka'e, naannoo dhuma jaarraa 19ffaatti buufattootni Jarmanii biyya isaanii ka'uun naannoo sana qubatan biyyattiin "*Dachee birrooftuu barabaraa*" jechuun moggaasanii turan.

Jaallatamtuun biyya kiyyaa lolaa dhiigaan akka isheen dhiqamtu kan taasisan, duguuggaa sanyii geggeeffameef ka'umsa kan ta'an, humnootni abaaramoon sun ijoollummaa kiyyaan anatti hin

mul'atan turan – ana jalaa dhokatanii turan. Ijoollummaa kiyyaan kan ani beeku yoo jiraate: bareedinni isaa kan nama harkisuf naannawaa keenyatti kan argamu akkaataa teessoo lafaa, gaarummaa olloota keenyaa, jaalala gad-fagoo obboleewwan fi maatii kiyya qofa ture. Mana keenya keessatti sanyummaa fi jibbiinsi sababa hin qabne tasumaa hin beekaman. Ani akka kiyyatti, dhalli namaa sanyii fi gosa adda addaa akka inni qabu iyyuu hubannoo hin qabun ture: jechoota Huutuu fi Tuutsii jedhaman illee hanga umriin kiyya barumsaaf gahee mana barumsaa seenutti dhaga'eenii hin beekun ture.

Naannoo keenyatti ijoolleen umriin xixiqqoo ta'an, deemsa miillaa naannawaa kiiloomeetira 13 ta'u bakkee onaa keessa deemuun qofaa isaanii gara mana barumsaatti yoo deddeebi'an, maatiiwwan isaanii mucaan kiyya ana jalaa butama/ (hatama) yookiin ammoo ana jalaa miidhama jechuun dhiphatanii hin beekan. Ani mucaa xiqqoo yemmuun turetti kan ani sodaadhu, dukkana keessa qofaa kiyya taa'uu yoo ta'u, sanaan alatti garuu ganda namootni wal kabajan, waliif yaadan fi gammachuu qaban anatti fakkaatuu keessa maatii gammadaa waliin mucaa jiraattu intala gammadduuf taphattuun ture.

Kan ani dhaladhe lixa Ruwaandaa kutaa biyya Kiibuuyee ganda Maataabaa jedhamtu keessatti. Manni keenya tulluu fuul-dura haroo Kiivuu dura jiru irra yoo ta'u, harichis fuuldura keenyaa ka'uun hanga dhuma lafaa (dachee) tti ciisee waan jiru fakkaata. Ganama duumessi yoo hin jiraanne, gara dhuma harichaa keessaan yoon ilaalu, gaareewwan biyya ollaa Zaayer, kan yeroo ammaa Ripaapiliika Diimookiraatawaa Kongoo jedhamtu, sirriittin arga. Irraan gadeen mana keenya kan tulluu irraa gara harootti nu geessu bu'ee deemuun, yaadannoowwan gammachiisoo ani ijoollummaan horadhe (guduunfadhe) keessaa isa tokkoo dha. Fixeensi ganamaa aduun itti bahuun urkee yoo baduuf jedhu, abbaaf obboleewwan kiyya waliin gara daakaa bishaaniitti gadi bu'a. Ho'iinni bishaanichaa, qilleensi cabbaa'aan qaamatti bu'uun nu qorrisiisuu fi akkaataan teessoo mana keenyaa kan haricha bira jiru yeroo hunda kan qalbii nama butu ture.

Daakaa bishaaniin booda, deebii gara manaatti taasifnu gammachiisaa fi sodaachisaa kan taasisan keessaa tabbicha dhiibnee ol-bahuu fi biyyoo dhoqqaa'aa yoo irra ejjetan mucuceessuun nama kuffisuu danda'u jiraachuu isaaniiti. Yeroo baay'ee waan ana mucucaachisuuf, sodaan kiyya mucucaadhee boolla akkan hin buunee fi haricha keessatti akkan hin kufnee dha. Abbaan kiyya soda kiyya kana waan ana irratti beekuuf, yeroo mara hanga mana geenyutti harka isaan ana deggera. Harka isaa guddichaa fi cimaa sanaan deggeramuun kiyya immoo sodaan tokko akka anatti hin dhaga'amne ana taasisa; yoos sana abbaan kiyya akka ana jaallatus nan beekkadha - jaalalli isaas anaaf gala. Akkanatti jaalalaan guutamuun ana gammachiisa. Sababni isaas ammoo, abbaan keenya akka inni nu jaallatu beekuu dandeenyus, inni garuu daandii baratame duriitti kan amanu, miira isaa yeroo baay'ee baasee kan hin mul'isnee fi obboleewwan kiyyattis ta'e anatti akka nu jaallatu baasee waan nutti hin himneef.

Yemmuu daakaa bishaanii deebinu, haati kiyya bareeddittiin sun kan yeroo mara mana barumsaa deemuu keenyaan dura nyaata nuuf qopheessitu, osoo isheen ciree keenya ruuzii fi fosoliyaa hojjetaa diinqa keessaa oliif gadi jettu argina. Jabinni isheen qabdu kan yeroo mara ana ajaa'ibsiisu dha – maatii keenya keessaa haati kiyya yeroo mara miseensa maatii jiran hunda dursitee hirribaa ka'uun akkasumas ammoo hunda booda rafuun kan beekamtu dha. Manicha akka gaariitti qopheessuuf, uffata keenya sirreessuuf, kitaabotaa fi waantota mana barumsaatti nu irraa barbaadaman nuuf qopheessuu fi waraqaa hojii abbaa keenya barbaachisan qopheessuuf jecha miseensa maatichaa hunda dura dursitee hirribaa ka'uun oliif gadi jechuun dhamaati. Huccuu keenya hunda akka hojjaa keenyaatti sirreessuun kan nuuf hodhu isheedhuma; rifeensa mataa keenyaas nuuf sirreessiti; keessa mana keenyaas meeshalee faayaa bareedinaatiin ni bareechiti.

Fosoliyaa isheen cireedhaaf nuuf qopheessitu kan inni argamu, hirribaa ka'uu keenyaan dura haati keenya yeroo hundumaa dursitee ka'uun maasii kuduraaf mudura boroo mana keenyaatti argamu irratti kunuunsuun kan guddiftee dha. Biqiltoota sana daawwattee, hojjetootaaf meeshaalee qonnaa barbaachisan hunda erga hirtee

booda, looniif bineeldotni biroon akka nyaatanii fi dhiqaman taasifti. Hojii ishee ganamaa haala kanaan erga xumurtee booda, nutiin gara mana barumsaatti geggeessuun gara hojii ishee idilee hojii barsiisummaatti gara mana barumsaa sadarkaa 1ffaa kan dhiyeenya mana keenyatti argamu deemuuf irraan gadee mana keenyaa bu'uun miillaan deemti.

Abbaa fi haati kiyya barsiisota turan. Hiyyummaa fi beela ofirraa qolachuun kan danda'amu barumsa qofaan akka ta'e sirriitti itti amanu. Bal'inni lafa ishee Jibuutiin wal-qixxaataa kan jedhamtu Ruwaandaan, biyyoottan xixiqqoo Afriikaa keessa tokko yoo taatu, Ardii Afriikaatti walitti dhiheenya quubsama hawaasaa guddaa kan qabduu fi addunyaa irraattis biyyoota hiyyummaan galmaa'an keessaa tokko dha. Abbaa fi haati kiyya maatii isaanii keessaa yeroo jalqabaaf namoota barumsa isaanii sadarkaa 2ffaa xumuran yoo ta'an, ijoollotni isaanii immoo iddoo isaan irra ga'an gararraattiin akka ga'aniif murannoon ka'aniiru. Abbaan keenya cimee hojjechuu fi jireenya isaa guutuu qayyabachuun/ (qorannoo gochuun) adda duree nuuf ta'eera. Bara hojii isaa keessatti kabajaa fi guddina adda addaa argachuu kan danda'e yoo ta'u, yeroo gabaabaa keessattis barsiisummaa mana barumsaa sadarkaa 1ffaa irraa ka'uun gara qindeessaa mana barumsaa giddu galeessa sadarkaa 2ffaatti guddachuu danda'eera. Boodas aanaa keenya keessatti kan argaman manneen barnootaa kaatolikii hunda irratti itti gaafatamaa yookiin hoogganaa ta'uun muudameera.

Ruwaandaa keessatti tokkoon tokkoon miseensa maatii maqaa addaa ittiin waamamu qaba. Tokkoon tokkoon isaaniif maatiin haala yeroo mucichi dhalate miira yeroo jalqabaa itti dhaga'ame irraa ka'uun abbaan yookiin ammoo haati moggaasa maqaa kennuuf. Maqaan kiyya (Iiliibaagiizaa) afaan biyya keenyaa Kiiniyaruwaandaa jedhamuun moggaasa kan argadhe yoo ta'u, hiikni isaas "hafuura jabeettii fi kennaa addaa kan qabdu" dha. Maqaa kana kan anaaf moggaase abbaa kiyya yoo ta'u, innis daqiiqaa ani itti dhaladhe irraa eegaluun hangam akka inni ana jaallatu yeroo mara maqaan kiyya ana yaadachiisa.

Maqaan abbaa kiyyaa Li'oonaardi kan haadha kiyyaa immoo Maaree Rooz yoo ta'u, namootni naannoo keenyaa garuu haadha

kiyya Rooz jedhaniiti kan waaman. Ganna bara 1963tti cidha hiriyaa walii isaanii deemuun mana mucaa adaadaa kiyyaatti kan yeroo jalqabaaf wal argan. Yeroo sanatti rifeensi mataa abbaa kiyyaa kan kunuunsa hin qabnee fi guddate waan tureef, haati kiyya sana ilaaluun hidhii xuuxxeefii turte – gadditeef.

"Rifeensi kee akkana ta'eetii kan mana cidhaa deemtu?" jettee gaafatte.

Abbaan kiyyas sirreessituu rifeensaa dhabuu isaa ibsuufiin 'maalan godha jetteeti' miira jedhuun mataa isaa raasuun deebii kenneefi. Yoos kana, haati kiyya murtuu rifeensaa barbaaduun abbaa kiyya iddoo mijataa teessisuun rifeensa isaa sirreessuufii eegalte. Rifeensa mataa isaa bareechitee sirreessuufiin ishee shakkii hin qabu – sababni isaas ammoo, yeroo sanaa eegalanii tasumaa adda ba'anii hin beekan waan ta'eef. Waggaa dhuma sana keessa – turtii waggaa tokkoo keessatti - wal fuudhuun mana ijaaranii waliin jiraachuu kan eegalan; guyyaa sanaa eegalees rifeensa mataa abbaa kiyyaa haadha kiyya irraan kan hafe namni biraan tokko illee akka hin sirreessineef mirkaneesse.

Maatiin kiyya hojii barsiisummaa fi lafa qonnaa akaakayyuun keenya kenneef qotuun (Baaqeelaa, Muuzii fi Buna oomishuun gurguru turan) galii argatan irraa xiqqoo xiqqoo walitti qabuun maallaqa muraasa kuusachuu danda'an. Manni keenya, ganda keenya keessatti mana gaarii jedhamuu kan danda'u, akka warren biyyoota dhihaa guddataniitti ammoo mana sadarkaa giddu-galeessummaan ilaalamu, bu'uura baasuun kan ijaare abbaa keenya ture. Mana nyaatni itti qophaa'u, kutaa nyaatni itti nyaatamu, kutaawwan bulmaata tokkoon tokkoon keenyaa, kutaa keessummaan itti boqotuu fi kutaa abbaan keenya hojii tokko tokko itti dalagu of keessaa qaba ture. Mooraa dabalataa balbala ba'umsaa kan hojjetootni keenya ittiin keessa darban fi bineeldotaaf ammoo bakkee bulmaata horii of danda'aa kan qabu waan tureef, loon nu waliin mana keessa hin bulan turan. Abbaan kiyya bishaan bokkaa qorqorroo mana keenyaa irraa walitti kuusa waan tureef, gara hara Kiivuu deemuun bishaan waraabuun nuuf hafeera. Meeshaalee guyyaa guyyaa ho'a aduu walitti qabuun galgala galagala ammoo ifa kennuun gargaaran (soolaara) qorqorroo keenya irraa waan qabnuuf,

galgala galgala yoo xiqqaate ifa sa'aatii tokkoo nuuf kennuun nu tajaajila.

Kutaa biyya Ruwaandaa nuti keessa jiraannuttii qabaachuu mitii dhaga'amee kan hin beekamne, konkolaataa lama qabna ture. Doqdoqqee bifa keelloo kan abbaan kiyya gaafa gara manneen barnootaa baadiyyaa fageenya irra jiran daawwachuuf deemu itti gargaaramu fi konkolaataa xiqqaa kan guyyaa dilbataa gara mana amantaa ittiin deddeebinuu fi firoottan keenya deemnee gaafachuuf itti gargaaramnuu dha kan qabnu. Nuti akka isaan jedhan ta'uu baannus, namootni naannoo keenya jiraataan tokko tokko, isin dureessa nuun jedhu. Abbaa kiyyaan ammoo 'muuzuunguu'-'faranjii' yookiin 'sooressa' (namoota Ruwaandaa jireenya wal fakkaataa akkasii jiraatan maraaf maqaa moggaafamuu akkasiiti) jedhuun turan.

Ganda keenya keessatti namni doqdoqqee qabu tokko illee hin jiru. Sababa kanaafis, haati kiyya yeroo abbaan keenya gaara onaa keessa qofaa isaa ittiin adeemu saamtotni akka balaan irraa hin geenyeef dhiphatti. Waa'ee maatii isheef dhiphachuun ishee beekamaa ta'us, garuu gaaf tokko tokko mana irraa fagaachuun osoo gara manaatti hin deebi'in guyyaa lama sadii yoo turru, hanga sagantaa ibsa gaddaa kan galgala galagala yeroo hunda Raadiyoon tamsaafamu dhaggeeffattutti geessi.

Ana dhaga'uu diddus, "Harme, waan hamaa yaaduun iddoo of dhiphistu mee waan gaarii yaaduuf yaali." jedhaan.

"Yaa Iimaakiyulee, akka tasaa guyyaa keessa gaaf tokko namni tokko dhufuun ijoollota kee keessaa tokko yookiin ammoo dhirsi kee balaan akkasii irra ga'eera jedhee yoo anatti hime, maal ta'uu akkan danda'u hin beeku. Kadhannaan kiyyas ani hunda keessan dursuun akkan du'uu dha." Waa'ee fayyummaa fi nageenyummaa keenyaaf adda kutiinsa tokko malee yeroo hunda Waaqayyoon kadhatti.

Amantiin maatii kiyyaa Kaatoolikii Roomaa yoo ta'u, amantaadhuma kana dabarsuun nuuf gumaachaniiru. Akkuma sagantaa kadhannaa galgala galgala manatti qabnu, dilbata yeroo hunda gara mana qulqullummaa deemuun sagantaa kadhataa

hordofuu adda hin kutnu. Ani gama kiyyaan kadhannaa godhachuu, gara mana qulqullummaatti deddeebi'uu fi waantota Waaqayyotti tolan fi isa waliin wal ana quunnamsiisan hunda raawwachuun ana gammachiisa. Durbee Maariyaamiinis akka haadha kiyya lammataa akkasumas ammoo jannata keessa taa'uun yeroo hunda eegumsa kan anaaf gootu ta'uu ishee waanan amanuuf, jaalala adda ta'een ishee jaallachaa jiraadha. Maaliif akka ta'e beekuu baadhus, kadhannaa gochuun hedduu kan ani jaalladhuu fi ana gammachiisuu dha. Baay'ee ana gammachiisa waan tureefis, ijoollummaa kiyyaan yeroo ani waggaa kudhanii, hiriyaa kiyya kan taate Jaaneet waliin mana barumsaa baduun maatii keenyaaf fira gaarii kan ta'an, ani immoo akka akaakayyuu kiyyaatti kan ilaaluun, jaarsa gamna kan ta'e gara mana luba Kileemeenti jedhamu deemne.

Anaaf Jaaneetis fageenya gara kiiloomeetira kudha tokkoo ta'u miilla keenyaan deemuun dirree fi bosona keessa buunee baanee lagas ce'uun gara mana luba Kileemeenti geenye. Ho'isanii nageenya kan nu gaafatan ta'us, mana isaanii bira yoo geenyu haalli keenya isaan yaaddessuun isaa hin oolle. Sababni isaa ammo, yeroo achi isaan bira geenyutti baay'ee dadhabuu irraan kan ka'e ni harganna ture; hedduus dafqinee turre; qaamni keenyas xuraaweeti kan ture. Luba Kileemeenti yemmuu harka nu fuudhanitti, huccuu adii lubootni uffatan uffachuun, morma isaanii irratti ammoo callee-kadhannaa – lakkooftuu - godhachuun fi harka isaanii bal'isanii ergamaa rabbii fakkaachuun ture. "Maal barbaaddaniiti kan dhuftan?" "Maal isin gargaaru?" jechuun nu gaafatan.

"Abbaa keenya, nuti lubbuu keenya dabarsinee waaqaaf kennuu nii barbaadna" jette Jaaneet.

Anis yoos kana "Eeyyee sirrii dha." jechuun itti walii galee. "Itti yaadneeti kan dhufne; Moloksee/ **(**gaaltama)[2] ta'uu ni barbaadna."

Akka ta'an ta'uun kolfa isaanii dhokfachaa jiraachuu irratti beekus "Moloksee ta'uu barbaaddu?" jedhan mataa isaanii miira itti walii galuu fi dhuga-dubbiin raasaa. Harka isaanii mataa keenya gubbaa gochuunis kadhata addaa akkas jechuun nuuf godhan: "Yaa Waaqayyo, jaallatamoo ijoollota kee kana eebbisi. Balaa irraas isaan eegi. Bara isaanii hundatti isaan waliin ta'i." Kadhata erga

xumuranii boodas nu ilaaluun akkana nuyiin jedhan “Amma gara mana keessaniitti deebi’aa galaa. Waggaa 18 erga guuttan booda deebi’aa kottaa. Yaada moloksummaa amma qabdan kana yeroo sanas qabaattu taanaan, yoos dubbachuu dandeenya.”

MAATIIN KIYYA HORDOFTOOTA amantaa Kaatoolikii yoo ta’an, amanannaan isaaniis dhugaa dha. “Namootni isiniif akka godhan akkuma feetan, isinis akkasuma isaaniif godhaa.” seera jedhutti waan amananiif, nuti ollaawwan keenyatti gaarummaa fi jaalalaan akka dhiyaannu dha kan nu barsiisaan. Ganda keessa jiraatan waliin walitti dhufeenya cimaa qabna jedhanii waan yaadaniif, namoota naannicha keessa jiraatan mara gonfatoo badhaadhinaa fi babbareedoo taasisuuf umrii isaanii guutuu ciminaan hojjetaniiru. Abbaan kiyya dilbata dilbata yeroo hedduu hojii gargaarsaa (hojii gaarummaa) tiin kan dabarsu yoo ta’u, ijaarsa manneetii amantaa fi hojiiwwan wal fakkaata biroof baasii barbaachisan mara maallaqa ofii isaan hojjisiisa. Carraa barnootaa ijoollota harka qalleeyyiif dhaaba kennu hundeessuun, kan galii argatan ammoo Ruwaandaa keessatti warreen oomisha bunaa irratti bobba’an keessaa muraasa walitti fiduun, Gamtaa hojii waliinii hundeessuun qotee bultootni buna oomishan kan gamticha keessa jiranis galii isaanii irraa muraasa dhaabbatichaaf akka arjooman, kana irratti yoo walii galanis lafa isaa irratti kiraa ala hojjisiisa. Yaadni isaas milkaa’ina waan argateef, maallaqa

argame muraasaan giddugaleess hawaasummaa hundeessuu, dargaggootaaf ammo dirree kubbaa miillaa hojjeechiisuu akkasumas ammoo manneen barnootaatti qorqorroo haarawaa uwwisuu danda’ee ture.

---

[2] Moloksee yookiin Gaaltama jechuun, amantaa waldaa kiristaanaa tokko tokko keessatti dubartoota hojii idilee biyya lafaa hundumaa dhiisuun jireenya Waaqayyotti tolu fi hojii isa gammachiisan qofa dalagaa jiraachuuf of murteessani dha.

Haadha kiyyas taanaan hojiiwwan gaarii hojjechuun ni beekamti. Nama rakkate bira hin dabartu; namoota yeroon itti jabaate iddoo itti

kufan dhaban, hanga gaaf tokko jabaatanii of danda'uun dhaabbachuu danda'anitii gara manaatti fiduun nu waliin jiraachifti.

Haati kiyya hojii ishee yoo xumurtu, barattoota tokko tokko kaffaltii malee qayyabachiisuun fi umrii ishee guutuu waantota uffata uffannaa addaa mana barumsaa durbaaf hodhuuf ishee barbaachisan bitti turte. Gaaf tokko dubartiin olla keenyaa tokko gara mana keenyaa dhufuun, uffannaa cidhaa mucaa isheetiif bituu dadhabuun ishee akka ishee yaaddesse haadha kiyyatti himuun yoo mari'achiiftun dhaga'e.

"Roozi, ani haadhuma akkamii ta'eeni mucaa kiyya uffannaa moofaan gara jireenya ishee haarawaatti kan ani ergu?" jechuun dubartittiin haadha kiyya mari'achiifte. "Reettiin gurguruu danda'u osoon qabaadhee uffannaa mucaan kiyya guyyaa cidha ishee uffachuu qabdu uffachiisuu hin dadhabun ture."

Haati kiyyas dubartittiin Waaqayyo ishee uumetti garaa qulqulluun amanti taanaan, waan isheen barbaaddu hunda akka inni kennuuf itti himuun adda ba'an. Guyyaa itti aanuttis haati kiyya qarshii mindaa argattu irraa walitti kuusaa turte baasuun yoo lakkooftun arge. Gara magaalaatti miilla isheen deemuun yoo deebitu, harki ishee kafana hin hodhamin kan bifi isaa calaqqisaa ta'een guutameeti kan gara manaatti deebite. Halkan guutuus teessee kafana intala dubartittii fi birqaba isheef hodhaa bulte.

Abbaa fi haati kiyya namoota ganda keenya keessa jiran hunda akka fira ofiitti waan ilaalaniif, namootni ganda keenyaa hundis abbaa fi haadha kiyya akka maatii ofii isaantti ture kan ilaalan. Fakkeenyaaf, naannicha keessatti abbaan kiyya akka nama baratee, xiinxaluu danda'uu akkasumas nama namoota hundumaa ija wal-qixxaataan ilaaluutti kan yaadamu. Waan kana ta'eef, namootni baay'een dhimma maatii isaaniitiif, rakkoo maallaqaa fi dhimma daldala bittaaf gurgurtaa jiru irratti isa mari'achiisuuf karaa fagoo kutuun abbaa kiyya bira gorsa isaa barbaacha ni dhufu. Walitti bu'iinsa akka hiikuu fi ijoollee isaanii amala badan – kashalabboota - gorse karaa gaariitti akka deebisuuf jecha isa barbaacha ni dhufu.

Yeroo baay'ee rakkoon naannoo keenya keessa jiru mana keenya osoo hin gahin fi kadhaa akkana jedhuun hin deggeramin hin darbu:

“Li’oonaardi, nu gargaaruu ni dandeessaa? Gorsi kee nu barbaachisa. Maal yoo goone wayya Li’oonaardi?”

Abbaan kiyya sa’aatii kamiitti iyyuu namoota gara manaatti fidee dhufuun rakkoon isaanii hanga furmaata argatutti taa’ee mari’achiisaan. Jaarsa gaarii fi namootni dhimma isaanii akka ofii isaaniin furan akka itti dhaga’amu nama taasisu ture.

Haati kiyyas niitolee dhirsa isaaniin waliin walitti bu’iinsa qaban biratti gorsa kennuuf ni barbaadamti. Haati kiyya waggoota hedduu hojii barsiisummaan dabarsu ishee irraan kan ka’e, akkasumas ammoo yeroo ta’e tokkotti namootni baay’een ollaa keenyaa barattuu ishee waan turaniif, namootni naannoo keenyaa hedduun isaanii barsiiftu jechuun kan ishee waaman.

Maatiin kiyya namoota ganda keenyaa hundaaf akkuma yaadan, dhala isaanii kan taane nu ijoollota isaaniitiif ammoo yaaduu dadhabu jechuun kan yaadamu miti – hanga isaanii danda’amettis yeroo dheeraa nu waliin dabarsu.

Gaaf tokko abbaan kiyya iddoo hojii bahee gara manaa osoo hin dhufin hiriyoota isaa waliin gara mana dhugaatii deemuun dukkaneeffatee gara manaa yoo dhufu, hundi keenya rafnee turre. Dhugee itti ho’us, jaalalaan guutamuun “Ijoollotni kiyya eessa jiru? Jaallatamoon ijoollota kiyyaa eessa jiru?” jechuun haadha keenya gaafata.

Isheenis “Yeroon rafuu waan qabaniif rafaniiru Li’oonaardi; arguunii yoo barbaadde osoo isaan hin rafin yeroon dhufuutu si’i irra ture.” jechuun itti dheekkamti. “Egaa ani qofaa kiyya irbaata hin nyaadhu.” jechuun hunda keenya suuta hirribaa nu dammaksa. Innis irbaata isaa hanga nyaatee xumurutti waa’ee akkaataa oolmaa isaa yoo nutti himu, nuti immoo akkuma uffannaa halkanii uuffatnee jirrutti teessootti naanna’uun teenyee dhaggeeffanna.

Innis irbaata isaa nyaatee erga xumureen booda hunda keenya kaasuun gara gooro-duraatti nu geessuun jilbeenfannee kadhata keenya galgalaa akka godhannu nu taasisa.

“Li’oonaardi, kadhata godhataniiti kan rafan. Bori ganamaan ka’anii mana barumsaa deemu bar!”

"Maal isaan qofa jetteeti? Anis taanaan bori hojii qaba bar Roozi. Jedhi Iimakiyuule, kadhata hin dheeressin, sirriin dubbadhe mitii?"

"Eeyyee abbabbaa kiyya" jechuun deebisaaf qaana'aa. Ilaalchi ani abbaa kiyyaaf qabu garmalee guddaa waan tureef, gaaffii murteessaa akkanaa isaan gaafatamuu kiyyaaf gammachuu guddaatu anatti dhaga'ame.

Fuulli guuramaan abbaa keenya kan inni itti baduu fi jaalala inni nuuf qabu sirriitti arguu kan dandeenyu yeroo ajaa'ibsiisaa akkasii kanatti ture.

MAATII KIYYA KEESSA IJOOLLOTA AFUR KAN TURRE – anaa fi obboleewwan kiyya dhiiraa sadii. Hangafni keenya Eeyimaabil yoo ta'u, innis abbaa fi haati kiyya wal fuudhanii waggaa tokkoon booda bara 1965tti kan dhalate. Maatii kiyya keessaa Eeyimaabil ijoollummaa isaan mucaa fuula-guuraa ture. Callisaa fi nama yaadaan badu waan tureef luba maatichaa jennee itti qoosna turre. Mucaa hangafaa ta'uun isaan kan ka'e haati keenya hunda keenya irra caalaatti kunuunsi isheen gootuu fi jaalalli isheen isaaf kennituu, Eeyimaabiliin akka inni gad-gad of qabu, ija guutuun nama ilaaluu hin dandeenye fi mucaa yeella'aa akka ta'u godheera. Miira namummaa namootaaf mijataa dha kan inni qabu; jeequmsas garmalee jibba. Ijoollotni biroon yoo mana jeeqanii fi walii walii isaanii lolan, gidduu seenuun adda qaba.

Abbaan keenya yoo mana hin jirre, Eeyimaabil iddoo isaa bu'uun hojii-manee keenya akka hojjenne, kadhata galgalaa akka taasifannee fi yeroon rafuu keenya ni mirkaneessa. Sana boodas, turuun balbalootni sirriitti cufamuu isaanii akkasumas rakkoon akka hin jirre, yoo jiraates manichi halkan sana amansiisaa ta'uu isaa hordofa. Guddinni qaama isaa nama umriin guddaa isa fakkeessus, anaan garuu akkaataa oolmaa kiyyaa ana gaafachuu irraa boodatti kan hin deebine, barumsa kiyya haala akkamiin akkan adeemsisaa jiruu fi hiriyoota ani qabu gaarummaaf akka anatti dhiyaatan ana gaafachuu irraa boodatti kan hin deebine jaallatamaa obboleessa kiyyaati. Anaa fi Eeyimaabil gidduu garagarummaa waggaa shanii (5) yoo jiraates, akka ijoollummaa keenyaan wal baruuf rakkoo nutti uumeera.

Obboleessi kiyya mana barumsaa bulmaataatti kan gale ganaa mucaa waggaa 7 ta'uun yoo ta'u, yeroo sanaa eegalee wal arguu kan dandeenyu guyyaa ayyaanaa fi guyyoota sagantaan addaa tokko tokko jiraan qofa ture. Guyyaa gaafa inni yeroo jalqabaaf manaa deemee dhukkuba garaa kan baay'ee nama cinquun qabameen ture. Manni barumsaa inni deeme magaalaa xiqqoo naannoo keenyatti dhihoo jirtu irratti kan argamu yoo ta'u, anaaf garuu akka waan inni fagaachuun ji'a irra deemee qubateetti kan anatti dhaga'ame. Nama ani jaalladhu of-biraa dhabuu kiyya irraan kan ka'e miira dhukkubbi qaamaa anatti dhaga'amuun isaa kun yeroo jalqabaaf dha. Guyyoota muraasaan booda abbabbaan keenya nuti ijoollota isaan Eeyimaabiliif xalayaa akka barreessinu yoo nu godhu, barreessuu kan ani danda'e jechoota lama qofa turan. Isaanis qubeewwan gurguddaa fi walittii hin citneen akka itti aanee jirutti barreesse.

Jaallatamaa Eeyimaabil,

Sin jaalladha, Sin yaada Sin jaalladha, Sin yaada Sin jaalladha, Sin yaada Sin jaalladha

Sin jaalladha, Sin yaada Sin jaalladha, Sin yaada Sin jaalladha, Sin yaada Sin jaalladha

Sin jaalladha, Sin yaada Sin jaalladha, Sin yaada Sin jaalladha, Sin yaada Sin jaalladha

Sin jaalladha, Sin yaada Sin jaalladha, Sin yaada Sin jaalladha, Sin yaada Sin jaalladha

Sin jaalladha, Sin yaada Sin jaalladha, Sin yaada Sin jaalladha, Sin yaada Sin jaalladha

Sin yaada!!!!

Iimaakiyuulee

Waanti hafe jira: Innis, Si yaadeeraa dha!

Abbaan kiyya yoo xalayaa kiyya dubbisu ni kolfe. "Mana akaakayyuu kee deemuun akka daawwatte yookiin ammoo obboleewwan kee biroon haala akkamii irra akka jiran homaa waan ibsiteef hin qabdu, Iimakiyuule. Amma irra deddeebiin sin jaalladha

sin yaada jettee kan barreessite hir'isiiti haasaa xiqqoo itti dabaluun barreessuufif yaali malee." yoo anaan jedhu "Ani garuu yeroof kan anatti dhaga'ame sana qofaa dha abbabbaa kiyya." jechuun deebiseef.

Abbaan kiyya hangan barreesse sana irraa hir'isuun obboleessa kiyya akkan jaalladhu maalif akka inni barbaade anaaf galuu hin dandeenye - Abbaan kiyya waa'ee xalayaa kiyyaa sana yeroo hedduu kaasuun anatti qoosa.

Eeyimaabil dhalatee waggaa lamaan booda obboleessi kiyya lammataa gara addunyaa kanatti dhufe. Maqaan isaa Daamaasiin yoo ta'u, mucaa cimaa, kan tapha beeku, qoosaa kan danda'u, gaarummaa kan qabu, haala amanuun hin danda'amneen kan namaaf yaadu fi humnaan olitti jaalala ta'een nama jaallatamuu dha. Yeroo hunda ana kofalchiisa. Yeroo hunda yoon boo'us akkamittiin boo'icha kiyya akkan dhaabu mala ittiin godhu ni beeka. Hanga guyyaa har'aatti Daamaasiin maqaa isaa osoon hin seeqin yookiin ammo hin boo'in kaasuu hin danda'u. Waggaa sadiin ana dursus, ani garuu akka mucaa lakkuu kiyyaatti kan isa ilaalu. Hiriyaa kiyya gaarii fi lubbuu kiyya ture.

Yeroo gaddi anatti dhaga'amu Daamaasiin dhufuun miira gaddaa keessa ana baasa – akka guyyaa haati kiyya osoo ijoollotni dhiiraa kubbaa miillaa taphatanii ani garuu mooraa akkan qulqulleessu ana ajajuun ana aarsiteetti. Guyyaa sana Daamaasiin tapha isaa fi hiriyoota isaa dhiisee dhufee ana gargaaruuf murteesse – gadi-diroo uffachuun!

Hartuu/ (qulqulleessituu dhaabbii) harkatti qabachuun sagalee isaa ol kaasee "Hojiin dubartootaa yoomiyyuu hin dhumu." jechuun yemmuu inni sirbatti ka'u kolfi ani kolfe guddaa ture. Waaree boodas anuma waliin wal'aansoo waliin qabaa oolle.

Amalootni badaan tokko tokko darbee darbee yoo irratti mul'atanis, waantotni jiran haala gaariin xumura argachuun isaanii kan baratamee dha. Mucaa waggaa 12 ta'ee dhoksaadhaan konkolaataa abbaa keenyaa "ergifatee" konkolaachisummaa ofii isaan of-barsiisuuf yaale. Osoo akka yeroo biraatiif, balleessaa isaa kanaaf adabbii cimaan eeggata kan ture, guyyaa sana garuu abbaan

kiyya adabbii osoo hin taane ittumaa mucicha ofitti qabuun haammateen. Guyyaa haadha keenyatti dhukkubni Asmii ka'uun dhukkubsattee, abbaan keenya dhimma hojiif jecha naannoo keenya irraa fagaateeti kan ture. Haati keenya of-wal'aaluun fi hafuura baafachuu dadhabuun lafatti kufti. Yoos kana Daamaasiin dugda irra ishee buufatee konkolaataa biraan ishee gahuun, teessoo konkoolaataa duubaa irra teessisuun naannoo kiiloomeetira kudha shan konkolaachisuun gara mana qorichaa dhihoo jirutti ishee geessa. Yeroo konkolaachisu sanatti daandii irratti saawwan lama, reettota sadii fi namoota ollaa keenya konkolaataan rukutuuf kan isa hafe hin jiru ture; ta'us garuu balaa tokko osoo hin qaqqabsiisin yeroodhaan achi ga'e. Ogeessi fayyaas haati keenya sa'aatii itti mana qorichichaa geessee sanatti osoo hin geenye ta'eeti akka duutu nutti hime ture.

Daamaasiin waliin namni wal-quunname hundu ni jaallataan – kolfa nama booji'uu fi namummaan isaa eenyu waliin iyyuu akka inni walii galuu dandeessisan yoo si'i qaban, gadi si'i hin lakkisan. Taphataa namaa ta'us, mana barumsaa isaa keessatti barattoota yeroo mara sadarkaa gaarii argatan keessatti kan tarreeffamu barataa cimmaa dha. Kanumaan itti fufuunis, guutummaa kutaa biyya keenyaa keessatti nama umrii xiqqoo ta'uun digrii lammataa argate ta'uu danda'eera. Adda kutiinsa tokko malee yeroo dheeraaf nama qayyabatu ta'us, kaaraateedhaan qabattoo bifa bunaa argachuun; garee kubbaa kachoo mana barumsaa isaa sadarkaa 2ffaa fi Yuuniversitii itti barateetti hoogganaa ta'uun akkasumas mana amantaa keenya tajaajiluunis yeroo isaa waliin gahuun gargaarameera. Gara mana barumsa bultiitti ana dhiisee yemmuu inni deeme, torban tokko guutuu waanan boo'eef, lammata deebi'ee kolfu waanan hin dandeenye anatti fakkaatee ture.

Daamaasiin ifa jireenya kiyyaa ture.

Maatii keenya keessaa mucaa xiqqoo kan ta'e obboleessi kiyya Viiyaaniin kan dhalate ani dhaladhe waggaa sadiin booda. Akka kiyyatti Viiyaaniin tasgabbii fi jaalala namaa kan qabu, garuu immoo akkuma ijoollota dhuma irratti dhalatanii hunda mucaa rakkisaa ture. Guddatee bareedaa, guddaa fi dheerinaan kan ana caalu ta'us, anaaf garuu inni yeroo hundumaa obboleessa koo isa

quxisuu dha. Isaaf eegumsa gochuun dirqama kiyya ta'uu isaa yaaduu dhiisee hin beeku. Akka ilmoo saree iddoo ani deemu hundumatti kan ana faana bu'u mucaa jaallatamaa ture. Hiriyummaa isaa cimaa ta'e barannoo godhachuu kiyya irraa kan ka'e, ana bira taa'uun yoo inni ana hin rakkisu ta'e nan dhiphadha – anatti hin tolu.

Ani maatii keenyaaf mucaa sadaffaa fi durba tokkittii dha. Hawaasa ol-aantummaan dhiiraa kabajamu keessatti maatii keenyaaf dubara tokko qofaa ta'uun kiyya dhiibbaa dabalataa ana irratti uumeera. Akka aadaa Ruwaandaatti "maqaa gaarii" qabatanii argamuun waan murteessaa dha. Waan kana ta'eefis, maatiin kiyya ani intala mudaa tokko hin qabne ta'ee akkan guddadhuuf halkaniif guyyaa ni dhama'u turan. Obboleewwan kiyya dhiiraa irra caalaatti eegumsi cimaan anaaf godhama ture – hojii manaa hedduu anaaf kennuun, qoqqobbii sa'aatii ana irra buusuun, uffannaan uffadhu akka fedhii kiyyaan osoo hin taane ofii isaaniin anaaf filuun, hiriyoota anaaf ta'anii fi hin taane adda baasanii filuun, maatiin kiyya to'annoo cimaa anaaf godhaniiru. Barumsa kiyyaan cimtuu akkan ta'uu fi sammuun kiyya akkan cimaa adeemu ana jajjabeessaa kan turan yoo ta'us, akka dubaree dargaggeettii hawaasa dubbi-ho'isaa keessa jiraattu kamiitti akkan ilaalamutti malee akkan dhageetti argadhu hin barbaadamu ture.

Ani seenaa maatii kiyyaa akkan dubbadhuuf du'a irraa ooluun kiyya hangam nama haa ajaa'ibsiisuree!

BOQONNA 2
TAA'UMSA KEENYA IRRAA YOO OL NU KAASAN

"Tuutsotni iddoo taa'umsa keessan irraa ol ka'aa!"

Guyyaa tokko kutaa 4ffaa dareen itti baradhu keessatti barattootni ja'a iddoo taa'umsa isaanii utaalanii ol ka'uun yoo dhaabbatan, taa'umsi mura walakkaa ta'an gara boodaatti sagalee guddaa dhageessisuun dhiibaman. Sanaan dura mana barumsaa haati kiyya keessaa barsiiftutti baradha waan tureef, maal akka ta'aa jiru illee tilmaamuu hin dandeenyen ture. Yeroo sanatti ganaa mucaa

waggaa kudhanii waanan ta'ee fi akkasumas ammoo mana barumsaa ijoolleen guguddoon itti baratan sanitti barachuuf seenuun kiyya ganaa guyyaa jalqabaa ta'uu isaatiif, jeeqamuun ijoollota sanaa bitaa anatti galeera. Kanaan dura barsiisaan maqaa qomoo [3] irratti hundaa'e yoo waamu dhaga'ee hin beeku.

Barsiisaan keenya Buhooroon "Barattootni qomoon Tuutsii taatan hundi iddoo taa'umsa keessani ol ka'aa dhaabbadha!" jechuun baroodan. Waraqaa tartiiba maqaa barattoota baatee jiru irratti qubeessaa guddaan maqaa barattoota biratti mallattoo godha ture. Gidduuttis maqaa waamaa jiru dhaabuun gara kiyya ilaaluun ija anatti babaase.

"Iimakiyuule, Huutuu jedhe yoo waamu ol hin kaane; Tiwaas yoon jedhus hin ka'in hafte; Ammas Tuutsii jechuun yoon waamu kaatee dhaabbachuu hin dandeenye. Maaliif?" jechuun Buhooroon seeqaa ana gaafatus, sagaleen isaa garuu hammeenya isaa ifatti baasee mul'isa ture.

> "Hin beekuufin barsiisa."
> "Ati qomoo warra kamiiti?"
> "Maalan beeka barsiisa."
> "Huutuu dha moo Tuutsii?"
> "Ani – Ani hin beeku."
> "Erga hin beekne bahikaa! Daree kiyyaa bahi; Maal akka taate osoo hin barin deebitee akka hin dhufne!"

Kitaabota kiyya walitti qabuun qaaniidhaan mataa kiyya gadi qabadhee daricha gadhiisee bahe. Ganaa akka gaariitti kan anatti beekame ta'uu baatus, qoqqooddii qomummaa Ruwaandaa keessa jiru irratti yeroo jalqabaaf barumsa argadhe – kun immoo guddaa ture kan ana naasisee.

---

[3] Qomoo jecha jedhu kan ani gargaarameef wal fakkaatiinsa gosaa, sanyii fi firummaa Huutuu fi Tuutsii gidduu ture jecha sirriitti ibsu waan ta'eef; akkasumas, adda addummaan jara lamaan gidduu ture hagas mara kan guddatu waan hin turreef.

Gara boroo mana barumsichaatti fiiguun daggala jala dhokachuun obboleessi kiyya Daamaasiin barumsa isaa hanga xumuree bahutti eeguunii eegale. Imimmaan ija kiyya keessaa dhangala'u dhaabuu dadhabuu kiyya irraan kan ka'e, uffannaa addaa mana barumsaa kiyya kan bifa cuquliisaa sun hanga jiidhutti ture kan ani boo'e. Maaltu akka uumame waan anaaf hin galleef, gara daree kiyyaatti deebi'uun hiriyaan kiyya Jaaneet waa'ee dhimmicha akka anaaf ibsitu gaafachuuf baay'ee barbaadeen ture. Barsiisichi maqaa Huutuu jedhu yoo waamu ol kaateetti – tarii barsiisichi maaliif miira cunqursaan akka anatti dubachuu danda'e ni beekti ta'a. Daggala jala dhokadhee taa'uun hanga Daamaasiin dhufee achitti ana argatutti imimmaan kiyya facaasaan ture.

"Eenyu si'i dhaane Iimaakiyuule?" jechuun obboleessi kiyya hangafni aangoodhuma waggaa kudha sadii qabuun ana gaafate. Kan ani itti hirkadhu obboleessi kiyya Daamaasiin, namni kam-iyyuu akka anatti hin buunee, yoo anatti bu'an ammo loluuf qophaa'aa dha. Waan Buhooroon anaan jedhe itti hime.

"Buhooroon nama gaarii miti." jedhe obboleessi kiyya. "Ta'us garuu itti hin dhiphatin. Guyyaa biraa yoo maqaa waamamtu ani akkan godhu godhi; hiriyoota kee waliin ka'ii dhaabbadhu. Hiriyaan kee Jaaneet kaatee yoo dhaabbatu atis ol ka'ii dhaabbadhu."

"Jaaneet Huutuu jedhee yoo inni waamuu dha kan ol kaatee dhaabbatte."

"Tole akkas taanaan Huutuu yoo jedhan ol ka'ii dhaabbadhu. Hiriyootni keenya Huutuu taanaan, nutis ta'uu kan qabnu sanuma. Hundi keenya iyyuu uummata tokko dha, akkas mitii?"

Yeroo sanatti ani waanan beeku tokko hin qabun ture; Daamaasiinis taanaan akkuma kiyya waa'ee qoqqooddii qomoo Ruwaandaa keessa jiru tokko illee quba hin qabu … kun ammoo akka ijoollota naannoo keenya keessa haala gaariin barataniitti ramadamuu keenyaan cinatti waan keessummaa dha. Yeroo hunda akka mana barumsaa deebineen haadha keenyaan waamamnee to'annoo ishee jalatti hoji-manee keenya hojjechuun dura, yeroo boqonnaaf daqiiqaa sagaltama qabna turre. Sa'aatiin irbaataa hanga ga'utti abbaan keenya gabatee xiqqaa kan hanga gabatee gurraacha

mana barumsa keenyaa ga'u giddugala manaa gochuun sa'aatii tokko oliif nu qayyabachiisa. Barnoota Herregaa, seer-luga fi akkaataa teessoo lafaa boronqii nutti kennuun nu shaakalchsiisa.

Haa ta'u iyyuu malee, maatiin keenya waa'ee eenyummaa keenyaa nu hin barsiifne. Ruwaandaan qomoo sadii, jechuunis: baay'ina kan qaban Huutota, hangas hedduu kan hin jedhamne Tuutsotaa fi lakkoofsi isaanii muraasa kan ta'ee fi bosona keessa kan jiraatan Tiwaa'ota of keessatti haammattee akka qabdu nu hin barsiifne. Sirna bittaa garbummaa Jarmanoota jalattis ta'e Jarmanootaan booda kan dhufan Beeljiyeemotaan, caasaan hawaasumma Ruwaandaa kanaan dura ture – jechuunis Ruwaandaaf nageenyaa fi walii galtee kan waggoota dheeraf kenneef, sirna mootummaa gonfoo Tuutsiin hoogganamu akka sirna qomoo irratti hundaa'e qofaattii fi kan kanneen biroo of keessatti hin haammannetti jijjiiruu isaanii hin baratne turre. Beeljiyeemotni garee Tuutsotaa kanneen aangoo qaban deggeruu fi hooggansa irrattis dandeettii isaaniif bu'aa isaan buusuu danda'an yaaduun, biyyattii haala gaariin hoogganuu danda'uu fi Beeljiyeemotaaf ammo bu'aa gaarii buusuu akka danda'aniif jecha, Tuutsotni carraa barumsa gaarii akka argatan taasisaniiru. Beeljiyeemotni Huutuu fi Tuutsii gidduutti uumamanii kan turan rakkoo jiran irra caalaatti finiinsuun qomummaa jara lamaan gidduutti ture akka salphaatti adda baasu akka danda'aniif jecha waraqaa eenyummaa qomoo ibsu irratti hundaa'e beeksisanii turan. Dogongorri xixiqqoon akkanaa kunis Huutota biratti gaabbii uumuun duguuggaa sanyii – qomoon qoodanii wal-fixuuf – ka'umsa ta'e.

Tuutsotni mirga bilisummaa woyyaa'aa yeroo Beeljiyeemota gaafatanitti, Beeljiyeemotni isaaniin akka diinaatti ilaalan. Fincila Huutotaa dhiigni hedduun irratti dhangala'e kan bara 1959tti adeemsifame deggeeruun sirni gonfoo akka kufu taasisan. Waggottan muraasa itti aananittis Tuutsotni 100,000 ta'an ijaa ba'annaaf/ (haaloo ba'annaaf) ajjeefaman. Bara 1962tti Beeljiyeemotni Ruwaandaa gad-dhiisanii yoo ba'an, mootummaan Huutuu cunqursaan bulchaa kan jiru yoo ta'u, Tuutsonnis humnoota mankaraaressaa Huutotaan ari'atamuu, jeeqamuu fi ajjeechaan kan irratti raawwatamu lammiilee biyya isaanii keessatti akka lammii

lammataatti ilaalaman ta'uu eegalan. Tuutsotni kumaatamaan lakkaa'amanis gocha guyyaa guyyaan waggoottan kudhan keessatti raawwatameen du'uu kan danda'an. Gochaan shorokeessumma cimeedhuma itti fufuun wal qoodanii wal miidhuunis ittuma fufe. Hojimaatni mootummaan Huutuu yeroo warreen Beeljiyeemotaa bulchaa turan irraa fudhate, cunqursaa geggeeffama jiruu irra caalaatti ifaa fi salphaa taasise – bulchinsaaf akka mijatuuf waraqaa eenyummaa qomoo irratti hundaa'e qopheessu.

Barnootni seenaa maatiin keenyaa anaaf obboleewwan kiyya ijoollummaa keenyaan akka nuti hin baratne barbaadan isaan kana turan. Waa'ee qoqqooddiis ta'e waa'ee waamicha ajjeechaa, waa'ee duguuggaa sanyiis ta'e waa'ee waraqaa eenyummaa kan qomoo irratti hundaa'ee tasumaa nutti dubbatanii hin beekan ture – waantotni kun hunduu tasumaa qaama yaadannoo ijoollummaa kiyya miti.

Sanyumma, amantaa yookaan qomoo osoo hin ilaalin nama kamiin iyyuu gara mana keenyaa yoo dhufu ni keessumeessina. Maatiin kiyya Huutuu yookiin Tuutsii ta'uu keessan namummaa qabdan waliin wal bira hin qaban. Nama amala gaarii qabuu fi gara laafessa yoo taatan, maatiin keenya harka isaanii bal'isuun nagaa isiniif dhiyeessu. Maatii kiyya irraan mankaraaressitootni Huutotaan rakkoo suukanneessa muraasni irra ga'aa tureera … hunda keessaa tokko xiqqoo xiqqoo nan yaadadha.

Yeroo sanatti mucaa waggaa sadiin ture. Ijoollummaa waanan qabuuf yeroo sanatti maal raawwatamaa akka ture hubachuu hin dandeenye. Samii halkan sanaa irraa ibiddi yoo boba'u, haati kiyyas harka isheen jabeessite ana qabuun haammattee, yeroo isheen manaa baatee fiigdu nan yaadadha. Kun egaa ta'uu kan danda'e bara 1973tti yeroo Tuutsonni baay'een itti baqatan, mana isaanii keessa ari'atamanii fi karaa irratti ajjeefaman yeroo fonqolchi mootummaa geggeeffamettii dha. Kutaa biyya keenyaa keessatti mankaraaressitootni Huutuu manneen Tuutsotaa walduraa duubaan gubaniiru. Ibiddichi gara mana keenyaatti asii ol yoo nutti adeemu, maatiin keenya hunduu waliin ta'anii dhaabbachuun gara hara Kiivuu asii gadi xiyyeeffannoon ilaalu turan. Gara mana nama gaarii ollaa keenya kan qomummaan isaa Huutuu ta'e Ruutaakaamiizee

jedhamaniitti baqanne. Innis hanga ajjechaa fi gubiinsi manaa dhaabbatutti mana isaa keessa nu dhokse. Gara manaatti yoo deebinu, manni keenya gubachuun aara muka manaa kukkufe diigame irraa aaruu qofa dha argachuu kan dandeenye.

Haadhaa fi abbaan kiyya mana isaanii deebisanii ijaaran. Waan uumamee ture kanas lammaffaa kaasuun ijoollota isaanii waliin mari'atanii hin beekan. Yoodhuma illee maatiin kiyya bara 1959tti haaluma wal fakkaataan jeequmsa Tuutsota miidhuuf geggeefamee tureen xiyyeeffannoo keessa kan galan ta'an, isaan garuu waantota Huutota gad gad qabu jecha tokko illee yoo dubbatan dhaga'ee hin beeku. Jibba sababa hin qabneef tasumaa iddoo hin qaban turan. Sanyummaa ta'es qomummaa osoo hin taane, dhalli namaa akka inni hammeenya wal irratti raawwatu kan godhu hafuura hamaa dha jedhaniiti kan amanan. Haadhaa fi abbaan kiyya haala dhugaa hawaasummaa fi bulchiinsa mootummaa keessa jiraatan dhiisuun, namni hundumtuu wal qixa jechuun kan nu barsiisan. Ijoollotni isaanii Tuutsii ta'anii waan dhalataniif eenyuun gaditti of ilaalaa akka guddatan hin barbaadan.

SABABA KANAAF BARSIISAAN KIYYA BUHOOROON qomoo kiyya beekuu dhabuu kiyyaaf yoo mararsiifachuun anatti dubbatu, maaliif akka anatti bitaacha'e hubachuun kan ulfaatu miti.

Daamaasiin guyyaa sana harka isaa gateettii kiyya irra godhachuun haammatee gara manaatti ana fuudhee gale. Lamaanuu keenya akka waan badaan tokko nu quunname beekkaneerra, maalummaa isaa beekuu dhabnus. Galgala sana irbaata irratti waan ana mudatee ture hundumaa abbaa kiyyatti hime. Callisuun erga turee booda, daree keessaa bahuun daggala jala dhokachuun daqiiqaa meeqaaf boo'aa akkan ture ana gaafate.

"Guyyaa guutuu ta'uuf homtuu hin hafne, abbaabba kiyya."

Abbaan kiyyas baallaa isaa kaa'uun nyaata nyaachaa jiru adda kute. Kun ammoo akka inni guddaa aaree kan mirkaneessuu dha. "Buhooroon bori nan haasofsiisa." anaan jedhe

"Garuu ani qomoon kiyya maali, abbaabbaa kiyya?"

"Lakki! Amma waa'ee waan sanaa hin dhiphatin. Waa'ee isaa boruu barsiisaa kee ergan haasofsiisee booda irratti mari'achuu dandeenya."

Ani qomoo maalii akkan ta'e sa'aatiidhuma ani gaafadhe sanatti maaliif akka inni anatti hin himne gaafachuun barbaade, ta'us garuu mana keenya keessatti ijoollee xixiqqoon akka namoota gurguddoo gaaffii gaafatan kan hin eeyyamamne waan ta'eef gaaffii kiyya dhiise. Abbaan kiyya dhugaa jiru ana dhoksuu barbaadeeti yoo ta'es, sababa quubsaa qabaachuu danda'a jedheen yaade. Ta'us garuu guddaan dhiphadhe – miseensi maatii kiyyaa hunduu yeroo waa'ee qomoo kaasuun dubbatanitti maaliif aarii guddaan akka itti dhaga'amuu danda'e anaaf galuu hin dandeenye!

Guyyaa itti aanutti abbaan kiyya barsiisaa kiyya waliin haasa'us, waa'ee maalii akka dubbatanii fi qomoon kiyya maal akka ta'e yeroo darbe si'itti nan hima jedhee waadaa kan anaaf galee ture osoo anatti hin himin hafe. Hanga torban dhufuutti, jechuunis hanga Buhooroon dhufee maqaa nu waamutti waa'een dhimma kiyyaaf deebii hin arganne. Abbaan kiyya isa qaanessuun isaa hin oolle, barsiisaan keenya maqaa waamuu isaan dura gara iddoo taa'umsa isaatti ana waamuun sagalee suuta jedhaan ana haasofsiise.

"Iimakiyuule 'Tuutsii' jedhee yoon waamu ol ka'ii dhaabbadhu."

Gara iddoo taa'umsa kiyyaatti yoon deebi'u, garaa kiyya keessatti *ani Tuutsii dha jechuudhaa* jechuun seeqe – uffee jedhee miira aara galfiin. Tuutsii jechuun maal akka ta'e waan beeku tokko illee hin qabun ture. Gaariis ta'e badaa, gara garee miseensa tokkootti dabalamuu kiyyaaf ofitti boone.

Kuticha keessa kan jirru Tuutsota muraasa qofa waan turreef, akka waan adda taaneetti kan ani yaade – sana irratti maqaan 'Tuutsii' jedhu kan bareeduu fi yoo waamanis maqaa namatti toluu dha. Sana gararraatti garuu adda addummaa Huutuu fi Tuutsii gidduu jiru hagana jedhamu arguu hin dandeenye. Warren qomoo Tiwaa'otaa jedhaman qaamaan xixiqqoo waan ta'aniif, adda baasanii beekuun nama hin rakkisu. Ijoolleen Tiwaa'otaa gara mana barumsaa waan hin dhufneef, ija kiyyaan kan arguu danda'e namoota baay'ee muraasa.

Adda addummaa Huutotaa fi Tuutsota gidduu jiru adda baasanii himuuf kan nama rakkisuu dha. Tuutsotni dheedheeroo, fuula ifaa fi funyaan dhiphaa fi konkona kan qabanii dha jedhameeti kan yaadamu. Huutotni ammoo gaggabaaboo, gurraachaa fi funyaan bal'aa konkona hin taane kan qabanii dha jedhameeti kan yaadamu. Ta'us garuu sun hunduu dhugaa hin turre. Sababni isaas ammoo Huutotaa fi Tuutsotni waggoota dheeraaf wal fuudhanii waliin jiraachaa waan turaniif adda addummaan sanyummaa isaan qaban hin beekamu ture – sanyiin isaanii waan wal makeef. Lamaanuu isaanii afaan Kiiniyaaruwaandaa jedhamu dha kan dubbatan. Seenaa wal fakkaatas qabu. Kanas ta'e sana, aadaa wal fakkaata dha kan qabna turre – faarsaa gosa tokko kan faarfannu, dachee tokko irra waliin kan jiraannu, mana amantaa wal fakkaataatti kan tajaajilamnuu fi waaqa tokkicha waliin kan waaqeffannu dha kan ture. Jireenyi keenyas ganda wal fakkaataa, daandii wal fakkaataa akkasumas yeroo baay'ee manneen wal fakkaatoo keessa kan ture.

Akka ija ijoollummaa kiyyatti (yookiin akka kiyyatti) yoon ilaalu, hundi keenya waliin jiraachuu waan dandeenyu anatti fakkaata ture. Hiriyaan kiyya kan qomoon ishee Huutuu ta'e Jaaneet fi ani mana walii walii keenyaa irbaata si'a meeqa akka nyaatne lakkaa'ee xumuruu hin danda'u. Ijoollummaa kiyyaan Ruwaandaa keessa qomoon dhala namaa adda addaa akka jiru akkan yaadadhu kan ana taasisu torbanitti al-takkaa daree keessatti maqa-waamaa qomoo irratti hundaa'e barsiisaa kiyyaan waamamee yoon ol ka'ee dhaabbadhu qofaa dha. Kan nama aarsuu dha! Ta'us garuu ani yeroo sanatti hiika qoqqooddii waanan hin beekneef baay'ee ana hin dhiphisu ture.

Sunis ta'uu kan danda'e hanga ani gara mana barumsaa sadarkaa 2^{ffaa}tti seenuu barbaadu qofatti kan ture.

Yeroo ani waggaa kudha shanii, kutaa 8^{ffaa} kan barattoota jaatama qabu keessaa sadarkaa 2^{ffaa} argachuun barumsa kiyya xumure. Dhibba keessa qabxii giddu galeessa 94 fidee, barataa Tuutsii tokkoffaa bahe sanaan qabxii lama qofaan caalamuun fi barattoota biro ammoo qabxii hedduun caaluun ture kan ani xumure. Qabxiin ani fide, mana barumsaa kutaa biyyattii keessa jiran hunda keessa mana barumsaa tokkottii fi carraa barumsa tolaa argamsiisuu kan

danda'u dha. Yeroo manni barumsaa cufamettis – dhuma waggaa barnootaatti - waa'ee uffata addaa mana barumsaa kiyya haaraa fi gosti barnootaa hunduu afaan Faransaayiin kan itti kennaman manneen barnootaa gaariitti barachuun maal akka fakkaatu yaadaa hawwii guddaan gara manaa deeme.

Barumsa kiyya sadarkaa 2ffaa xumuruun gara Yuuniversitii seenuuf karoora baase; sana booda maaltu beeka? Balaliistuu Xiyyaaraa, barsiiftuu Yuuniversitii yookiin ammoo ogeessa xiin-sammuu ta'uu nan danda'a (dubbii keenya irratti, ijoollummaa kiyyaan moloksee ta'uu barbaada jedhee kan ture, amma guutummaa guutuutti waa'ee yaada sanaa dhiiseera). Jabinaa fi murannoon hojjennaan, ganda xiqqoo akka Maataabaa keessaa mucaan durbaa xiqqoon tokko nama guddaa milkaa'ina qabdu ta'uu akka dandeessu maatiin kiyya ana barsiisaniiru.

Hawwii akkanaa qabaachuu kiyya mucaa gadhee akka ana jechisiisu akkamiin beeku danda'a? Torban torbaniin kan waamamnu maqaa-waamaan qomoo irratti hundaa'e sun shira badaa akka qaban yoom shakkiin anatti uumame! Kaayyoo isaanii badaan sun ijoollota Tuutsii "*wal-qixxummaa qomoo*" kan jedhame qaama kaayyoo qoqqooddii guddicha gochuuf kan ture.

Fonqolcha mootummaa bara 1973tti geggeeffameen aangoo kan qabatan pirezidaantiin qomoon Huutuu ta'an Juuveenaal Haabiyaarimaana jedhamuun kan hoogganamu, karoora mootummaa wal makiinsi qomoo adda addaa biyyattii keessa jiran mul'isuu fi akkaataa kennama carraa barumsaa akkasumas ramaddiiwwaan hojii mootummaa "wal qixxeessuu" qaba jechuun yeroo inni itti labsame ture. Baay'ina uummata Ruwaandaa keessa naannoo dhibbeentaan 85 Huutota, dhibbeentaan 14 ammoo Tuutsota fi kan hafe dhibbeentaan 1 ammoo Tiwaa'ota waan turaniif, hojii fi carraawwan barumsaa hedduun Huutotaaf kan kennaman. Raawwii karoorichaan sirriitti ta'aa kan ture Tuutsota mana barumsaa sadarkaa lammaffaa irraa, Yuuniversitii irraa akkasumas miindaaf hojiiwwan bu'aan adda addaa irraa argaman irraa fageessuu yoo ta'u, kun ammoo akka isaan biyyattiif lammii lammataa ta'an mirkaneesseera.

Hiikni dhugaa wal-qixxummaa qomoo kan anaaf gale ganaa mana barumsaa sadarkaa 2ffaa eegaluu kiyyaan dura torban muraasaan dura ture. Guyyaa tokko maatiin kiyya irbaataaf sa'aatii isaan walitti qabamani jiranitti namichi ollaa keenya tokko dhufuun maqaan kiyya galma naannoo keenyaa irratti kan maxxanfamee jiru waraqaa tartiiba maqaa ijoollota carraa barumsaa argatan muli'isu irra akka hin jirre nutti hime. Qabxii ol'aanaa galmeessisu danda'us, Tuutsii ta'uu kiyyaan ana irra utaalameera – bakki turan hundi Huutota qabxii gadi aanaa qabaniif kennameera. Daree keenyaa sadarka tokkoffaa bahee kan tures sababuma Tuutsii ta'uu isaan carraan isaa jalaa gubateera.

Abbaan kiyyas barcuma isaa minjaala jalaa gara boodaatti harkisee baasuun ija isaa dunuunfatee yeroo dheeraaf callisuun taa'e – yaada galaanaan kan liqimsamen se'a – godhee kan hin beekne (yaadaan baduu). Maatiin kiyya manneen barnootaa dhuunfa kan kaffaltiin isaanii mana barumsaa mootummaa irra harka kudhan gararraa ta'anitti galmeessani akka ana barsiisuu hin dandeenye nan beeka. Obboleewwan kiyya hangafaa lamaan mana barumsaa biroottii barachaa waan jiraniif qarshiin nu rakkisa. Sana irratti ammoo Ruwaandaa keessa kan turan manneen barnootaa dhuunfaa haalli isaan keessa jiran haala manneetiin barumsaa mootummaa irra jiran caalaatti yaaddessaa ture. Barsiisotni isaaniis qophee gaarii kan hin qabne, sirni barnootaa isaaniis hangana gaarii kan hin jedhamne, darbees ammoo gamoon mana barumsichaa kan nama jibbisiisanii fi miira barumsaa namaaf kakaasuu hin dandeenyee dha.

"Hin dhiphatin Iimakiyuule. Karaa itti barachuu dandeessu biraa ni barbaadna." jechuun abbaan kiyya murtoo isaa ana beeksisuun nyaata lafatti dhiisee ka'uu isaatiif dhiifama gaafate irbaata isaa illee osoo hin xumurin gara kutaa itti kitaabota dubbisuu deeme.

"Abdii hin kutatin." jechuun harmeen kiyyas ana haammatte. "Hundi keenya waa'ee dhimma kanaaf ni kadhanna. Amma irbaata kee nyaadhu."

Irbaata xumuruun gara kutaa dhuunfaa abbaa kiyyaa keessa seenee cufuun taa'ee boo'aa, mana barumsaatti humnaa olitti qayyabachuun kiyya fi abjuun ani barumsaa olaanaaf argachuuf itti

dadhabaa ture hundu akkasumaan turee? jechuun yaade. Carraa ani fuulduratti qabaachuu danda'u maal akka fakkaatu yoon yaadu, irra caalaattin ana hollachiise. Hawaasa ani keessa jiraadhu keessatti dubartootni barumsa hin qabne akkamitti akka ilaalaman nan beeka. Mirga, abdii yookiin kabaja tokko illee hin qaban. Gara barumsaa kiyya sadarkaa lammaffaatti hin deemu taanaan, hanga gaaf tokko dhiirri tokko dhufuun niitii isaa godhatee ofitti ana fudhatutti eeguu irraan kan hafe filannoo kan biraa tokko illee hin qabu. Ganaa umrii 15tti, jireenyi kiyya fuulduraa abdii kan hin qabne ta'uun anatti mul'ate.

Ganama itti aanutti, abbaan kiyya gabataa ciree irratti hin dhiyaatin hafe.

"Raajii xiqqoo tokko hojjechuuf dhama'aa jira." jechuun harmeen anatti himte. "Akka manneen barnootaa dhuunfaa tokko tokko galmeessuun ofitti si'i fudhachuu danda'an gaafachuuf deemera."

"Harme, kaffaltiin isaan gaafatan guddaa dha bar. Kaffaluu hin dandeeny bar -"

"Callisi!" jechuun haasaa kiyya adda kutte. "Abdii kutachuu akka hin qabne sitti himeera bar, mitii?"

Booda waanti ta'aa jiru anaaf yoo galu, abbaan kiyya ganameeffate manaa bahuun isaa anaan gara mana barnoota dhuunfatti galmeessisuuf qarshii isa barbaachisan argachuuf jecha aannolee (loon) keenya lamaan gurguruuf ture. Akka aadaa Ruwaandaatti baay'inni aannolee, sadarkaa namni tokko hawaasa keessa jiraatu keessatti qabu kan agarsiisanii fi qabeenya gatii guddaa baasan waan ta'aniif, aannolee tokko gurguruun akka nama qarshii balleessutti kan ilaalamu yoo ta'u, tasumaa immoo aannolee lama gurguruu jechuun haala qarshiin yoo ilaalamu kufaatii agarsiisa – hiyyummaa fida. Abbaan kiyya ani akkan barumsa kiyya adda hin kutneef kutatee ka'eera. Qarshii aannoleewwan sana itti gurgure fuudhuun gara mana barumsaa haaraa banamee, kan kallattii kibbaan argamu konkolaataan sa'aatii sadii deemuun kaffaltii ana irraa barbaachisu kan waggaa jalqabaa anaaf kaffale. Haala itti dhaga'amu nama duratti baasee ibsachuu kan hin

dandeenya abbaan kiyya, jaalala anaaf qabu garuu dhoksuu hin danda'u ture.

Torban muraasaan booda gara mana barumsichaa deemuuf qophaa'een ka'e. Jaaneet haammattee nagaa dhaamuun ana geggeessite; walittis boo'uunis xalayoota hedduu waliif barreessuu akka qabnu waadaa waliif seenne. Haati kiyya imimmaan ishee akka bahee hin mul'atne to'achaa, deddeebiste ana dhungatte. Ijoollota manicha keessa jirru keessaa mucaa inni xiqqaan – Viiyaaniin- ana geggeessuu akka hin barbaadne gara kutaa dhuunfaa isaa deemee seenuun ibsate. Anaaf abbaan kiyya konkolaataa keenyaan manaa baanee yoo deemnu, hedduun olloota keenyaa nu geggeessuuf ba'an. Magaalaa Maataabaa gad-dhiisee yoon deemuu, miirri dhiphina adda ba'umsaa anatti dhaga'amus, jireenya haaraa fuula dura kiyyaa ana eegaa jiru jiraachuu eegaluuf garuu guddaan jerjere.

MANNI BARUMSAA KIYYA HAARAAN hagas mara kan jaallatamu hin turre. Kutaan ciisichaa keenya dhiphaa ta'us, lafti isaa kan simintoon uwwifame, saanqaa kan fakkaatu keeyyatni isaa kan cirracha, simmintoo fi dhagaa cilee irraa hojjetame garuu qalama ana dibaa qalama ana dibaa kan jedhu fakkaata. Firaashota baay'ee walitti dhiyaachuun tarree galanii fi lafa kutichaa guutummaa guutuutti dhoksanii jiran irra ijoollota durbaa biroo kudhan ta'an waliin rafa. Bishaan boonbaa waan hin jirreef, ganama ganama yeroo hunda gara burqituu naannoo keenyatti argamtu deemuun bishaan dhiqannaa fi nyaata qopheessuuf ta'an waraabna. Siree ani manaa qabu akkasumas ruuzii fi fosoliyaa haati kiyya cireef nuuf qopheessitun yaade.

Haa ta'u iyyuu malee, haalli mijataan yeroo gabaabduu sana keessatti jiraachuu baatus, barumsa kiyya adda kutuun maatiin kiyya akka gara manaatti deebisanii ana galchan gaafachuuf hin barbaadnen ture. Gosa barumsa barachuu barbaadnuu filachuuf yeroon isaa yoo ga'u, barnoota ulfaatoo ta'an Herregaa fi Fiiziksii filadhe. Abbaa fi haadha kiyya gammachiisuu qofaaf osoo hin taane, obboleewwan kiyya dhiiraa gararraatti argamuus barbaadeera. Isaanis akkuma dhiirota Ruwaandaa biro, dubartootni diinqa malee mana barumsaatti argamuu akka hin qabne dubbachuun anatti qoosu turan. Maalumaafuu haa ta'u. Isinittan agarsiisa!

Waggoota lamaan booda mana barumsichaa keessatti barattoota qabxii ol'aanaa galmeessan muraasa keessa tokko ta'e. Mootummaan barattoota qabxii ol'aanaa fidan, kanneen mana barumsaa mootummaatti barachuu barbaadaniif qormaata addaa baasee qoruun fudhatee barsiisuu akka danda'u beeksisa yoo baasu, qormaaticha qoramuuf murteesse. Akka biyyaattitti qabxii ol'aanaa galmeessuu danda'us, gatii akka hin qabne fi Tuutsii ta'uu kiyyaan ammas kan ana irraa utaalamutu anatti dhaga'ame. Ta'us garuu ciminaan qayyabadhe. Qormaatichas haala quubsaa ta'een hojjechuun kiyya anatti beekame. Haa ta'u iyyuu malee odeeffannoon haaraan osoo hin dhaga'amin torbanootni hedduun darban. Anis sababa kanaan kan ka'e, waa'ee dhimma mana barumsichaa sammuu kiyya keessa baase.

Ji'oota muraasaan booda gaaf tokko boqonnaa gannaaf galee mana osoon jiru, Daamaasiin harganaa gara manaa dhufuun "Iimaakiyuulee! Iimaakiyuulee Iiliibaagiizaa! Tartiiba maqaa barreeffaman keessattin arge. Qormaaticha darbiteetta! Manni barumsaa Liisee Da Nootira Da Afriika si'i fudhateera. Manneen barnootaa gaarii Ruwaandaa keessa jiran keessaa tokko yoo ta'u, daandiin gara mana barumsichaatti geessus mana barumsaa kiyya biraan kan darbu!"

Yeroo sanatti maatiin kiyya hundi mana guddaa keessa waan turaniif yemmuu dubbii kana dhaga'anitti gammachuu guddaan maraatan. Anis iddoon taa'ee turee utaalee ka'uun "Waaqayyo galatoomi, galata kee yaa Waaq!" jechaa of mallatteessuun mana keessa miira mo'annaatiin shubbise. Iji haadha kiyyaa imimmaaniin guutame, abbaan kiyyas gama isaatiin "Kuni bara jireenya kiyyaa keessatti qixxeen kan hin argamneef gammachuu kiyya isa guddaadha! Waggoottan lamaan darban keessatti akka ati mana barumsaa sanatti galtee barattuuf kadhata gochaan ture. Kunoo ega, waaqnis kadhata kiyyaaf deebii anaaf kennekaa!"

Eeyimaabil "Durba taatus barattuu cimtuu ta'uun kee hin oolle." jechuun anatti seequs, gammachuu kiyyaan gammaduun isaa garuu irraa mul'ata ture.

Daamaasiin kolfa isaa nama hawwatuu/ (mararu) agarsiisaa fi miira boonuun guutamee waan jiruuf, baay'ina gammachuun kan dho'u anatti fakkaate.

Halkan sana afeerraa maatii qopheessuun gammachuu guddaan dabarsine. Yeroowwan dheeroo gammachuun dabarsine keessaa isa tokko ta'uu isaati. Liiseen mana barumsa dubaraa kan ijoollotni dubaraa hedduun namoota biyyattii keessatti aangoo gurguddaa qaban itti baratanii dha. Dubarri Ruwaandaa kam-iyyuu kan hawwitu, mana barumsaa gaarii argachuu kiyya irra caalaa kan ana gammachiise, maatiin kiyya baasii mana barumsaa dhuunfaaf baasaniin dhiphachuu dhiisuu isaaniiti. Rakkoo kan ture manni barumsichaa fageenya irra kan jiru kutaa biyya Giisinyi jedhamtu keessatti argamuu isaati. Manni barumsichaa daandii rakkisaa Maataabaa irraa deemsa konkolaataan sa'aatii afur fudhatu waan ta'eef, maatiin kiyya deddeebi'uun ana gaafachuu hin danda'an. Itti dabaluunis hawaasni achi (Giisinyii) jiru baay'inaan Huutuu kan ta'an yoo ta'u, lammii Tuutsotaa ifaa-ifatti kan jibban ture.

"Homaa hin sodaatin; manni barumsichaa kan barattoota durbaa qofa." anaan jedhe Daamaasiin. "Nageenya kee eeguuf waardiyyaa hedduu fi mooraa guddaa dha manni barumsichaa kan qabu. Anis yoo ta'e, manni barumsaa kiyya dhihoo waan ta'eef ji'atti al-takkaa dhufuun si ilaala."

LIISEEN YEROODHUMA SANATTI KAN ANI JAALLADHE. Gamoon mana barumsichaa babal'aa, bareedoo fi qulqullummaan isaanii kan eegame dha. Daree nuti keessatti barannu qalama ifaan dibamuu isaanii irra caalaa, mooraa keessatti moggaa hanga moggaatti ililiiwwan babbareedoon dhaabamaniiru. Mooraan isaas dallaa ol ka'aa eegumsa qabu waan ta'eef, nageenyi anatti dhaga'ame. Keessumatti immoo moloksootni nyaata duraa fi nyaata booda akka kadhannu waan nutti himaniif akkuma gammachuun anatti dhaga'ame, abbaan kiyyas gammadaa akka ta'u shakki hin qabu.

Hiriyoota ani jalqaba horadhe keessaa tokko kan taate intala Huutuu Saaraa jedhamtu dha. Akka obboleewwaniitti guddaa kan walitti siqnu yoo ta'u, gara mana maatii ishee kan magaalaa

guddittii Ruwaandaa Kiigaaliitti argamutti geessuunis ana affeerteetti. Jireenya giddu galeessa kan beeku mucaa baadiyyaa kan ta'e ani, deemsi ani gara magaalaatti taasise kun ija kiyya kan anaaf bane ta'e – keessumatti iyyuu xiyyaara itti dhiyaachuun yeroo jalqabaaf yeroon arguu. Anaa fi saaraan iddoo buufata xiyyaaraa galgalaan deemuun, dirreen ka'umsa isaa ibsoota dhedheeroon ifanii yoo mul'atan, dirreen buufata isaa ibsoota qalama bifa diimaa, adii fi magariisaan ta'aniin ifa guddaan guutamani yeroon argutti, xiyyaarotni guguddoon yeroo samii irraa gadi bu'uun qubatanitti fi sagalee guddaa isaan dhageessisan yeroon dhaga'utti, afaan kiyya dinqisiifannaa guddaan banaman.

"Ilaalimee maaloo!" yoon jedhuun Saaraan kolfa anatti duuti. "Ammaan boodamma hundumaa argeera." jechuun ofi kiyyatti boone.

Namni ani guyyaa jalqabaaf wal quunname biraan ammoo hiriyaa kiyya bareedduu Kileementaayin jedhamtu dha. Barattoota haaraa gara mana barumsichaatti seenan keessa akkuma ana argiteen gara kiyya dhufte. Barattoota jiran hedduu isaanii ani hojjaan kan caalu ta'us, isheen immoo irra caalaatti as-xiqqootti gara meetira 1.80 dheeratti. Tuutsotni walii walii keenya hojjaa keenyaani adda baafnee kan wal beeknu.

"Intalli Tuutsii bareedduun akka keetii kun asi dhufuun namoota akka diinaatti si'i ilaalanii fi fuula isaanii sitti dukkaneessan waliin dallaa qofaan adda baa'uun jireenya dhiibuu akkamiin dandeessa?" jechuun Kileementaayin anatti seeqxe. "Waliin ta'uu fi wal barbaaduu qabna." jechuun akkuma sanaan hiriyoota taane.

Kileementaayin fuula isaanii sitti dukkaneessu kan anaan jette dhugaa ture. Mooraa mana barumsaan ala deemuun ulfaataa dha – yeroon ala bahuun deemuttis namootni naannoo sanaa xiyyeeffannoon yeroo ana ilaalanii fi haala nama sodaachisuun sagalee gad-qabachuun "Tuutsii" jechuun yoo haasa'an nan dhaga'a. Mana barumsichaa namootni hoogganan, lubootaa fi moloksootni, barattootaa fi namootni naannichaa mana amantaatti waliin ta'uun akka hin waaqeffanne of-eeggannoo cimaan kan eegan. Eegumsa hojjetoota mana barumsaa keenyaan alatti mooraan mana

barumsichaa gad-dhiisnee akka hin deemne kan dhorku ajajni addaa cimaan nutti kennameera. Mooraan ala haalli jiru kan nama jibbisiisu ta'us, mooraa keessatti garuu miirri qomoon qoodanii wal miidhuu anatti hin dhaga'amne. Barsiisotnis tartiiba maqaa qomoo irratti hundaa'e kan hin waamne yoo ta'u, barattootni hedduun Huutota ta'anis walitti dhufeenyi keenya garuu akka miseensa maatii tokkootti kan ture.

Yeroo kiyya mana barumsa irratti dabarsuun, cimee qayyabachuu fi ofii kiyya miira yaada maatii irraa of fageessaa dha kan ani ture. Maatii kiyyaa fi obboleessi kiyya xiqqaa garuu guddaan yaadaan ture. Mormii Viiyaaniin ana waliin taasisu osoo hin hafin kan fuula kiyya dura deddeebi'e. Obboleessi kiyya xiqqaan manaa deemee ji'oota muraasaan booda xalayaa garaa nama nyaatuu fi nama dhiphisu anaaf ergeera. Guddaa akka ana yaade, erga adda baanee hirriba akka dhabee fi halkan tokko tokko immoo hafuurri hamaan kutaa tokkoo gara kutaa biraatti yoo deddeebi'an arguu isaa anaaf barreeseera. Yemmuu jara arguttis, jeeqamuun mana keenya keessa naasuun fiiga. Xalayichi guddaa ana gaddisiise – eeyyeen anaaf Viiyaaniin yeroo baay'ee callisnee waliin mormina; amma garuu ani isaaf nama akkamii akkan ta'e anaaf gale. Dhiisee deemuu kiyyaaf gaddi anatti dhaga'amus, gara fuulduraatti garuu obboleetti gaarii akkan ta'uufiif waadaa ofiif seene.

Daamaasiin waadaa anaaf gale eeguun ji'atti al-takkaa dhufuun ana gaafachuu eegale. Marga irra taa'uun sa'aatii dheeraaf teenyee haasofna. Keessumatti iyyuu, waa'ee dhimma qayyabannaa ilaalchisee yeroo hedduu gorsa gaarii anaaf kenna.

"Kadhachuu hin dagatin Iimaakiyuule. Hoji-manee kee yeroo hojjechuuf jettuttii fi qormaataaf yeroo qophooftu hundatti kadhadhu. Hanga dandeesses qayyabachuuf yaali." anaan jedha. Akkuma gorsa isaattis, qormaata Herregaan fudhachuu kiyyaan dura cimee qayyabachuun barattoota mana barumsichaa keessa jiran hunda caalaatti qabxii gaarii galmeessaa deeme.

Daamaasiin ana gaafachuu yoo dhufu wal jala teenyee waan haasofnuuf, hiriyootni kiyya durbaa eenyummaa isaa yoo ana

gaafatan “Obboleessa kiyya hangafa Daamaasiiniidhaka!” jechuun laphee kiyya dhiibee deebisaaf.

“Lakki, hin ta’u. Namni kam-iyyuu obboleessa isaa waliin akkas walitti dhiyaachuu hin danda’u. Isa waliin ta’uun kee kan *jaallatte* dha kan si’i fakkeessan”

Jireenya kiyya keessatti Daamaasiin argachuu kiyyaaf guddaa carroomtuun ture.

BOQONNAA 3
BARUMSA OL'AANAAN DURA

Waggaa sadaffaa fi xumuraa irratti duulli waraanaa dho'uu isaa irraan kan hafe Liisee keessatti jireenyi gaarii ture.

Waaree boodi guyyaa jalqabaa ji'a Onkoloolessaa bara 1990 bareedduu fi iftuu turte. Anaa fi hiriyaan kiyya hanga sa'aatiin barumsa waliigalaa eegalamutti eegaa, barsiisaan keenya sun maaliif akka boodatti hafan yaadna. Obbo Gaahiigiin walii galuuf nama rakkisaa hin taane, sabrii qabuu fi tarii ammoo namootan argee beeku irra caalaatti nama amala gaarii qabu dha. Waan kana ta'eef, dhuma irratti gara daree dhufuun harka isaa booda dugda isaa irra kaa'uun asiif achi yoo adeemu rakkoon ta'e tokko akka uumame beekneerra. Barattuun tokko waa'ee rakkoo isa dhiphisaa jiruu yoo gaafattu, gara keenya osoo hin ilaaliin asiif achi deemuu isaa ittuma fufe.

Barsiisaan keenya akka inni oduu ulfaataa nu dhoksee fi tarii moloksootni sagantaa do'annaa fiilmii galgalaa akka kaasan nutti hima ta'innaa jechuun yaade. Dubbichi garu kan sana gararraatti ulfaatu ture. Mana barumsaa keessatti oduu dhaggeefachuun waan hin eeyyamamneef, akka yeroon mana tureetti osoo hin taane oduu addunyaan qabdu irraa adda ba'eera.

"Biyyattii irra haleellaan akka gahen dhaga'e." jechuun obbo Gaahiigiin miira gaddaan nutti himan. "Baay'ee sodaachisaa fi hunda keenya irraan rakkoo yeroo dheeraa turu danda'u ga'a jedheen yaada."

Hundi daree keessa jirru miira callisan liqimsamne – xiqqoo turuunis hundumtuu al-takkaan wal faana haasa'uu eegalan: gaaffii

wal gagaafachuu, Ruwaandaa eenyu dhimma maaliif akka haleele baruuf deebii eeguu.

"Gareen finciltoota Yugaandaa jiraatan daangaa biyyatti darbuun seenaniiru." jechuun deebii nuuf kennan. "Baay'inaan ijoollota koolu galtoota kanaan dura Ruwaandaa bahan yoo ta'an, walitti qabamuun gara biyyaatti deebi'anii galuuf waraana bananii jiru. Bakka nuti amma jirruu kanaan gara kibbaatti yeroo ammaa loltoota finciltootaa fi waraana mootummaa gidduutti dhukaasa guddaatu geggeeffamaa jira."

Obbo Gaahiigii irratti rooba gaaffiiwwan soda of keessaa qabanii fi aariin guutamantu itti roobe. "Tuutsotni saamtotni sun garuu maaluma kan barbaadan? Maaliif waraana nutti banu? Mana barumsichaa bira yoo gahanis maal nu gochuu danda'u laata?"

Miira sodaan kan ka'e qoleen kiyya ana ho'uu eegale. Teessoo hirkannoo kiyya keessa of dhoksuufis barbaade. Barattoota 50 daree keenya jiran keessaa 47 Huutota. Baay'ee waanan sodaadhee fi dhiphadheef gara ijoollota dubaraa lamaan akkuma kiyya Tuutsii ta'an illee ilaaluu hin dandeenyen. Tuutsii ta'uu kiyyaaf yeroo ani itti qaana'ee fi Liisee keessatti akka nama addaatti ilaalame kun yeroo jalqabaati.

"Finciltootni sun ofii isaanii Adda Gootota Ruwaandaa (AGR) jechuun of moggaasaniiru. Garichi waggaa muraasa dura Ruwaandaa gad-dhiisee akka bahanii fi gara biyyaatti deebi'anii galuu kan dhorkaman dhaaba Tuutsotaati. Jarri lammii biyya alaa kun gara Ruwaandaa dhufuun aangoo mootummaa qabachuuf kan waraana nutti banan." jedhe.

Waa'ee eenyummaa AGR sirriittin beeka ture. Miseensi dhaabichaas mootummaa fonqolchuu qofaaf dhukaasa akka hin banne nan beeka. Biyya wal-qixxummaa fi bilisa taate keessa jiraachuu ni barbaadu. Loltootni AGR hedduun isaanii baqattoota yookiin ammoo ijoollota isaaniiti.

Rakkoowwan bara 1959 fi 1973tti turan akkasumas immoo yeroo adda addaatti mankaraaressaa Huutuutiin waamicha ajjeechaa lallabame irraa lubbuu isaanii fi maatii isaanii oolchuuf Tuutsotni

Ruwaandaa irraa gara biyyoota birootti baqataniiru. Obbo Gaahiigiin loltoota garee finciltoota sanaan "lammiiwwan biyya alaa" kan jedhan baay'een isaanii biyyoota olla kanneen akka Yugaandaa fi Zaayeritti waan guddataniif – sun ta'uu kan danda'e garuu pirezidaantii Haabiyaarimaanaan baqattootni biyyaa ba'anii turan gara biyyaatti deebi'uu akka hin dandeenye kan dhorku seera baasuu isaanii irraan kan ka'ee dha. Sababa kanaafis garee baqattoota Tuutsotaa miseensa hedduu qabu akka ummamu danda'u kan godhan yoo ta'u, dhalootni Tuutsota hedduunis yeroo tokkoof illee carraa biyya isaaniitti deebi'anii arguu qaban dhabuun akka biyya ormaatti guddatan taasiseera.

Obbo Gaahiigiin ifatti baasee dubbachuu baatus, Tuutsotni harka mankaraaressitoota Huutuu jalaa of baasuuf yaalii yoo godhan hundatti, rakkoo maal akka uumamuu danda'u ni beeku. Nuuf dhiphachuun "Kun Tuutsotaaf yeroo rakkisaa ta'uu danda'a – waanti akkanaa kun gara wal fixiinsa guddaatti jijjiiramuu waan danda'uuf, gareen finciltootaa fi mootummaan walii galtee uumuun dhangala'uu dhiigaa akka hanbisan Waaqayyoon haa kadhannu."

Barumsi guyyaa sanaa kanumaan kan xumurame. Dubbiin ijoollota durbaa sun garuu waa'ee dhimma haleellichaa fi loltootni Tuutsii yeroo mana barumsaa keenya bira ga'an maal gochuu akka qaban qofa ta'e. Ijoollota Tuutsii daree keenyaa kan hiriyoota kiyya ta'an lamaan waliin akka hin argamnetti of dhoksuuf yaalaa callisuun taa'e. Mirgi wal-qixxummaa Tuutsota kan hin kabajamne ta'uu isaa yoon yaadadhu sodaan kiyya gara aariitti jijjiirame. Waraana mootummaa mo'achuun biyyattii keessa qoqqooddii akka balleessan abdii godhachuun, loltoota AGR keessa kiyyaan deggeruu eegale. Dhuma irrattis aariin kiyya baduun gara sodaatti kan deebi'e, yeroon waa'ee namoota ganda keenyaa fi waa'ee maatii kiyyaa dhiphachuu eegalu dha. Waaqayyo maatii kiyya nagaa akka anaaf taasisuuf ija kiyya dunuunfachuun kadhadhe – yeroo sanatti isaan malee akkamiin lubbuun turuu akkan danda'u waanan hin beekneef.

Firootni barattoota hedduu bakka waraanni hamaan itti geggeefama jiru gara kibbaa sana waan jiraataniif, itti gaafatamaan mana barumsichaa odeeffannoo raadiyoo akka dhaggeeffannuu fi

haala ta'aa jiru irratti hubannoo akka argannu nuuf eeyyaman. Raadiyoon biyyoolessaa odeeffannoo tamsaasaa ture kan jibbiinsa irratti hundaa'e dha jechuun ni danda'ama. Gabaastonni Raadiyoo finciltoota sanaan akka waan isaan bineensa bosonaa keessa jiraatan ta'anitti, akka waan foon namaa nyaataniittif akkasumas akka waan jaldeessa waliin wal quunnamtii saalaa raawwataniitti gabaasan. Seexana hamaa waan ta'aniif, gaanfa iyyuu biqilchaniiru jedhame. "Finciltootni arraabbii ta'an kun" iddoo fi yeroo kamiitti iyyuu isin miidhuu waan danda'anii fi namoota gadhee waan ta'aniif, uummatni Ruwaandaa marti akka of eeggattan jechuun beeksifni of eeggannoo kennameef. Gabaasotni kunis durumaan iyyuu ilaalcha gaarii kan hin qabne miira ijoollota dubaraa sana irra caalaatti finiinse. Hunda keessa tokkommaa baay'ee sodaattee waan turteef, ana ajjeesisuuf turte.

Ijoollota kutaa ciisichaa tokko keessa waliin jiraannu keessaa tokko kan taate Daaniidaan, waa'ee loltoota finciltootaa dubbatame hunda dhugaa ta'uu isaa amanuun fudhatteetti. Guyyaa tokko kutaa ciisichaa keenyaan ala kan jiru gara mana dhiqanna yoon deemu, hirribaa dammaksuun kiyya hin oolle. Halkan sun hedduu waan qorruuf, akka anatti ho'isuuf jecha fooxaa guddaa mataattii maradhee akkasumas anatti kan dheeratu uffannaa halkanii uffadheera. Xiqqoo kan nama sodaachistu ta'uun kiyya hin oolle. Kutaa ciisichaa keenyaatti deebi'ee seenuuf yoon yaalu Daaniidaan balbala humnaan anatti cufte. Iyyuu ishee irraan kan ka'e moorichis jeeqame.

"Anaaf qaqqabaa! Ana gargaaraa! Wayyoo waaqa kiyya! Maaloo ana gargaaraa. Loltuu AGR ti –nu ajjeesuuf, nu nyaachuuf dhufe. Safuu gaanfa inni of irraa qabu!"

Daaniidaanis akka ana dhageessuuf jecha "Daaniida, ana bari; Iimaakiyuulee dha. Loltuu AGR miti. Gaanfas ofi irraa hin qabu. Fooxaa dha bar kan ani mataa kiyya irratti maradhe." jedheen.

Kottee namaa kan gara daandii lafoo irra lafa dhiitaa gara kiyya dhufaa jiru dhaga'uun yoon gara duubaatti naanna'ee ilaalu, waardiyyaan guddichi mana barumsaa keenyaa meeshaa isaa gara kiyyatti qabuun dukkana keessa gara kiyyatti fiiga dhufuu arge.

Mogoleen ana bu'uun humna dhabee lafa taa'e. Waardiyyichis ana irraa fageenya muraasa irratti argama.

"Maqaa Iyyesuusiin! Si'i ajjeeseen ture bar Iimakiyuule! Eenyu abbaa isheeti kan akkana iyyitu kun?" anaan jedhe.

Yeroo sanatti ijoollotni kutaa ciisicha keenyaa ishee waliin jiran hundi iyyaa waan turaniif, anis waardiyyichi akka balaa ana irraan hin geenyeef iyya jiru keessaan iyyee sagalee kiyya dhageessifachuutu ana irra ture. Sun hunduu darbuun waardiyyootni hedduun ijoollettiin rakkoon akka hin jirree fi balbala banuu akka danda'an walakkaa sa'aatii gararraaf amansiisuuf yaalanis, ijoollettiin garuu balbalicha banuu hin dandeenye. Qindeessaan mana barumsichaa furtuu balbala hunda banuu danda'u fidanii akka dhufaniif waamamanii dhufuun balbala nuuf bananii erga ol seennee booda taa'uun, sodaan akka nu booji'atu gochuun hagam rakkoo akkami qaqqabsiisuu akka danda'u nu barsiisaa yeroo dheeraaf turan.

Haalli ture sun daran sodaachisaa ta'us, mooraa mana barumsaa keessa dhiphinni ture garuu homaa nu hin sodaachisu. Guyyaa tokko waaree booda miilla diriirfachuuf mooraa ba'uun yemmuu deemnutti, garee Huutota biyya sanaa bira darbina. Isaan keessaa namichi tokko haaduu gara kiyyatti qabuun mirmirsa. "Kun hagam akka isheen boontu ilaalaa." jechuun guungumaa ana sodaachisa. "Dursinee si'i ajjeefna. Finciltootni obboleewwan kee akkuma gochaa jiran, atis gatii akka baaftu si'i goona!"

Garaan kiyya baay'ee jeeqamuu isaan kan ka'e, ol ana deebisuu/(hooqqisuu) barbaade. Namootni haala rakkoo fincila jiruun ana sodaachisuuf yaaluu isaanii kan jalqabaa ta'uu isaan kan ka'e, akkamittiin keessumeessuun akka ana irra ture hin beeku. Gara kutaa ciisischa kiyyaatti dafee deebi'uun bashannanaaf jecha lammata mooraa bahuu akkan hin qabne of amansiisuun kakadhe. Hojjaa kiyyan jibbe, hojjaan dheerechuun – dheerinni hojjaa – biyya keenya keessatti akka balleessatti ilaalamuun isaa maaliif jechuun gadde. Maal akkan godhuu dha kan inni barbaadu ture? Guddina kiyya yoo ta'e dhaabuu hin danda'u. Tuutsii ta'uu kiyyas hin haqu!

Guyyaa itti aanutti Kileementaayin gara daree kiyya dhufuun gurratti hasaastee “Kottu ana faana bu’i Iimaakiyuule! Namootni akka namicha yeroo darbe haaduu baatee ture sanaa yoo nutti dhufan maal gochuu akka qabnu sitti haa agarsiisu.” anaan jette.

Gara gamoo namootni baay’een dhaquu hin dandeenyee ana geessuun, kutaa isaa tokko keessa kan jiru saanduqa humna ibsaa olaa’aanaa qabu bante. “Humna ibsaa Vooltii 1500 ta’u gararraatu asi jira.” jechuun anaaf ibsuu eegalte. “Mankaraaressitootni Huutuu mana barumsichaa yoo weeraranii fi kara itti baqannee baanuu yoo dhabne, kana gadi harkisuun bannee harka keenya keessa galchuu ni dandeenya. Akkuma sanaanis du’uu ni dandeenya – namootaan reebamuu, gudeedamuu fi ajjeefamuu irra humna ibsaan gubatanii du’uu wayya. Namootni gadheen kun hanga ani du’utti qaama kiyyattii akka taphataniif hin eeyyamuf. Baay’ees si’i hin dhibin – guyyoottan gadhee darban keessatti ijoolotni durbaa Tuutsotaa kan karoora hin qabne akkamiin akka dirqiin gudeedamanii fi dhiphinni cimaan irra gahe seenaa hedduu dhaga’eera.”

Mataa kiyya oliif gadi raasuun itti walii galuu kiyya agarsiise. Umrii 19tti lubbuu keenya bal’eessuuf yaaduun keenya waan haaraa ta’us, garuu filannoo jiru kan biraa irra kan fooyyee qabuu dha. Bulchitootni mana barumsichaa waa’ee dhimma karoora keenya kana dhagahuun saanduqicha furtuun akka nu jalaa hin cufneef yaaduun, anaaf Kileementaayin waa’ee dhimma kanaa nama tokkotti illee akka hin himne walii galuun waadaa waliif seenne.

ODEEFFANNOO HAARAA JIRU ARGACHUUF Raadiyoo dhaggeeffachuu ittuma fufne. Dhaabbatni Raadiyoo mootummaa garuu oduu dogongoraa tamsaasuun qixxeen kan hin argamneef waan tureef, loltootni AGR haga magaala gudditti biyyattii – Kiigaalii- dhufuun mana mootumma pirezidaantichaa akka waan haleellaa irraan gahaniitti nuuf tamsaasan. Pirezidaantichi gara fuula raadiyoon asi bahuun, haga raayyaan ittisa biyyaa weerartoota hundumaa “Arraabbii” ajjeesee fixutti, hawaasni biyyattii hundi akka manaa hin banee akeekachiisa kennan. Boodas dhaabbata odu-tamsaasaa Biritaaniyaa kan ta’e BBC irraa akka dhageenyetti loltootni AGR tokko illee naannawaa magaalaa gudditttitti kiilomeetira dhihoo irratti akka hin argamne dha – pirezidaant

Haabiyaarimaanaan rukutamuu mana mootummaa sana gara raadiyootti bahuun oduu sobaa ture kan tamsaasan; Tuutsotni hedduun biyyattiin alaa firoota baay'ee qabaachuu isaaniin kan ka'e, namootni kumaatamaan lakkaa'aman gara mana hidhaatti darbatamuu isaaniif raga quubsaa uumuu isaanii ture. Pirezidaantiin sun sammuu isaaniin, Tuutsootni mucaa wasiilaa yookiin adaadaa biyya Yugaandaatii qaban hundi garee loltoota finciltootaa AGR waliin walii galtee uumuun isaanii hin oolu yaada jedhuun kan qabaman fakkaata.

BBCiin gabaasa isaa keessatti Tuutsotni hedduun hidhamuu isaanii fi Ruwaandaa keessatti manni hidhaa namoota Tuutsii ta'aniin hin guutamne dhabamuu isaan kan ka'e, iddoon yakkamtoota itti hidhan tokko akka hin hafne ibseera. Akka odeeffamutti yoo ta'e, yeroo sanatti haala tureen namootni Tuutsii ta'an hedduun isaanii akka beelaan dhiphatan, reebichi akka irratti raawwatamaa turee fi muraasni isaanii immoo akka ajjeefamaanii dha.

Ayyaana dhaloota goofta Iyeesuu kabajachuuf gara manaa yoon deemu, abbaan kiyyas namoota hidhamanii turan keessaa tokko ta'uu isaa kan ani bare. Akkuman konkolaataa geejjiba namaaf tajaajilu irraa bu'een, namoota ollaa keenya yeroo dheeraaf waliin jiraanne keessaa tokko kan ta'anii fi haasaa daddabarsuu kan jaallatan aadde Siiraakee waliin akka tasaa wal argine. "Mee kottu ana dhungadhu intala kiyya." jechuun boo'uu eegalan. "Baga si'iin ana agarsiise! Garaan kee akkamitti sitti maxxaneeti kan jiru! – Moloksootni sun nyaata siif hin kennan moo?"

"Lakki akka gaariitti nu nyaachisu. Garuu maatii kiyya waliin irbaata nyaachuuf jerjereera."

"Maalumaafuu, abbaan kee keessumatti iyyuu rakkoo hanga sana dabarsee amma immoo ija kee yoo arguun akka inni gammadu anatti mul'ata."

"Maal jechuu keessani?"

"Hin dhageenye moo intala kiyya?"

Onneen kiyya ana ariifate. Duulli waraanaa erga eegalamee kaasee haga ammaatti maatii kiyya argee hin beeku; torbanoota muraasaafis dhaamsi gara manaa irraa anaaf dhufe hin jiru.

“Dhugaa dubbachuuf, waan dhageesse anatti fakkaatee ture.” “Abbaan kee hidhamee ture.” jedhan aadde Siiraakeen.

Naasuudhaan jirma ana bira lafa irra ciisee jiru irra gadi taa’e. Abbaan kiyya Tuutsii ta’uu isaan kan hafe akka inni hidhamu kan taasisu rakkoo biraa uumuu ni danda’a jedhee yaaduu hin dandeenye. Waa’ee fayyummaa haadha kiyyaas dhiphadhe. Rakkoon dhiphina hidhamuu abbaa kiyyaa Asmii ishee itti kaasuu danda’eera hin ta’in! Deemsa daqiiqaa soddoma ariitii ittiin deemee hin beekneen deemuun mana bira yoon gahu, haati kiyya balbala irra dhaabbattee yoo ana eegdun arge.

Ana haammachuun “Akkam anaaf jirta garaa kiyya?” jechuun ana gaafatte. Waa’ee hidhamuu abbaa kiyyaa anatti himuu mitii kaastee dubbachuu iyyuu hin barbaadne – yeroo hunda miira badaa irraa ana eegdi; yoomiyyuu nama jijjiiramuu hin dandeenye ta’uu isheen hubadhe.

“Beelofteetta jedheen yaada, Iimaakiyuule. Nyaata hangan siif dhiyeessutti qaama kee dhiqadhu. Daamaasiin fi Viiyaaniin iddoo ta’e tokko deemaniiru; Eeyimaabil ganaa Yuuniversitiidhaa hin dhufne. Abbaan kee iddoo hojii jira; si’i arguuf hangam akka hawwiin jerjeree jiru ana hin gaafatin.”

“Hundi keessan nagaadha mitii garuu? Eenyu keessan rakkoon isin hin mudatne mitii?”

“Homaa hin dhiphatin hundi keenya nagaadha.”

“Waaqa si uume sodaadhu harme! Ana dhoksuuf hin yaalin, akka abbaan kiyya hidhamee ture dhaga’eera. Kanaafuu, ana dhoksuu yaaluu kee dhiisiitii waan ta’ee ture hunda anatti himi.”

Haati kiyyas oduu suukanneessaa anatti himuun waan isheef hafeef – dursee waanan dhaga’eef- waan ta’ee hunda teessee ana taphachiisuu eegalte.

Duulli waraanaa eegalamuun yeroo muraasaan booda kan loltootni raayyaa ittisa biyyaa mootummaa afur gara iddoo hojii abbaa keenyaa deemuun harka isaa gara boodaatti hidhuun isa waliin hojjetoota waajjirichaa murna walakkaa ta'an fuuchuun gara mana hidhaa magaalaa Kibuuyeetti geessuun darbatan. Eegdota/ (Waardiyyoota) mana hidhichaanis hidhamtoota sanaaf nyataas ta'e dhugaatii akka hin kennineef dhorkan. Boodas abbaan keenya eegdota sana keessa tokkoof matta'aa kennuun gara mana adaadaa keenya dhiheenya irratti argamu gara mana Siisiileetti ergaa akka qaqqabsiisuuf godha. Siisiileenis gara mana hidhichaatti nyaataa fiduun eegduchi nyaata isheen fidde sana abbaa keenyaaf hiriyoota isaaf akka galchu goote.

Torban lamaan booda abbaan keenya akka inni hidhamu ajaja kan itti baase hiriyaa isaa durii Kaabaayin akka ta'e bira gaha. Kaabaayin Huutuu bulchaa aanichaa fi waan hundumaa gochuuf aangoo kan qabu ta'uun kan muudamee dha. Kaabaayi fi abbaan kiyya hiriyaa gaarii ijoollummaan barumsa waliin baratanii dha. Pirezidaanti Haabiyaarimaanaan dhiibbaa mootummoota addunyaan irra gaheen jilbeenfachuun Tuutsota kumaatamaan lakkaa'aman kan dogoggoraan hidhaman hiikuuf erga walii galanii ture Kaabaayin gara mana hidhaa deemuun abbaan kiyyaaf hiriyootni isaa akka hiikaman kan ajaja dabarse. Eegdotni abbaa kiyyaaf nyaata tokko illee kennuu akka hin qabne waan ajajeef, abbaan kiyya lubbuun jiraachuu isaa yoo argu Kaabaayin naasuu guddaatu itti dhaga'ame. Gochaan raawwatame kan isa aarse fakkaachuun fi dogoggorri ajaa'ibaa akka uumame ibsuun abbaa kiyya dhiifama gaafate.

Halkan sana irbaata booda abbaa kiyyatti naannofnee teenyee osoo jirruu, waa'ee dhimma uumamee ture isa mari'achiisuuf yoon yaalu, abbaan kiyya "Waanta namaaf hin galleedha. Kaabaayin waan ajajame kan raawwatu; dhimma dhuunfaa miti. Waantotni kun siyaasa waliin kan wal qabatan waan ta'aniif, callisuu isiniif wayya. Waan hundumaa iyyuu haa irraanfannu."

Abbaan kiyya nama dhiifamaa ta'uu isaatti obboleewwan kiyya amanuu hin dandeenye. Ijoollummaa isaanii kaasanii – bara jireenya isaanii guutuu – waan isa beekaniif, Kaabaayiin abbaa keenya irratti ka'uun isaa hedduu isaan aarseera.

"Kaabaayiin hiriyaa kee ture bar abbabba. Osoo immoo diina kee ta'eera ta'eeti maaltu uumamuu akka danda'u yaadi mee. Maaliif kan isaaf mormitu? Namootni ati dhaabbattuuf si'i balleessuu barbaadu bar! Waraanni geggeefamaa jiru hanga darbutti biyyaattii gadi dhiisnee deemuu qabna. Waan biraan yoo hafe illee harmee fi Iimaakiyuleen asii fageessuu qabna – waa'een isaanii ana yaaddesseera." jedhe Eeyimaabil.

"Dhiisi malee, baay'ee akkas hin arbeessin – Kan nu sodaachisu tokko hin jiru. Haalli kan duraa irra caalaatti amma fooyya'eera; kun siyaasa qofaan kan wal qabatuu dha. Isin ijoollotni homaa tokko hin dhiphatinaa. Maal nuun jedhe jedhaa, tasa homaa tokko iyyuu hin taanu." jechuun abbaan keenya nuuf mirkaneesse.

Haati keenya obbolootni kiyya akkuma ijoollota dhiiraa Tuutsota biroo godhan dhokatanii deemuun gara loltoota AGRtti akka hin makamne kadhatte – "Eenyu keessan iyyuu loltoota finciltoota AGRtti makamuun isaan waliin falmachuuf yoo deemtan, murtoon keessan kun akka ana ajjeesu beekuu qabdu! *Gidirsuun ana ajjeesa*! Haadha keessan ajjeesuu yoo barbaaddan ammuma deemaa. Ana jaallattu taanaan, dhokattanii deemuun dhiphinaaf akka ana hin kennine ammuma waadaa anaaf seentu. Jedhaaka waadaa anaaf seenaa!"

Haati keenya haala akkasii keessa of buusuu ishee irraan kan ka'e obboleewwan kiyya irra deddeebi'uun gara humna loltoota finciltootaatti deemanii akka hin makamne waadaa seenaaniif.

Sanaan booda anis gara Liiseetti deebi'uun ji'oota muraasa ana hafanitti barumsa kiyya sadarkaa 2^{ffaa} xumuruun qormaata biyyoolessaa Yuuniversitiitti ana galchu danda'u qoramee. Irra deebi'ees qabxii gaarii galmeessuu danda'e; ta'us garuu abdiin ani Yuuniversitii seenee barachuuf qabu kan dhiphatte turte. Humni loltoota AGR kan duulaniif keessaa tokko sirna *bu'aa qomoo* kan jedhamu hambisuuf dha; ta'us garuu waanti *bu'aa* waanti jedhamu kun dhuma bara barnoota kiyya kan fidu anatti fakkaate.

Hiriyoota kiyya Liisee jiran maratti nagaa dhaamuun gara iddoo ani taa'uun carraa jireenya kiyya fuulduraa itti eeggadhu gara mana maatii kiyyaatti boqonnaa gannaaf gale. Waraanni geggeeffama jirus

ittumaa finiinaa deeme; loltootni finciltootaa AGRs raayyaa ittisa biyyaa mootummaa bakkee waraanaa hedduutti mo'ataa akkasumas mootummaan lammiiwwan Ruwaandaa biyya alagaa jiraatan gara biyyaa isaanii akka galan akka eeyyamuu fi garee loltoota fincila geggeessaa jiraniifis aangoo hiruu qaba jechuun dhiibbaa guddaa itti uumaa dhufan.

Haati kiyya hedduu dhiphachuu ishee irraan kan ka'e, beektotni illee osoo ishee hin hafin deemtee gaafachuu eegaltee turte. Falfaltuun tokko dhuftee haadha keenya waliin diinqa keessa yoo taa'an arguu kiyya nan yaadadha. Haati kiyyas waraanni kun xumura argachuu akka danda'u fi nageenyas deebinee argachuu akka dandeenyu ni gaafattiin.

"Naannawaa keenya hundatti bakakkaan anatti mul'ata, ta'us garuu isaan kun danbalii xixiqqoo dha." jette falfaltuttiin haadha kiyyaan. "Haati danbalii guddichi dhufaa jirti. Yoo asi geessu lafa balleessuun ishee hin oolu. Iyyi ishee gurra nu duucha; lolaa guddaanis hunda keenya ni liqimsa. Danbaliin ji'oota sadiif turu lubbuu namoota hedduu ni galaafata. Namootni baqatanii harkaa ba'anis nama isaan dhoksu hin argatan – hunduu fuulli namni isaan beekanii jalaa bada. 'Isaaniif wayyoo'"

BOQONNAA 4
GARA YUUNIVERSITIITTI

Gara xumura ganna bara 1991tti waan hin yaadamnetu uumame – yuuniversitii biyyoolessaa Buutaareetti argamutti barachuu akkan

danda'u carraan barumsaa anaaf kenname. Bara jireenya kiyya guutuu Yuuniversitii seenee barachuu hedduun hawwa ture. Waan kana ta'eefis, rakkoon adda addaa fuula kiyya dura jiraatanus abjuun kiyya anaaf dhugoome.

Maatiin kiyya oduu kana yoo dhaga'anitti guddaa miirri gammachuun itti dhaga'ame. Akka seera sirrii Ruwaandaatti – sirna gammachuu ta'uu isaati – kabajuuf akka dandeenyutti nyaataa fi dhugaatii qopheessuuf oliif gadi fiiguu eegalan.

"Mana keenya keessa Yuuniversitii seenu kan dandeesse durba jalqabaati ati. Kanaafuu, ammuma kana namoota hundumaatti beeksisuu qabna!" jechuun abbaan kiyya laphee dhiibuun dubbate. Borumtii isaas daandii dheeraa qaxxaamuruun akaakayyuu, eessumoota, adaadota kiyya akkasuma ganda keenyatti dhihoo kan jiraatan ijoollota isaanii hundumatti dhaqee akkan himuuf haala anaaf mijeesse.

Halkan guyyaa sanaa osoo kolfinuu, nyaannuu fi haalota gaarii gara-fuulduraatti dhufan hunda kaasuun haasa'aa bulle. Maatii kiyya irraa ba'aa guddaan waan bu'eef halkan sana akka waan isaan deebisanii dargaggoomaniitti kan anatti fakkaate.

Haati kiyya gammachuun ifteeti halkan sana kan dabarsite. "Iimakiyuule, wanti hundumtuu gaarii ta'uun kan siif ife fakkaata." anaan jette. "Ammaan booda guutummaa guutuutti daandii kee akka barbaaddetti ofii keetiif qopheeffachuu ni dandeessa. Ol jedhi malee tasuma gadi hin ilaalin; namni kamiyyuu gabataa kee irra buddeena akka siif kaa'u hin eeggatin."

Abbaan kiyyas ana waliin taa'ee dhugaatii dhugaa gorsa abbummaa hedduu anaaf gumaache. "Yeroo baay'ee yuuniversitii seenuun kan baratan hedduminaan barattoota dhiirati; atis akkuma isaanii barattuu cimtuu dha jedhanii hin yaadan. Garuu atis akka isaanii cimtee barachuu akka dandeessu nan beeka; sanuu dhiira kamiin gararraatti. Tuutsii sababa taate qofaaf yuuniversitii seenuun sitti ulfaatee ture; ta'us kunoo har'a rakkoon sun hunduu darbeera. Ammaan booda kan eegamu gama kee qofaani – ciminaan qayyabadhu, kadhata adda hin kutin, akka ijoollummaa keetin

mucaa galateeffatamtuu, gaarummaa qabduu fi bareeddu turte ammas fuulduratti akkuma sanaan itti fufi."

Dubbii gurra namaatti toluu fi jaalalaan guutaman dhaga'uu kiyyaan lubbuun kiyya gammadde. "Homaa hin yaadin abbabbaa kiyya." jedheen. "Atiinis ta'e harmee isin hin qaanessu. Isinan boonsa."

Waa'ee qalbii fi sammuu dhala namaa beekuuf jecha xiin-sammuu fi falaasama barachuu barbaadus, carraan barumsa anaaf kennamee gosa barumsa muraasa qofaan kan daangeffame waan ta'eef, muummee barumsaa ani barachuu fedhu akkan filadhuuf anaaf hin eeyyamamne. Muummee gosa saayinsii dalagaatti ramadamuun kiyya anatti toleera. Liisee yemmuun baradhutti dandeettii kiyya obboleewwan kiyyaatti agarsiisuuf dhama'uun dandeetti gosa barumsaa herregaa fi fiiziksii irratti argadhe sun amma ana gargaara. Korojoo kiyya qopheessuun akkuma sanaan manaa bahuun ganda keenya irraa gara kibba bahaatti sa'a afur konkolaataan kan adeemsisu fi gara iddoo jireenyi haaraan itti ana eeggatu gara Buutaaree deeme.

MOORAA MANA BARUMSICHAA AKKUMAN GAHEEN Kileementaayiniin dabalatee Liiseedhaa kan dhufan hiriyootni kiyya durbaa ja'an akka carraa barumsichaa argatan hubadhe. Hiriyaan kiyya Saaraan waggaa tokko ana dursuun achitti barachaa kan turte yoo ta'u, mana ciisichaa tokko keessa waliin akka jiraannuuf ana eegaa turteetti. Waggoota hedduu kutaa barattoota hedduu qabu keessa dhiphinaan ciisaa dabarsuun booda, amma immoo mucaa durbaa tokko qofa waliin kutaa ciisichaa hirmaachuun guddaa namatti tola. Yeroo hedduu Kileementaayin gara kutaa ciisichaa keenya dhufuun kan nu do'attu yoo ta'u, darbee darbee waa'ee yeroo lolli eegalee humna ibsaan gubnee of ajjeesna jennee waadaa waliif seenne turre sana raawwachuu dhabuu keenyaaf hagam akka carraa'o taane tapha gidduun kaasuun ni dubbanna. Sana osoo goone taanee jireenya Yuuniversitii gammachiisaa kana eessatti argina turre?

Filannoo barumsa kiyyaa jaalladhe; cimees qayyabachuu eegale. Jireenya gammachiisaa fi bilisa Yuuniversitii keessa jiru akkamitti

akkan jaalladhe! Carraan barumsichaa, anaaf guddaa kan ta'e maallaqa ji'aan nuuf kennamu doolaara Amerikaa 30 ni dabalata. Bara jireenya kiyyaa keessatti yeroo jalqabaaf akka nama guddaa bilisa ta'uun kiyya anatti dhaga'ame. Uffannaan adda wal-fakkaataa mana barumsaa uffachuun anaaf hafe. Hiriyoota kiyya waliin gara magaalaa deemuun uffata babbareedoo bitachuu danda'e. Akkam nama gammachiisa seetan!

Iddoo bunni danfuun itti gurguraman, iddoowwan fiilmotni adda addaa itti agarsiifamanii fi guyyaa kudha shan shaniin kan qophaa'u qophii bashannanaa manni barumsichaa qopheessu irrattis argamuun jireenya hawaasummaa keessatti collummaan hirmaachuu eegale. Garee bashannana agarsiisanitti dabalamuunis yeroo baay'ee bakka kantiibaan magaalaa Buutaaree argamanitti sirbaa fi dhiichisa ture. Taateewwan amantaa bakka bu'an ta'uun taphacuun filannoo kiyya yoo ta'an, guyyaa tokko kan ani baay'ee jaalladhu qulqulleettii durbee Maariyaam bakka bu'uun taphadheera. Yeroo mara sa'aatii kadhannaaf ta'u qaba. Cimina akkana argachuu kiyyaa fi kadhata godhachuun kiyya akkan tasgabbaa'uu fi yaada kiyya walitti qabadhuuf ana gargaaree ture. Gara mana amantaa torbanitti yeroo baay'een deddeebi'a; hiriyoota kiyya durbaa waliinis garee kadhanna hundeesseera.

Yaada maatiif yeroo qabaachuu baadhus, xalayoota qophummaan irraa mul'atan kan abbaan kiyya anaaf ergu maatii kiyya dafee dafee deddeebi'uun ilaaluunii akkan qabu ana hubachiisan. Yeroo sanatti Viiyaaniinnis gara mana barumsaa bultiitti galee waan jiruuf maatiin kiyya qophummaatti baruun rakkiseeraan. Abbaan kiyya "Ijoollota kiyya keessa tokko illee osoo ana bira asi hin jiraatin jireenyi kiyya akka durii ta'uu hin danda'u." jechuun anaaf barreesse. "Manichi duwwaa ta'eera – callisa guddaan liqimsameera." Yeroo tokko tokko anaaf haati kee teenyee wal ilaaluun raajeffanna 'kolfi sun hundi eessa dhaqe?' waliin jenna. Iimaakiyuule, yeroo ijoollota ofii keetii horattu, osoo ati isaan hin quufin si'i biraa deemu waan ta'eef, yeroo si'i bira jiranitti tokkoon tokkoon daqiiqaa isaan waliin dabarsitutti gammadduu ta'uu kee mirkaneessi …"

Hiriyoota kiyya Maataabaa jiran muraasa kan beeku barataaYohaannis jedhamu hiriyaas argadhe. Umrii waggaa sadii

kan ana caaluu fi mana barumsichaa keessa iddoo adda addaatti mucaa amala "tasuma" ana waliin wal quunnamu qabuu dha. Kitaabota kiyya anaaf qabuu, mooraa mana barumsichaas ana do'achiisuu fi hiriyoota isaa waliin wal ana barsiisuu eegale. Mucaa bareedaa, obsa qabuu fi namaaf yaaduu danda'u dha kan ture. Bosona keessa deemsa miillaa fagoo waliin gochuun waa'ee dhimmoota nu barbaachisanii tokko tokko kaasuun ni dubbanna – waa'ee Waaqayyoo, waa'ee maatii keenyaa fi waa'ee barnoota gaarii. Booda irras jaalala eegaluu dandeenye. Waggoota itti aananii dhufan keessatis tokkoon keenya kan biraa keenyaaf baay'ee waliif yaaduu eegalle. Yohaannis Huutuu ta'us sun garuu nuuf dhimma hin turre. Abbaa kiyya kan yaaddessu Yohaannis kiristaana amantoota wangeelaa fi mucaa lallabaa ta'uu isaati.

Abbaan kiyya "Kaatoolikii ta'uu kee hin dagatin." jechuun ana yaadachiisa. "Yohaannis mucaa gaarii fakkaata; akka jaallattuufis eebba kiyya siif kenneera – garuu gara amantii isaatti si'i jijjiiruuf hanga hin yaalletti." Abbaan kiyya nama obsa guddaa qabu ta'us amantii isaattis cimaa ture – amantii isaaf kan boodatti hin deebine.

Waggoottan jalqabaa lamaan ani Yuuniversitii keessatti dabarse ni barrisan; waanti hundumtuus gaarii anaaf ta'an – qabxiin kiyya gaarii, maatiin kiyya fayyaa, jireenyi kiyyas gammachiisaa. Jireenyi waan nuuf mijateef, darbee darbee qofa irraan kan hafe duulli lolaa jiraachuu isaa dagachuun kan ulfaatu miti.

Darbee darbee walii-ta'iinsa nageenyaa fi lola dhaabuu jiraatus, lolli raayyaa ittisa biyyaa Ruwaanaa fi loltoota finciltootaa gidduutti geggeeffamu hammaatedhuma itti fufee jira. Walii walii isaanii cimsanii kan morman gareen siyaasaa mankaraaressitootaa baay'een magaalota hedduu keessatti uumaman. Dargaggootni hoji-dhabeeyyiin waan gaarii hojjechuu danda'an kan biraa waan hin qabneef, gara garee siyaasaa adda addaatti yaa'an. Baay'een dargaggoota garee siyaasa sanaatti makaman, miseensa garee kashalabboota daandii irraa yoo ta'an, dhugaatiif yookiin ammoo baala sammuu nama hadoochu argachuuf kan dhufanii itti makamanii dha.

Paartiin siyaasaa pirezidaant Haabiyaarimaanaa iyyuu *Iinterhaamiwe* "waliin kan haleelan" kan jedhamu kooluu dargaggootaa hundeessan. Gareen Iinterhaamiwe jedhamu kun ijoollota maatiif mana hin qabne kumaatamaan lakkaa'aman ofitti harkisuun horate. Hormaatni miseensota isaas moggaa biyyattii gam-tokkoo hanga moggaa biyyatti gam-biraatti ariitiin babal'ate. Gareen sunis garee hidhattoota Huutuu mankaraaressaa ta'an ta'uu danda'e. Miseensotni garicha hedduunis akkaata itti nama ajjeesanii fi rasaasa dhukaasuu danda'an raayyaa ittisa biyyaa mootummaatiini dha kan leenjifaman. Tuutaan deemuu fi uffannaa addaa garee sanaas uffachuu eegalan – alaabaa dhaaba isaanii kan fakkaatu kan qalama diimaa, keelloo fi magariisa ofirraa qabu uffata akka marataa bal'aa isaa uffatu. Hagam dhaaban ijaaramanis, anaaf garuu jarri akka dhuunfaa kiyyaatti akka kashalabboota seeraan alaa daandii irraatti kan isaan lakkaa'uun.

Iinterhaamiwee'ota yeroo jalqabaaf kan arge akkataa itti fufee jiruun – bara 1993 boqonnaa ayyaana du'aa ka'uu gooftaa Iyyesuus Magaalaa Kiigaalii Yohaannis waliin Saaraa fi maatii ishee daawwachuuf deemee yeroon turetti, konkolaataan nuti irra jirru baay'ina konkolaattotaan daandiin dhiphachuun dhaabbata. Dhaabbatne daandiin haga banamutti osoo eegaa jirruu, dubartiin Tuutsii umriin giddu galeessa taate tokko gabaadhaa gara manaa osoo deebi'aa jirtuu tuutni dargaggootaa itti marsanii jiraachuu isaanii foddaa irraan arge. Ijoollotni sunis akkuma salphaatti korojoo ishee harkaa butanii, faaya bareedina ishee irraa baafachuun akkasumas waan isheen bittee baattee gara manaa adeemaa jirtu irraa fudhachuun reeban. Kophee ishee humnaan irraa baasan; uffata ishees irraa soqolan. Kun hunduu kan ta'e egaa magaalaa walakkaa daandii namootni itti baay'atan irratti guyyaa keessa ture. Namootni achiin darbanis akka nama homaa hin agarreetti bira darbu malee, tokkoon isaanii illee ija jabinaan itti dhiyaachuun maaltu akka ta'aa jiru gaafachuuf kan yaale hin jiru.

Bakkan taa'uu utaalee ol ka'uun waan gochaa jiran akka dhaabaniif itti iyyuu yoon eegalu Yohaannis harkisuun gad ana teessise. "Homaa akka hin dubbanne!" anaan jedhe. "Magaala kana

keessatti maaltu akka geggeeffamaa jiru hin beektu Iimaakiyuule. Ijoollee kana waliin walitti bu'uu hin qabdu – si'i ajjeesu."

"Waan tokkommaa gochuu qabna Yohaannis. Kan biraan yoo hafe illee qaama nageenya kabajsiisan haa barbaadnu."

"Nageenya kabajsiisaan homaa iyyuu fiduu hin danda'u. Jarreen Iinterhaamiwe'ootni kunis qaama mootummaati. Akka itti hin dubbanne; silaa Tuutsi taateef iyyuu osoo ilaaluunii dhiifte si'iif wayya."

Baay'een of jibbe, akka nama gargaarsa hin qabnetti anatti dhaga'ame. Dubartiin gaddisiiftuun sun ijoollotni sun dhiisanii yoo biraa deeman lafaa ka'uuf yoo yaaltu ilaaluu eegale. Uffannaa keessaa fi marata mataa qofa godhachuun miilla duwwaan hokkolaa deemte.

Dubartittiin daandii ishee kuttee yoo fuutu ilaalaa *seexanootni akkanaa daandiiwwan keenya akka to'ataniif eeyyamamnaaniif rakkoo guddaa keessa jirra jechuudha jechuun yaade*.

Ji'oota muraasa booda gochaan kana caalaatti nama jeequ ammas ana quunname. Anaa fi Daamaasiin cidha irratti hirmaachuuf Maataabaa ka'uun gara Kiigaalii deemna. Deemsa dheeraa, ho'inaa fi awwaaraan guutame xumuruuf yemmuu jennutti, gidduutti konkolaataan geejjibaa keenya tasuma dhaabbate.

As xiqqootti Iinterhaamiwe'ootni 300 ta'an daandii keenya cufuun dhaabbataniiru. Uffannaan isaanii hundi ilaaluuf kan ija namaatti hin tollee dha; ilaalchi isaaniis hedduu nama sodaachisa. Baay'een isaanii nama dhufee darbu hundumaatti iyyaa fi arrabsaa tuuta uumuun yoo dhiichisan, kan dhugan yookiinis baala sammuu nama hadoochu kan gargaaraman fakkaatu. Konkolaachisaan keenyas konkolaaticha gara fuulduraatti konkolaachisuu waan sodaateef, gara boodaatti akka deebisu nutti hime. Daandii jijjiirraa irra isa waliin suutaa sa'aatii lamaaf akka deemnu yookiin ammoo konkolaataa irraa bu'uun miilla/ (kottee) keenyaan akka deemnu filannoo nuuf kenne.

"Asuma konkolaataa keessa turra." jedhe Daamaasiin. "Namootni kun maraataniiru." Ani garuu keessumattuu gochaan

kashalabboota kanaa kun akka soda anatti uumu waanan hin eeyyamnee fi sababoota biroofis konkolaaticha irra turuu hin filanne.

"Haa buunu; cidhichi nu darba bar." jedheen. "Miillaan yoo deemne mana amantichaa bira dafnee gahuu ni dandeenya."

Namoota imala irra turan keessaa walakkaa kan ta'an waliin konkolaaticha irraa buune. Akka buuneenis Interhaamiwee'ota namoota isaan darbanii deeman mara waraqaa eenyummaa gaafachuun ilaala jiran keessa hedduun isaanii seefii akka baatanii jiran argine. Aariin anatti dhaga'amee "Eenyu kan mirga akkasii isaaniif kenne?" jechuun gaafadhe.

Daamaasiin baay'ee waan dhiphateef "Yoo deebine gaarii ta'a Iimakiyuule. Waa'ee namoota kanaa waantota suukanneessaa hedduu dhaga'eera. Lakki dhiisi, gara mana keenyaatti miilla keenyaan haa deebinuu." anaan jedhe.

"Miilla keenyaan? Kan konkolaataan sa'aatii afur nutti fudhate miilla keenyaan guyyaa sadiitti iyyuu nuuf dhumuu hin danda'u. Dhugaatti immoo namootni kun akka naga-eegsisaatti of ijaaranii nu Tuutsota waan taane qofaaf humna isaanii nutti agarsiisuu irra hin jiraatu."

Sodaa fuula Daamaasiin irraa dubbifamu irra caalaatti waa'ee dhimma Iinterhaamiwe'ootaatu salphatee anatti mul'ate. Nama yeroo hunda fuula ifaa fi tarii namoota ani beeku keessaas isa cimaa ture. Yeroo sanatti garuu akka inni baay'ee sodaaten arge. Yeroo baay'ee maal akka wayyu gaafadha ta'us, guyyaa sana garuu humni ta'e tokko gara fuulduraatti akkan adeemuuf ana kakaase.

"Kottu darbinee haa deemnuu." jedheen. "Homaayyu hin taanuu."

"Sana akkamittiin beekte? Akka isaan nu hin ajjeesne maaliin beekte? Waan fedhan akka godhan mootummaan eeyyameeraafi. Eegsisaan nageenyaa illee itti bu'uu hin danda'u."

"Rakkoon yeroo nu quunnaman hundatti kan jettu haa goonu, Daamaasiin. Haa kadhannu; Waaqayyos akka nu eegu haa amannu."

Garee warra mankaraaressaa aariin dheekkaman irraa tarkaanfii kudhan fagaachuun bukkee daandii dhaabbachun kadhata godhanne. Waaqayyos kadhaa kiyya gabaabduun cubbuu kiyyaaf dhiifama akka anaaf godhu gaafachuun, nageenyaan gara mana qulqullummaa gahuu kan dandeenyu ammoo gargaarsa isaa akka barbaadnu itti himadhe. Gara keellichaattis adeeme; dargaggootni muraasnis ana arguun seefii isaanii gudeeda isaanii rurukutu.

"Lakki tasumaa, Iimakiyuule waanti kun tasumaa hin ta'u…waan kana garuu guutummaa guutuutti itti amantaa?"

"Eeyyee, Eeyyee amma callisiiti akka nama homaa hin uumamnee ta'uuf yaali – tarii osoo lakkooftuu kee borsaa keessaa baaftee harkatti qabatte gaarii ta'a."

Gara Iinterhaamiwe'oota yoo deemnu lakkooftuu kiyya harka kiyya irratti cimsee qabadheen ture. Tuutni mura tokko ta'an nutti naanna'an/ (marsan). Godaa hanga gubbaatti ilaaluun waraqaa eenyummaa keenyaa akka agarsiifnu nu gaafatan. Jalqaba ija isaanii keessa xiyyeeffannoon ilaale. Itti aansuun xiqqoo seeqe. Boodas waraqaa eenyummaa gaafatan sana itti kenne. Baay'ee ija jabeettii ta'uun isaan akkan dhamaase anatti mul'ate – dubarri Tuutsii tokko isaaniinis ta'e seefii isaanii maaliif akka hin sodaanne isaaniif galuu hin dandeenye. Waraqaa eenyummaa keenya deebisanii nuuf kennuun akka nuti dabarree deemnu nu godhan; ta'us garuu sodaan ija Daamaasiin keessatti arge hin dagadhu. Sodaachuu isaa arguun kiyya kun yeroo jalqabaaf ta'us, Ruwaandaatti waanti hamaan dhufaa jiraachuu isaa kan agarsiisu miira kiyya jeequu hin dandeenye.

Mudannoo daandiin nutti cufameen baatii tokkoon booda ture pirezidaant Haabiyaarimaanaan gara biyya Taanzaaniyaa deemuun garee finciltoota Tuutsii waliin walii ta'iinsa nageenyaa kan mallatteessan. Walii ta'iinsichis lola gidduu isaanii jiru dhaabuun Tuutsotni biyya isaanii bulchuu irratti gahee akka qabaatan kan taasisuu dha. Yaada gaariis fakkaata – Ruwaandaa keessatti nageenyi ni bu'a; Huutotaa fi Tuutsotni walii galuun lammii wal qixxummaa qabu ta'uun keessa jiraatu danda'u jechuunis yaade.

Abdiin nageenyaa kun mormii hedduu kakaase; jeequmsa hanga tokko bal'aa ta'es qaqqabsiise. Jeequmsi sana caalu dhufuu akka danda'anis sodaachisni darbataman. Wal ta'iinsichi daqiiqaa itti mallatteeffametti loltoota aangoo ol'aanaa qaban Ruwaandaa qabdu keessaa tokko kan ta'e nama baay'ee hamaa fi ajajaa ol'aanaa Iinterhaamiwee kan ture Koloneel Tiiwineeste Boogoosooraa wal ta'iinsiicha dhiituun ba'a. Boogoosooraan "Tuutsii boficha" jechuun kan waamuu hooggana AGR kan ta'e Pool Kaagaameen pirezidaanti Haabiyaarimaanaa waliin yoo harka wal qabatan arguun hedduu jibbeera. Sana boodas Tuutsota waliin walii galttee kamiin iyyuu gochuu akka hin dandeenye kakachuun gara Ruwaandaatti deebi'uun "Duguuggaa sanyii geggeessuuf qophaa'uuf" waadaa seene.

Sirriitti kan raawwates sanuma ture.

BOQONNAA 5
GARA BIYYAATTI

Ganama yeroo hundumaa hirribaa yoon ka'u sagalee jibbaan dhaga'a. Hanga sagaleen jibbaa Raadiyoo Aar. Tii. Elli. Emmi karaa foddaa kutaa ciisichaa kiyyaan seenuun abjuu keessa ana dammaksanitti halkan sana nagaan rafeen bula. Isinitti haa agarsiisu, turtii yuuniversitii waggaa sadaffaa kiyyatti raadiyoon Aar. Tii. Elli. Emmi jedhamu Huutota mankaraaressaa biratti buufata raadiyoo haaraa fi baay'ee beekama ta'uu danda'eera. Meeshaa addaa summii jibbiinsa Tuutsotaa facaasuu ta'eera.

Yeroo hunda "Waa'ee ol'aantummaa Huutotaa" kan iyyu sagalee qaama hin qabne ta'e. Ol'aantummaan Huutotaas, Huutotni firoottanii fi olloota isaanii Tuutsii ta'an irratti akka ka'an kan taasisu hiddiinsa bukke qabaa ta'uuf danda'e. "Tuutsotni arraabbiiwwan sun nu ajjeesuuf dhufaniiru. Hin amaninaanii … nuti Huutotni dursinee ka'uu qabna! Mootummaa keenya kuffisuun nu ari'achuuf nuyi irratti mari'achaa jiru. Pirezidaantii keenya irratti hamaan tokko yoo ga'e, akkuma sanaan Tuutsota hunda haxoofnee lafa irraa balleessuun nuuf dirqama! Tokkoon tokkoon Huutuu ta'e arraabbiiwwan Tuutsii Ruwaandaa keessa haxaa'ee balleessuuf harka wal qabachuu qaba! Ol'aantummaan kan Huutuuti! Ol'aantummaan kan Huutuuti!

Waanta hir'uu akkanaatiini kan ani hirribaa dammaqu. Dhugaa dubbachuuf gabaasotni sun haala jibbisiisaa ta'een kan qabaman

ta'uu isaaniin kan ka'e darbee darbee nama kofalchiisu. Kanneen akka arrabsoo ijoollee fakkaatan sana fi sodaachisa garmalee sana namni kamiyyuu dhugumaan amanee fudhata jedhanii yaaduun rakkisaa yoo ta'u, mootummichis qabeenya uummata kan ta'e raadiyoo gargaaramuun sa'aatii jiru Tuutsota sodaachisuuf qilleensa irra tamsaasuun akka fayyadaman eeyyamuu isaa beekuun baay'ee nama jeeqa. Yeroo sanatti garuu oduun kutaa biyyattii iddoo hedduu keessatti Tuutsotni garee warra mankaraaressaan ajjeefamaa jiru jedhuun ibsu irra caalaatti jeeqame.

Anis akkuma hiriyoota kiyya mooraa jiran hunda waa'ee gabaasota raadiyoon tamsaa'anii yaaduu fi dubbachuu dhiisuuf yaale. Maatiin kiyya yeroo gammachiisaa fi adda ta'e kan itti dabarsu ayyaanni du'aa ka'uu gooftaa Iyyesuus ga'aa jira. Ayyaana kanas olloota keenya manatti waamnee affeerruu fi firoottan keenya gaafachuun dabarsina. Maatiin keenya hundi kan itti wal gahu ayyaana du'aa ka'uu gooftaa Iyyesuus irraa hafee kan hin beekne ta'us, qormaata anatti dhiyaate qayyabachuuf jecha achuma mana barumsichaatti dabarsuu barbaade. Qormaata hundaan qabxii gaarii galmeessuuf muradhee ka'eera.

Maatiin kiyya bilbila manna waan hin qabneef maaliif gara manaa galuu akka ani hin dandeenye kan ibsu xalayaa abbaa kiyyaaf barreesse. Maatiin kiyya yeroo hedduu ijoolleen isaanii akka qabxii gaarii galmeessaniif jecha garmalee akka qayyabatan waan barbaadaniif gara manaa galuu dhiisuu kiyyaan akka anatti hin gaddine sirriittan beeka ture.

Sun garuu dogoggora guddaa ture!

Abbaan kiyya gara manaa akkan galuuf xalayaa barreessuun ana kadhate. Tasumaa iyyuu hanga boqonnaan gahu eegee akkan gara manaa galuu osoo hin taane *ammuma* ka'uun akkan deemu ture kan ana gaafate. Isa waliin akkan ta'u barbaaduu isaa fi jeequmsa tokko malee manatti akka gaariitti qayyabachuu akkan danda'u waadaa anaaf seene. Akkasitti ana kadhachuun isaa ija kiyya keessa imimmaan akka guutu godhan.

Jaallatamtuu mucaa kiyya

Barumsi si'iin akka nuyi irraa fudhate natti dhaga'ama. Anaaf haati kee yeroon boqonnaa kee yoom akka gahu abdii guddaan eegaa jirra. Sababni isaas boqonnaan kee yoo gahu gara manaa dhuftee akka maatiitti irra deebinee jiraachuu waan dandeenyuuf. Dhufaatii kee ni barbaadna; nuti maatii keeti; si jaallanna; hedduus si yaadneerra – dhugaa kana yoomiyyuu hin dagatin! Guyyoota lamaaf iyyuu yoo ta'e, dhuftee nu ilaaluun dirqama; yeroo boqonnaa kee waan biraa kamiif iyyuu wareegama akka hin goone/waan biraa irra akka hin oolchine. Nuuf kottu; nuyi waliin jiraachuun kee nu barbaachisa …

Xalayicha dubbisee osoon hin xumurin gara manaa deemuuf murteesse. Maatii kiyya waliin guyyoota ja'a dabarsee qormaataaf ammoo of qopheessuf gara dhuma torbanichaatti gara mana barumsaatti akkan deebi'u karoorse. Deemsa kiyyaaf qophee gochaa osoon jiru obboleessi Saaraa inni xiqqaan, Oogastiin kan jedhamu, ayyaana ana waliin gara mana keenyaa deemuun kabajuu akka danda'u ana gaafate. Oogastiin hiriyaa gaarii obboleessa kiyya Viiyaanii yoo ta'u, barumsa isaa seemisteera 1ffaa Kiigaalii irratti xumuruun nu bira dhufe kutaa ciisichaa mana barumsaa keenya keessatti nu waliin jiraachaa tureera. Dheeraa, bareedaa fi kan nama gammachiisu kan ta'e Oogastiin, ganaa mucaa waggaa 18 yoo ta'u, Viiyaanii waliin malee nama biraa waliin dubbachuu hin jaallatu.

ANAA FI OOGASTIIN SANBATA DURAA WAAREE BOODA kan Maataabaa geenye. Dhufuu keenyaatti maatiin kiyya hunduu gammadan. Barumsa saayinsiin digirii lammataa barachuuf carraa barumsaa addunyaawaa irraa kan argate Eeyimaabil qofa irraan kan hafe, miseensi maatii hunduu wal gaheera. Eeyimaabil biyyaa bahuun gara kiilomeetira 5000 gararraa kan fagaattu biyya Senegaal deemeera. Daamaasiin gama isaatiin gosa barumsa seenaan digrii lammataan erga eebbifame bahee eegaluun hanga ammaatti barsiisaa kan jiru magaalaa Kiigaalii irraa ka'uun dhufeera. Viiyaaniinis mana barumsaa bultii itti barachaa ture irraa dhufeera.

Guyyaa jalqaba Daamaasiin irraa oduu naannoo keenyaa osoon dhaggeeffadhu, hiriyoota kiyya deemee osoon dubbisuu, Viiyaanii waliin osoo taphannuu fi wal morminuuti kan ani dabarse. Guyyaa itti aanu – guyyaa ayyaanaa- hunduu keenya waliin ta'uun nyaata

gaarii sooratne. Waaqayyo waanta nuuf kenne hundaaf galateechuun, waa'ee mana keenyaa fi naannoo keenya kan jiran nageenya namoota hundumaaf kadhanne – itti dabaluunis waa'ee dhimma Eeyimaabil kan yeroof maatii keenya keessa hafee bakkee jiruu kadhata addaa godhanne. Dhiphina dhimma siyaasaa irra keenya naanna'u irraan kan hafe yeroo gaarii dabarsaa jirra. Maatii kiyya waliin ta'uu kiyyaaf nageenyii fi rakkoo irraa bilisa ta'uun kiyya anatti dhaga'ame – kunis ta'uu kan danda'e waan fedhe yoo uumamae nu jajjabeessuu kan dandeessu haati keenya waan jirtuuf akkasumas abbaan keenya immoo hojii balaa irraa nu eeguu waan raawwatuuf. As xiqqootti sana ture kan ani yaade.

Halkan har'aas akkuma halkanoota biro darban, addunyaan keenya kun bara baraan jijjiiramuuf yeroo muraasni kan ishee hafe ta'uu isaa tilmaamuun kan hin danda'amne ta'uu isaati. Mana taa'uun waa'ee barumsaa, hojii fi waantota ganda keenya keessatti raawwatamaa jiran kaasuun haasofna. Haati keenya waa'ee biqiltootaa yoo nutti himtu, abbaan keenya immoo waa'ee baasii barumsaa hojiin gamtaa bunaa ijoollotaaf raawwatu nu taphachiisa. Oogastiinii fi Viyaaniin ni qoosu. Anis gama kiyyaan bashannanaa, waanta manatti ta'aa jiru hundumaa ilaalaa, yeroo akkanaa kanatti mana jiraachuu kiyyaaf miirri gammachuu anatti dhaga'ameera.

Kan gammachuun itti hin dhaga'amne Daamaasiin qofa. Yeroo hedduu guyyaa ayyaana kan bareechu isa ta'us, halkan guyyaa sanaa garuu osoo yaaduu fi sodaan jeeqamuuti kan ture.

"Daamaasiin, maal taateetta?" jechuun gaafadheen.

Obboleessi kiyyas yoo ol jedhu, ijootni keenya walirra bu'an. Sana boodas callisee turuun isaaf hin danda'amneef. Jechoota ariitii qaban dubbachuun ba'aa isaa gara kiyyatti dabarsuun boqote – "Iimaakiyuule argeeraani; Namoota ajjaachaaf ba'an sana ija kiyyaan argeera. Gara mana Boon yoo deemnu fageenya irratti argineerraan. Huccuu Iinterhaamiwee kan qalamni addaa irra ifu uffataniiru; boonbota harkaas baataniiru; Boonbii qabu turan Iimaakiyuule!" yoo jedhu sagaleen isaa ana suukanneesse.

Namni hunduu haasicha waan dhaga'aniif manichi callisa guddaan liqimsame. Abbaaf haati kiyya erga wal ilaalaniin booda Daamaasiiniinis ilaalan.

Abbaan keenyas akka Daamaasiin tasgabbaa'uuf "Tarii yaadni kee si'i mo'ateeti haasa'aa kan jirtu." jedheen. "Haasaa badaa hedduutu dhaga'ama; Namootnis balaan iddoo hin jirretti akka waan uumameetti argaa kan jiran."

"Lakki callisee abjoo'achaa hin jiru" jechuun Daamaasiin haalli jiru hagam akka jerjersaa ta'e akkaataa mul'isuun, utaalee lafaa ol ka'uun dhaabbatee "Waanti ani arge sana qofa miti. Waraqaa tartiiba maqaa namoota Tuutsii ta'an ganda keenya keessa jiran hunda of harkaas qabu; maqaan keenyas tartiiba maqaa sana keessatti tarreefamee jira! Namoota tartiiba maqichaa irra jiran har'a galgala ajjeesuuf karoorsaniiru."

Daamaasiinis asiif achi mana keessa deemaa abbaa kiyya kadhachuutti eegale. "Abbaa kiyya, maaloo ana dhaga'i, mana kana dhiifne haa deemnu. Yeroo gochuu dandeenyu kanatti ammuma iddoo kana gadhiifnee baduu qabna. Irraan gadee mana keenyaa buunee doonii barbaadnee argachuun, hara Kiivuu kutuun walakkaa halkaniitti Zaayeriin gahuu ni dandeenya. Ta'us yeroo keenya tokko osoo hin gubin ammuma deemuu qabna."

Godhee kan hin beekne Daamaasiin tasuma ka'uun akka sanatti iyyuun isaa hunda keenya dhiphise. Waanan isa beekuuf, halkan sana guutuu rafee osoo hin taane yaada buusee baasaa akkasumas dhiphachaa akka inni buletu anatti dhaga'ama. Yaadni itti baqannee bahuu dandeenyu hanga dhufufitti garuu homaa nuun jechuu hin dandeenye.

"Mee Daamaasiin daqiiqaa muraasaaf tasgabbaa'i." jedhe abbaan kiyya. "Haadhaf obboleettii kee dhiphisaa jirta bar. Har'a sirriitti arge fi dhaga'e jettee kan yaaddu kana gad-fageenyaan irratti haa dubbannu. Yeroo naatuu fi sodaan mo'atamtu murtoo irra geessa yoo ta'e murtoon kee dogoggora kan ta'u. Waan hundumaa of eeggannoon haa xiinxallu. Tole haa ta'uuti, waraqaa tartiibni maqaa irratti tarreeffamee jira jette sana sirriitti ija keetiin argiteettaa?"

Abbaan keenya Daamaasiin amanuu dhabuu isaatti Daamaasiin aarus, waraqicha garuu ijaan arguu dhabuu isaa amane – hiriyoota isaa irraa garuu waa'ee dubbii kanaa dhaga'eera. Namootni inni arges Iinterhaamiwe'oota ta'uu isaanii sirriitti beeka.

"Argitee, dubbiin akka ani jedhee dha." jedhe abbaan keenya. "Namootni hunduu naasuu guddaa keessa jiru. Atis taanaan sammuun kee waantotni ta'aa jiran irra caalaatti arbeessuun sitti mul'isaa jiran. Haalli akkanaa kun kanaan dura anas quunnamee ture. Dubbii dhugaa irratti hin hundoofne kan waa'ee garee namoota ajjeejjaaf ba'anii fi tartiibaa maqaa namootaa beellamni du'aa qabameef oduu odeeffamu ni dhageessa. Garuu guyyaa muraasaan booda waantotni hunduu arbeeffamanii akka dubbataman ni hubatta. Ani gama kiyyaan oduu jette-jettee dhaga'uun maatii kiyya guuree hin baqadhu. Namootni sodaatoon waanti soba dhugaa ta'ee waan itti mul'ateef, mana keenyaa fi waantota itti dadhabne hunda dhiisuun biyyaa hin baqannu."

"Garuu abbaa kiyya" jechuun haasaa isaanii gidduu gale. "Daamaasiin nama sodaataa jedhamu miti. Nama cimaa fi akka salphaatti gowwomsamuu hin dandeenyee dha. Osoo dhaggeeffanneenii gaarii ta'uu hin oolu."

Baay'een dhiphadhe. Dhugumaatti akkuma jedhame Iinterhaamiwe'ootni waraqaa tartiiba maqaa namoota ajjeesanii of irraa qabdu qabachuun halkan sana namoota ajjeesuu eegaluun isaanii dhugaa yoo ta'e, gara mana keenyaas daqiiqaa kamitti iyyuu nutti dhufuu danda'u.

"Akka Daamaasiin jedhe gochuu qabna" jechuun abbaa kiyya irratti dhiibbaa uummuu eegale. "Waantota raadiyoon dhaga'aa turre mee yaadi. Dhugaa anatti hin fakkaatan turan; garuu dogoggoreera. Tuutsonni hundumtuu ajjeefamuu qabu jedhu. Tarii Daamaasiin sirrii ta'uu hin oolu – Anis amma deemuu qabna kan jedhu."

"Hin ta'u Iimaakiyuule; eessa iyyuu hin deemnu. Mootummaan waantota tokko tokko fooyyessaa jira; nageenyis yeroo muraasa keessatti ni bu'a. Namootni raadiyoon dubbii kaasuuf miira namootaa tutuqa jiran maraataniiru. Dubbii isaanii namootni akka waan wayiitti iyyuu hin lakkaa'an! Hin dhiphatin. Tasgabbaa'uun

ayyaana keenya haa dabarsinu. Waanumti waraqaa Tartiiba maqaa namoota ajjeefaman ofirra qabu jedhu hin jiru; nu ajjeesuufis kan dhufu jira jettee hin sodaatin. Umrii kiyyaan waan hedduu anatti agarsiiseera." jedhe abbaan kiyya kolfa dadhabduu tokkoon. "Waaqa isin uume sodaadhaa, mee teenyee waliin irbaata keenya haa sooratnu."

Dubbiin abbaan keenya dubbate yeroof waan hundumtuu gaarii ta'uu danda'u jedhee akkan yaadu ana taasisan. Boodas hundi keenya gara mana nyaataatti irbaata soorachuuf wal geenye. Akka Daamaasiin dubbii abbaan keenya dubbate guutummaa guutuutti hin liqimsamneef irratti beekus, inni garuu haalaa rakkisaa sana keessatti ofitti amanummaan taa'uun akkuma durii of fakkeessuun sirboota qoosaan itti baayyatan sirbaa, namoota naannoo keenya jiran irratti qoosaa fi waa'ee hiriya durbaa Viiyaanii kaasuun dubbiidhaan isa tuttuquu eegale. Garuu hedduu taphachuun yoo kolfinu, akka inni miira fakkeessaa jiru irratti beeka. Kolfa isaa nama mararuun dhokse malee, obboleessi kiyya guddaa jeeqameera.

Irbaatni halkan sanaa maatii kiyyaaf irbaata isa dhumaa ta'uu isaa beekeera osoon ta'ee baay'ee anatti tola ture. Silaa iddoon taa'ee ol ka'uun waa'ee maatii kiyya hundaaf isa galateeffadha ture. Gabatichatti naanna'anii kan turan hunduu waan ana jaallataniif anis hagam akkan isaan jaalaadhuu fi isaan galateeffadhu ittan hima ture. Garuu eessatti beekee.

GARA KUTAA MANA CIISICHAA KEENYA DEEMUUN DURA, akkuma yeroo hunda goonu hundi keenya waliin ta'uun kadhata godhanne. Haatii kiyya ana dhungachuun deemte; abbaan kiyyas waanti hamaan akka hin uumamne waadaa anaaf seenuun hirriba gaarii anaaf hawwe.

Cufaan balbala kutaa abbaaf haadha keenyaa cufamuu isaa akka dhageenyeen afuran keenya – Daamaasiin, Viiyaanii, Oogastiin fii ani – kutaa guddaatti wal geenye. Daamaasiin waan guyyaa sana dhaga'ee fi kan ija isaan arge osoo adda hin kutin as-xiqqootti gara sa'aatii tokkoof nutti hime. Dubbii Daamaasiin dhaga'ee fudhachuuf abbaan keenya dhibaa'ina agasiisuu isaan kan ka'e dhiphanne.

"Abbaa keessan kabajuu dhabuu kiyya akka isinitti hin fakkaanne malee" jechuun Oogastiin hasaase. "Namoota guguddoo waliin wal mormuu akkan hin qabne nan beeka. Ta'us garuu abbaan keessan waan dogoggore anatti fakkaata. Yaada Daamaasiin nan fudhadha – asi turuun keenya kan balaa qabu anatti fakkaata. Maqaan maatii keessanii waraqaa tartiiba maqaa namoota ajjeefamanii of irraa qabdu irratti tarreeffamee yoo jiraate, ni dhufu; akkaataa itti ofirraa qilachuu dandeenyu illee kan qabnu miti! Abbaan keessannis, haa deemnu dhimma jedhu irratti walii galuuf kan yaada jijjiiran waan anatti hin fakkanneef, maatii keessan dhiifnee *ammuumaa* deemuun gaarii anatti fakkaata" yoo nuun jedhu miira callisuun liqimsamne. Hundi keenya tokkummaan gara hara Kiivuutti waliin ta'uun fiignee, gara doonii xiqqaa harkaan oofamuutti utaallee seenuu akka barbaadne sirriitan beeka. Ta'us garuu anaaf obboleewwan kiyya maatii keenyatti nagaa osoo hin dhaamiin deemuu hin dandeenyu. Itti dabaluunis murtoo abbaa keenyaan darbu kabajuu waan barannoo godhanneef, murtoo isaa kabajuun dirqama keenya. Kana irra caalaatti, Oogastiinii fi Viiyaanii iddoo ta'aanitti hirribni qabee kuffisaa waan jiruuf, baayyee turre rafuu qabna sababa jedhu uumne. Kanaafu, anaa fi Daamaasiin irra deebi'uun abbaa keenya haasofsiisuuf hanga ganamaatti eeguu akka qabnu murteessuun, hundi keenya gara kutaa ciisischa keenyaatti seenne.

Kutaa ciisichaa kiyya akka mana kadhataatti kan ani ilaalu. Minjaala kiyya kan gara mirga kiyyatti argamu irra kitaaba qulqulluu, boca Iyyesuusii fi durbee Maariyaam kalaqaman kaa'uun waaqa kiyyaa fi humna hafuuraa kiyya waliin wal quunnama. Siree kiyya bira jilbeenfachuun bocoota jiran lamaan ilaalaa, Waaqayyo maatii kiyya balaa hamaa irraa akka anaaf eegu kadhata godhadhe.

Ana bira kaardii dhalootaa ani Daamaasiiniif bite jira. Waggaa digdamii torbaffaan isaa gahuuf dhiyaataa jira. Yeroo dheeraaf hagam akkan isa jaalladhuu fii isa jejadhu kan ibsitu walaloo barreessuuf yaaleera. Hagam akka wal jaallannu ifatti baasnee walitti himuu akka qabnu maatiin keenya nu barsiisuu baatanis, ani garuu barannoo akkanaa sana jijjiiruuf barbaadeera. Sana gochuuf immoo nama ani baay'ee jaalladhu, kabaju, akkasumas addunyaa

irra namoota jiran irra caalaatti kan yeroo mara ana jajjabeessu Daamaasiin irraa jalqabu malee kan biraa eenyu jira?

Ijoollummaa kiyyaan yoon balleessuu fi waan hin taane hojjedhu kan anatti dheekkamuu Daamaasiin dha. Jechi isaa kan ana waraanuu fi ana aarsu ta'us, booda garuu gorsi isaa sirrii ta'uu isaan hubadha. Ijoollummaa isaan iyyuu kennaa barsiisummaa fi bekumsa umrii isaa gararraa qaba ture. Yeroo umriin kiyya mana kudhanii keessa turetti, bareedina sagalee isaa fi arjummaa isaa ilaaluun Waaqayyo akka isaa akka ana taasisu kadhachaa ture. Uffannaa isaa warra hin qabneef kennuun, dhukkubaan, hiyyummaan yookiin ammoo rakkoo sammuun namoota namni irraa baqate, itti dhiyaatee tasggabbeessuun sa'aatii dheeraa yoo itti fudhatu nan hordofaan.

Daamaasiin urjii naannoo keenyaati. Halkan guyyaa sana callisee ciisee obboleessi kiyya anaaf maal jechuu akka ta'e yaade. Xiqqoo seeqaa, jechoota xalayaa irra jiran sana yeroo inni dubbisutti qaanii fi gammachuu akkamii akka itti dhaga'amuu danda'an yaaduun, qalama kiyya kaasee kaardii dhaloota isaa irratti walaloo barreesse ture irratti toora muraasa dabale. Gammachuun fuula kiyya irra jiru osoo hin badin ibsaa dhaamsuun ciise.

Balballi kiyya humnaan yoo banamu, iji kiyya daqiiqaa muraasaaf dunuunfatanii kan turan malee rafee hirribaa dammaqe hin jedhu. Hirribaa dammaquunis ol ka'ee taa'uun bari'uu isaa hubadhe. Ifa daalacha kutaa kiyya keessa jiruun fuula jeeqamaa Daamaasiin ilaalaa, garaa kiyyaan "Kan kana gararraa hin fidin." jedhe. "Daamaasiin maal taate? Namootni ajjeechaaf ba'an dhufan moo? Asi jiru moo?" jedhe hasaasuun. Sagalee kiyya sodaan irraa calaqqisan iyyuu ofii kiyyaaf deebisee dhagahuu hin dandeenye.

Obboleessi kiyya jechi tokko afaanii hin baane. Balabala irra ijaajjuun hafuura isaa qabachuuf yoo dhama'u nan dhaga'a. Yoo dubbachuu eegalu, sagaleen isaa boolla gad-fagoo keessa kan bahu fakkaata. "Iimakiyuule ka'i; adaraa waaqa si'i uumee ka'i. Pirezidaantichi du'aniiru."

"Maal? Pirezidaantichi du'aniiru yoo jettu maal jechuu keeti?" jechuun itti iyye. Dubbiin dhaga'e kana amanuu hin dandeenye.

Pirezidaantichi Ruwaandaa keessatti nageenya fi wal-qixxummaa fiduuf waadaa seenaniiru. Akkamitti du'u?"

"Pirezidaant Haabiyaarimaanaan *du'aniiru* jechuu kiyya! Kaleessa galgala kan ajjeefaman. Xiyyaarri isaan keessa turan osoo balali'aa jiruu rukutameeti."

Guyyoottan muraasa dura kan raadiyoon dhaga'e anatti yaadatame – "Hoogganaan keenya waan tokko taanaan, Tuutsotni hunduu ni dhumatu." dubbii sodaachisa akkas jedhu.

Naasuu guddaan siree irraa ka'ee bu'uun, waan uffadhu barbaaduu eegale. Uffannaa gad-diroo magariisa kan halkan uffadhee bule jalaan kofoo Jiinsii uffadhe. Obboleessa kiyya duratti uffachuu kiyyaan qaana'e; kun bara jireenya kiyya keessatti godhee kan ani hin beekne dha.

"Pirezidaantichi du'eera; qaamni ta'e tokko ajjeeseeraani." jechaa haala anatti bitaacha'eenii fi amanuu dhabuu keessa ta'uun guungumuu itti fufe. Uffannaa foddaa uwwisanii jiran gam tokkotti qabuun gara alaa ilaale. Yaada kiyyaan ta'uu isaa fi ta'uu dhiisuu isaa beekuus dadhabus gandi keenya hurrii bifa keelloon uwwifamee ture.

"Samiin iyyuu jijjiiramaa jira." jedhe mataa qabachuun siree irra gadi taa'uun. "Wayyoo Daamaasiin, hunduu keenya du'uuf jenna. Amma dhufuun sirriitti nu ajjeesu."

Obboleessi kiyya taa'uun ofitti qabee ana haammate. "Ana dhageessaa Iimaakiyuule, Hin duunu." jechuun onnee guutuun dubbate. "Waan kana waliin kan walitti nu buusu tokko iyyuu hin jiru. Pirezidaantichi walii ta'iinsa nageenyaa Taanzaaniyaatti adeemsifamaa ture irratti hirmaachuun gara biyyaatti Hoogganaa Burundii waliin deebi'aa turan. Xiyyaarri isaan keessa jiranis magaalaa Kiigaaliitti qubachuuf osoo qophaa'aa jiruuti kan rukutame … Kiigaalii irratti! Argitee, asi dhufuun namni yakkamaa nu hin taasisan."

Yeroo sanatti Daamaasiin goota ta'ee anatti mul'achuuf yaalus, haala gaariin ana amansiisuu hin dandeenye. Ana amansiisuuf

yaalaa haa jiraatu iyyuu malee, ofii isaas amansiisuuf yaalii gochaa akka jiru irratti beekeera.

"Tarii amma isaan waan du'aniif haalotni jiran nuuf jijjiiramuu danda'u." jechuun itti fufe. "Namootni baay'een walii ta'iinsa nageenyaa geggeeffama jiranii fi karoora dadhabaa mootummaa Haabiyaarimaanaa hin deggerre; kanaaf, du'i isaanii haala jiran irra caalaatti finiinsuu danda'a. Akkas hin sodaatiin Iimaakiyuule. Kottu gara alaatti gadi haa baanu. Hunduu achii raadiyoo dhaggeeffachaa jiru."

Harka ana qabuun gara iddoo abbaaf haati kiyya, Viiyaanii fi Oogastiin taa'anii raadiyoo dhaggeeffachaa jiraniitti ana geesse. Odu-dubbisaanis, xiyyaarri pirezidaantii erga rukutamee daqiiqa muraasaan booda keellaan daandiiwwan magaalaa guddittii hundaa irrattii fi buufatni to'annoo raayyaa ittisa biyyaan to'atamu akka hundeeffame beeksise. Tuutsotni digdama ta'an Kiigaalii keessatti akka ajjeefamanis nu dhageessise.

Gabaasa jecha jedhu gargaaramuun anatti ulfaata. Sababni isaas gaazexeessaan sun, hoogganaa namoota ajjeechaaf ba'an sanaa malee tasa gaazixeessaa hin fakkaatu. Miseensi eegdota addaa pirezidaantichaa turan haqa harka isaanii galchatuun dhiiga hoogganaa isaanii deebisuuf Tuutsota ajjeesuu isaanii yoo beeksisan, ajjeechaa isaan raawwatan sun seera qabeessa ta'u isaa mirkaneessuu yaaluunii. Miseensa maatii tokkoo hunda isaanii daandii irratti harkisanii baasuun gara jabinaan ajjeesuun, guutummaa guutuutti sababa kan qabu ta'uu isaa fakkeessuun dubbateera.

Itti aansees, raayyaan ittisa biyyaa magaalaa Kiigaalii keessatti hanga sa'aatii sanaatti namoota ajjeesan tartiiba maqaa isaanii dubbise. Kan shanaffaa irratti dubbifames maqaa eessuma kiyya Tiwaazaa ta'e.

"Tiwaazaa ajjeesan jechuudhaa?" haati kiyya ariitiin ija ishee harka ishee haguuguun waan dhageesse amantee fudhachuu dadhabuun mataa ishee gaddaan raasaa iyyite. "Tiwaazaa maaliif ajjeesu? Kan nama tuqu miti inni."

Carraan baqannee biyyaa bahuu halkan edaa akka nu jala darbe yoo nuuf galu, maatiin kiyya hunduu callisa nama sodaachisu keesa galan. Abbaan keenya ammas soda keenya nuuf salphisuuf yaale. “Miirri namaa, magaalaa guddittii keessatti baay’ee finiinee jira. Raayyaan ittisa biyyaa hedduminaan achi waan jiraaniif, ajjeechaanis kan raawwatan achuma qofaatti.” jedhe dhugaa jiru hubachiisaa. “Guyyoota lamaan sadan dhufan keessatti hundumtuu tasgabbaa’uu danda’a; maal jedhe anaan jedhaa.”

Maatiin isaa kan Kiigaalii jiran Oogastiin “Gara manaa deemuun qaba.” jedhe. Eessa iyyuu deemuuf sochii gochuun irra caalaatti kan balaa qabu ta’uu waan beeknuuf, xiyyeeffannoon isa ilaallee. Daqiiqaa muraasaan boodas beeksisa walitti fufiinsaan raadiyoo irratti dubbatamaniin sodaan keenya dhugaa ta’uun nuuf mirkanaa’e – “Mana mana keessan turaa. Naannoo tokkoo gara naanno biraatti sosocho’uun dhorkaa dha. Daandii irra naanna’uu kan danda’an raayyaa ittisa biyyaa qofa. Mana keessani gadi hin ba’ina. Konkolaataan geejjiba namaaf tajaajilu hojii akka dhaabu taasifameera. *Mana keessan dhiiftanii akka hin deemne*!”

“Yemmuu dhufan akka nu argatanitti mana teenyee akka eegnuun barbaadu. Akka hoolaa callisnee qalamnaafi!” jedhe Daamaasiin ija babaasaa. “Maqaan keenya tartiiba namoota ajjeefamuuf qophaa’an keessa erga jiraatee, nuti eessa akka jiraannu nii beeku; mana jiraachuun keenyas isaan jalaa kan dhokate miti.”

Ganama Ji’a Eblaa, gaafa guyyaa 7 bara 1994tti, nutti yeroof kan hin beekamne ta’us, gochaan duguuggaa sanyii garuu eegalameera.

BOQONNAA 6
DUUBATTI DEEBI'UUN HIN DANDA'AMU

Harmee, abbaabbaa kiyya, Daamaasiin, Viyaanii, Oogastiinii fi ani hundi keenya guyyaa guutuu miira sodaan guutamuun mooraa keessa teenyee tamsaasa raadiyoo dhaggeeffachaa oolle. Dhaabbatni odeeffannoo biyya alaa dhaga'aman lammii Huutuu ta'an hundi Tuutsota hidhannoo hin qabne fi qulqulluu ta'an ajjeesuu irratti hirmaachuuf raayyaa ittisa biyyaa mootummaa fi hidhattoota Iinterhaamiweetti akka makamaa jiraniidha kan gabaasan. Buufatni odeeffannoo biyya keessaa, Huutotni seefii fudhachuun olloota isaanii Tuutsii ta'an irratti akka ka'an jajjabeessuu eegalan.

Akka mucaa xiqqoo ana godhe – maatiin kiyya maal gochuu akkan qabu akka anatti agarsiisan hawwe. Bara 1959 kaasee tasgabbii dhabuu siyaayaa fi baay'inaan ajjeefamuu Tuutsotaa kan yeroo adda addaatti geggeefamaa ture irraa waan hafaniif, ammas taanaan maal gochuu akka qaban beekuu danda'u jechuun yaade.

Dhaabbatni Raadiyoo biyyoolessaa hawaasni martuu mana isaanii turuu akka qaban akeekkachiisan; nutis akka ijoollota gorsa maatii isaanii dhaga'an gaariitti akeekkachiisicha sana fudhanne. Waan mooraa keenya alatti ta'aa jiru gadi baanee ilaaluuf illee balbala banuuf hedduu sodaanne. Mooraa keenyaan alaa baanee sochii gochuun balaa qabaachuu ni danda'a yookiin ammoo du'a

qaqqabsiisuu danda'a jechuun, akka hidhamaa sochii keenya hunda mooraa keessa qofa akka ta'u goone.

Bilbila hin qabnu turre; osoo qabna ta'ees toorri bilbila hedduu biyyattii keessatti argamanii cufaa turan. Odeeffannoo raadiyoo irraa argannu irraa kan hafe karaan namoota biroon waliin wal quunnamtii uumuu dandeenyu hin turre. Hangan of-wallaaluuf gahutti kan teenyee waa'ee ajjeecha suukanneessa sana raadiyoon dhaggeeffataa turre. Aduun xiqqoo yoo qabbanaa'u kitaaba kiyya ofitti fuudhuun qorumsa kiyyaaf of qopheessu eegale.

"Iimaakiyuule, dubbisuun akkamumatti si'iif ta'a?" jechuun Daamaasiin ana gaafate. "Obsa teesse qayyabachuu dandeessu si'i taasise kana eessa argatte? Gara mana barumsaa deebite akka seentus maaliif yaadda?"

Obboleessi kiyya sa'aatii muraasaan dura yemmuun abdii kutadhetti ana jajjabeessa turus, amma garuu ofii isaatiif iyyuu abdii kutateera. Amma immoo jajjabina kennuun ana irraa waan eegamuuf "dhiphachuu kee dhiisi." jedheen. "Kana ni darbina; haalli jiran finiinuun yoo itti fufan ammo dhoksaan daangaa biyyatii darbinee deemna. Maatiin keenya kanaan dura rakkoo akka kanaa dabarsaniiru. Amantii qabaadhu"

Dhugaa dubbachuuf amantiin qabu iyyuu ana jalaa dhumateera – kan ani dubbisuuf qormaataaf of qopheessuuf osoo hin taane, dhiphina maatii kiyya irraa yaada kiyya kaasuuf malee.

Oduun gammachiisaa guyyaa sana dhaga'uu dandeenye, ka'umsa isaanii Yugaandaa kan godhatan ergaa hoogganaa garee finciltoota AGR Pool Kaagaame qofa ture. Ajjeechaan Tuutsota irra gahaa jiru hin dhaabbatuu taanaan, of irraa qilachaa Ruwaandaa weeraruu fi Tuutsota balaa kana irraa oolchuuf hanga dhumaatti jabaachuun akka dhaabbatan waadaa seenan. Yoo Kaagaameen sana dubbatan dhagahuun nama jajjabeessaa; ta'us garuu oduun "gaarii" tokkicha kan jedhame sun lola hamaa ni banna sodaachisa jedhu ta'uu isaan gadde.

Halkan gaafa sanaa, eenyuun keenya iyyuu daqiiqaa muraasa gararraa hin rafne.

Guyyaa itti aanuuttis gaaffii fi deebii BBCiin bilbilaan magaalaa gudditti kan jiraatan Huutittii gaarii muummee ministeera Ruwaandaa Aagaatee waliin taasise dha kan dhageenye. Naga-eegdoonni Dhaabbata Mootummoota Gamtoomanii (Dh.M.G) ishee eegaa kan jiran ta'us, naannoo manaa ishee kara hundaan sagaleen rasaasaa nii dhaga'ama. Yeroo dubbachaa jirtu kanattis ishee dabalachuun dhirsi ishee fi ijoollee ishee shanan lafa ciisanii kan jiran ta'uu isaa fi karaa itti bahanii baqachuu danda'an illee akka hin qabne kan ibsite. Akkuma sanaan osoo gaaffiif deebiin isaanii hin xumuramin toorri bilbila isaanii adda cite. Boodarra akka dhageenyetti hidhattootni tasa mana isaanii seenuun ishee fi dhirsa ishee akka ajjeesanii dha. Lubbuu waaqni baraare, ijoollotni isaanii osoo hin ajjeefamin hafan.

Jechootni muummee ministeerattiis hedduu miira keenyatti bu'e. Yeroo kanatti haalotni ni fooyya'u jedhanii yaaduun gowwummaa dha. Namootni ajjeechaaf ba'an sun muummee ministeerattii ajjeesuu erga danda'anii, nutiin immoo akka hin ajjeefne kan godhu maaltu jira?

Dhiphinni walittii citiinsa hin qabne kan sa'aatii 24f ture maatii kiyya hedduu miidhe. Haati keenya mana keessa kutaa tokko bahuun gara kutaa biraa keessa callisteedhuma naanna'uun meeshaa harka ishee galan hunda gara korojootti guutti. "Dadhabbii meeqaan meeshaan mana kiyya guuttadhe, akka namootni ana jalaa saamaniif dhiiseefii hin deemu." jette. "Fageessee iddoo namni arguu hin dandeenye dhoksa. Gaaf tokko deebinee ni arganna."

Eessa deemuuf akka karoorsite hin beeku. Tokkichi daandi nuti gargaaramuun baqanne bahuu dandeenyu (Hara Kiivuu kutuun) hidhattoota Iinterhaamiween cufamuu isaa dhageenyeerra. Gara harichaatti kan dhiyaatan Tuutsotaa fi Huutota gaarii ajjeesuu irra jiru.

Abbaan kiyya itti bitaacha'uun dhugaa jiru amanee fudhachuu hin barbaadne. "Ajjeechaan yoo itti fufe, AGRn gidduu galuun ni falmata. Guyyota muraasa boodas asi gahuun du'a irraa nu oolchu." jechuun tilmaama isaa nutti dubbachuu eegale.

Amanuu waanan hin dandeenyeef "Abbabbaa kiyya, maal yaadaa jirta?" jechuun gaafadhe. "Loltootni AGR ganaa gara kibbaan naannoo daangaa Yugaandaati kan jiran. Konkolaataa waan hin qabneef miilla isaaniin deemaa raayyaa ittisa biyyaa fi hidhattoota Iinterhaamiwee waraanuun dirqmama itti ta'a. Kana jechuun ammoo asi gahuuf torban muraasa itti fudhata jechuu dha … silaayyuu asi gahuu isaaniis maaltu beeka!"

Guyyoota ani Abbaa kiyya waliin wal morme muraasa keessa kun tokko dha jechuun ni danda'ama; akka yeroo biraan addatti abbaa kiyya waliin wal mormuun kiyya waantotni hunduu jijjiiramaa jiraachuu isaaniitiin. Maatiin kiyya sammuu sirriin yaadaa hin jiran; Oogastiinii fi Viiyaaniin ijoollee xixiqqoo waan turanii fi naasuu guddaa keessa waan jiraniif itti amanuun hin danda'amu. Bara jireenya kiyya mara geggeessummaa Daamaasiin faanaa kan ani buhu; amma garuu inni gara kutaa isaa seenuun keenyatatti ija babaasa.

Barbaaduun gara kutaa isaa akkan seeneen "Mee osoo hin dhoksin maal akka yaadaa jirtu anatti himi; guyyaa hamaa kana waan dabarru sitti fakkaataa?" jechuun ana gaafate. "Maal sitti fakkaate, waggaa dhufu waantotan hojjedhu ciisee yaaduuf yaalaa jira; garuu anaaf ta'uu hin dandeenye. Waan lubbuun jiraadhu anatti hin fakkaatu. Jireenya gara fuulduraa hin qabu."

"Daamaasiin, yaada akkanaa keessa daftee of baasuu qabda!" jechuun itti iyye. "Falmannaa ganaa osoo hin eegalin abdii kutachuu hin qabdu! Ati waggaa dhufu maal hojjechuu akka dandeessu arguu dhabdus, ani garuu sirriitti arguu nan danda'a! Yuuniversitiidhaa yoo ani eebbifamu ana waliin gara Buutaree ni dhufta. Dippiloomaa kiyya yoon fudhadu taa'umsa jalqabaa irra teessee harka walitti anaaf rukutuun gammachuun iyyita. Amma ka'iiti harmeefaa gargaari!"

"Maal qaba osoon ciminaa fi amantii akka kee qabaadhee" jechuun hafuura baafatee deebisee keenyata ilaaluu jalqabe.

Ani dandeettii isaa qabaachuu baadhus, namni tokko garuu of deebisuun maatii keenya tasgabbeessu danda'uu qaba. Maatiin kiyya

akka abdii kutannaa xumuraa keessa hin galle jajjabeessuuf jecha *jabaadhee* hojjechuu eegale.

Muumicha ministeeraaf eegumsa gochaa kan turan naga eegdootni Dh.M.G kan lammiiwwan Beeljiyeem ta'an kurnanuu akka humna loltoota raayyaa ittisa biyyaan ajjeefamanii fi biyyattii keessa kan jiraatan lubbuun lammiilee Beeljiyeem hunda balaa irra akka bu'e gara galgalaati kan dhageenye. Beeljiyeemotnii fi lammiileen biyyota biro hunduu biyyattii gadi dhiisanii yoo bahan, duguuggaa sanyii uumamuuf jedhu kana dhaabuu kan danda'u humni biraan akka hin jirre ni beekna. Halkan sanas hin rafin waan bulleef hundi keenya hirriba osoo hin argatin guyyaa lama lakkoofsifne jechuu dha.

GARA GANAMAA IYYI NAMAA NUTTI DHAGA'AMU EEGALE. Hidhattootni Iinterhaamiwee murna lama ta'an mana namootaa irratti boonbii harkaa darbachuun ganda keenya haleelan. Miseensotni maatii tokkoon tokkoon manichaa keessa jiran baqatanii bahuuf yoo yaalan, seefiidhaan ajjeefamu.

Sagalee iyya namaa akkuma dhageenyeen balabala keenya banuun gara daandiitti gadi baane. Iddoo ol ka'aa manni keenya jiru irra dhaabbachuun fageenya muraasa irratti waan ta'aa jiru hanga tokko arguu waan danda'amuuf, ka'umsa jeequmsicha barbaaduu eegalle. Bukkee Laga naannoo mana keenyaa jiru gara gadiin, gareen Iinterhaamiwee tokko olloota keenya keessa tokkotti marsanii jiraachuu isaanii argine. Seefii mataa isaanii gararraatti ol kaasanii mirmirsaa akka garee yeeyyii deemuun itti naanna'an. Fageenya irra dhaabbachuun yemmuu isaan fiiganii deemuun gara laafina tokko malee namicha gargaarsa hin qabne sana kukkutan argine.

Jeeqamuun fuula keenya yoo asi deebifanu, mura hedduutti kan lakkaa'aman ollaawwan keenya hedduun tullicha kallattii biraa irraa gara keenya ariitiin yoo dhufan argine. Dhiirotni maatii isaanii balaa irraa eeguuf dullaa fi dhagaa baataniiru. Dubartootni immoo ijoollota xixiqqoo baatanii warra xiqqoo ol jedhan ammoo boodatti akka hin hafne harka qabanii harkisaa iyyu.

Abbabbaa kiyyas yoo argan “Li’oonaardi, Li’oonaardi” jechuun waamaniin. “Maaloo nu gargaari. Nu ajjeesuufi! Maal haa goonu? Essaa haa deemnu?” jedhu.

Naannoo keenya keessatti namoota baayyee kabajaman keessaa abbaan kiyya tokko waan ta’eef, sa’aatii muraasa keessatti gara namoota 2000 ta’an dhiirota, dubartootaa fi ijoollotni ajajaa fi gargaarsa isaa barbaacha yaa’anii dhufan. Kan mana isaa dhiisee yaa’uu fi rakkoon hamaan irra gahu meeqa akka ta’an rabbi haa beeku! Namootni hangi sun mana isaanii irraa buqqifamuu amanuu dadhabe. Namootni hedduun maal gochuu akka qaban ibiddatti naanna’anii taa’uun wal mormu. Ijoollotni gama isaaniin taphachaa dirree irra wal kaachisu. Manni keenya darbee darbee kan dhaga’amu osoo sagalee dhukaasaa fi faageenya irraa kan dhohu boonbiin hin jirreeti mana afeerraa firoota itti qophaa’e fakkeessa.

Lakkoofsi namoota gargaarsa fi gorsa isaa barbaacha dhufan baay’achuun, abbabba kiyya jeeqamuu irraa gara tasgabbiitti fideera. Qalbiin isa baddee turte deebi’uuniif dalagaa adda addaa irratti bobba’uu eegale. “Hunduu keessan tasgabbaa’a” jedhe. “Karaa itti waan kana keessaa of baasuu qabnu waliin barbaadna”

HALKAN GUYYAA SANA FAYYUMMAAN KIYYA akka isa yaaddese anatti hime, abbaan kiyya. “Tasumaa hin rafin jirta bar Iimaakiyuule. Nuti namoota waliin bakkee irra waan turruuf ati gara kutaa ciisichaa kee deemtee osoo anaaf raftee.”

“Garuu abbabbaa kiyya; ani …” jechuun guungume. Qofaa kiyya mana keessa ta’uu kiyya hin jaallannen ture. Halkan dhufanii balaa nuyi irraan gahuu danda’u jedhee sodaadheera.

Akka anatti hin tolle arguun anatti seeqe. “Hin dhiphatin garaa kiyya; ani asuma waan jiruuf si’in eega. Bakkee yoo taate sitti qorra; boqonnaa xiqqoo fudhachuu qabda. Mee seeniiti boqodhu.”

Iinterhaamiwee irraa ana eeguu akka inni hin dandeenye beekus kabaja isaa gadi qabuu garuu hin barbaadne. Sababa kanaanis waan inni anaan jedhe raawwadhe. Haati kiyyas nageenya kiyyaaf jecha akka mana eegdu waadaa anaaf seente.

Maatiin kiyya jaalalaa fi yaada anaaf qaban anatti mul'isanis, halkan sana garuu rafuu hin dandeenye. Raadiyoo xiqqoo qoma kiyya irratti qabachuun, buufata raadiyoo adda addaa kan ittiin barbaadee argdhutti tuttuqaa maaltu akka naannoo keenyatti raawwachaa jiru dhaggeefachaa ture. Halkanaa'aa yoo deemuu odeeffannoon dhaga'us irra caalaatti suukanneessaa ta'aa dhufe. Roga biyyattii hundaan Tuutsotni hedduun ajjeefamaa akka jiran yoo ta'u, wal ta'iinsi nageenyaa mootummaaf garee finciltootaa gidduutti geggeefamaa tures adda citeera. AGRnis waraana of irraa qilachaa gara magaalaa guddittii seenuun ajjeechaa jiru dhabamsiisuuf waadaa seene.

Halkan walakkaa yoon gadi bahu, harmeen kiyya mooraa keessa raftee jiraachuu arge. Osoo hin beekin hirribni ishee fudhachuun balbala alaa eeguu dhiisteetti.

Hirribaa dammaksuuf yoon gara isheetti dhiyaadhu hirqinfuun ana hudhe. Uffata siree irratti uwwifamu adii isaan maramtee ciisuun dimimmisa ji'aan yoon ilaalu reeffa anatti fakkaatteetti. Waan argeen hedduu waan ani naheef, gara kutaa ciisicha kiyyaatti fiiguun deeme seene. Siree kiyya irra ciisuun rakkoon nutti dhufe kun erga eegalee kaasee yeroo jalqabaaf garaa kiyya irraa boo'e.

"Maaliif rakkoon kun hunduu kan nuyi irratti bu'uuf?" jechuun boraatii kiyya irratti hirkachuun imimmaan kiyya lolaase. "Kana kan nutti fidu balleessaa maal balleesineerra? Tuutsii ta'uun keenya maaliif akkanatti yakka ta'uun ilaalame? Maaliif kana nutti fidde yaa Waaqayyo?"

Boo'uu kiyya akka nama of jaallatee ana taasisuu isaa yaaduun ija kiyya irraa imimmaan haqe. *Hintala gowwaa; boo'ichicha ni qaqqabda* jechuun yaade. *Gaddi kun ganaa eegaluu isaati; boo'ichaaf kan ta'u yeroo ni qabaatta.*

Haroo Kiivuu irraan aduun yoo bahu, deebisee gadi bahuun gara haadha kiyya rafaa jirtu bira deemuun dhaabbadhe. Suuta jedhee miilla ishee haxaa'aa mataa ishee hiikuufii eegale. Haati kiyya bareedduu fi qajeelina qaama isheetiin boontuu waan taateef, haala sanaan mul'achuun ishee ni qaanessaan. Maddii ishee dhungachuun

suuta hirribaa dammakse. Suuta jechuun "Harme ka'i" jedheen. "Asii sitti qorra; gara kutaa ciisicha kee deemi."

Ija ishee yoo banattu, soda fi naasuun guutamuu isaaniin arge. "Daamaasiin eessa jira? Viiyaaniin hoo? Iimaakiyuule … mana seenii boqodhu malee. Halkan kana qofaa kee asii maal hojjetta?" jechuun ka'uuf hiixachaa ana gaafatte.

"Asii maal hojjechaa jirta harmee?" yoon jedhuun,

"Mana keessatti qofaa akka taatu si'i dhiisuu hin barbaadne. Abbaa keetii fi ijoollota kiyya dhiiraa irraas fagaachuu hin dandeenye. Nageenya hunda keessanii beekuun dirqama anatti ta'a"

"Hunduu nagaa isaaniiti bar harme. Ijoollotnis abbabbaan kiyyas bakkee keessummota waliin ta'aniiti. Haalli jiru tarii har'a fooyya'ina agarsiisa ta'inna." jedheen dhiphina fuula ishee irraa mul'atuun onneen kiyya ana jeeqamaa. Bara jireenya ishee guutuu nuyiif osoo dadhabduu, wareegama kaffalaa, fi waa'ee nageenya keenyaaf guyyaa guyyaan sa'aatii hagana jechuun lakkaa'amanii dhumuu hin dandeenyeef dhiphachaa jiraateetti. Amma garuu nu oolchuu akka hin dandeenye beekuun ishee baay'ee keessa ishee gubeera. Guyyoottan muraasa darban keessatti rakkoo irra gaheen kan ka'e nama baay'ee dulloome fakkaatteetti.

Abbaaf obboleewwan kiyya barbaacha namoota baqatanii dhufan waliin yoo arginu, ganaa akka gadi baaneen ture waan argine kan nu naasise. As-xiqqootti Tuutsotni 10,000 ta'an fuuldura mana keenyaa buufataniiru.

Abbabbaan kiyya namoota sana gidduu deddeebi'aa jechoota nama jajjabeessaniin nageenya gaafata. Halkan sana daqiiqaa tokkoof illee hin boqonne. Gara manaa seeni; boqonnaas fudhadhu yoo jedhamus tasumaa dide. Qaama isaa dhiqatee, uffata haaraa uffachuun akkuma sanaan deebi'uun gara buqqaatota sanaatti deebi'e. Namootni baay'een gara isaa yoo dhufan, yoo dubbisanii fi maqaa isaa waaman, waan itti heddumaataniif dubbachuun hin danda'amneef ture.

Dhuma irrattis gara dhagaa guddaa hirkattee jirtu tokkoo dhaquun irra dhaabbatee gara namoota jeeqamanii jiraniitti fuula

gara-galchachuun “Firoottan kiyya; Firoota kiyya!” jechuun sagalee isaa ol kaasuun iyye. Sagaleen isaas uummata sana irra tamsa’e.

“Akka sodaattan nan beeka; hin sodaatinaa. Namootni kun – ajjeechaaf kan bahan – lakkoofsaan xiqqoo dha. Nuti garuu heddumina qabna. Humnaan yoo akkam ta’e iyyuu nu caaluu hin danda’an; keessa garaa keenyaan jaalala Waaqayyoo qabna yoo ta’e, nu caaluu hin danda’an. Hafuura hamaa yoo ta’e kan akkas isaan godhu, jibba nuyi irraan qabaniin kan hafe sababa osoo hin qabaatin nu miidhuuf yoo dhufan, ni mo’annaanii. Yoomiyyuu taanaan jaalalli jibba ni mo’ata. Ofii keessanittis ta’e walii walii keessanitti amana; Waaqa keessanittis amanadhaa!

Guddaan boone. Namicha daqiiqaa muraasaan dura waan godhu wal’aalee ture, amma immoo akkanatti haasa’aa jira jedhanii amanuun nama rakkisa. Kunoo egaa amma eenyummaan isaa deebi’eeraaf – jabina isaa gara namoota waan qabanii gadhiisan wallaalanii fi lubboota jeeqamanii jiranitti dabarsaa jira.

“Ni falmanna” jechuun itti fufe abbabbaan kiyya. Uummatni achi turan sunis jechoota isaatiin booji’amanii maqaa isaa waamaa faarfachuu fi gammachuun sagalee guddaa dhageessisu eegalan. Abbaan kiyyas sagalee namootaa tasgabbeessuuf harka isaa ol kaase.

“Akkuman dubbachuuf yaalee, gareen ajjeeftotaa kun kan nu ari’ataa jiran jibba nuuf qaban irra kan ka’e taanaan ni ari’annaan. Ta’us garuu mootummaatu isaan erge taanaanii fi haleellaan kunis Tuutsota balleesssuuf yaadamee karoora qindaa’e yoo ta’e, rakkoo hamaan fuula keenya dura jirra jechuu dha. Mootummaan qawwee qaba; raayyaan ittisa biyyaa fi hidhattootas akkanuma – nuti garuu homaa hin qabnu. Mootummaan nu balleessuuf karoorsee bahe taanaan, gochuu kan dandeenyu yoo jiraate Waaqayyoon kadhachuu qofa. Yeroo qabnuttis yeroo Waaqayyoon dhiifama itti gaafannu gochuun itti fayyadamna. Waaqayyo cubbuu keenya akka nuuf dhiisuuf haa kadhannu. Kan duunu yoo ta’e, namummaa keenya qulqulleesinee haa duunu.”

Namootni sun iyya gammachuu sana dhaabuun hundumtuu callisa guddaan liqimsaman. Jalqaba irratti abbaan kiyya akka inni

miira jara kakaaseef yoon yaades, booda irra garuu kan anaaf gale namootni kumaatamaan lakkaa'aman gorsa isaa fudhachuun ciminaan kadhachuu eegalan.

"Jiraannus duunus homaa jechuu miti – waanti guddaan rakkoo mana tokkoon tokkoon keenyatti dhufe kana ofirraa qilachuuf falmachuu dha!" jechuun abbaan kiyya sagalee guddaan dubbate.

Iji kumaatamaan lakkaa'aman osoo isa ilaalanii harka isaa mirgaa ol kaasuun dhaabe. Lakkooftuu isaa bifa diimaaf adiin wal makaa harka isaatti baatee akka jiru anatti mul'ata.

"Waaqa keenya hafuura hamaa irraa akka nu eeguuf ni gaafanna." jechuun lakkooftuu isaa qilleensa irra mirmirsuun iyye. Sana boodas gadi jechuun harka isaa bitaan eeboo sibiilaa ol kaase. Eebichas ofiin qixxeessee qabuun akkana jechuun itti fufe. "Waaqayyo akka nu gargaaru nii kandhanna, ta'us garuu diina nutti dhufu ofirraa ni qilanna. Eeboo barbaadaa; of hidhachiisaa. Ta'us garuu egaa eenyuun iyyuu akka hin ajjeesne! Nuti akka isaanii ta'uu hin qabnu – hin ajjeesnu – akka hoolotaattis ammo callisnee taa'uun hin qalamnu; haa jabaannu; haa kadhannu."

HAASAA ABBAAN KEENYA GODHE DAQIIQAA MURAASAAN BOODA, hidhattootni Iinterhaamiwee 50 ta'an haaduu fi seefii qabatanii dhufuun mana keenya fuulduratti walitti qabamanii kan jiran Tuutsota haleelan. Abbaan kiyya dhiirota Tuutsii dhibbaan lakkaa'aman of faana buusuun gara namoota ajjeechaaf dhufan sanatti adeeme. Fageenya dhagaa darbatanii rukutuu danda'an irra yoo ga'anis dhagaa itti darbachuun ari'atan. Sun garuu mo'annaa isa xiqqaa ture – raadiyoon waa'ee ajjeechaa adeemsifamaa jiruu gabaasuu ittuma fufe; baqattootni Tuutsotaas gara mana keenyaatti yaa'uu hin dhiisne. Namootni haaraa dhufan hundi waa'ee seenaa suukanneessaa isaan irra gahe ni dubbatu. Dubbii nutti himan irraa akka hubannetti guutummaa guutuutti Iinterhaamiween korboo uumuun nu marsaniiru.

Haleellaa nuyi irra gaheen booda, Iskaapuular kan jedhamu kaatoolikotni kan mormatti godhannu mallattoo carqii irraa tolchame fiduuf gara kutaa ciisichaa kiyya deeme. Mallattichi qabeenyaa kiyya miyaa fi waadaa durbee maariyaamiin kan

eebbifame yoo ta'u "Namni morma isaa irratti godhachuun du'u kam iyyuu ibidda bara baraan gubachuun hin dhiphatu. Mallattichi mallattoo nageenya, bala-eegaa fi fayyummaa agarsiisuu dha." Waanti tokko yoo ana mudate, deemsa ani gara jannataatti godhu anaaf salphisa jedhee yaaduun gara Yuuniversitii yoon deemuu dha kan ani bite.

Abbaan kiyya Iinterhaamiwe'oota ari'ee yoo deebi'u gara kutaa inni seenee jiru gara kutaa dhuunfaa isaa faana bu'uun deeme. Korojoo minjaalaa harkisee banuun keessa isaa waa barbaadaa suuraa maatii keenyaa gara borsaa isaatti godhata.

Iskaapularicha harkatti qabachuun "Abbabbaa kiyya waan siif ta'u tokkon qaba." jedheen.

Maal akka ta'ee fi maaliif akka gargaaru abbaan kiyya sirriitti beeka. "Maaliif mana kana keessatti dhiisnee hin deemnu? Akkas yoo goone, mana keenya eenyu iyyuu gubuu hin danda'u." anaan jedhe.

Iji kiyya imimmaaniin guutamuun "Hin ta'u abbabbaa kiyya, si'iidha mormatti godhachuu kan qabu." Maatii kana keessaa ofii isaa balaa irra kan buusu eenyu? Namoota hanga kana keessa ajjeefamuu kan danda'u eenyu, abbabbaa kiyya? Waa'ee manaa dhiphachuu kee dhaabi – amma kan nu yaaddessu dhimma meeshaalee osoo hin taane waa'ee lubbuu keetiiti."

"Tole Iimakiyuule anaaf galeera." jedhe Iskaapuularicha ana harkaa fuudhachuun morma isaatti godhataa. "Amma garuu siif kennuu kan ani danda'u maaltu jira? Intala kiyya tokkittiif mee maal siif haa kennu?" jechuun minjaalicha keessa waa babarbaadaa sagalee isaa ol kaasuun dubbate. "Maal siif kennuu akkan qabu sirriittan beeka"

Uummatatti agarsiisee kan ture lakkooftuu bifa diimaaf adii qabu korojoo kittaa isaa keessa baase. Lakkooftuu sana harka kiyya irra kaa'uun harka kiyya jabeessee qabee "Yoomiyyuu taanaan akka ofirraa hin fageessine Iimaakiyuule." jechuun anatti hime.

"Waadaa siifan gala abbaabbaa kiyya, yoomiyyuu taanaan ana irraa adda hin bahu."

Kennaa keenya akka wal jijjiirreen, balballi fuuldura mana keenyaa humnaan baname. Dubartii ollaa keenyaa tokko sagalee abdii kutannaan abbaa kiyya waamuu eegalte. “Li’oonaardi! Li’oonaardi! Maaloo dafii kottu! Jarri sun deebi’anii dhufaniiru! Namootni ajjeechaaf bahan sun deebisanii dhufaniiru! Baay’ataniiru immoo; amma baayyataniiti kan dhufan! Safuu! Safuu!”

Abbaan kiyyas gara kutaa ciisichaa isaa seenuun siree jala dhoksee kan ture eeboo fuudhachuun gadi bahe. Hagan danda’e faana bu’uuf yaalus miilli kiyya ana dadhabuun isa qaqqabuu hin dandeenye. Waan du’uuf jennu anatti fakkaate … keessumaa iyyuu namoota ajjeechaaf bahan mana keenya irraa gara kiiloomeetira walakkaa irratti yoon argu.

“Namoota gara-jabeeyyii kana ni falmanna! Ajjeechaa sababa hin qabne kan haa dhaabsifnu! Nu ajjeesuu danda’u; du’uu kan dandeenyu garuu onnee qulqulluudhaan!” Tuutsotni biroonis akka isa waliin dhaabbataniif abbaan kiyya waamicha dhiyeesseef. Eenyu isaanii garuu isa faana bu’uu hin dandeenye.

Abbabbaan ni dafqe; ija isaas babaase. Eeboo isaa ol kaasee baachuun gara namoota ajjeechaaf dhufaniitti qofaa isaa fiiguu eegale. Haati kiyyas wandaboon ishee cuquliisni gara booda isheetti qilleensi hafarsaa faana isaa buute. Fiixee kittaa isaa qabuun koomee ishee jabeessuun lafa dhaabde. Haati kiyya maqaa isaa waamaa duubatti harkistus, abbaan kiyya garuu ishee harkisaa fiiguu isaa ittuma fufe. “Li’oonaardi hin deemin! Deebi’i! Qofaa kee hin dandeessuuni! Maaloo, maaloo adaraa waaqa si’i uumee namni biraan haa deemu. Asi dargaggootni hedduun jiru. Isaan haa falmatan.” jechuun kadhatte.

Namni hundumtuu gara ishee ilaaluun ija yoo itti baasan, inni garuu tasumaa waa’een ishee isa hin dhiphisne ture. Dhirsa ishee waggaa digdamii saddeetii, kan baay’istee jaallattu gara du’aatti yoo fiigu, isa dhaabuuf waan dandeessu hundumaa goote.

Abbaabbaa kiyya hafuurri waan hanqateef, sana booda harmee harkisuun fuulduratti fiiguu hin dandeenye. Niitiin isaa akkuma kittaa isaa qabdee jirtutti ijaajjee hafuura galfachuuf yaale. Haati kiyyas dargaggoota bakkee sana turanitti “Maal taataniiti kan

callistan?!" jechuun itti iyyite. "Namootni guguddaan lola keessan akka falmatan akkamiin gootu? Dhirsi kiyya waa'ee keessaniif akka ajjeefamu maaliif gootu? Mogolee keessan jabeeffadhaa malee! – Deemaa falmadhaa!"

Namootni sun garuu naasuu guddaa keessa waan jiraniif callisanii ija babaasuu malee gargaarsa tokko illee kennuu hin dandeenye. Haati kiyya gara abbabbaa kiyyaatti naanna'uun haammattee "Maaloo ana jalaa hin deemin Li'oonaardi." jechuun kadhatte.

Abbaabbaan kiyyas gateettii ishee jabeessee qabuun "Ana dhaga'i Roozi, sa'aatii kanatti namoota kanaaf dhaabbachuun dirqama kiyya. Dirqamni kiyya falmachuus yoo ta'e sanuma gochuu dha kan ani danda'u. Sirrii dha jedhee kanan itti amane hunda nan raawwadha. Atis amma sodaa kee dhiisiiti haadholii ijoollee xixiqqoo qaban gargaari; deebi'ee nan dhufaa."

Abbaaf haati kiyya wal mormii isaanii yoo xumuran, namootni ajjeechaaf dhufanii turan sun deebi'anii deemaniiru. Dhiyeenya irra ijaajjuun nu daawwataa waan turaniif, Tuutsotni meeqa mana keenya fuuldura akka jiran xiinxaluun deebi'anii akka deemani kan ani tilmaamu. Qawwee fi boombii of harkaa kan qaban namootni dhibba tokkoo fi hidhata tokko illee kan hin qabne namootni kuma kudhan wal hin gitan. Raajiin akkamii illee yoo uumame mo'achuu hin dandeenyu. Safuu rakkoo nuyi irra gahee!

WAL MORMIIN MANA KEENYA DURATTI ABBAAF HAADHA KIYYA gidduutti geggeefame akka xumurameen, Daamaasiin ana barbaadee dhufe. Iji isaa diimataniiru; sagaleen isaas furdateera. "Iimaakiyuule, namootni ajjeechaaf dhufanii turan amma baqatanii deebi'aniiru. Deebi'anii dhufuun isaanii garuu hin oolu. Deebi'anii yoo dhufan ammoo dhagaa fi dullaadhaan ari'achuun kan hin danda'amne baay'ee ta'aniiti. Si'iin yoo qaban ammoo dursa dirqiin si'i gudeedu; itti aansuunis si'i ajjeesu. Iddoo kana gadhiistee deemuu qabda. Luba Muurinzii bira deemi … rakkoon kun haga furmaata argatutti dhoksanii akka si'i kaa'an nan beeka."

"Hin ta'u Daamaasiin. Maatii kiyya dhiisee deemuun anaaf hin ta'u. Kan ani deemu miseensi maatii kiyyaa hundi yoo ana waliin deemanii dha. Ani iddoo ta'e tokko dhokadhee, isin ammoo ajjeefamuu akka dandeessan yaadaa jiraachuun anaaf hin ta'u."

Daamaasiin ija isaa keessa imimmaan guutuun ana ilaale. Abbaa keenya deemee waamuun lamaanuu ana haasofsiisuuf waliin gara kiyya dhufan. "Iimaakiyuule, kan obboleessi kee si'iin jedhe sirriidha." jedhe abbaan kiyya. "Ati mucaa durbaa waan taateef asi turuun kee siif gaarii hin ta'u. Gara mana luba Muurinzii deemi; rakkoon jiru kun yeroo muraasa keessatti darbuu waan danda'uuf, ani ofii kiyyaa dhufuun kan si'i fuudhu."

Achi yoon deemu dhufee ana daawwachuu akka hin dandeenyee fi garaa kiyyaan ajjeechaa sana irraa ni oola jedhee waanan hin yaadneef "Garuu asuma isin waliin turuu anaaf wayya ture." jechuun deebiseef.

"Hin ta'u; ni dhokattan siin jedhe tolee. Kun jecha kiyya isa dhumaati!" anaan jechuun, sana gararraatti akkan ittiin hin mormineef ana dhaabe.

"Harmeen hoo? Isheedhumti illee ana waliin haa dhuftu malee."

"Si'i waliin akka deemtu gaafadheeniin ture, garuu obboleewwan kee dhiiraa dhiistee deemu akka hin dandeenye anatti himte. Oogastiiniin fuutee yoo deemte gaarii dha. Inni waan tokko yoo ta'e maatii isaatiin maalan jedha?"

Sa'aati tokko keessattis anaaf Oogastiin daandii gara mana luba Muurinzii nu geessu eegalle. Uffata kiyya dugda irratti qabadhee, kennaa abbaan kiyya anaaf arjoome – lakkooftuu fi mootummaan kan anaaf kenne waraqaa eenyummaa Tuutsii ta'uu kiyya ibsu harkatti qabadheera.

Abbaan kiyya haga fageenya muraasa nu booda bu'uun nu geggeesse. Nu biraa deebi'uuf fuula isaa gara duubatti akkuma naannesseen "Iimaakiyuule yaadadhu, ana kan dhufee achii si'i fuudhu!"

Kun abbabbaan kiyya kana anaan jedhe jecha isaa isa xumuraati.

IRRAAN GADEEN DAANDII GARA MANA LUBICHAATTI nu geessu**,** daandii miillaa daalachaa'aa fi dhiphaa kan kiiloomeetira saddeet fagaatuu dha. Ariitiin deemuu jalqabne. Oogastiin Huutuu dha. Bifaa fi hojjaan isaa garuu Tuutsii isa fakkeessa. Daandii irratti namoota ajjeechaaf bahan sana waliin akka wal hin quunnamne sodaan nutti dhaga'ame. Mana lubichaa bira gahuuf deemsi naannoo kiiloomeetira tokkoof walakkaa ta'u yoo nuuf hafu, namoota ajjeechaaf bahan sun nutti mul'atan. Huutota dhibba ta'an haaduu fi seefii qabachuun gara keenya dhufaati kan turan.

Nutti dhiyaataa yoo dhufan Oogastiin "Simbira osoon ta'ee fi ammuma kana gara mana keenyaa Kiigaaliitti barrisee." jechuun hasaase. Rukuttaan onnee kiyyaa qoma kiyya humnaan yoo rukutu anatti dhaga'ama.

Dargaggootni muraasni billaa/seefii isaanii walitti buusuun sagalee nama sodaachisu dhageessisu. Kan hafan immoo seefii isaanii gara qara qabu gadi jechuun lafa irra yoo harkisan, sibiilichi dhagaa waliin yeroo wal argatu hundatti qaanqee bifa keelloo qabu facaasa. Ija kiyya daandii irra godhachuun gaaddidduun meeshaale isaanii anatti mul'ata.

Namni tokko osoon hin beekin duubaan dhufuun eeboo akka anatti hin dhaabne sodaadhe. Qarri sibiila isaanii sun akkamitti akka ana muruu/kutu danda'us yaade. Ija kiyya dunuunfachuun dhukkuba anatti dhaga'amuuf jedhu eeggadhe – Waaqayyo garuu hunda keenya nu eega.

"Iimaakiyuule asii maal hojjetta?"

Ija kiyya banadhee hiriyaa gaarii abbaa kiyyaa qomoon kan Huutuu ta'an Kaageeyoon arge. Eeboo guddaa baatanii jiraatanis, ija isaanii irraa miirri gaarummaan ni dubbifama.

Huutota nutti naanna'anii jiraniin "Ijoollota kanatti akka hin buune; firoottan kiyya. Eenyu keessan iyyuu akka itti hin buune." jechuun obbo Kaageeyoon itti iyyan.

Huutotni baay'ee aaruun isaanii irratti beekamus, namoota ajjeefamuu qaban daandii irratti osoo homaa balaa irraan hin ga'in bira darbuuf dirqaman.

Obbo Kaageeyoonis “Homaa hin sodaatinaa ijoollee kiyya; nageenya bade deebisnee ni arganna.” jechuun jara waliin deeman.

Anaaf Oogastiinis sana booda hanga miilli keenya danda’u fiigne; haga balbala lubichaa bira geenyee dhaabbannutiis fiigicha keenya adda hin kutne.

“Kana booda homaa hin taanu.” jedhe.

Maal qaba jechi kiyya kun yeroo sanatti dhugaa ta’eera osoo ta’eetii.

BOQONNAA 7
MANA LUBICHAA

Anaa fi Oogastiin mana lubichaa hargansuu guddaan geenye. Guyyoottan hedduu dhiphinaan guutaman dabarsuu kiyya irraan kan ka’e guddaa dadhabee, sana irratti ammoo namoota ajjeechaaf bahan jalaa fiigee bahuuf humnan qabuu hundumaa gargaaramee waanan fiigeef, sammuun kiyya ana jooruu eegale. Lubichi balbala mana isaanii irra dhaabbachuun xiyyeeffatanii yoo nu ilaalan dubbachuun dadhabe. “Namoota … eeboo baatan argine … nu aj…”

Luba Muurinziin mana isaanii dhagaa suphee irraa hojjetame balbala fuula duraa irra dhaabbataniiru. Mana biyya alaa kan fakkaatu manni isaanii ganda manni citaa fi manni qorqorroon isaanii dulloome itti baay’atan keessatti, qofaa isaa dhaabbachuun

bakka malee kan ijaarame ta'uu isaa nan hubadha – kutaa ciisichaa hedduu, kutaa keessummaa itti keessumeessan guddaa tokko fi kutaa nyaataa akkasumas kutaa mana qulqullinaa kan bishaan boonbaa itti hojjetamuun dhiqannaaf gargaaran of keessaa qaba. Kutaan jalqabaa mooraa keessa jiru ililii ho'iinsa aduu bonaa irraa gaaddisa muka guddaatiin eegameen guutameera.

Lubichi nageenya firummaa gaarii nuuf dhiyeessan. Hargansuu kiyya to'achuuf yaalaa harka isaanii nageenya gaafachuuf qabadhe.

"Iimaakiyuule, baguman deebisee si'i arge." anaan jedhan fuula gammachuu anatti agarsiisaa. "Erga wal arginee turre bar."

Mucaa lubichaa kan xumura irratti dhalate waliin ijoollummaa keenyaa eegallee hiriyaa gaarii waliif waan turreef, mana isaaniitti deddeebi'eera. Yeroo sanatti abbaa kiyya waliin wal quunnamtii daldala hedduu gochaa waan turaniif, luba Muurinzii mana keenyatti argeen ture. Sana irratti ammoo hiriyaa kiyya dhiiraa Yohaannisiif eessuma waan turaniif, ani mana isaaniif nama haaraa hin turre. Lubni amantaa wangeelaa kun hojii gaarii abbaa kiyyaa fi jaalala inni hawaasa keessatti qabutti kan hinaafan ta'uu isaa yeroo tokkotti kan mucaan adaadaa kiyya ana taphachiifte tasuma anatti yaadatame. Anaaf garuu yeroo hunda gaarummaa kan anatti agarsiisan, anis ammo isaan nan kabajaan waan tureef, waan gaarii qofa irratti xiyyeeffachuu akkan qabu murteesse.

Dhuma irrattis "Luba Muurinzi, abbaan kiyya akkan asi gara mana keessanii dhufu ana ergeeti." jedhe harka isaanii jabeessee qabuun. "Haalotni amma jiran akka sirrataniin dhufee akka nu fuudhu anatti himeera. Ofii isaaf akka dhufee ana fuudhu waadaa anaaf seeneera." Lubichi homaa dubbachuu hin dandeenye; iji isaanii garuu waan hedduu dubbata ture – *abbaan kee yoomiyyuu siif hin dhufu. Lammata deebitee tasumaa hin argituun* – jechaa.

Miseensa maatii kiyyaa irra rakkoon ni gaha jedhee yoon yaade, guutummaa guutuutti miidhamuu akkan danda'u yaaduun, ilaalcha lubicha sammuu kiyya keessaa baase. Oogastiin waliin ergan wal barsiiseen booda gara kutaa namootni baay'een taa'anii itti haasa'aa jiran, gara kutaa keessummaatti akka seennu nu affeeran. Yaada

kiyyaan haa ta'u haa dhiisu hin beeku malee, akkuma nuti kuticha seenneen namootni sun haasaa isaanii adda kutan.

Jalqaba irratti barsiisaa kiyya mana barumsaa sadarkaa tokkoffaa kan ture barsiisaa Buhooroon arge. Yeroo maqa-waamaan qomoo irratti hundaa'e ture sana kan ana qaanessan, halo-ba'annaa itti hin qabanne. Nama ani beeku argachuu kiyyatti gammaduun gara isaa deemee fuula gaarii itti agarsiisuun harka kiyya nageenya gaafachuuf itti bal'ise.

Harka kiyya gadi ilaale; ol jechuun ammo ija kiyya ilaale; Sana booda arraba isaan sagalee jibbaa dhageessisuun dugda anatti galuun ana qaanesse. Kanaan dura haala kanaan namni fuula ana dhorkate yookiin ammoo tuffiin miira jibbiinsaa anatti mul'isee hin beeku. Mee gochaan kun kutaa gadii kaasee kan ana beeku barsiisaa kiyya irraa ni eegama turee? Namootni kuticha keessa turan hunduu waan ta'e arganiiru. Akkaataan ta'umsa isaa miira isaa sirriitti ifa baasuuni kan mul'isu; afaan baasees ni iyya – "*fuula kiyya duraa badi Tuutsii rakkattittii nana*! - haala jedhuun.

Ga'eessota keessaas tokko akka ana bira dhaabbatuu fi balleessaa isaatiif Buhoorootti akka dheekkamu yaaduun asiif achi naanna'uun ilaale. Eenyu garuu dhimma kiyya kan jedhe hin jiru – fuuldura keenya dhaabbatanii kan turan lubichas taanaan. Oogastiin garuu hunduma irra caaluun Buhooroon bakka taa'ee jirutti nageenya dhorkachuun booda gara kiyya dhufuun ana waliin dhaabbachuun akka ana waliin jiru anatti mul'ise.

Buhooroon akka Huutuu ta'e yeroo dheeraaf beekuu danda'us, Tuutsota kan jibbu mankaraaressaa ta'uu isaa haala tasuma uumame kanaan baruu kan danda'e. Mankaraaressaa… jecha kana dhaga'uun akkam akka nama jibbisiisu! Ta'i jedhee waaqni kan ana uumee – Tuutsummaa kiyyaan – Buhooroon yeroo lammataaf qaanii anatti uwwise. Baay'ee waanan qaana'eef, kutaa sana keessaa bahee gara kutaa biraa deemuu kiyyaan dura namoota hundumaa nagaa gaafadhe.

Mana barumsaa sadarkaa 1ffaa kaasee kan ani beeku hiriyaan kiyya Jaaneet kutaa nyaataa keessa teessee mucaa durbaa kan biraa waliin haasa'aa osoo jirtuu yoon argu guddaa anatti salphate.

Fiigichaan iyyaa deemee "Jaaneet! Baguman si'i argadhe. Guyyoota darban keessatti dhiphina guddaan kan ani dabarse; addunyaan maraatteetti. Gandicha keessatti namootni hundumtuu ajjeefamaa jiru; nutis kunoo akka sareetti ilaalamne… galata isaa bagan si argadhe! Yeroo kanatti nama ija gaariin si'i ilaalu argachuun akkam gaariidha seete."

Hangan danda'e ofitti qabuun haammadheen; ittis maradhe; qaamni ishee garuu anatti jabaate. Gad-dhiisuun fuula ishee yoon ilaalu, tasumaa waan gaariin irraa hin mul'atu – iji ishees gara ijoota kiyyaa ilaaluu hin barbaadne.

Tasumaa waa'ee nageenya ishee yaaduun *tarii naasuu keessa jiraachuu dandeessi* jedhee tilmaame. *Maal ta'eeni? Akkam ati jechuun illee nageenya hin gafaanneen bar!*

"Jaaneet, nagaa mitii ati? Ani kunoo hirriba osoon hin rafin guyyaa meeqa; amma garuu wal quunnamne. Abbabbaan kiyya luba Muurinzii bira deemi anaan jedheeti; garuu iddoon kun anaaf hin mijatne; baguma anaaf dhufte! Si waliin mana keessan deema; hanga dubbichi tasggabbaa'uttis isin biran tura."

Jaaneet mataa gadi qabatte; korojoo harkaa ishees qabattee ol kaate. "Iimaakiyuule, maal yaada akka jirtu anaaf hin galu." anaan jechuun ammas gara biraa ilaalte. "Tasumaa iyyuu si'i dhoksuu hin danda'u; abbaa kiyyas taanaan akkanuma. Mana keenya Tuutsiin hin seenu."

"Garuu … Jaaneet?"

Gara intala waliin haasa'aa turteetti naanna'uun "Deemuu kiyya" jetteeni manaa baatee yoo deemtu, al takkaaf illee naannoftee ana hin ilaalle.

Utaalee bahuun gara galmaa deemuun itti hirkadhe. Akkamitti hiriyaa jaallatamtuun kiyya dugda anatti galfatti – fuula ana irraa naannefatti? Jaalalli nuti waliif qabnu yeroo tokkotti kan akka obboleewwanii ture amma akkamiin akkasitti garaa anatti jabaatti? Akkamiin akkas ariitiidhaan gara murachuu dandeesse?

Oogastiin mucaa luba Muurinzii isa xumuraa, hiriyaa kiyya dhiiraa yoomiyyuu jijjiiramuu hin dandeenye Lachim waliin gara kiyya dhufan. Mana barumsaa sadarkaa 1ffaa eegalleeti kan wal beeknu; Daamaasiin waliin hiriyaa gaarii waan ta'aniif gara mana keenyaa yeroo baay'ee ni dhufa. Waggoottan darbanitti naannoo keenyaa bashannanaaf yoo baanu, hiriyoota keenya biroo waliin waan dhufuuf ana waliinis jaalala jalqabnee turre. Waggaa 20ffaan kiyya kabajamuuf guyyoota muraasaan dura dhiirri yeroo jalqabaaf ana dhungates isa. Dhungannaan isaa sunis jalqabaaf dhuma jaalala keenyaa yoo ta'u, wal quunnamtii akkanaa dhaabuun kan nu barbaachiseef, walitti dhufeenya keenya gaarii akka hin balleessine yaaduun. Sababa hiriyyummaa keenya sanaaf, amma kunoo namoota seefii baachuun ajjeechaaf ba'an sanaan dirree irra ari'atamuun kiyya anaaf hafuun mana bal'aa farda kaachisu keessatti harki qulqulluun ana haammateera.

Lachim sagalee tasgabbaa'aan "Kottu Iimaakiyuule; hin aarin. Namni hunduu har'a amala haaraa akkamii fide seete." jechuun dugda kiyya suuta tuttuquun ana waame. "Kottu gara kutaa obboleettii kiyyaa si'i haa geessu; Oogastiin ammoo kutaa dhiirotaa keessa tura. Ijoollota durbaa sana siif wayya."

Lachim waliin wal arguu kiyyatti guddaan gammade; obboleettii isaa Duuzeenjeenis sirriittan beeka. Isheenis akkuma isaa nama gaarii fi uumama gaarummaa qabduu dha. Akka gaariitti walii galuu kan dandeenye, waggootii muraasaan dura kan duute haati isaanii Eelenaan Tuutsii ta'uu ishee irraan kan ka'ee dha. Lachim fi Duuzeenjeen abbaan isaanii Huutuu ta'uu isaaniin kan ka'e akka Huutuutti kan lakkaa'aman – sababa eenyummaa haadha isaaniin kan ka'e Ruwaandaa keessatti Tuutsii jechuun maal jechuu akka ta'e garuu ni hubatu.

Gara kutichaa deemaa osoo jirruu Oogastiin boo'uu eegale. "Deemuun qaba. Haadha kiyya, abbaa kiyyaa fi obboleettii kiyya argachuun qaba. Gara Kiigaalii deemuutu ana irra jira."

Harka isaa qabuun "Dhiisi malee" jedheen. "Akkas hin ta'in. Of jabeessi. Amma gara kamiyyuu deemuu hin dandeessu – ala kan jiru irra caalaatti sodaachisaa dha. Nagaa ta'uu keenyaaf galata kee haa

jennu. Sana irratti ammo, Tuutsii fakkaattus ati Huutuu dha; sana kan si'iif mirkaneessu ammoo waraqaa eenyummaa kee mul'isu of harkaa qabda. Eenyu iyyuu si'i hin tuqu."

"Argitee, dogoggorteetta. Namootni kutaa keessummaa keessa jiran basaastuu garee finciltoota Tuutsiiti anaan jechaa yoo walitti hasaasan dhaga'eera. Akka waan ani basaastuu AGR ta'ee itti fakkaateera! Waraqaan eenyummaa kiyyaa homaa jechuu miti! Kan sobaan qophaa'e jechuu danda'u. Asii namni kam-iyyuu eenyummaa kiyya anaaf hin beekne. Ana ajjeesu … akka ana ajjeesan anatti beekameera!" hiriyaan kiyya dargaggichi kun guddaa waan sodaateef imimmaan ija isaa irraa ni dhangala'a; harki isaas hollachuu eegalan.

"Homaa iyyuu hin sodaatin Oogastiin. Haga waliin jirutti waan wal eegnuuf homaa tokko iyyuu hin taanu."

Dhiphina irra waan jirruu fi tasumaa waa'ee lubbuun hafuu keenyaa waanan beeku tokko illee osoo hin jiraatin, dubbii akkanaa kana dubbachuuf jabina eessaa akkan fide hin beeku. Waaqayyo akka nu oolchu amanuun kiyya garuu dirqama; ta'uu baannaan garuu rakkinaa fi dhiphina akkanaa maaliif dabarsina? Maatiin keenya yoo nu ganan, maaliif callisne ijaajjinee ilaalla?

YEROODHAAF DUUZEENJEEN KUTAA ISHEE KEESSA WAAN HIN TURREEF**,** ija kiyya dunuunfachuun callisee siree irra gadi ciise. Guyyoottan darban keessatti kan hin rafne ta'us, ammas waanti hirriba jedhamu tokko illee ija kiyyatti dhufuu hin dandeenye. Sammuun kiyya waa'ee mudannoo yeroo mana lubichaa dhufaa jirru daandii irratti nu mudatee calliseetuma yaada. Maatiin kiyya waan godhan wallaaluun raadiyootti naanna'anii yoo taa'an anatti mul'atan. Fuulli haadha kiyya kan yeroo isheen ana eeguuf jecha ala rafte daaraa fakkaachuun anatti mul'ate sun yaada kiyyaan deebisee anatti dhufe. Abbabbaan kiyyas namoota kumaatamaan lakkaa'aman kan sodaan itti gale dura dhaabbachuun yoo inni jajjabeessu anatti mul'ate. Gara mana lubichaa yoo dhufaa jirru namootni ajjeechaaf bahan sun baatani kan turan seefiin ani arge osoo hin hafin dha kan anatti mul'atan.

Sa'aatii yaadni kiyya faffaca'ee jiru kanatti sagalee Daamaasiin kan gammachuun guutaman dhaga'uun ol ka'ee taa'e. Waanan abjoo'ataa jiru anatti fakkaate; garuu abjuu keessa hin turre. Obboleessi kiyya kutaa ciisicha ala kan jiru nama ta'e tokko waliin yoo walitti dubbatu anatti dhaga'ame. Yeroo xiqqoon boodas gara kutaa ani keessa jiru dhufuun wal arguu dandeenye.

"Daamaasiin, akkam taatani? Haadhaaf abbaan keenya hoo eessa jiru?"

"Hin beeku Iimaakiyuule. Adda baaneerra; Baqatanii bahuutu irra ture."

"Maaliif? Maaltu uumame?"

"Nii guban."

"Maal? Eenyufaa dha? Maal guban?"

"Namoota ajjeechaaf ba'an … mana keenya guban. Akka hin taane ta'eera."

Siree irratti deebi'ee ciise. Manni abbaan kiyya haadha keenyaaf harka isaatiin dhama'ee ijaare, ganaa xumuramuu isaa ture. Manni isaanii yoo gubatu, dhaabbatee ilaaluun isaa onnee isa buusuun abdii kutachiisa.

"Abbaan keenya hoo waa'ee manichaa ni beekaa?"

"Eeyyee ni beeka – osoo iji isaa ilaaluuti bar kan guban." jechuun anaaf deebise Daamaasiin. Erga ani deemee sa'aatii muraasa keessatti waantota uumaman hunda anatti himuu eegale. Akkan taa'ee yaadutti abbaan keenya ajjeecha geggeefamaa jiru kana keessa harki mootummaa akka jiru amanee fudhachuu hin barbaadne; kanaaf, bulchaan ganda keenyaa Kaabaayiin eegumsa akka godhuuf gaafachuuf konkolaataan deemee ture.

"Kaabaayiin abbaa keenya mana hidhaa keessatti beelaan ajjeesuuf yaalee ture bar." jechuun dubbii isaa adda kute. "Maal yaadeeti kan bira deemu?"

"Filannoo biraa hin qabu nuyiin jedhe." jechuun Daamaasiin itti fufe. "Namootni ajjeechaaf bahan naannoo mana keenyaa turan;

baay'een isaaniis yaa'uu eegalan. Abbaan keenyas gargaarsa isaa barbaacha namoota dhufaniif itti gaafatamummaan waan itti dhaga'ameef, eegumsa Kaabaayiin barbaacha garas deeme. Bulchaa sanaafis naannoo mana keenyaa Tuutsotni kumaatamaan lakkaa'aman akka jiran itti himuun loltoota hanga danda'ameef akka erguuf gaafate."

Daamaasiin akka anatti himetti, Kaabaayiin abbaa keenyaaf homaa dhiphachuu akka inni hin qabne itti himuun, hidhattoota manaan isa gahan lama faana buusuun gara manaatti isa deebisa. Yoo mana bira gahan garuu waanti hunduu akka hin taane ta'e.

Hidhattootni sun abbaa keenyatti qoosuu eegalan. Nama itti qoosamus godhaniin; akkana jechuunis gaafatan "Gowwaadhuma akkamiiti ati garuu? Dadhabina sammuu hangam qabaatteeti kan bulchaan sun si'ii fi arraabbiiwwan akkas baay'atan kana balaa irraa akka nuti eegnuuf nu erga jettee kan yaadde? Arraabiiwwan kun hunduu ajjeefamuu qabu!"

Viiyaaniin kutaa nuti keessa jiru tasuma dhufe. Obboleewwan kiyya lamaan naasuu guddaa keessa jiru. Daamaasiin fuulli isaa daaraa fakkaateera; fuula Viiyaaniis yoo ta'e soda fi naasuutu irraa dubbifama. Daamaasiin sagalee dhiphinaatiin gocha sanattii aanee uumame anatti hime.

"Hidhattootni sun namoota ajjeejjaaf bahan walitti qabuuf rasaasa gara samiitti ol qabuun dhukaasan … namootni ajjeechaaf ba'anis akka bineensa bosonaa iyyaa fi seefii isaanii mirmirsaa fiigichaan dhufan. Tuutsotni mana keenya bira turan iyya yoo eegalan, akka waan tuutni Quraa iyyaa jiruuti kan fakkaatu. Baqattootni kumaatamaan lakkaa'aman kana mana keenya fuuldura turan guddaa jeeqamuun gara miilli isaanii isaan baasetti fiigan.

"Abbaa keenya, harmee fi Viiyaaniinis baqatan. Anis namootni sun akka nu faana hin buune mirkaneessuun, kallattii miseensi maatii keenyaa irra jiran deemuun isaan faana bu'e. Hidhattootni sun gara namoota ajjeechaaf bahaniitti garagaluun "Manni kun arraabbiiwwan hedduun guutameera – aaraan ukkaamsaa! Maal eegaa jirtu? Jiruu meeqatu isin eeggata bar! Arraabbiiwwan kana irra dhaabbachuun yeroon itti ajjeesan amma!" jechuun itti iyyan.

"Yeroo kana dhaga'anitti namootni ajjeechaaf bahan irra caalaatti maraatan. Manicha cabsanii seenuun waan hundaa erga caccabsanii booda konkolaataa keenya irratti abidda qabsiisan. Waantota hin caccabsine immoo ni saaman … sana boodas manicha guban. Yeroo daqiiqaa shan hin guunne keessatti manichi gubachuun boba'uu eegale. Abbaan keenyas yoo kana argu of wal'aaluun kufe – waan arge amanuu hin dandeenye. Haalotni jiran ni fooyya'u jechuun namoota gorsaa tureera; amma garuu akka dogoggoree fi waan tokko gochuufis yeroon isaa baay'ee akka itti darbe hubate. Jireenya isaa guutuu kan itti dadhabe fuula isaa duratti gubatee bade."

"Doqdoqqicha iddoo dhoksee turee gadi buusuun motoora isaa kaasee harmee keenya booda isaatti uddeelatee deeme. Namootni ajjeechaaf bahan sun maraataa waan turaniif, yeroo itti dubbannu, yaadnuu fi nagaa walitti dhaamnu illee hin qabnu turre. Abbaan keenyas nutti iyyuun 'Fiigaa!" gara mana luba Muurinzii deemuun obboleetti keessan argaa' nuyiin jedhe. Ani haadha keessan iddoo kanaa fageessuun qaba. Dhokadhaa – booda barbaadnee wal agarraa!" jechuun ariitiin doqdoqqicha oofuun deeme.

"Harmeen gateettii abbaa keenyaatti hirkattee imimmaan ishee lolaasti. Nu mil'attees 'ijoollota kiyya – ijoollotni kiyya akkam ta'u?' yoo jettu qofa sagalee doqdoqqichaa gidduun kan ani dhaga'uu danda'e. Sana booda deeman."

"Garuu eessa kan deeman?" jechuun gaafadhe onnee cabeen.

"Ani hin beeku – tarii gara mana adaadaa keenyaa Siisiilee ta'a yookiin ammoo mana qulqullummaa tokkotti baqatan ta'a. Baay'ee namatti bitaacha'a … iyyaa fiigaati kan turre. Tuutsotni kumaatamaan lakkaa'aman lubbuu isaanii du'a irraa baraaruuf ni fiigu – gara tulluutti, bosona keessaatti, lafa caffaa'aa fi dirree kubbaa miillaatti. Garuu eessa deeman eessa, namootni ajjeechaaf bahan iddoo hunda jiru Iimaakiyuule. Nutis yoo ta'e mana itti baqannu illee eessaa qabna?"

Dubbachuu dadhabus, obboloota kiyyaaf abdii ta'e tokko kennuu akkan qabu anatti dhaga'ame. "Ilaalaa, mana keenya dhabneerra; garuu yoo waliin jiraanne iddoo nuti deemnu hundi mana keenya ta'a" jedheen hanga ta'e tokko abdi-dhabeettii ta'uu kiyya of irraa

kaasuun. “Hundi keenya gara Kiigaalii deemuun jireenya haaraa jiraachuu ni eegalla.”

Obboleewwan kiyya lamaan akka maraatuutti ana ilaalan. “Maal dubbachaa jirta Iimaakiyuule?” jechuun Daamaasiin waan gaarii yaaduu kiyya nuffuun aariin ana gaafate. “Ajjeechaan naannoo keenyatti geggeefamaa jira. Amma kan dhufne reeffa namootaa hedduu irra taruuni; hedduun isaanii namoota nuti beeknuun dha. Kiyyoo keessa galleerra. Fuula ani kanaan dura isa irratti argee hin beekneen ana ilaale. Ilaalchi isaa kun maal akka calaqqisiisu garuu hin beekne – yakka, dallansuu, aarii? Jechootni isaa itti aanaan akka qacceetti nama reebu – “Maaliif haalotni akka fooyya’an nutti himaa kan turteef?” anaan jedhe.

Onnee kiyya irraati ture kan ani ofitti gaabbe. Gaarummaa yaaduun kiyya obboleewwan fi maatii kiyya gara dunquqquu keessa galle kanaatti isaan fideera ta’innaa laata? Carraa amma keessa jiraniif itti gaafatamtuun ana ta’innaa? Abbaabbaan kiyya naannicha gad-dhiisee hin deemu bakka jedhettii fi waanti hundumtuu ariitiidhaan raawwatamaa haala ture keessatti waan kan biraa maal gochuun danda’a ture? Rakkoo nuyi irra gaheen abdii kutachuu, yaadaan liqimsamuu yookaanis sodaan raafamuutu ana irra turee? Sanas yoo ta’e, haalota jiran irra caalaatti finiinsa. Namootni lubbuun turuuf abdii qabaachuun isaan barbaachisa.

Waaqayyo Tuutsii godhee kan nu uumeef akka qalamnu gochuuf jedhee of amansiisuu hin barbaadne. Baay’ee kan ani jaalladhu Daamaasiin garuu ija aarii fi abdii kutannaan ana ilaale. “Baay’een gadda” jedheen iji kiyya imimmaaniin guutame. “Waanti nuyi hafe tokkichi yoo jiraate abdii qofa; kanaaf isuma iyyuu akka hin dhabneef jedheeni. Ammumaa eegaluun abdii kutachuu hin qabnu. Waggaa dhufu eebba kiyyaaf ni dhufta jedhee waadaa kan siif seenee ture mee yaadadhu. Haala kanaan sana haa milkeessinu.”

“Dhugaa akka kanatti yaaddaa?” jechuun ana gaafate obboleessi kiyya yaada kiyya miira amanuu dhabuun isaa irraa beekamus kolfa isaa nama mararu deebisee anatti agarsiisaa.

Halkan gaafa sanaa nagaan buluu keenya illee hin beekun ture; ta’us garuu hangan danda’etti waanan qabu hunda miira ofitti

amanummaan walitti qabadhee “Daamaasiin sirriitti gochuu ni dandeenya.” jedheen.

“Tole, ati abdii hin kutattu taanaan anis hin kutadhu” anaan jechuun gara Viiyaaniitti garagale.

“Oogastiin baay’ee waan sodaateef, isa waliin osoo taatee gaarii ta’a. Maalis uumame maal, mana kana dhiistanii akka hin deemne – Iimaakiyuuleenis akka deemtu hin godhinaa! Namootni ajjeechaaf bahanii fi dirqiin gudeedan iddoo hundumaa jiru. Sana akka gootu waadaa anaaf seeni.”

Obboleessi keenya xiqqaanis “Tole, waadaa siif seeneera.” jedhe.

Sana booda Daamaasiin “Ani asi turu hin danda’u. Lubichi abbabbaa keenya akka hin jaallanne nan beeka; anaanis akka hin jaallanne anaaf gala. Sana irratti ammoo gara kana yoon dhufu namootni hedduun ana arganiiru; sun immoo gara keetti isaan fida.”

Akka nuyi waliin turuuf guddaa isa kadhannus, inni garuu nu dhaga’uun yaada isaa jijjiiruu hin hin barbaadne. Hiriyaan isaa gaariin Boon jedhamu dhiyeenya irra waan jiraatuuf, Daamaasiin isa biran tura nuyiin jedhe. Huutichi Boon obboleessa kiyya yeroo muraasaaf dhoksuu ni danda’a.

Daamaasiin hanga mana jalaatti yoon geggeessu, isatti dubbachuun akka nama dhukkubsu anaaf gale. Yeroo biraa “Booda wal argina” yookiin ammoo “Torban muraasaan booda wal argina” osoo waliin hin jedhin wal geggeessinee hin beeknu – adda baanee hin beeknu. Yeroon sun yeroo ani fuula isaa bareedaa itti argu yeroo wal quunnamtii keenya xumuraa ta’uu isaa beekus, sa’aatii sanatti nagaatti jechuun nagaa itti dhaamuu hin dandeenye.

Obboleesi kiyya, lubbuun kiyya, harka isaa yeroo harka kiyya irra kaa’uutti harki isaa akka baallee hindaaqqoo anatti salphatan. Hangan fedhe illee qaqqabadhus, ulfaatinni harka isaa anatti dhaga’amuu hin dandeenye – harka nama lubbuun isaa darbuuf jettuuti kan ani qabadhe. Onneen kiyya dho’uuf geesse.

Dhuma irratti hanga Daamaasiin harka isaa harka kiyya keessa harkisuun baafatutti, miira gaddaan hanga seequuttii fi balbala ba'ee hanga deemutti callisuun ija keessa wal ilaalla turre.

BOQONNAA 8
IJOOLLETTIITTI NAGAA YOON DHAAMU

Akkuma Daamaasiin deemeen balballi mana lubicha rurrukutame. Kan rukute barsiisaa mana barumsaa sadarkaa 2ffaatti Viiyaaniin barsiise Niziimaa yoo ta'u, dhufaatiin isaas luba Muurinzii barbaacha ture. Haasaa hasaassiin erga walitti dubbataniin booda balbalichi deebisee cufame. Gadi bahuunis Niiziimaan gaaddisa mukaa mooraa lubichaa keessa jiru jala taa'uun kan ani argadhe. Ifa dimimmisaa'aa keesa taa'ee kan jiru ta'us, dhukkubbii fuula isaa irraa dubbifamu arguun hin ulfaatu.

Akka mucaa sodaataa ta'eera – "Maal nu godhu? Waan nu ajjeesan sitti fakkaataa?" jechuun ana gaafate.

Balbala bira dhufuu isaa akkuman dhaga'een, miira of qofa jaallachuun liqimsamee, akka inni jechoota nama jajjabeessan anatti dubbatuu fi jajjabina anaaf kennu fedheera; garuu lamaan isaanii iyyuu isa ture kan barbaachisan; ta'us garuu argachuu hin dandeenye.

Niitiinii fi ijoollotni barsiisaa Niziimaa ganda fagoo haadha niitii isaa gaafachuu deemaniiru. Nagaa ta'uu isaanii karaa itti beekuu danda'u waan dhabee fi shakkiin waan guutameef guddaa dhiphate. "Abjuun dhiisuu hin dandeenyen qaba." jedhe. "Niitii fi ijoolleen kiyya yoo qalaman fi fuula kiyya durattis yoo kukkutaman anatti mul'ata. Kana dhaabuuf kunoo akkuma ana argitu homaa tokko iyyuu gochuu hin danda'u. Yoona kana ajjeefamanii daandii irratti gatamanii jiru ta'a."

Hangan danda'e jajjabeessuuf yaale, garuu maalan jechuunii danda'a? Ani ofii kiyyaa kan sirriitti hin beekne, haalotni gaarii ta'uu akka danda'an si'a meeqa dubbadhu?

Baay'ee aaduun "Eessa abbaa kiyya seenu? Bakkee irra kan jiran namootni hunduu seefii qabataniiru; qawwees kan baatan argeera."

"Ajjeechaan geggeeffamaa jiru hanga dhaabbatutti asuma turikaa; sana boodas maatii kee waliin wal arguu dandeessa." jedheen sammuu isaa tasgabeessuuf.

Mataa isaa raasuun ol ka'ee dhaabbatee "Intala kiyya, asi turuu hin danda'u; bakka deemu danda'u biraas hin qabu."

"Siifan kadhadha."

"Galatoomi Iimaakiyuule."

Nagaa anatti dhaamuun gara mana fuulduraatti bakkee itti luba Muurinziin eegaa jiraniitti qajeele. Lubichi Niziimaa dhoksuu akka hin dandeenye itti himuun isaanii hin oolle anatti fakkaata, harka isaaniin balbala yoo itti agarsiisan osoo jecha tokko afaan isaa hin basin bahee deeme. Booda irrattis akkan dhaga'etti, namichi gaariin kun kukkutamuun kan ajjeefame mana lubichaa irraa fageenya meetiroota muraasa irratti daandii argamu irrattii dha.

Sa'aatii muraasaan booda iddoo ani qofaa kiyya keessa taa'ee jiru kutaa mana ciisichaa xiqqaa keessa sagalee balleefachuun luba Muurinziin ijoollota durbaa Tuutsii shan ol galchan. Hunduu namoota naannoo keenyaa ta'anis, tokkoon isaanii iyyuu akka gaariitti hin beeku.

Dubartoota sana gara kutichaatti yoo fidan luba Muurinziin guddaa na'anii jiru. "Ariifadhaa; Ariifadhaa!" kan hasaasan ariitiin waan ta'eef, waan isaan jedhan sirriitti dhaga'uu hin dandeenye.

"Asitti ana eegaa; garuu immoo callisuu hin dagatinaa, tolee?" nuyiin jedhan balbala cufanii yeroo bahanitti.

Tuutsota ja'an waliin turre hundi keenya haga ta'e tokko kan wal beeknu ta'us, waan lama garuu wal nu fakkeessu – ari'atamaa jiraachuu fi da'oo dhokannaa tokko illee kan hin qabne ta'uu keenya. Dubbachuufis ta'e wal baruuf miira soda guddaa keessa waan jirruuf callisneetuma dhaabbannee wal ilaalla. Bakkeedhaa maal akka uumamaa jiru quba hin qabnu; naasuu lubichaa irraa akka hubannetti garuu haalotni akka hin taane ta'uu isaaniiti.

Manichaan alatti tasuma iyyi dhaga'amuu eegale – rifeensi harka keenya irra jiran akka ijaajjuun dhaabbatan kan godhan iyya garmalee suukanneessa nama dhiphisan.

Sana booda aarii guddaan sagaleen irraa calaqqisan dhaga'amuu eegalan "Ajjeesaanii! Ajjeesaanii! Hundumaa Ajjeesaa!"

Iyya hedduu fi waamicha nuuf qaqqabaa jedhu ni dhaga'amu; "Ajjeesiin! Ajjeesaanii! Ishees Ajjeesiin!" sagalee jedhus jalaan dhaga'ama.

Guddaa sodaanne. Dubartoota dhufan keessa baay'een isaanii lafa irra ciisan; siree jalas dhokatan. Naasuu guddaan hollachuu kiyya irraan kan ka'e lafti illee osoo hin hafin kan hollataa jirtu anatti fakkaate. Iji kiyya iddoo dhokannaa kuticha keessa jiran yoo barbaadu uraa koornasii/ (baaxii manaa) irra jirtu tokko irratti xiyyeefate.

"Achi irra dhokachuu ni dandeenya." Jedhe minjaala gara afaan uraa koornasichaa jalatti harkisaa fi harka kiyyaan ol hiixachaa. Intala ishee tokko harkisuun ol baase. Lamaan keenya ammo waliin ta'uun dubartoota kanneen hafan karaa uraa sanaan ol harkisneen. Sana boodas haga lubichi deebi'anii dhufanitti achuma keessa taa'uun eeguu eegalle. Iddoo dhiphaa sanaa fi nama ukkaamsu keessa uffatni keenya hanga dafqaan dhiqamutti fi qilleensa baafannu hanga dhabnutti walitti galuun teenye. Luba Muurinziin

turtii sa'aatii lamaan booda deebisanii dhufuun walakkaa kutichaa ijaajjani miira itti-bitaacha'uun mataa isaanii hooquu eegalan.

"Eessa deeman ta'inna? Yaa Waaqayyo, asitti ture kan ani isaan dhiisee deeme!"

Sodaa guddaa keessa osoon hin jiru ta'ee, kolfa kiyyan gadhiisa ture. Kara uraa koornisii sanaan mataa kiyya gadi baasuun "Asi jirra!" jedheen hasaasuun.

Lubichis mataa isaanii raasuun nu haasofsiisuu akka barbaadan nuyiif ibsanii, akkuma sanaan iddoo jirru sana irraa akka gadi buunu nu ajajan. Fuulli isaanii amma iyyuu rakkoo keessa akka jiran isaan irraa ni beeksisa. "Hundi keessan sodaa guddaa keessa akka jirtan nan beeka; dhugaatti ammo sodaachuun keessanis sirrii dha." nuun jedhan. "Haalli bakkee irra jiru to'annaan ala ta'eera. Namootni ajjeechaaf bahan mana namoota hundumaa irra naanna'aa jiru. Har'a gara mana kiyya hin dhufne; ta'us garuu sa'aatii kamiin iyyuu dhufuu ni danda'u. Dhugaa isaa nutti himi yoo jettan, maal isin gochuu akkan danda'u hin beeku … mee itti haa yaadu."

Sodaa keenya ilaaluun akkuma sanaan fala fidan. "Hin sodaatinaa, mana kiyyaa gadi isin hin baasuu." jechuun nuuf mirkaneessan. "Mee qalbii guutuun ana dhaggeeffadhaa. Bori yoo bari'uu fi namni kam-iyyuu hirribaa osoo hin ka'in ajjeechaan jiru kun haga dhaabbatutti gara kutaa biraatti isin geessa. Namoota mana keessa jiran maratti, akkan manaa isin baase kanan itti himu. Asi jiraachuu keessan kan beeku ana qofa ta'a jechuu dha. Hamii gatii hin qabne illee hunda keenya ajjeesisuu ni danda'a. Waamicha duguuggaa sanyiif godhamu akkanaa kana kanaan dura argeera – al-takkaa dheebonnaan dhiigaa eegallaan, eenyuun iyyuu amanuun hin danda'amu; ijoollota ofii keessanii illee osoo hin hafin. Namni tokko illee yoo isin arge isiniif dhumata! Kanaaf adaraa Waaqayyoo, dhiigni keessan mana kiyyattis ta'e harka kiyya irratti akka dhangala'u hin barbaadu."

Sana boodas lubichi gara kiyyatti naanna'uun jecha akka haaduu ana mure anatti dubbatan – "Obboleessi keetiif hiriyaan isaa asi turuu hin danda'an. Ammumaa kaasanii deemuun lubbuu isaanii haa

oolfatan. Dhiirota dhoksuun rakkoo guddaa anatti fida. Akkuma argitan isin warri durbartootaas anatti baay'attaniittu."

Ija isaanii guutuun ana ilaaluu hin dandeenye – Viiyaanii fi Oogastiiniin sa'aatii sanatti baasanii ari'uu jechuun, haala sirriitti nama jechisiisuu danda'uun gara du'aatti erguu akka ta'e lamaan keenya iyyuu ni beekna.

"Maal! Maaloo luba Muurinzi adaraa keessan! Akkamitti ..."

Mallattoo callisi jedhu haala agarsiisuun quba isaanii afaan isaanii irra gochuun dubbii isaanii xumuran. "Deemuu qabu Iimakiyuule. Isaan fuuchuuf sa'aatii muraasa booda deebi'ee yoon dhufu, gara balbalaatti geessun gadi isaan baasta. Immoo, eenyu iyyuu akka si'i hin argine of eeggennoo godhi."

Luba Muurinziin kuticha gadi dhiisanii yoo deeman, hasaasuun abaareen. Nuuf dawoo dhokannaa kennuun hojii qulqullummaa hojjechaa, akkamitti deebisanii obboleessa kiyyaa fi Oogastiiniin gara harka ajjeestotaatti galchu?

Nama lubbuu keenya baraaraa jiranitti dheekkamuu hin barbaadne; ta'us garuu miira kiyya to'achuu hin dandeenye – tasumaa iyyuu amantaa irraa dhabe (shakkuunii eegale). Waamicha ajjeechaa kanaan dura turan biroo irratti dhiirotni Huutuu tokko tokko dhiirota dhiisuun durboota Tuutsii qofa dhoksu. Dubartoota Tuutsiif dawoo dhokannaa kan kennaniif, dhiirotni isaanii erga dhumaniin booda bareedina isaanii irraan kan ka'e akka niitii ofiitti qabatanii turuu waan barbaadaniif. Gochaan kun Tuutsotni, keessumatti iyyuu dubartoota Tuutsii, karaa itti gad qabamuun miidhaman keessaa isa tokkoo dha. Lubichi dubartoota ja'a (ana dabalatee) mana isaaniitti yoo galchan, fedhii dhoksaa addaa tokko waan qabaniif jedhees yaaduu eegaleera.

HALKAN GUYYAA SANAA RAFUUF YAALLE, garuu gara fuulduratti kaayyoon akkamii akka nuuf kaa'ame waan hin beekneef rafuu hin dandeenye. Yeroon Ija kiyya dunuunfadhu hundatti, dargaggoota ijoollummaa qaban Viiyaanii (waggaa 20) fi Oogastiin (waggaa 18) yeroo isaan manaa bahanii seefii qilleensa irra mirmirfamuu fi shorokeessummaa maraattota iyyan waliin

fuulduratti walitti bahan anatti mul'ata. Qofaa isaanii akkamiin ani gadi isaan baasaan? Akka deeman gochuun dabarsanii kennuu fi haaluu anatti ta'a.

Isaan waliin deemuuf murteesse; garuu xiqqoo turuun yaada kiyya jijjiire … irra deddeebi'ee jijijjiire. Yoo haleellaan nuyi irra gahe akkamiin of irraa qolachuu danda'a? Tasumaa gara boodatti harkisuuniin danda'a. Silumaa iyyuu durba waliin ta'uun isaanii xiyyeefannaa keessa isaan galcha; sun immoo hunda keenya ajjeesisa.

Sana boodas jecha adda bahiinsaa Daamaasiin gurra kiyyatti dhaga'aman – "Maal yoo uumame iyyuu iddoo kana gadhiistanii akka hin deemne!"

Callisa guddaa keessa ta'uun aade. Namootni biroonis ana dhaga'uun na'an.

"Hin dhiphatin; obboleessi kee nama guddaa dha; mucaa xiqqaa miti." anaan jette dubartoota ana waliin dhokatan keessa tokkoo fi yeroon sa'aatii dheeraaf achi garagalee asi galagalaa turetti kan ana argite Teereesee kan jedhamtu. "Dargaggoota waan ta'aniif ofii isaaniif gahuu hin dadhaban. Isaan waliin yoo deemte, xiyyeeffannoo namoota dirqiin gudeeduuf bahan harkisuu dandeessa. Haa deemani – kan wayyu isa. Ana amani; anis da'ee daa'ima qabaa. Nuyi waliin yoo taate si'iif wayya."

Sirrii ta'uu isheen hubadhe; garuu yaada kiyya homaa anaaf salphisuu hin dandeenye. Viiyaaniin yoo deeme maatii kiyya keessa deebisee *nama tokko iyyuu* arguu hin danda'u.

Bari'uuf sa'aatiin lama yoo hafu lubichi gara kutaa keenyaa dhufuun sagalee hasaassii guddaan "Ka'aa; haa deemnu! Haa deemnu! Ariifadhaa!" erga jedhaniin booda gara kiyya ilaaluun "Dafii deemii obboleessa keetti nagaa dhaami kottu." anaan jedhan.

Gara kutaa sana deemuun Viiyaanii fi Oogastiiniin hirriba isaanii irraa dammaksuun jireenya kiyya keessatti hanga guyyaa har'aatti hojjedhee kan ani beeku keessa isa ulfaataa dha. Imimmaan ija kiyya keessa akka bokkaatti rooban – waaqaaf haa galatu malee,

dukkanni sun ija kiyya irraa kan ture qaanii, yeelloo fi soda sirriitti ana irraa mul'atu anaaf dhokseera.

Harka kiyya dugda Viiyaanii irra kaa'adhee imimmaan kiyya to'achuuf suuta dubbachuun hirribaa irraa isa dammakse. "Ka'i … bari'eera. Lubichi kan jedhan … hundi keenya asi turuu hin dandeenyu … dhiirotni … deemuu qabu … hin dhiphatinaa … abbaa keenya waliin wal argitu … maal gochuu akka qabdanis inni isinitti hima."

Akka waan onneen kiyya cuunfamaa jirtutti miirri gadheen tokko anatti dhaga'ame.

Viiyaanii fi Oogastiin siree irraa utaaluun ka'anii bu'uun dhaabbatan. "Maal? Eessa kan deemnu? Daamaasiin malee eessa iyyuu deemuu hin dandeenyu. Isa dhiisnee yoo deemne maal nuyiin jedha?" jedhe obboleessi kiyya xiqqichi ija hirriba hin quufne isaa sukkuumataa.

Jechi isaa anatti ulfaatan. Ani gara balaatti isaan oofaa osoon jiruu, inni garuu waa'ee nageenya obboleessa keenyaa yaada. Akka haadha daa'ima ishee gara tuuta yeeyyiitti ergituu ta'uun kiyya anatti dhaga'ame. "Daamaasiin homaa iyyuu hin ta'u." jedhe sagalee kiyya irratti jijjiirama tokko illee osoon hin fidin. "Iddoo ta'e tokko nagaan taa'ee jira ta'inna. Kottu! Deemuu qabna."

Ijoollettii karaa kutaa daddarbiinsa dukkanaan gara balbala fuulduraatti geesse; ari'adhe jechuu anaaf wayya. Viiyaanii hanga anaaf danda'ame jabeesse ofitti qabuun haammadhee deebisee deddeebisee dhungadhe. "Jabaadhu Viyaanii; yeroo muraasa keessatti deebine wal argina."

Ijoollettiin mooraa keessaa bahuun deeman; dukkanaanis liqimsaman.

KUTAA 2ffaa

YEROON DHOKADHEE TURETTI

BOQONNAA 9
GARA KUTAA MANA DHIQANNICHAATTI

Viiyaanii fi Oogastiin gadi baasuun balbala irratti cufee deebi'uun dubartoota Tuutsota biro sanatti makame.

Lubni Muurinziin tiriika harkaa ibsaa karaa kutaa dukkanaan nu baasuun asiin gadi gara kutaa ciisicha isaaniitti dursaa nuyi geessan. Ifni ibsichaas hanga inni deemee balbala ba'umsa mana boroo fakkaatu irra buufatutti iji keenya faana bu'e.

"Kutaa kana kan turtan." jedhan kutaa keenya haaraa akka ilaalluuf balbala nuuf banaa. Dheerina tarkaanfii afurii fi bal'ina tarkaanfii sadii kutaa qabdu mana dhiqannaa turte. Ifichis hanga mudhii keenyataatti kan uwwisee jiru dhagaa gati-jabeessa irra yoo buufatu callaqise. Gam-tokkoon iddoo dhiqannaa gam biraan ammoo iddoo itti qulqullaa'an kan qaabu yoo ta'u, bishaan kan gara alaatti baasuuf iddoo itti harka dhiqannaa dhaabbiis kan qabu, garuu ammoo iddoo itti naanna'anii hojjechuu danda'an kan hin qabne ture. Koornasii gaditti ammoo qaawwaa qilleensa galchuuf uumame xiqqoo kan qabuu yoo ta'u, isheedhumti immoo golgaa diimaan haguugamteeti kan jirtu – sun ammo kutichi hedduu dhiphaa akka taate fakkeesseera.

Ja'anuu keenya kutaa sana keessa taa'uu danda'uu keenya amanuu hin danda'u; lubichi garuu ariitiin ol nuyi galchanii balbalicha jabeessanii cufan. "Asi keessa yemmuu turtanitti sagaleen keessan tokko iyyuu dhaga'amuu hin qabu; bayyee callisuu qabdu." nuun jedhan. "Sagalee tokko iyyuu dhageessifnaan ni duutu. Yoo isin dhaga'an isin argatu; Sana booda isin ajjeesu. Asi jiraachuu keessan eenyu iyyuu beekuu hin qabu; ijoollota kiyyas taanaan. Isiniif galee?"

"Eeyyeen barsiisa." jenne tokkumman.

"Bishaan asi jiru kana akka hin fayyadamne; qaama keessanis dhiqachuu hin dandeessan. Ibsaa keessan ammo keenyata iddoo itti of qulqulleessan gararraa jiru irraatti bobeessa. "Manni itti of qulqulleessan wal fakkaataan kan biraan keenyata kanaan boodatti argama. Kanaaf, bishaan dhangalaasuun dirqama yoo isinitti ta'e, namni biraan mana itti of qulqulleessan sana hanga gargaaramutti eeguun yoo inni bishaan dhangalaasu isinis sa'aatiidhuma wal fakkaataan dhangalaasaa. Isiniif galee?"

"Eeyyeen barsiisa."

Tiriikni isaanii sagalee *qacci* jedhu dhageessisuun dhaamte. Jecha isaanii dhumaa kan dubbatanis dukkana keessa ture. "Torban tokkoof ajjeechaan waan itti fufu anatti fakkaata; tarii ammoo guyyoota muraasaaf. Namoota of eeggannoo qabdan yoo taataan, yeroo rakkistuu kana darbuu dandeessu ta'a. Maal akka isin godhan waan ani beekuuf, namootni ajjeechaaf bahan sun akka isin hin argannen sodaadha."

Dukkana keessa walitti ukkaamamnee akkuma dhaabbannee jiruun balabala nutti cufanii deeman. Ajaan hafuura, dafqa fi ho'inni qaama keenyaa walitti dabalamuun nuyi ukkaamsuun haga of wallaaluutti geenye.

Taa'uuf yoo yaallus, hundi keenya al-takkaan akka sochoonuuf bakki ga'aan hin turre. Dhedheeroo kan taane arfan keenya dugda keenya gara keenyataatti baay'ee dhiyeessuun mudhii keenyaan gadi kan jiru gara dhagaa gati-jabeessa irraan gara lafaatti asii gadi mucucaanne. Sana booda ijoollota xixiqqoo ofitti harkisuun of irratti

baanne. Yeroo kanatti sa'aatii sagal darbeera; hundi keenyas sirriitti dammaqneerra; walitti dubbachuuf garuu eenyu keenya iyyuu hin dandeenye. Alaa kan dhaga'amu sagalee kuruphisaa fi hafuura keenya kan suuta jennee baafannu dhaggeeffachaa of sirreessinee teenye.

Waaqayyoonis Viiyaanii fi Oogastiiniin akka anaaf eegu; maatii kiyyaa fi Daamaasiinis nageenyaan akka anaaf tursu sagalee balleeffadhee kadhataan gaafadhe. Gara kutaa amma keessa jirruuttis nuyi fiduu isaatiif galateeffadhe – dhugumaan Waaqayyo luba Muurinziin gara kutaa kanaatti akka nuyi fidaniif dura bu'eera jedheen yaade; yeroo jalqabaaf miirri nageenyummaa guyyoota hedduun booda yeroo jalqabaaf anatti dhaga'ame. Mooraa kana ani yeroo meeqaaf meeqa deddeebi'uun kan argee hin beekne, waa'ee kutaa nuti itti dhokanne jirru kanaa jiraachuu isaa eenyu iyyuu beekuu hin danda'u.

Waaqayyo akka inni luba nuyiif jedhanii jireenya isaanii balaa irra buusanii jiran kana eebbisuuf gaafadhe … yeroo sanatti garuu kadhata kiyya gidduun fuulli kiyya ana guurame. Obboleessa kiyyaa fi hiriyaa keenya akkamiin gara dukkanaatti akka ari'an yoon yaadadhu, aarii guddaan fuula ana gube. Ta'us garuu gara fuulduraatti lubichaaf dhiifama gochuu akkan danda'uuf kadhata godhadhe.

Jiini hurrii jala dhokattee turte yoo asi baatu, xiyyi ifaa dimimmisaa'aan qal'oon karaa qaawwaa golgaa diimaan itti godhamee jiruu keessa darbuun gara kutaa nuti keessa jirutti yoo seenu, fuulli namoota ana waliin jiranii maal akka fakkaatu arguuf kan ana dandeessisu ifa gahaa argadhe. Ana bira kan teesse Atinaasiiyaan intala magaala bareeddu waggaa 14 yoo taatu, ijni ishee guguddaan ifa ji'ichaatiin ni ifu. Ishee irra kan teesse mucaa waggaa 12 Ba'ataa jedhamtu uffannaa addaa mana barumsaa ishee akkuma uffattetti kan jirtu yoo taatu, yeroodhaaf malli harkaa kan bade fi baay'ee kan sodaatte dha kan fakkaattu. Ofitti harkiseen haammadheen; daqiiqaa muraasa boodas ija ishee dunuunfachuun rafte.

Fuuldura kiyya kan teessu Teereeseen umrii 55 ta'uu isheetiif, garee kana keessaa nama guddittii dha. Dubartootni heeruman kan uffatan gad-diroo akka aadaa Ruwaandaatti ofitti maruun uffatamu uffattee jirti. Keesummatti iyyuu ijoollota ishee ja'an keessa lama – Kileeri fi Saandaa – qofti ishee bira waan jiraniif hunda keenya gararraatti guddaa dhiphatteetti. Gogaan qaama Kileer ifaa ta'us, yoodhuma illee umriin kan wal gitnu taanus miira sodaa fi qofaa of gochuu keessa waan jirtuuf, ol jettee illee nama hin ilaaltu. Obboleettiin ishee umrii torbaa Saandaa kan jedhamtu, garee keenya keessaa mucaa xiqqoo dha. Bareedduu, jaallatamtuu fi callistuu dha. Nuti hundi keenya sodaan yoo urgufamnu, isheen al-takkaaf illee miirri sodaa irratti hin mul'atne; boo'uufis kan fedhii qabdu miti; kutaa mana dhiqannaa sana keessa hanga turre hunda naasuu irra kan turte anatti hin fakkaatu.

Dubbiin lubichi irra deddeebi'uun sagalee hin dhageessisinaa jedhan sammuu keenya keessatti nu hafeera. Haala hin mijanne keessa, akkaataa taa'umsa keenyaa sirreeffachuufis ta'e yookiin ammoo akka gaariitti hafuura baafachuuf sodaannee teenyeerra. Ifni daalacha halkanii kuticha keessa hanga guututti eeguun of eeggannoo guddaan wal irraa hiiquun dhaabbachuun qaama keenya diriirfanna. Haala taa'umsa keenya rakkisaa sana deebinee lafa irra taa'uu keenyaan dura boqonnaa daqiiqaa lamaa yookiin sadii ofiif kennina.

Lafti yoo bariitu muka guddicha lubichaa irraa simbirrootni sirbuu eegalu. Itti hinaafuun – *simbirrota taatanii uumamtanii bilisummaa waan qabdaniif akkam carroomoo dha; mee nuti dhalli namaa maal gochaa akka jirru ilaalaa* – jechuun yaada.

GUYYAAN JALQABA KUTICHA KEESSATTI DABARSINE baay'ee dadhabnee, beelofnee, walitti kuufamnee fi nutti bulluqee waan tureef, haala rakkisaan ture kan darbe. Rafuu hin dandeenye – xiqqoo yoo hirribni ana qabu, tokko miilla isaa yoo sochoosu yookiin immoo ciqilee isaatiin laphee kiyya rukutun dammaqa.

Gara galagalaa luba Muuriinziin namicha tokko waliin yoo ijaajjanii haasa'an dhageenye. "Soba, Soba, Soba" jedhan. "Waa'ee maalii akka dubbachaa jirtu hin beeku – ani Huutuu kabajamaa dha

bar; akkamiin ani Tuutsota dhoksa. Asi mana kana keessa tasumaa Tuutsotni hin jiran … kaleessa galgala deemaniiru bar."

Ija babaasuun wal ilaalle. Ni jeeqamne.

"Mootummaa waliin rakkoo keessa galuu hin barbaadu." Itti fufuunis "Sirriitti ana beektu jedheen yaada; mana kiyya kanas anaaf eeguutu isin irra jiraata … finciltootni Tuutsotaa Huutuu gaarii ta'uu kiyya ilaaluun haleellaa ana irraan gahuu ni danda'u."

Eenyummaa nama lubicha waliin haasa'aa ture beekuu dhabnus, dhuma irratti waan nuuf deemeef hafuura baafanne. Luba Muurinzii du'a irraa nuyi oolchuuf jecha dubbii soba dubbatan – sababa kanaanis akka isaan ajjeeftotaaf dabarsanii nu hin kennine mirkaneeffadhe. Amma filannoon isaan qaban baay'ee muraasa. Sababni isaas dabarsanii yoo nu kennan, ajjeeftotni sun akka isaan da'oo dhokannaa kennuun nuyi tursan irratti ni beeku waan ta'eef; akkuma nutiin ajjeesan, isaaniinis nama dhimma hin qabne, qomoo isaa kan haale jechuun yakkamaa taasisuun ni ajjeesu.

Uuufff jechuun hafuura aara galfii baafachuun, gudeeda kiyya irra ciistee kan turte Ba'ataan ofitti qabe haammadhe. Ijoollummaa kiyyaan yoo waan tokko ana sodaachisu haati kiyya akkamittiin gudeeda ishee irratti baattee akka ana haammattu anatti yaadatame. Yaadannoon haadha kiyyaa kunis ana gaddisiise – kun jireenya kiyya keessatti yeroo jalqabaaf maatiin kiyyaa fi obboleewwan kiyya eessa akka jiran kan ani itti hin beekne dha. Viiyaanii, Oogastiinii fi Daamaasiin balbala luba Muuriinzii yoo rurrukutan, booda isaaniin ammo manni keenya yoo gubatu osoon taa'ee dunquqqaa'uu bifa abjuu fakkaatuun anatti mul'ate. Abbaaf haati kiyya doqdoqqee irra taa'uun kaachisaa harmeen "Ijoolleen kiyya hoo lafa maaliitu isaan liqimsa?" jechaa akkaataa isheen itti gaafatte hunduu ija kiyyatti dhufuun anatti mul'ate.

Abjuu kiyya irra osoon jiruu luba Muuriinziin balbala banan. Jecha tokko osoo hin dubbatin dinnicha affeelamaa hin ho'ifamne fi baaqeelaa sahaanii tokko guutuu nuuf galchan. Dukkanaa'eera – tilmaamaan halkan keessa sa'aatii 5 ni ta'a; guyyoota lama kan ta'aniif eenyu keenya iyyuu nyaataa fi dhugaatii hin argatin jirra.

Nyaaticha qubuma harkaa xuraawaa sanaan tokko osoo hin hanbisin wal saamuu fi gara afaan keenyaatti fudhannee udumuun sahaanicha haxoofnee qulqulleessine.

Lubichi daqiiqa shan booda baallaa fidanii yoo dhufan, nyaaticha akka jirutti wal saamnee xumurreeti kan nu argan. Gara sahinichaa ilaalan; nutiinis ija gaddaan nuyi ilaalan. Daqiiqaa muraasaan boodas firaashii/afata haphii fiduun gara kutichaatti nuyiif galchan. "Deemsi daandiin isin miidheera. Mee xiqqoo asirra boqodhaa." jechuun balabalicha cufan.

GUYYAA ITTI AANUTTI HIRRIBAA YOO DAMMAQNU**,** kutaa qaama keenyaa nu dhukkuban sosochoosuuf wal duraa duubaan tartiiba naqanne. Walitti dubbachuu waan hin dandeenyeef, fageenya hanga taakkuu qubaa geessu illee qaama keenya sochoosuu danda'uun waan guddaa ture. Yeroo turmaata keenyaa keessatti kan nu gargaaru, sagalee tokko osoo hin basin karaa ittii walii galuu dandeenyu afaan mallattoo dhuunfaa keenyaa yeroodhuma sanatti uummane.

Miilli kiyya ana hadoodee hanga garaa kiyyaatti yoo ana dhukkubu, fuula kiyya guure. Duula adeemsifamaa jiru booda kan ani dubbachuu danda'u seenaa qabaachuun danda'a jechuunis nan yaada. "Waanan dabarse isinitti haa himu ana dhaggeeffadhaa." jechuun hiriyoota kiyya irratti of tuulummaa agarsiisuu danda'a ta'a "Guyyaa fi halkan namootan hin beekne shan waliin kutaa dhiqannaa xiqqaa tokko keessatti ukkaamamuun dabarseera. Ani goota akkamiiti seetan!"

Abjuun kiyya xiqqicha ganaa akkuman eegaleen taatee maatiin kiyya keessa jiran anatti mul'achuun gara addunyaa dhugaatti ana deebise – maatiin kiyya mana keenya gubachaa jiru irraa yoo baqatan, Daamaasiin gadduun ana biraa yoo badu, Viiyaanii fi Oogastiin dawoo dhokannaa dhabuun dirree duwwaa keessatti yoo joonja'an. Waaqaaf haa galatu; Eeyimaabil yeroo gaariitti Ruwaandaadhaa anaaf bahee jira! Mana keenya fuulduratti wal gahanii kan turan buqqaatotni Tuutsii kumaatamaan lakkaa'aman sun hoo? Maaluma ta'an laataa? Da'oo dhokannaa argatan ta'innaa? Moo tarii iddoo ta'e tokkotti dhiigni isaanii dhangala'aa lubbuun

isaanii darbaa jirti? Namootni kumaatamaan lakkaa'aman shakkii tokko malee rakkoo guddaa keessa dhiphachaa akka jiran osoon beekuu waa'ee kiyya qofa irratti xiyyeefachuun ofiif gadduun kiyya ani ofii kiyya akka gowwaa fi nama of qofa jaallatuutti lakkaa'e.

Qaama kiyya diriirfachuuf dabareen kiyya yoo gahu, bakkee irraa jeequmsi eegale. Namootni muraa hedduu ta'an, tarii ammoo kan dhibbaan lakkaa'aman iyyaa fi sirbaati kan jiran. Namootni ajjeechaaf bahan nu bira gahuu isaanii akkuma sanaan beekkanne.

"Bosona keessa, haroo irrattis, tulluu irrattis eessatti iyyuu taanaan haa adamsinuun; mana qulqullummaa keessas taanaan haa barbaadnuun; fuula lafaa irraa isaan haa balleessinu!"

Quba miilla kiyyaan dhaabbadhee karaa qaawwaa xiqqaa golgaa jala jirtuun dhokadhee yoon ilaaluun, dubartootni ana waliin jiran na qabuun gadi ana harkisuuf yaalan. Atinaasiyaan raajeffachuun mataa ishee raasaa sagalee osoo hin dhageessisin hidhii ishee qofaan "Gad bu'i! Nuyiin bar kan barbaadan! Osoo isaan si'i hin argin bu'i!" anaan jette.

Homaatti isaan hin lakkoofne; harka isaanii of irraa darbachuun karaa qaawwaa sanaan ilaaluu eegale. Waanan argeetti guddaa na'uu kiyyaan kan ka'e, waa'ee gochaa kiyyaaf ofitti gadde.

Namootni dhibbaan lakkaa'aman manichatti naanna'anii jiru. Uffannaan hedduu isaanii seexana isaan fakkeesseera – qola mukaa akka maratuutti ofitti maruun godhataniiru, baala muuzii qooraa mudhii isaanii gararratti uffataniiru; irra caalaatti immoo namootni tokko tokko mataa isaanii irratti gaanfa re'ee hidhataniiru. Huccuu uffannaa seexanaa uffatanis, fuula tokkoon tokkoon isaanii akka salphaatti adda baasanii beekuun ni danda'ama. Ija isaanii keessattis ajjeechaa qofatu mul'ata.

Gammachuudhaan kan iyyan. Eeboo, seefii fi haaduu samii irra mirmirsaa utaalu. Sirba nama dhukkubsu kan duguuggaa sanyii leellisu faarsuu; ni iyyus – "Ajjeesaa! Ajjeesaa! Hundumaa ajjeesaa! Guguddaa isaanii ajjeesaa! Xixiqqaa isaaniis ajjeesaa! Jaarsolii isaaniis ajjeesaa! Dargaggoota isaaniis ajjeesaa! … Ilmoon bofaa

bofuma; isas ajjeesaa. Eenyu nuyi harkaa bahuu hin qabu! Ajjeesaa! Ajjeesaa! Hundumaa ajjeesaa!" jechaa.

Kan faarsan loltoota miti; guyyoota hedduudhaaf nuyi dhiphisaa kan turan hidhattoota leenjifamanis miti; ollota kiyya malee. Kan ana waliin guddatanii fi baratanii dha. Isaan keessaa muraasni isaanii harka keenya irraa kan nyaatanii dha.

Ijoollummaa kiyyaa kaasee kan ani beeku Kaanaangaan adda baasuun argeen. Barumsa isaa sadarkaa 2^{ffaa} nama adda kuteedha. Sana dura garuu abbaan kiyya akka inni amala isaa sirreefatuuf gorsus hin taaneef. Ol jedhee kan nama hin ilaallee fi guddaa kan qaana'u Filiippinis namoota ajjeechaaf bahan sana keessatti walii galteen jiraachuu isaan arge. Fuuldura irratti hiriyoota Daamaasiin kan turan barsiisotni lama anatti mul'atu. Tuuticha keessatti muraan kan lakkaa'aman namoota bebbeekamoo Maataabaan arge – hunduu itti gaafatamummaa itti kenname bahuuf jerjeraa, dheekkamaa fi dhiiga Tuutsotaa dhangalaasuuf walitti iyyaa. Dursitootni tuutichaas namoota sana gara mana luba Muuriinziitti dura bu'iinsaan fidan; tasuma faarsaan isaanii iddoo hundumaan dhaga'amuu eegale.

"Barbaadaanii; Barbaadaanii; Hundumaa ajjeesaa!"

Of wal'aaluun gara boodaatti dubartoota sana irratti kufe. Hafuura baafachuu hin dandeenye. "Waaqa kiyya, ati nu baraari …" jechuun sagalee gad qabadhee hasaase; garuu qabiyyee kadhannaa kiyya kamiin iyyuu amma hin yaadadhu. Miirri abdii kutannaa qaama kiyya dhuunfate. Soda hin jirren sodaadhe.

Yeroo jalqabaaf seexanni kan gurratti ana hasaase yeroo sanatti ture. Maaliif kan waaqa kee waamtuu? Jara bakkee jiran mee ilaali … namootni dhibbaan lakkaa'aman yoo si barbaadan. Isaan hanga namoota waraana kuma tokko keessa jiraataniiti; ati garuu tokkittii dha. Hin fayyitu; haaluma kamiin iyyuu lubbuun ooluu hin dandeessu. Mana keessa kan isaan jiran; tokkoon tokkoon kutaa manichaa keessas naanna'aa jiru. Dhiyaataniiru, kunoo asi jiru … si'i argachuufi; dirqiin si gudeeduufi; si'i kukkutuufi; maal jedhe jedhi si'i ajjeesuufi!

Onneen kiyya nii rukuta. Sagaleen kun maali? Jette jettee yaada kiyyaa kana mo'achuuf haga anaaf danda'ame ija kiyya dunuunfadhe. Abbaan kiyya kan anaaf kenne lakkooftuu bifa diimaa fi adii sana qabadhee humnan qabuun callisuun kadhadhe – Waaqa kiyya, kitaaba qulqulluu keessatti eenyuuf iyyuu waan barbaachisuun kamiin iyyuu gochuu akka dandeessu dubbatteetta. Anis isaan keessa nama tokko waanan ta'eef waan tokko akka anaaf gootu nan barbaada. Maaloo yaa Waaqayyo namootni ajjeechaaf bahan kun yeroo isaan kutaa ciisichaa luba Muurinzii bira gahan, ija isaanii jaamsi – balbala kutaa dhiqataa kana akka isaan hin argine godhiin; akka isaan nu argatan hin godhin! Daani'eeliin boolla leencaa keessa oolchiteetta; leencotnis foon isaa akka wal saamuun hin nyaatne gooteetta … Waaqa kiyya jarri ajjeeftotni kun akka isaan nuyi irratti wal hin qabne isaan godhi! Akka Daani'eeliin oolchitetti nuyiinis oolchi!

Kadhadhee kan hin beekne gararraatti baay'isee kadhadhe; garuu humni hamaan tokko baay'isee hafuura kiyya qore. Seexanni akka mataa kiyya irra taa'ee turetti, ammas hafuurri shakkii gurra kiyyatti dhaga'amuu jalqabe. Hidda dhiiga kiyyaa keessatti shakkiin yoo faca'u, dhiigni kiyyas yoo ho'u anatti dhaga'ame. Du'uu keeti Iimaakiyuule! Sagalichi anatti qoose. *Immoo ofii kee Daani'eel waliin wal madaalchitaa? Akkam ija jabeettii dha ati* … Daani'eel raajii onneen isaa qulqulluu, waaqaanis kan jaallatame ture; qulqulluu! Ati maali? Homaa miti …dhiphinaa fi dhukkubni siif ta'a … du'uun kee dirqama!

Lakkooftuun kiyya akka waan daandii Waaqayyo waliin ana agrsiisuutti jabeesse qabadhe. Sammuu fi onnee kiyyaan akka ana gargaaru gara isaatti iyye – sirrii dha ani homaa miti, garuu ati Waaqa dhiifamaati. Ani nama waan ta'eef dadhabduu dha; ta'us garuu yaa Waaqayyo dhiifama kee ana hin dhorkatin. Daddarba kiyya anaaf dhiisi … maaloo namootni ajjeechaaf bahan kun akka nuyi hin arganneef achi nuyi irraa fageessi!

Hiddi gurra kiyyaa nii dhahata. Sagaleen dukkanaa dubbatamuun kan hin danda'amne fakkiiwwan sodaachisaan guute. Qaamni namoota du'anii iddoo hundumaatti kufee argama. Haadholiin ijoollotni xixiqqoon isaani yoo bakka lamatti kukkutaman fi ulfi

garaa isaanii keessa baqaqsamanii yoo bahan arganiiru … kanaafuu ati ooluu kan dandeessu sitti fakkaataa? Haadholiin Waaqayyo ijoollota isaanii akka oolchuuf kadhatanii jalaa calliseera – ijoollotni homaa hin beekne ajjeefamaa osoo jiranii si'iin maaliif oolcha? Qaanii kan hin qabne nama of jaallattuudha ati. Dhaggeeffadhu Iimaakiyuule… Ni dhageessaanii? Ajjeeftotni balbala bira jiru – sitti dhufan.

Mataan kiyya ana gube. Ajjeeftotni galma keessaa yoo iyyan nan dhaga'a. "Ajjeesaa! Hundumaa Ajjeesaa!"

Kunimma hin ta'u. Waaqayyo jaalala jedheen sagalee sanaan. Waan ana jaallatuuf sodaan ana hin guutu. Ana hin dhiisu. Bakka dawoo ani itti baqadhe lafa kutaa mana dhiqannaa kana keessatti akkan du'u ana hin godhu. Qaaniin akka ani du'u hin eeyyamu!

Sammuu kiyyaan suuraa waaqaayyoo kaasuuf yaale; miilla guguddaa kan fakkaatan kan baay'ee ifan utubaa ifaa fuula kiyya irratti kaase. Akka daa'imni sodaate haadha isaatti maramuutti harka kiyya miilota sanatti maradhe. Waaqayyo akka ifaa fi jajjabinaan ana guutu kadhadhe – dukkanicha keessa kiyyaa akka baasutti – miilla kee qabadheera yaa Waaqayyo; akka ana oolchitus shakkii hin qabu. Hanga namoota ajjeechaaf dhufan kana asii arirtuti miilla kee gadi hin dhiisu.

Kadhata kiyyaa fi hasaasa diinaa (sirriitti kan seexanaa ta'uu isaa kan beeku) gidduutti wal falmiin geggeefamu sammuu kiyya keessatti finiine. Kadhata kiyya adda hin kutne… hasaasichis boqonnaa hin fudhanne.

Luba Muurinziin halkan dhufuun balbala yoo banan, abjuu keessa akka nama jirruu taaneeti kan nu argan. Dafqaan dhiqamee, dadhabuunii fi lakkooftuu kiyya harka lamaan qabadhee taa'uun naannoo kiyyatti maaltu akka geggeeffama jiru baruu hin dandeenye. Kadhata irratti kadhata walitti fufsiisuun namoota sana irratti ija baaseera – sirriitti ilaalaanii garuu hin turre. Teereeseen harka ishee isa tokkoon ija ishee haguugdee harka ishee biraan ammoo kitaaba qulqulluu mataa isheen olitti qabdee jirti. Dargaggittiin Ba'ataa jedhamtu gama isheetiin jilbeenfattee harka ishee gara fuulduraatti waliin maruun kadhata irra jirti.

Lubichi maqaa keenya nu waamanis, eenyu keenya iyyuu dhaga'uunii hin dandeenye. Dhuma irrattis haala keessa turre keessaa akka dammaqnuuf qaama keenya tuttuquun sosochoosan. Nan ilaaleen; natti bitaacha'uunis ija kiyya bane dunuunfachaa ilaaleen; yoo nutti kolfan irra caalaatti bitaa anatti gale.

"Dubartoota nana, maaliidha kan gochaa jirtan?" adaraa waaqaa of tasgabbeessuuf yaalaa! Namootni ajjeechaaf dhufan sa'aatii torbaan dura kan deeman bar. Hanga ammaatti kadhachaa jiraachuu keessan amanuu hin danda'u!"

Anaaf sa'aatiin torba sun akka waan daqiiqaa muraasaati kan anatti fakkaatan; garuu guutumma guutuutti qaamni kiyya qooreera. Kanaan dura waggoottan hedduu kadhata itti godhachaa ture keessatti, akka guyyaa har'aa Waaqayyo qofa irratti xiyyeeffadhee yookiin ammoo humni dukkanaa jiraachuu isaa akka gaariitti beekee hubannoo hin qabun ture. Ija namoota ajjeechaaf bahan irratti hafuura hamaa argeera; manichi yoo sakatta'amus seexanni naannoo kiyya akka jirus anatti dhaga'ameera. Yeroon itti qalamnu nutti dhiyaachuu isaa akka ana amansiisu kan ani eeyyameef sagalee dukkanaa sana dhaggeeffadheera. Sodaa kiyyaaf harka yoon kennadhuu fi soba hasaasa duwwaa sana akkan dhaggeeffadhuun, gogaan kiyya ana irraa bahaa akka jiru anatti dhaga'ama. Humna jiraataa Waaqayyoo irratti xiyyeeffachuu kiyya qofaan, barbaacha jalqabaa ajjeeftotaan rakkoo ana irra gahee ture irraa fooyya'e. Abbaan kiyya kadhata hin baay'isin kan anaan jedhaa ture sirrii ta'uu isaa amma anaaf gale.

Duula waraanaa kana irraa ooluuf falmannaa ani godhu ofii kiyya qofa waliin ta'uu isaa hubadhe. Ana keessa kan jiru gaarummaa fi jabinni kamiyyuu – amantii kiyya, abdii kiyya, dandeettii kiyya hunduu – yaada dukkanaa'aadhaaf saaxilamoo akka ta'an anaaf gale. Amantii kiyya dhabnaan ooluu akka ani hin dandeenye anatti beekama. Akkan falmadhu gargaaraa kiyya jedhee kan ani itti amanachuu danda'u Waaqayyo kiyya qofa irratti.

Gara jabummaan ajjeeftotaa hunda keenya nu miidhe. Luba Muurinziin nyaata sahaanii tokko nuuf fidan; beelofnee jiraannus nyaachuuf garuu guddaa dadhabneerra. Gara halkan walakkaatti

deebi'anii yoo dhufan, nyaatni isaan fidan osoo hin nyaatamin argan.

Lubichi ammas irra deebi'uun halkan sa'aatii bokkaa guddaan roobutti dhufan. Bokkichi qorqorroo irra yoo bu'u sagalee guddaa dhageessisa waan ta'eef, namni biraan sagalee kiyya dhaga'uu danda'a jedhanii osoo hin sodaatin bilisa ta'uun nutti haasa'uu danda'an. "Nuti carroomoo dha. Guutummaa manaa sakatta'ani; kutaa hundumaas ilaalan. Gara mana boroo deemuun mana loonii booda kan jiru tuullaa dhoqqee saawwaa illee osoo isaan hin hafin qotan. Koornisii keessa fi qodaa manaa jala illee daaddisaniiru – korojoo kiyya illee osoo isaan hin hafin ijoollee xixiqqoo Tuutsii keessadhokseera ta'a jedhanii yaaduun ilaaluuf seefii isaaniitiin sakatta'aniiru. Akka bineensa aareetti maraataniiru. Iji isaanii dadhabeera; diimataniiru … baala sammuu nama hadoochu xuuxaniiru anatti fakkaata."

"Garuu kutaa ciisichaa kiyya bira yoo gahan, kutaan ciisischaa kiyya qulqulluu waan tureef ana jalaa xureessuu hin barbaadne. Kutaa ciisichaa kiyya ammaaf akka dhiisan garuu ammo guyyaa biraa deebi'anii yoo dhufan akka sakatta'an anatti himaniiru."

"Guyyaa biraa!" ni aadne.

Dhiphina akkanaa kana ammas guyyaa biraa irra deebi'uun dabarsuu yaaduu hin danda'u. Sirriitti ittin amana, dhiphina akkanaa kana Waaqayyo lammata deebisee nutti hin fidu!

"Yoom akka dhufan hin beekamu" jedhan lubichi. "Yeroo kamitti iyyuu dhufuu ni danda'u; egaa yoo isin argatan; maalumaafuu Waaqayyo hunda keenya haa baraaru."

Dubbiin isaanii xumuraa sammuu kiyya keessa deddeebi'a. Halkan sana guutuu fi guyyaa itti aanus hirriba ana dhorke.

Luba Muurinziin halkan itti aanutti miira sodaan deebi'anii dhufan. "Firri kiyya tokko dursaan namoota ajjechaaf bahanii sun manichi sirriitti hin sakatta'amne jechuu isaa anatti hime" jechuun nutti hasaasan. "Muraasni keessan, guyyaa muraasaan duratti naannoo kanatti waan argamtaniif, asi dhokataniiru dubbiin jettu ni

qilleensofti. Gareen ajjeeftotaa kan biraan dhufee akka sirriitti sakatta'u bori ni ergama"

Qaamni kiyya humna dhabuun aade. Waamicha adamoo ajjeeftotaa kan biraa kan ittiin darbuu danda'u jabina hin qabun ture. *Waaqayyo, maaliif ammuma kana gara keenyatti isaan ergitee dhimmichi akka xumura argatu hin gootu?* Jechuun kadhadhe. *Maaliif akkanatti akka dhiphannu eeyyamte? Maaliif nu dhiphistaa*?

Amma irra deebinee yeroo lammataaf akkamiin ooluu dandeenya? Manni yeroo tokko baay'ee guddaa ture amma immoo akka mana hidhaa kiyya ta'uun kiyyoo du'a kiyyaa ta'eera. Karaan ittiin ooluu danda'u karaa tokkoon qofa – gara jannataa deemuun yaade. *Yaa Waaqayyo*, sagalee osoo hin dhageessisin kadhata kiyya itti fufe, *falmachuuf kan anaaf hafe onnee tokko iyyuu hin qabu. Abdii kutachuufin jedha… maaloo jabina kee anaaf kenniitii seexanoota naanna'aa kiyyatti marsanii jiran jalaa ana dhoksi. Namoota ajjeechaaf bahan sana ammas karaan itti ija isaaniitti dukkaneessu anatti agarsiisi.*

Mataa kiyya ol qabachuun ija kiyya banadhe. Lubichi balbala keenya irra dhabbatanii yoon arguun fakkii sirriitti mul'ataa tokkotu sammuu kiyya keessa anaaf dhufe. "Yaada tokkon qaba." jedheen sagalee kiyya gadi qabe yaada kiyya irraa gara boodaatti deebi'uu kan hin dandeenye ta'uu isaa haala agarsiisuun. "Saanduqicha dhaabbii gara balbala kutaa dhiqannaatti fiduu ni dandeessuu? Bal'aa waan ta'eef balbalicha guutummaa guutuutti dhoksuu danda'a; kanaaf ajjeeftotni balbalicha arguu hin danda'an taanaan tasumaa nu argachuu hin danda'an. Akka jaamaa isaan godha! – itti hin mul'atu."

Luba Muurinziinis xiqqoo yaaduun mataa isaanii miira diddaan sochoosan. "Lakki, jijjiirama tokko hin fidu; tasumaa immoo haalota itti caalchisuu danda'a. Saanduqa dhaabbii jala ilaaluun balbalicha yoo argan, guddaa garaa isinitti jabaachuu danda'u."

"Lakki hin ta'u! Maaloo nuuf godhaa…" Waaqni ergaa anaaf ergeeti haa ta'u haa dhiisu kan ani sirriitti beeku miti. Keessa kiyyatti garuu saanduqni dhaabbii sun balbala kutaa keenyaa dura yoo dhaabbate ooluu akka dandeenyu beekkadheera. Lubichi garuu

tasumaa si'i hin dhaga'u jedhan; sababa kanaaf bara jireenya kiyyaatti godhee kan ani hin beeknen godhe – jilbeenfachuunii fi gadi jechuun – "Maaloo ana dhaga'aa" jechuun kadhadhe. "Keessa kiyyatti saanduqa dhaabbii sanaan balbalicha hin dhoksan taanaan, yeroo itti aanu gaafa dhufan akka nuyi argatan beeka. Isaan aarsuu keenya hin yaadinaa – al-takkaa dha kan nu ajjeesuu danda'an. Maaloo kana nuuf godhaa… kana yoo nuyiif gootan Waaqayyo dugda keessan nii baasa…"

Jilba kiyyaan jilbeenfadhee yoon kadhadhu waan ana arganiif gaddisiiseenii haa ta'u, namoota manicha keessa jiran sagalee kiyya dhaga'uu laata jedhanii sodaataniiti haa ta'u, hin beeku malee dhuma irratti tole jechuun anaaf mo'ataman. "Tole haa ta'u. Mee maalumaafuu sagalee kee gadi qabi Iimaakiyuule. Ammumaan deemee fida. Waan nu gargaaru anatti fakkaata; garuu nan shakkas."

Akkuma sanaan fuula keenya duraa baduun, daqiiqaa muraasaan booda saanduqa dhaabbii sana balbala kutaa dhiqannichaa dura kaa'uuf yoo lafarra harkisan dhageenye. Dubartootni waliin turres ana ilaaluun hasaasani. "Yaada baay'ee gaarii dha – maaltu sitti mul'ise, intala kiyya?" jechuun.

Saanduqa dhaabbii lubichaa kanaan dura arguu kiyya illee hin yaadadhu. Ta'us garuu sirriitti kan ani beeku yoo jiraate, yaadni saanduqicha iddoo isaatii kaasuun gara kana fidanii kaa'uu kan inni anatti mul'ate erga ani kadhata godhadhee booda.

BOQONNAA 10
AARII KIYYAAN FUULDURATTII YEROON WALITTI BAHU

Haala hanga tokko tasgabbaa'aa ta'een guyyaan hedduun darban. Darbee darbee namootni ajjeechaaf bahan bakkee irraa yeroo isaan faarsaa maraatuu isaanii sana faarfatan ni dhageenya. Guyyaa guutuu jabinaan ni kadhanna; walii walii keenyaaf afaan mallattoon walii galla. Hanga danda'ametti sa'aatii kudha lama lamaan sochii qaamaa muraasa ni goona. Kan kana irraa hafe halkaniif guyyaa bakka tokkicha taa'uun sochii qaama keenyaa haga danda'ame ni daangessina.

Iddoo itti qulqulloofnu sana akkaataa ajaja luba Muurinziin bishaan itti dhangalaasna. Kunis, namni biraan yeroo inni mana itti of qulqulleessan kan mana guddaa keessa jiru gargaaramuun bishaan itti dhangalaasu eeguun wal faana dhangalaasuu jechuu dha. Iddoo itti of qulqulleessan sana gargaaramuun qormaata cimaa nutti ta'e. Bakkichi gahaa waan hin taaneef, namni gargaaramu boolla itti of qulqulleessan sana irra gadi taa'uutu irra eegama; sababa kanaaf tokkoon keenya yoo qulqullaa'uuf jennu kanneen biroon keenya ammoo bakka jijjiiruutu nuyi irra jiraata. Sun ammoo balaa sagalee dhageessisuu fi namoota ajjeechaaf bahaniin argamu nuyi irraan gaha.

Yeroo kutaa mana dhiqannaa sana keessa turetti, haala hin baratamneen namni tokko iyyuu dhufuun kutaa itti of qulqulleessan sana gargaamuuf hin yaalle. Manni itti of qulqulleessan sun dhagaa gati jabeessa irraa kan hojjetamee fi of irraa ammoo teessoo irra taa'uun gargaaramuu danda'amu gosa qabuu dha. Kan inni jiru kutaa dhiphaa sana walakkaa ta'us, hangan yaadadhutti fooliin isaa yeroo inni itti ana rakkise hin yaadadhu. Laguun keenyas ni dhufa; kan tokkoon keenya yoo xumuramu, kan biraa keenyaa immoo ni dhufa. Waan kana ta'eef, lubichi akka waraqaa ittiin qulqullummaa eeggatan nuuf fidan ni rakkisnaan. Haala jiru kanaan eenyuun keenya illee hin qaanofnu; waantota akkanaa sana irraanfanneerra; gaarummaa qofa-ta'ummaa illee nutti hin yaadataman; keessumaatti iyyuu, rakkoo nuti keessa jirru kun lubbuun jiraachuu keenya waliin wal bira yoo madaalamuu, tilmaama keessa galuu hin danda'u waan ta'eef.

Lubichi nyaata nuuf fidanii haga dhufanitti ni nyaanna – kan nuyiif fidan darbee darbee ta'us. Guyyaa tokko tokkommoo halkan keessaa sa'aatii 9 yookiin ammoo 10tti malee nuyiif hin fidan. (Nuyi ilaaluu yookiin ammoo nyaata nuyiif fiduu yeroo barbaadan hundatti, saanduqa dhaabbii sana dhiibuun kan ol seenan. Yeroo hundumaa garuu akka namootni biroon isaan hin dhageenyeef of eeggannoo guddaa godhu. Saanduqichi yeroo lafa irra asiif achi harkifamu sagalee rigata isaa akka hin dhaga'amneef uffatni jala isaatti godhameera. Kara kanaanis waaqayyo irra deebi'uun nu eegaa jira.) Nyaata dabalataa yoo nuuf qopheessan namni biraan akka irratti hin barreef jecha hambaa ijjoolota isaanii yookaan ammoo nyaata akkuma isaatti godhamuun hojjetamu kan gargaartotni (hojjetootni) mana isaanii sooratan nuuf fidu. Hagam beelofnu illee darbee darbee nyaata isaan nuuf fidan hin sooratnu jenna – kan nuyiif kennan nyaata booyyee fakkaata waan ta'eef. (Mana keenya mucaa nyaata akkamii filachuun soorattu ta'uu kiyya yaadachuun ofitti kolfa.) Bishaan nuti dhugnus nuuf dhufa.

Kan hin danda'amne fakkaatus, turtii yeroo muraasaa booda bakki nuti jirru nutti tole. Haala keessa jirru kan nuyi yaadachiisan luba Muurinzii qofa.

Lubichi halkan guyyaa tokkoo dhufuun namootni ajjeechaaf bahan sun manneen naannoo keenyaa jiran manaa manatti naanna'uun sakatta'aa Tuutsota argatanis ajjeesaa akka jiran nutti himan. "Daqiiqaa muraasaan booda dhufuu ni danda'u; tarii hanga boriitti yokiinis iftaaniitti dhufuu dhiisu danda'u. Sirriitti kan ani beeku garuu dhufuu isaaniiti; sababa kanaaf callisaa" jechuun nu akeekkachiisan.

Kutaa dhiphaa mana dhiqannaa sana keessatti abdii nageenya sammuu xiqqoo argachuuf qabna turre nu jalaa urkuun bade. Sodaan waa'ee deebi'anii dhufuu namootni ajjeechaaf bahan sun nutti uume, waraansa sammuu fi qaamaa nutti ta'e. Bakkee irraa sagalee akkan dhaga'uu fi sareen yeroo dutu hundatti namni tokko akka waan qara eeboon ana waraaneetti anatti dhaga'ama. Wal faana rafuu kan dandeenyu yeroo muraasa qofaaf waan ta'eef, gogaan qaama kiyyaa qooruu fi qunca'uu eegale. Mataa bowwuun (dhukkubbiin mataa) yeroo mara ana gadi hin dhiisneen qabamuun guddaa rakkadhe.

Dhiphinni sammuu kiyyaammaa hunda irra caalaa. Kiyyoo yaada kiyyaa keessa qofaa kiyya dhiphadha. Erga guyyaa ani mana kana gahee eegalee kan ana rakkisan soda dhaabbataa fi yaada dhugaa hin taane kan sammuun kiyya uume, onnee kiyya keessa deddeebi'uun hundee amantii kiyyaa sochoosan. Iyyi namoota ajjeechaaf bahan fageenya nuti dhageenyu irra yoo gahan, yaadni kiyya waa'ee Waaqayyoo irraa fagaachuun yaada dhugaa hin taaneen guutame. Kadhata yoon godhadhu garuu akkuma sanaan jaalala isaa argadha; sodaan kiyyas anaaf salphata.

Sababa kanaaf halkan sa'aatii 10 yookiin 11 eegalee sa'aatii hirribni ana hin qabne kamitti iyyuu kadhata godhachuuf murteesse. Yeroo hunda kadhatni kiyya jalqabaa, manni lubichaa nuuf ijaaramuu isaatii fi yeroo duguuggaan sanyii geggeeffamaa jiru kanatti immoo dawoo dhokannaa ta'uun nu gargaaruu isaatiif Waaqa galateeffachuu dha. Sana boodas, manichi akkamiin ijaaramuu akka qabu ogeessi qopheesse mana itti of qulqulleessan dabalataa waliin akka ijaaramaniif karoorsuu isaatiif; itti dabaluunis, balbala kutaa nuti keessa dhokannee jirru haguugee dhoksuu kan

danda'u saanduqa dhaabbii luba Muurinziin akka bitan kakaasuu isaatiif waaqa galateeffadha.

Kadhata galataan booda lakkooftuu kiyyaan kadhachuu eegala. Kadhata kiyyas calleewwan diimaa fi adii lakkooftuchaan godhadha. Yeroo tokko tokko baay'ee waanan kadhata godhadhuuf ana dafqisiisa. Sa'aatii hedduunis ni darbu … Lakkooftichaa fi kadhata kiyya yoon xumuru, caqasa yookiin luqqisa kitaaba qulqulluu keessaa jiran dubbisuun "Boqonnaa" fudhadha.

Amanannaan kiyya balaa irra akka bu'e waan ani yaaduuf, wangeela Maarqoos keessaa kan ani yaadadhu waa'ee humna amantii kan yaadachiisan caqasa/luqqisa lama irra deddeebi'aa jechuun sa'aatii hedduu dabarsa. Jalqaba irratti kan ani dubbisu kanaa dha – "*Kanaaf isinittan hima; waan kadhattan waan gaafattanis hundumaa akka waan fudhattaniitti; isiniifis ni godhama*" (Maarqoos 11: 24). Sana booda ammoo – "*Dhuguman isiniin jedha, namni garaa isaatti utuu hin mamin gaara kanaan, 'ol kaafami, galaanattis darbatami!' jedhe, waan inni jedhus yoo amane, ni ta'aaf.*" (Maarqoos 11: 23).

Osoon kadhata hin godhatinii fi waa'ee uumaa kiyyaa hin yaadiin kan ani dabarsu daqiiqotni muraasni illee yoo jiraatan, seexannii akka haaduu qara lama qabuun (kan shakkii fi gaddaa) ana waraanu affeeruu ta'a. Kadhannaan meeshaa ani ittiin of eegu waan ta'eef, onnee kiyyas isuuman kan ani jabeessuun hidhadhu.

LUBICHI YEROO HUNDA AKKA NUTI DOGOGGORA uumuun sagalee hin dhageessifne ni sodaatu. Sababa kanaanis, gara kutaa ciisicha isaanii namoota kan fidan darbee darbeeti. Darbee darbee garuu ijjoolota isaanii keessaa tokko yookiin ammoo keessummeessaan isaanii isaan gaafachuuf yoo dhufan, hanga isaan deebi'anii kutaa sana keessaa ba'anitti ni hadoodna. Asi erga dhufnee turtii torban tokkoon booda, lubichi mucaa isaanii Seembeebaa waliin yoo haasaa taasisan dhageenye.

"Abbabbaa kiyya, waa'ee ajjeechaa kanaa maal jetta? Gaarii sitti hin fakkaatuu – nuti Huutotni raawwachuu kan qabnu gochaa sirrii sitti hin fakkaatuu? Jechuun kiyya, mana barumsaatti yoo nu barsiisan, isaanis waggoota dhibbaan dura haala wal fakkaataan

akka nu miidhan dha; kanaaf, waanti isaan irra gahaa jiru sirrii dha mitii?"

"Seembeeba, waa'ee maalii akka dubbachaa jirtu hin beektu. Amma ana dhiisi; haa rafuu" jechuun deebisaniif luba Muurinziin.

"Tuutsota kan jedhaman yeroo mara ol-aantummaa qabna jechuun yaadu … yeroo hunda nu Huutota gadi qabuun kan ilaalan. Har'as aangoo irra osoo jiraataniitii, nu hin ajjeesan jettaa? Kanaaf, isaan ajjeesuun of eeggachuu jechuu dha, mitii?"

Sagaleen isaa guddaa waan dhaga'amuuf Seembeebaan saanduqa dhaabbii bira ijaajjee akka jiru tilmaamuun hin ulfaatu. Saanduqichi iddoo isaa ka'ee asi dhufuu isaa nuyi irratti beekuu danda'a jechuun guddaa jeeqame. Sodaa keessa jiraadhus, yaada kiyya ka'ii itti iyyi anaan jedhu mo'achuutu ana irra ture – Jechootni isaa baay'ee ana aarsan.

Tuffii inni Tuutsotaaf qabu kana kan barate mana barumsaatti ta'uu isaa waanan beekuuf akkasumas anis manuma barumsichaa sanatti waanan baradheef, doofummaa isaa kanaaf itti gaafatamummaa fudhachuu kan qabu isa qofa akka hin taane anaaf ni gala! Dargaggootni Huutotaa ijoollummaa isaanii eegalanii Tuutsotni gad-aanoo fi kan hin amanamne akka ta'an, irra caalaatti ammoo tasumaa lammii Ruwaandaa illee akka hin taane barataniiru. Huutotni dhiibamuu Tuutsotaa jalqaba dirree mana barumsaa irratti, itti aansuun iddoo hojiitti guyyaa guyyaan ni argu. Sana boodas, nutiin "Bofoota" fi "arraabbiiwwan" jedhaa waamuun akka nu qaanessan barataniiru. Nuyiin ajjeesuun isaaniif hagam salphaa akka ta'e nama hin shakkisiisu – akka waan bofoota ajjeesaa fi arraabbiiwwan lafa irraa balleessaa jiraniitti ilaalamaa waan ta'eef!

Addunyaan keenya kanaan dura haalotni wal fakkaatoon akkasii yoo uumaman yeroo hedduu argiteetti. Naazota Jarmaniin erga raawwatamee booda biyyootni guguddoon fi humna qabeeyyiin "Lammata gochaan akkanaa irra deebi'uun hin uumamu!" jechuun waliif kakataniiru. Kunoo dubartootni balaa tokko illee nama irraan gahuu hin dandeenye, Tuutsii taanee dhalachuu keenya qofaan dukkana keessatti ukkaamamnee ajjeechaa duguuggaa sanyiif ni barbaadamna. Seenaan akkamiin of deebisee uumamuu danda'e?

Hafuurri hamaan kun akkamiin deebisee dhufuun danda'ameef? Diyaabiloos akkamitti gidduu keenyaa kan ittiin mormu osoo hin jiraatin, yeroon furmaataa osoo hin dhufin onnee fi sammuu namaa keessatti summii facaasaa akkasitti akka nuyi gidduu deddeebi'u akkamiin eeyyamameef?

Lubichi dubbii isaanii kana nuti dhaga'aa jiraachuun keenya hin oolu jechuun waan yaadaniif, mucaa isaaniitti dheekkaman. "Nama sammuu hin qabne doofaa dha ati; doofaa garmalee dha ati Seembeeba. Dhiiga dhangalaasuuf sababa gaarii argachuuf yeroon itti hin yaalamne tokko illee hin turre. Amma kutaa kiyyaa bahi. Dubbii akkanaa kana yoo dubbattu dhaggeefachuun na nuffisiiseera."

"Tuutsota jibbuu kiyyaaf doofaa jettee ana yaaddaa Aabbabba kiyya? Jara dhoksuun kan irra caalaatti doofummaa guddaa sitti hin fakkaatuu? Namootni akka ati hojjaa akkasii irratti bobbaatee jirtu akka dubbatan beekta jedheen yaada. Dhugaa dha moo? Mana keenya keessa Tuutsota dhoksiteettaa?"

Lubbuun kiyya afaaniin bahuuf kan jettu haga anatti fakkaatutti kan utaalte. Aariin kiyya ana irraa bade; irra deebi'uun kan anatti dhaga'ame yoo jiraate soda guddaa dha.

"Doofummaa kee hangan danda'e dhaggeeffadheera Seembeebaa. Tuutsota dhokse hin qabu. Jechoota hammeenyaa keetis dhaggeeffachuun ana dhukkubsa – Haati kee Tuutsii turte bar! Adaadotni kee, eessumootni kee fi ijoollotni isaanii hundi ari'atamaa fi ajjeefamaati kan jiran. Amma kutaa kiyya gadhiisi bahi! Deebitees akka anatti hin dhufne. *Deemi amma*!"

Dhufaatii Seembeebaa irraa ganaa osoo boqonnaa hin argatin, naannoo keenya fageenya dhihoo irratti boombiiwwan yoo dho'an dhageenye – sagalee walitti fufiinsa qaban kan akka waan gamoon diigamanii kufaa jiraniitti sagaleen suukanneessoo dha. Tokkoon tokkoon sagalee sanaa jalaan sagalee faarsaa jedhamu sanaas ni dhageenya "Namoota guguddoo isaanii ajjeesaa! Namoota xixiqqoo isaaniis ajjeesaa! Ajjeesaa! Ajjeesaa! Hundumaa ajjeesaa!"

Naannoo manichaatti dhukaasni ni dhaga'ama. Boodas sagaleen faarsaa isaanii nutti dhiyaachaa yoo dhufu, namootni ajjeechaaf bahan sun gara keenya dhufaa akka jiran beekkanne. Sagalee kiyya osoo hin dhageessisin kadhata godhadhe; daqiiqaa muraasaan booda sagalee bakakkaa dhageenye; boodas bokkaa guddaan roobe. Namootni ajjeechaaf bahan sun roobni akka itti hin buuneef gara mana isaanii deebi'an anatti fakkaata, halkan sana guutuu sagalee bokkaan qorqorroo irratti uumu qofaan dhaga'aa bule.

Halkan sana luba Muurinziin gara keenya dhufan. Fuulli isaanii diimateera; iji isaaniis dhiiga fakkaatee boora'eera. Waa'een shakkii Seembeebaa kan isaan dhiphise anatti fakkaata. Bakkee irra naanna'uun ajjeechaa suukanneessaa naannoo keenyatti geggeefamaa jiru daawwataniiru. Hidhattoota Iinterhaamiwee, loltootaa fi Huutotni kan biroon waliin ta'uun mana Tuutsii argatan hunda diigaa akka jiran nutti himan.

"Haalli bakkee irra jiru guddaa sodaachisaa dha." nuyiin jedhan. "Baay'eetti sodaachisaa dha. Ajjeechaa bara 1959 fi 1973 argeera; kan ammaa waliin wal bira yoo madaalaman garuu hagana kan hin jedhamnee dha. Waantootni hunduu akka dhaabbate hubachuu danda'uu qabdu – manneen barnootaa fi bakkeen daldalaa hunduu cufamaniiru. Namootnis gara hojii deemuu dhaabaniiru. Hojichi haga xumuramutti biyyattiin cufamteetti."

"Hojichi haga xumuramutti yoo jettan maal jechuu keessani? Hojii isa kami kan xumuramuu?" jechuun gaafadhe.

Lubichis akka dhaabbachuu ta'anii "Tuutsota ajjeesuudhaka intala kiyya. Osoo Tuutsotni hunduu ajjeefamanii hin dhumin hojichi xumurame jechuu hin danda'amu. Karoora mootummaa waan ta'eef, hojiin kun raawwii bareedaa akka qabaatuuf namoota hundumaa kakaasaa jiru. Maal qaba osoon arguunii baadhee kan jedhu waan baay'ee har'a arguu danda'eera" nuyiin jedhan.

Guddaan sodaadhe; waa'ee maatii kiyyaas yaade. Sagalee lubichaa akkan hin dhageenyeef gurra kiyya of-irraa kutuun hawwe.

"Namoota kumaan lakkaa'aman ajjeesaniiru" jechuun itti fufan. "Namoota gara kuma kudhanii … tarii gara kuma dhibba tokkootti

lakkaa'aman, waaqni haa beeku hagam akka ta'an! Tuutsotni lakkoofsaan baay'een gara mana amantaatti da'oo barbaachaaf yoo fiiganii deemanitti, balballi mana amantaas itti hin cufamne. Manneen amantaa kanaan dura hin sarbaman ture. Amma garuu sun hin taane. Namootni ajjeechaaf bahan sun manneen amantaa namootni akkuma keessa da'atanii jiranitti irratti guban; baqatee kan bahuuf yaale hundas rasaasaan dhahanii fixan."

"Wayyoo Waaqa kiyya, kun hin ta'u" jedhe. "Raadiyoodhaan namootni hundumtuu kan da'annaa barbaadan gara manneen amantaa fi dirree kubbaa miillaa akka deeman ni dubbata"

"Sana jedhaniiru ta'uu danda'a; ta'us garuu sun eenyuun iyyuu oolchuu hin dandeenye. Ajjeeftotni sun Matiriyeesii fi boombii itti kennamuun gara sanatti ergamu. Kuusaan reeffa walitti tuulamee jiruu lafaa ka'ee haga mana kiyyaa ol dheerata. Ajaa'ina (foolii) isaammaa dhiisuu wayya"

"Maaloo isin gaha Luba Muuriinzii! Kana gararraatti nutti hin himinaa." jechuun kadhadheen.

Waa'ee maatii kiyyaa gaafachuuf barbaade; garuu waan isaan anatti himan dhaggeeffachuu hin barbaadne. Jecha biraa dhaga'uuf humna hin qabun ture!

"Waantota kana isinitti himuu kiyyaaf nan gadda; ta'us garuu maaltu uumamaa akka jiru beekuu qabdu" nuyiin jedhan. "Ruwaandaa keessatti isin qofti Tuutsota lubbuun ooltan ta'uus nii dandeessu. Waan ani har'a arge osoo argitan ta'ee lubbuun jiraachuu iyyuu waan hawwitan anatti hin fakkaatu."

Dubartootni ana waliin jiran biroon boo'uu eegalan; ani garuu imimmaan tokko illee ana keessaa hin baane. Sa'aatii sanatti imimmaan dhangala'uu hin qabu. Miirri suukanneessaanis anatti hin dhaga'amne miira aarii malee. Yeroo kam irra caalaattin aare – ni danda'ama jedhee kan ani yaadu gararraatti. Maatiin keenya dawoo dhokannaa tokko osoo hin qabaatin bakkee irra faca'anii osoo jiranii, lubichi dubbii suukanneessaa akkasii nutti himuu isaaniitiif guddaan itti gadde. Mootummaanis duguuggaa sanyii kun akka geggeeffamu waan godheef ittin gadde. Hunda irra caalaatti garuu

Huutotatti kan ani gadde – Huutota hundatti. Lubichis dhiphina Tuutsota irra gahaa jiru osoo addaan hin kutin yoo nutti himan, aariin kiyya gara jibbiinsa guddaatti jijjiirame.

Kanaan dura miirri aariin akkasii ana irraa calaqqisee kan hin beekne, sa'aatii sanatti garuu osoon qawwee qabaadhee Huutota anatti mul'atan hunda ajjeesee jedheen hawwe. Lakki qawwees mitii matiriyeesii, boonbii fi meesha addaa abidda tufu ana barbaachise! Hundumaa ajjeesuun barbaade – Tuutsotas osoon hin hambisin akka Raamboo [4] ta'uu fi guutummaa biyyattii abiddaan gubuun barbaade. Osoon boombii atoomikii qabaadhee biyya boodatti haftuu fi jibbaan guutamte kana guutummaa Ruwaandaa irratti harcaasuu dha kan ture.

Lubichas ol jedhee ilaale, isaaniinis ajjeesuuf hawwe. Akka kanatti dandeettii dheekkamsaa nan qabaadha jedhee yaadee hin beeku. Ofii kiyya yaada badaa akkasii kana irraa qulqulleessuuf kadhannaa hedduu godhachuu akkan qabu beekkadhe.

Luba Muriinziin haasaa isaanii xumuran; nutis haasaa suukanneessaa biraa akka nutti himaniif ol jennee fuula isaanii keessa ilaalaa teenyeerra. Alangaadhaan haga lubbuun nu dabartutti osoo nuyi reebanii nuuf wayya ture. Dubbii isaanii yoo mirkaneessan malee amanuu hin dandeenye. Akka bahaniin raadiyoo isaanii akka nuuf bananii fi gabaasa oduu nu dhaggeefachiisan gaafannaan, "Tole" nuyiin jechuun balbala cufanii ba'an.

Daqiiqaa muraasaan booda namtichi aangoo mootummaa ol-aanaa qabu tokko raadiyoo biyyoolessaan yoo dubbatu dhageenye. "Huutotni Ruwaandaa jirtan hundi … diina walii keenyaa yeroo nuti of irraa qilachuuf waliin dhaabbannu ammaa dha. Dhimma adda addummaa siyaasa nuyi gidduu jiruu yeroof tursuun, diina keenya of irraa haa deebisnu. Jarreen Tuutsotni bofa ta'an kun nu ajjeesuufi … nuti dursinee ajjeesuutu nuyi irra jiraata.

---

[4] Raamboo jechuun fiilmii Ameerikaa bara 1982 eegaluun hanga bara 2019tti walitti fufiinsa shaniin dhiyaate turee dha: First Blood

(1982), Rambo-First Blood II (1985), Rambo III (1988), **Rambo (2008)** fi Rambo-Last Blood (2019)

Osoo isaan nuyi hin dursin dursuunii qabna. Tuutsota bakka argitan hundatti ajjeesaa – tokkoon isaanii bira hin darbinaa. Warra umrii guddaas ta'e, ijoollota isaaniis ajjeesaa – hunduu bofa waan ta'aniif. Finciltootni AGR gara biyya keenyaa deebi'anii yoo dhufan, reeffaa maatii isaanii qofa haa argatan. Hundumti Huutuu taatan dirqama keessan akka baatanii fi diina keenya kan ta'an Tuutsota hunda akka ajjeeftan waamicha kiyya isiniif dhiyeessa."

Amma lubichi sobaa akka hin jirre sirriitti beekkadhe. Abbaan kiyya mootummaa amanuun isaa dogoggora akka ta'e anaaf gale. Namootni inni itti amanee ture duguuggaa sanyii geggeefamaa jiru kana akka ka'u kan taasisanii fi amma immoo namootni Ruwaandaa hundi – Huutotni – waan jedhame kana hojii irra akka oolchaniif dhiibbaa uumaa kan jiranii dha. Ruwaandaa keessatti barannoo ajaja kenname kabajuun hojii iirra oolchuutu jira. Sababa kanaan kan ka'e Huutotni duraan kabaja namaa qaban amma immoo jijjiiramuun ajaja dursaan isaanii raadiyoodhaan Tuutsota akka ajjeesan dabarseef dhaga'uun seefii isaanii qabatanii akka ka'an beekeera.

Naannoo sa'aatii tokkoon booda lubichi sagantaa raadiyoo gara oduu BBCtti yoo jijjiiran, AGRn (Finciltootni garee Tuutsii) gara kibba biyyattiin falmataa fi mo'ataa Kiigaalii akka ga'an kan ibsu gabaasota adda addaa dhageenye. Akka gabaasicha irraa hubanetti, duguuggaa sanyii geggeeffamaa jiru keessaa harka kan qabu balaafamaan mootummaa Huutuu balaan aangoo irraa buhuu itti dhiyaachaa jiraachuu isaati. Oduchi guddaa nu gammachiise – AGRn Kiigaalii gahuun isaa dhugaa yoo ta'e, kutaa biyyaa nuti jirruu ammo torban muraasa keessatti nii gahu! Oolee bulees gara ganda keenyaas gahuun du'a irraa nuyi oolchuu danda'u.

Guyyaan waantotni kun itti raawwataman yoo nu jalaa fagaatan, nutti dhihuu waan danda'uuf osoo ammuma nuuf ta'ee jechuun hawwe.

BOQONNAA 11
DHIIFAMA GOCHUUF YAALII YOON GODHU

Callisa guddaa keessa of galchuun kadhata godhachaa osoon jiruuti kan gareen ajjeeftotaa sun irra deebiin manicha sakatta'uuf dhufan.

Kan dhufan sa'aatii laaqanaa irra xiqqoo dabarsuun yeroo ani lakkooftuu kiyya harkatti qabachuun waa'ee cubbamtoota biyya lafaa irra jiran hunda Waaqayyo akka inni jaalalaa fi dhiifama kennuuf kadhachaa jirutti. Hanga anaaf danda'ame yaalus garuu garee ajjeeftotaa sanaaf kadhachuu hin dandeenye. Sana ture rakkoon kiyya. Waaqayyo garuu waan hundumaa irra caalaa, namoota hundumaaf akka kadhannu ni barbaada. Ana waliin ta'umsi waaqa kiyyaa ana barbaachise.

Yeroo hunda hanga anaaf danda'amee bakka buusaaf jecha lakkooftuu kiyyaan gadi fageenyaan yeroo baay'ee kadhadhe. Irra deddeebi'ee *nagaan siif haa ta'u* fi *yaa abbaa keenyaa* jechuun sa'aatii 12 yookiin 13 anatti fudhata – kadhata *yaa abbaa keenyaa* jedhu irratti "Kan nu yakkaniif akkuma dhiisnuuf" kan jedhu irra

yeroon gahu hundatti garee ajjeftotaa sana yaadachuu irraan of qusadha - sababni isaas isaaniif dhiifama gochuu akka ani hin dandeenye waanan beekuuf.

Guyyaa sakatta'iinsa lammataa sana iyyi garee ajjeeftotaa akka nama aariin hirriba keessa ana dammaksuutti kadhata kiyya gidduu seene. Sana booda mataa kiyya biraa sagalee iyyan afur yookiinis shan ta'an dhaga'e; sagaleen kunis qalbii kiyya hunda harkise. Akka isaan kutaa ciisichaa lubichaa keessa jiran beeke! Qabeenya lubichaa hunda sakatta'u; keenyata irraas waantota adda addaa ni cicciru; siree iddoo kaasu; taa'umsas ni gaggalagalchu.

"Achi ilaalaa!" jechuun isaan keessa tokko ni iyya. "Mee immoo asi jala ilaalaa. Saanduqa guddaa sana kaasaa! Iddoo hundumaa sakatta'aa!"

Yeroo ani hafuura baafadhu akka ana hin dhageenyeef harka kiyya afaan kiyya irra godhadhe. Ajjeeftotni sun kan jiran qixa mataa kiyyaan fageenya taakkuu tokko hin guunne irra … saanduqa dhaabbii sana fuuldura kan jiran – safuu oolmaa saanduqni dhaabbiin sun nuuf oolee! Waa'ee isaafiis ammas irra deebi'uun Waaqayyoon galateeffadhe. Onneen kiyya garuu ammas garmalee rukutaa jira.

Yoo kolfan nan dhaga'aan. Naanna'uun namoota ajjeesa gammachuu argataa jiru! Nan abaareen! Akka isaan abidda barabaraan hin dhaamneen si'ool keessatti gubatanis nan hawwe.

Saanduqni dhaabbii sun balbala kutaa nuti keessa jirruu waliin walitti qabate. Gurra kiyya qadaadee qabuun kadhata eegale – Yaa Waaqayyo, saanduqicha asi nuyiif keesseetta … ammas akka achii hin kaafamne, achuma nuuf haa taa'u! Akka isaan bakka isaatii kaasan hin godhin. Yaa Waaqayyo ati nu oolchi!

Mataan kiyya ana dhukkube; hasaasni diinaa jibbisiisaan sun deebi'ee anatti dhufe – maaliif kan Waaqayyoon waamtu? Jibbiinsi hanga garee ajjeeftotaa qaban keessa kee hin jiruu? Atis akka isaanii jibbiinsa irraan kan ka'e balleessaa hin raawwannee? Osoo du'anii jetteetta; sirumaa iyyuu ofii keetiif ajjeesuuf hawwiteetta! Akka

waaqni dhiphina itti fiduu fi si'ool keessatti gubu illee osoo hin hafin kadhata godhatteetta.

Garee ajjeeftotaa sana sagalee isaanii balabala duraa gara kallattii biraan dhaga'uun, waaqayyoonis achi nuyi irraa adeemsisi jarreen kana jechuun kadhachuu eegale. Nu oolchi …

Waaqayyoon hin kadhatin Iimaakiyuule jechuun sagalichi hamaan sun kadhata kiyya adda ana kute. Sobduu ta'uu kee beeka inni. Yeroo hunda gaafa kadhata godhattu sin jaalladha jetteeti kan sobduun. Waaqni hunda keenya bifa isaan mitii kan nu uume? Waaqayyo kan si'i uume jaallachaa akkamiin uumama isaa kan ta'e namoota immoo jibbita?

Yaadni kiyya hunduu naafa ana jalaa ta'an. Seexanni sammuu kiyya keessa galuun anatti dubbataa ture dubbii sirrii dha kan dubbate – gara waaqaatti kadhata yeroon godhadhu hundatti nan soban ture. Duguuggaa sanyii kanaaf namoota itti gaafatamoo ta'an hunda irraa jibbiinsa waan ani qabuuf, hafuura baafachuun dadhabe.

Sa'aatii sanatti dargaggoota 40 yookiin 50 ta'anii dha kan kutaa ciisichaa luba Muurinzii keessaa iyyaa fi wacaa jiran. Kan machaa'anii fi waa'ee dhala namaaf kan homaa itti hin dhaga'amne fakkaatu; iyya isaanii irraas gara-jabeenyummaa yeroo biraa caalaatu irraa calaqqisa – "Tuutsii guddaas ta'e xiqqaa ajjeesaa… tokko tokkoonis ta'e walitti qabuun ajjeesaanii. Ajjeesaanii!"

Waaqayyo akka inni saanduqa dhaabbii sana irraa jara fageessu fi tasumaa immoo manicha keessa akka baasu kadhata godhachuu eegale.

Faarsaa jibbisiisaa sana jalaan sagaleen diinaa sun anatti hasaasuun ana aarse – tasa gatii hin qabu… waaqa hin waamin. Garee ajjeeftotaa kana kan gara keetti erge eenyu sitti fakkaateeti? Isa bar! Homaa si oolchuu hin danda'u. Waaqayyo namoota soban hin gargaaru.

Xiqqoo namoota ajjeechaaf bahan sanaaf kadhachuu eegale; akkuma sanaanis adda kute. Eegumsi Waaqayyoo guddaa ana barbaachise. Keessa kiyyatti garuu isaaniif du'i akka ta'u amaneera. Namoota kumaatamaan lakkaa'aman akka hin qallee fi dirqiin hin

gudeedneetti yaaduunii dhiisuu hin danda'u – lubbuuwwan qulqulluu heddu irraan rakkoo suukanneessaa fi hamaa ta'an kan ga'an ta'uu isaanii hin irraanfadhu.

Waan anaaf hin danda'amne maaliif ana irraa eegduu? Waaqayyoon gaafadhe. Namoota ana ajjeesuuf hawwaniif akkamiin dhiifama godha? Maatii fi firoottan kiyya qaluu isaanii namootan shakku moo? Namoota ajjeeftota kanaaf dhiifama gochuun ana biratti fudhatama hin qabu. Isaaniif osoo hin taane, namoota isaan balaa irraan gahaniif haa kadhadhu… warren dirqiin gudeedameef, warren ajjeefameef fi warreen kukkutamuun gatamaniif. Ijoollota maatii hin qabnee fi dhirsaaf niitii wal jalaa badeef haa kadhadhu… murtoo dhugaa argachuuf haa kadhadhu. Yaa Waaqayyo jarreen uumama hafuura hamaa ta'an kana mara akka adabdun si'i gaafadha; dhiifama isaaniif gochuu garuu hin danda'u – tasumaa hin danda'u.

Dhuma irrattis gartuun ajjeechaaf dhufe sun bahanii yoo deeman dhaga'een. Kutaa ciisichaa sana gadi-dhiisuun bahanii deeman; manichaa bahuunis kutanii fuudhan. Yoo irraan gadee bu'anis faarsaan isaaniis fagaachaa deeme.

Kadhata kiyya akka haaraatti irra deebi'uun eegale; anaafis yaada saanduqni dhaabbii sun balbala kutaa keenyaa dura dhaabbachuu qaba jedhu waan anatti agarsiiseef galateeffadhe. Waaqa kiyyaan, gochaan kee sun yaadni kee hunduu kan eenyuun gararraatti bira gahamuu kan hin danda'amnee dha jechuun ammas irra deebi'uun galateeffadhe. Namootni ajjeechaaf bahan sun eessa akka deeman yaade; sana boodas waa'ee firoottan kiyyaa fi maatii kiyyaa kadhachuu eegale – yaa gooftaa koo, maaloo haadha kiyya anaaf eegi; waa'ee keenya baay'istee dhiphattii. Jechi namaa kan hin liqimsamneef abbaa kiyyas anaaf eegi.

Gatii tokko hin qabu ture – kadhati kiyya kadhata duwwaa akka ta'e anatti dhaga'ame. Keessa kiyyatti wal mormiin eegalame; Onnee jibbaan guutame baadhee waaqa jaalalaa kadhachuun anaaf hin ta'u jedhe.

Namoota ajjeeftota sanaaf dhiifama gochuu akkan danda'uuf irra deebi'ee kadhadhe. Keessa kiyyatti garuu dhiifamni akkanaa

tasumaa isaaniif ta'uu akka hin qabne of amansiise. Ana dhiphise… isaaniif kadhachuuf yaale; garuu akka waan ani seexanaaf kadhataa jiruutti kan anatti dhaga'ame. Maaloo yaa Waaqayyo onnee kiyya anaaf bani; akkamittiin dhiifama gochuufii akkan danda'u anatti agarsiisi. Jibbiinsa kiyya diiguuf hangana nama jabduu miti ani – hunda keenya irraan miidhaa guddaa ga'aniiru… jibbiinsi keessa kiyya jiru guddaa ta'uu isaan kan ka'e, ana balleessuu danda'a. Onnee kiyyatti bu'i yaa Waaqayyo; akkamiin dhiifama gochuufii akkan danda'u anatti agarsiisi.

Yaadni kiyya asiif achi ana jechaa sa'aati dheeraaf wal falme. Halkan sanaa fi guyyaa itti aanee dhufe guutummaa isaa kadhadhe; sana boodas, guyyaa itti aanee dhufus akkanuma; ammas isatti aanuun guyyaa dhufus. Nyaata hangana hin jedhamne osoo hin nyaatinii fi bishaanis osoo hin dhugin turban guutuu kadhadhe. Yoomii fi sa'aatii meeqaaf akkan rafe illee hin yaadadhu; guyyootni hangi sun darbuun isaaniis anatti hin beekamne.

HALKAN GUYYAA TOKKOO MANA BAKKA NUTI JIRRU fageenya dhiyoo irratti iyya dhaga'e; itti aansuun boo'ichi daa'ima xiqqoo itti fufe. Gareen ajjeeftotaa sun haadha isaa erga ajjeesanii booda daa'imtchi yeroo isaa eeggatee ofiin akka du'uuf jecha achuma daandii irratti dhiisanii kan deeman anatti fakkaata. Daa'imichi halkan sana guutuu boo'aa bule; gara lafa barii boo'ichaa fi dhiphinni isaa dadhabaa dhufe; sagaleen isaa dhaga'amus darbee darbee qofa ta'e. Oolee gaafa dukkanaa'u ammo tasumaa bade. Sarootni naannoo sanatti iyyaa turuu isaanii dhaga'ee waanan tureef, lubbuun daa'imichaa akkamiin darbuu akka danda'e yoon yaadu qaamni kiyya ana hollate. Waaqayyo akka inni lubbuu daa'ima sanaa ofitti fudhatu kadhadhe; sana boodas akkana jedhees gaafadhe – *Mucaa xiqqoo irratti hammeenya akkanaa kan raawwatan namoota hamoo kanaaf akkamittan dhiifama gochuufii danda'a*?

Deebii isaas akkuma nama kutaa sana keessa Waaqayyo waliin taa'ee walitti dubbata jiruuttin dhaga'e: *Hundi keessan iyyuu ijoollota kiyya… mucichi xiqqaan sun yeroo ammaatti ana waliin kan jiru.* Hagana jecha salphaa akkasii ta'us, kun kadhata ani guyyoottan dheeraaf godhachaa tureef deebii anaaf kenname dha.

Namoota ajjeechaaf bahan sana akka ijoollee xixiqqoo isaan godha. Eeyyee, waa'ee balleessaa isaaniif sirriitti adabamuun kan irra jiraatu uumama hammeenyaan guutamanii dha; ta'us garuu isaan ammas taanaan ijoollee dha. Ijoollotni yeroo tokko tokko akkuma ta'uu danda'an, isaan kunis gara jabeessa, hamaa fi balaafamoo dha; Ta'us garuu ijoollummaa qabaachuun isaanii kan haalamu miti. Isaan waa'ee balleessa qaqqabsiisaa jiran hagam suukanneessaa akka ta'e ilaalanii hubachuu hin dandeenye. Homaa tokko illee osoo hin yaadin kanneen biro duuchaatti miidhaniiru; Obboleessota fi obboleettiiwwan isaanii Tuutsotaa irraan balaa gahaniiru; Waaqayyoonis gaddisiisaniiru – ofii isaanii hagam akka miidhaa turan hin hubanne. Sammuun isaanii biyyattii irra faca'ee kan ture hafuura hamaan summaa'eera; lubbuun isaanii garuu abaaramaa hin turre. Ajjeechaa isaan geggeessaa jiran akkuma jirutti ta'ee, garuu isaanis akkuma namoota biro ijoollota Waaqayyoo ta'uun isaanii hin haalamu; anis egaa mucaa tokkoof dhiifama gochuu nan danda'a. Akka yeroo dubbataniitti salphaa ta'uu dhiisuus… keesumattuu mucaan sun yeroo inni ana ajjeesuuf yaalaa jirutti.

Ija gooftaa duratti, namootni ajjeechaaf bahan sun hunduu jaalalaa fi dhiifamni kan ta'uufii qabu miseensa maatiichaati. Ani ofii kiyyaa ijoollota sana jaallachuu osoon hin barbaadin, Waaqayyoon ana jaalladhu jechuun gaafachuun akka hin danda'amne nan beeka. Yeroo sanatti egaa kan ani namootni ajjeechaaf bahan sun cubbuu isaanii hundaaf dhiifama akka argatan kadhadheef. Akka Waaqayyo daandii isaan irra adeemaa jiran dogoggora suukanneessaa ta'ee – jireenyi isaan lafa irratti qaban osoo hin dhumatin fi waa'ee cubbuu warreen ajjeefamanii gaafatamuuf osoo hin waamamin – akka beekan akka godhu kadhadhe.

Lakkooftuu abbaa kiyyaa jabeessee qabadhee, Waaqayyo akka ana gargaaruu yoon gaafadhu ammas irra deebi'uun sagalee isaa dhaga'e – *dhiifama godhiif; waan gochaa jiran hin beekaniiti.*

Guyyaa sana garee ajjeeftotaa sanaaf dhiifama gochuuf tarkaanfii murteessaa fudhadhe. Aariin kiyya ana irraa baduu eegalan – onnee kiyya Waaqayyoof banuun jaalala isaa dhuma hin qabneen keessa

kiyya guute. Yeroo jalqabaatiif namoota ajjeechaaf bahan sanaaf gadde. Waaqayyo cubbuu isaanii akka isaaniif dhiisuu fi gara iddoo ifaa sanatti akka deebisuun gaafadhe.

Halkan sana sammuu fi yaada qulqulluun kadhachuu danda'e. Ergan kutaa dhiqannaa kana keessa seenee yeroo jalqabaaf hirriba gaarii rafuu danda'e.

BOQONNAA 12
FIRAN ITTI MARI'ADHU YOON DHABU

Kutaa mana dhiqannaa sana keessatti kan kiyya iddoon jedhu argadheera – bakka xiqqaa lubbuun kiyya itti boqottu. Akkan hirribaa dammaquun gara sanatti kan baqadhu. Hangan rafuttis achuma kan ani turu. Waaqayyo waliin dubbachuu bakka ani itti danda'u, jecha isaa buusee baasuun yaaduu iddoo ani itti danda'u fi eenyummaa hafuuraa kiyya iddoo ani itti kunuunsu bakkee qulqullooftuu dha.

Yeroon hafuura keessa galutti, iddoo burqaa amantii kiyyaa gahuun lubbuu kiyya jabeessa. Jeequmsi yeroo anatti marsu hundatti iddoo ana gammachiisuuttii fi addunyaa kottu kottu jechuun ofitti ana waamu irraa da'oo argadha. Qaamni kiyya yoo ana dadhabu illee lubbuun kiyya Waaqayyo waliin wal quunnamtii cimaa waan qabduuf ni furdatti.

Gara iddoo addaa kiyyatti kadhataaf seena; ergan galeen boodas adda kutiinsa tokko malee walitti fufsiisuun kadhadha; lakkooftuu, yaadaa fi humna kiyya gara Waaqaatti akka xiyyeeffannoo godhaniif akka meeshaatti itti gargaarama. Calleen lakkooftuu kiyyaa yaada kiyya hunda wangeela irratti akka ani godhadhuu fi jecha Waaqayyoo sammuu kiyya keessatti barabaraan jiraataa godhee akkan tursachuu danda'uuf ana gargaaraniiru. Sagalee tokko

osoon hin basin kan ani kadhadhu; garuu dhugumaatti jechoota sana jechaa jiraachuu kiyya of amansiisuuf yeroo hunda jechicha afaan kiyyaan sagalee osoo hin dhageessisin jedha … sun osoo hin taane ta'ee shakkiin anatti dhaga'amuun humni hamaan sun ana waamaa anatti dhufa.

Hiika jecha tokkoo taa'ee yaaduun sa'aatii hedduu anatti fudhata; kanneen akka dhiifamaa, amantii fi abdii fa'a. Harka kennachuu jecha jedhu osoon yaaduu guyyoottan muraasa dabarsee beeka. Sababa kanaaf, namummaa ofii guutuu humna guddaa ta'e tokkoof dabarsanii kennuun maal jechuu akka ta'e kan ani hubadhe. Ofii kiyya guutummaa guutuutti Waaqayyoof dabarsee of kenneera. Yeroon kadhata hin godhannetti ifa isaan ala akkan jirutti kan anatti dhaga'amu. Duuniyaan kutaa dhiqannaa keenyaas gama isaatiin jabaatanii dabarsuun kan ulfaatuu dha.

Dhokannee ji'a jalqaba gara dhumaatti luba Muurinziin halkan tokko baay'ee dukkaneeffatanii hambaa nyaataa nuuf fidanii dhufan. Gara kanatti yeroo nu galchan nuuf gadduun ta'us, amma garuu sun kan badaa adeemaa jiru fakkaata. Halkan guyyaa sanaa fuulli isaan yeroo hunda nutti agarsiisan kan turan fuula namaaf yaaduu fi gadduu danda'u irraa gara fuula guuramuutti jijjiiramee ture. "Abbaan kee Tuutsii badaa ture!" jechuun ana hin naasisan seetee!

"Maal? Maal jechuu keessani?" guutummaa guutuutti waan ani godhu ana harkaa balleesse; ta'us garuu abbaa kiyya irratti dubbiin darbatan, abbaa kiyya yeroo darbeen ibsuu isaanii gararraatti ana hin aarsine. Miseensa maatii kiyyaa keessaas eenyu isaanii iyyuu du'uu danda'u yaada jedhu fudhachuu hin barbaadne. "Abbaan kiyya nama gaarii dha luba Muurinzi – tarii namoota ani beeku hunda gararraatti nama gaarii!"

"Dhiisi Iimaakiyuule, abbaan kee Tuutsii badaa ture; finciltootni AGR karoora lola wal-diddaa walgidduuttii taasifamuuf akka baasaniif gargaaraa ture." Dubartoota biroo ilaaluun quba anatti qabaa akkana jedhan "Qabanii yoo isin ajjeesan, sababa Iimaakiyuulee qofaani. Ajjeeftonni kan ishee ari'atan sababa gochaa abbaa isheetiini." Lubichi ija anatti babaasaniiru; sana irratti immoo

akka dubartootni biroon ija isaanii akka eebootti anatti dhaabanii jiran anatti beekama.

"Mana keessan keessatti qawwee 600 arganiiru." jechuun itti fufan gara kiyyatti garagaluun. "Boombii hedduu fi tartiiba maqaa Huutota ajjeefamaniis arganiiru. Sababa kanaaf isin Tuutsotni ari'atamaa fi ajjeefamaa kan jirtan. Huutotni dursanii gochaa kanatti osoo seenne ta'ee, silaa yoona kana nuyi ture kan Tuutsotaan ajjeefamnu!"

Waan dubbatan kana amanuuf hin dandeenye. Huutotni mankaraaressitootni oduu dharaan summiin facaasan luba Muurinzii guutummaa guututti amansiiseera. Abbaa kiyya waliin waggootii dheeraaf kan walitti siqan fira gaarii turan. Abbaan kiyya jireenya hiyyeessotaa fi namoota jireenyi wal hin qixxaanneef fooyyesuuf jireenya isaa kan kenne ture. Abbaan kiyya manneen barnootaa fi manneen amantaa fooyya'aa Tuutsotaaf, Huutotaaf akkasumas Tiwaa'otaaf ijaarsiseera. Egaa lubichi abbaa kiyya meeshaa waraanaa dhokseeraa fi ajjeechaaf haala qindeessaa ture jechuun akkamiin yakkamaa taasisuu danda'an? Abbaan kiyya fuuldura mana keenyaatti abdii kutannaa guddaa keessa ta'uun walitti qabamanii kan turan baqattoota Tuutsotaan, Huutotni isin ajjeesuuf yoo dhufan illee akka hin ajjeefne jedhee hin turree?

Luba Muurinziin odeeffannoo isaanii kana namoota aangoo mootummaa qaban irraa akka dhaga'an anatti himan. Isaanis akkuma namoota Ruwaandaa hedduu waan namni aangoo mootummaa irra jiru itti himan hunda shakkii tokko malee guutummaa guutuutti amanuun fudhataniiru.

Hafuurri kiyya ana jalaa cabe. Soba ija-baasaa akkasii kana abbaa kiyya irratti namni kam-iyyuu dubbachuun calliseetuma akka salphaatti facaasuu akka hin dandeenye anaaf gale … dursanii ajjeesaniiru yoo ta'e malee. Isa akka nama balaafamaatti fakkeessuun uummatatti dhiyeessuu jechuun, du'uun isaa sirrii akka ta'e mirkaneessuuf karoora isaan baafatan ta'uu qaba. Ani garuu waa'ee waan kanaa yaaduu hin danda'u. Miseensa maatii keenyaa keessaa tokko illee du'eera yaada jedhu keessumeessuu hin

barbaadne – yeroon isaa amma miti. Sana dhaga'ee fudhachuuf ganaa hin jabaatinan jira.

Lubichatti guddaa waanan itti gaddeef itti iyyuun barbaade; waan tokko gochuuf garuu akkamiin ani danda'a? Isaan nuyii fi du'a gidduu dhaabbatee kan jiru nama tokkichaaf qofaa dha. Yeroo sanatti baay'ina arjummaa isaanii heddumminaan nutti agarsiisuu dhabanis, nuti garuu gargaarsa fi gaarummaa isaanii irratti qofa namoota hirkanne jiraachaa jirruu dha. Nutiin rakkina irra akka jirruu fi akka olloota isaanii gargaarsi barbaachisuutti nuyi ilaaluu dhiisuu isaanii beekneerra. Amma kan nu ilaalaa jiran akkaataa ajjeeftotni sun itti nuyi ilaalaniittii dha – nama akka hin taane, duulli adeemsifamaa jiru osoo hin xumuramin carraan keenya akka arraabbiiwwan baduu qabaniitti.

Luba Muurinziin maqaa gaarii abbaa kiyyaa yoo balleessan keessi kiyya aarii guddaan ana danfe. Aarii kiyya to'achuu hin dandeenye – abbabbaan kiyya hanga isa gahu maqaan isa badeera! Erga mana dhiqannaa sana keessatti nutti cufamee yeroo jalqabaaf sagalee kiyya ol kaasuun dubbadhe – "Abbaan kiyya meeshaa haga sana baay'atu mana keessaa osoo qabaa ta'eetii, baqattoota Tuutsotaa kumaatamaan lakkaa'aman dawoo dhokannaa barbaachaaf nuyi bira dhufanii mana keenya fuuldura turaniif maaliif hin kennineef ree? Meeshaa haga sana osoo qabaateetii ajjeeftotni sun yeroo isaan mana keenya guban, meeshicha gargaaramuun maaliif akka isaan manicha hin gubne hin gooneen ree? Huutota ajjeesuu osoo barbaadeetii osoo isaan maatii isaa dawoo baqannaatti akka galan hin godhin fi jireenyi isaa akka badu hin godhin ajjeesa ture! Anatti himaa malee Lubichaa, meeshicha maaliif niitii fi mucaa durbaa isaa namoota ajjeeftota sanaa fi dirqiin gudeedan sana irraa eeguuf itti hin gargaaramn ree?

Luba Murinziin tasaa akka sanatti aariin dubbachuu kiyyatti ni na'an (dubartootni sunis akkanuma – jireenya keenya harka isaanii irra kan jiru luba sana waliin akkasitti yoon walitti deebisu yoo argan amanuu dadhabuun ija babaasan). Akkan callisuuf harka isaaniin mallattoo callisi jedhu anatti agarsiisan – sana boodas ijoollummaa kiyyaan moloksee akka ana godhan gaafadhee kan ani ture mana amantaa jaarsa gaarii sana luba Kileementittis meeshan

akka argame anatti himan. Namni kun bineensi illee yoo miidhamu arguu waan hin barbaadneef, bara jireenya isaanii guutuu mudura qofa kan sooratan, fincilli kan isaan jibbisiisuu fi qawwee kan hin jaallanne turan. Haasaan lubichaa soba adii akkasii waan ta'eef kan itti deebisuun ana irra jiraatu.

"Luba Muurinzi, meeshaalee jedhaman kana keessa isin tokkoon isaa iyyuu argitaniittuu?"

"Lakki… ta'us garuu namoota gurguddoo irraati kan dhaga'e – namoota amanamuu danda'anii fi hin sobne."

Kanaan dura keessumaatti iyyuu rakkoo biyyattii keessatti uumama jiru irraa namni baratee beekumsa qaba jedhamee yaadamu akkas nama doofaa ta'uu danda'a jedhee yaadee hin beeku. "Kanaaf himata abbaa kiyya irratti banamee dubbachaa jirtan kanaaf raga quubsaa hin qabdan; yoo qabaattan mee fidaaka!"

Waraqa adii kan homtuu irratti hin barreeffamne borsaa isaanii keessaa baasuun - waraqaa akkasii gareen finciltoota AGR warreen meeshaa waraanaa fi gargaarsa maallaqaa godhuuf akka kennan nutti himan. "Mana keessaniitti kan argamee dha." anaan jedhan akka waan meeshaa aara gaazii baasu qabataniitti fuula kiyya dura hafarsaa.

"Waraqaa barreeffama hin qabnee dha bar; waraqaa duwwaa."

"Eeyyee waraqaa akka finciltootni AGR itti gargaaraman fakkaatuu dha."

Sana gararraatti itti dubbachuu hin dandeenye. "Egaa, nama tokko himachuuf kan itti gargaaraman raga sana fafakkaatan yoo ta'e, namoota asi jiran irratti duuti maaliif akka dhufaa jiru hubachuu ani nan danda'a."

Lubichi waraqaa citaa xiqqaa sana gara borsaa isaaniitti deebisanii deemuuf jedhan. "Mee al-takkaa turaa" jedheen. "Kitaaba qulqulluu anaaf ergisuu danda'an ni qabuu? Kan kiyya manatti dagadheen kan bahe."

Waan yeella'an anatti fakkaatu – manni kiyya gubachuun akka diigame ni beeku – akka anaaf fidanis anatti himan. Galatoomaa

jedheen… jecha bareedaa Waaqayyootiin yaada sammuu kiyyaa qulqulleessuun qaba.

Dubartootni biroon akka waan ani maraadheetti kan ana ilaalan. Obsaa fi aangoo lubichaa kara seeraan ala ta'eenii fi haala hin barbaachifneen akkan dhiibe yaadan. Tarii kana gochuu danda'eera ta'inna, garuu homaa iyyuu dhimma irraa hin qabaanne. Abbaa kiyya irraa dubbii sobaa akkasii qolachuu dirqama akkan qabu waan anatti dhaga'ameef kana gochuun kiyya. Yeroo sanatti lubichi nama dawoo dhokannaa anaaf kenne osoo hin taane nama ana hidhee jiru anatti fakkaatan.

Lubichi waa'ee abbaa kiyyaa dubbii badaa haasa'uun isaanii, guyyaan nuti lubbuun jiraachuuf nuuf hafe guyyoota muraasa qubaan lakkaa'aman qofa akka ta'e yaaduu isaanii kan agarsiisu mallattoo ifaa ture. Ruwaandotni miira isaanii ofii isaanii qofaaf kan qabatan, uummata hedduu hin dubbannee fi dhoksaa qabachuu danda'anii dha – ani duguuggaa sanyii geggeefamaa jiru kana irraa ooluun gaaf tokko isaan waliin wal qixxaadhee taa'uun wal quunnamuu dandeenya jedhanii osoo yaadanii, tasumaa iyyuu akkas miira isaanii ifatti anatti hin mul'isan turan.

Aarii kiyya irraa boqochuuf kadhata eegalee osoon kadhachaa jiru akka tasaa luba Muurinziin kutaa ciisicha isaanii keessa kan jiru raadiyoo banan.

Pirezidaantiin Ruwaandaa haaraan haasaa gochaa jiru. Maqaan kutaa biyya keenyaa- Kiibuuyee - yoo dhahamu maal akka jedhan dhaggeeffachuuf gurra keenya dhaabne. Sagalee isaanii irraa hawwiitu calaqqisa – loliisni dhaabbate ta'innaa? Nuti hoo dhuma irratti kutaa dhiqannaa kana gad-dhiisuun baanee maatii keenya barbaaddachuu dandeenya ta'innaa laataa? Dhuma irrattis oduu gaarii dhagahuuf jenna jechuun ja'anuu keenya gurra keenya dhaabuun ija hawwiin wal ilaalle. Jeeqamuun dhaggeeffachaa osoo jirruu abdiin keenya nu cite.

"Gama kiyyaan Huutota tattaafatoo Kiibuuyee hojii dansaa hojjetaniif, baga gammaddan jechuun barbaada," jedhan pirezidaantichi sun. "Diinotni keenya Tuutsotni kutaa biyyaa kamiin irra caalaatti Kiibuuyee keessa dhabamsiisaniiru."

Miira dhukkubbiitu anatti dhaga'ame. Addunyaan maraatummaa biyyattii cimsee gadi qabee jiru hin argine? Qaamni kam-iyyuu dhufee nu gargaaruu kan danda'u hin jiru jechuudhaa?

Pirezidaantichi sunis Kiibuuyee keessatti geggeeffama kan jiru "Hojii gaarii" sanaan waan gammadeef, ajjeeftotni mo'annaa isaanii kana haala gaarii ta'een akka kabajatan bittaa nyaataa fi dhugaatiif kan oolu doolaara kumaatamaan lakkaa'aman akka ergan waadaa seenan. "Hojii keessan akka xumurtanii fi diinotni keenya hunduu yoo du'an, jannata keessa jiraanna. Arraabbiiwwan waliin wal dorgommii hojii taasisuun nuuf hafa. Arraabbiiwwan xixiqqoon bakka hin jiraanne manneen barnootaa keessatti ijoollota Huutotaaf bakki gahaan ni argama." Tamsaasa kallattiin ta'uun isaa hin oolu kan dubbatan. Namootni yoo harka walitti dhahanii fi huursan nutti dhaga'ama.

"Kiibuyee keessatti hojii gaarii hojjechaa turtaniittu – hamma tokko diinotni keenya du'aniiru. Ta'us garuu hundumaa ajjeesuu qabna. Hojicha akka adda hin kutne!"

Miira abdii kutannaan wal ilaalle. Naannoo keenyatti kan argaman hanga ta'e tokko Tuutsotni hundumtuu ajjeefamaniiru kan jedhe dhugaa ta'innaa laata? Tuutsota nuusa miliyoonaa gararraadha kan Kiibuuyee keessa jiraatan … kun akkamiin ta'uu danda'a? Maatiin keenya hoo? Abbaaf haati kiyya, Viiyaanii fi Oogastiin eessa jiru ta'inna? Wayyoo jaallatamaan obboleessa kiyya Daamaasiin eessa jira ta'inna? Waaqayyo akka ana qoraa jiru gaafadhe – harka kiyya kadhannaaf irra deebi'uun walitti qabadhe. Garuu seexanni gurra kiyya irraa yeroo inni itti iyyaa jiru kanatti, iddoo kiyya callisaa sana kan ani taa'uun waaqa waliin walitti haasa'uu argachuu hin dandeenye.

Haasaan pirezidaantichaa akkuma tamsa'ee xumurameen foddaa irraan sagalee dhageenye; sagalee inni tokko kan hiriyaa kiyya yeroo dheeraa kan Jaaneeti. Mooraa keessa keenyata mana dhiqannaa sana kara biraan dhaabbachuun waa'ee kiyya haasofti. "Iimaakiyuulee?" jette. "Ganaa eenyuu iyyuu ishee hin arganneen. Hiriyaa kiyya anatti fakkaattee turte garuu sobduu dha. Nageenyi guddaan akka anatti dhaga'amu akka ana jaallattu fakkeessuuf

yaalaa turte. Abbaan ishee maatii kiyya ajjeesuuf akka karoorse ni beekti turte… ishee argachuun yoo ajjeesan illee homaa anatti hin dhaga'amu."

Wayyoo waaqa kiyya kanattii aanee maaltu dhufa ta'inna? jechuun dhiphadhe. Akkamiin Jaaneet waa'ee kiyya akkana jechuun dubbatti? *Yeroo dhumaaf gaafa wal arginee turre sana akka isheen hedduu aartee turte beekeera. Garuu aariin ishee kun dhiibbaa abbaan ishee irraan gahaa jiru fi dhiibbaa lola geggeefamaa jiru akkas ishee gochuu isaati kan anaaf gale. Ta'us garuu hiriyaa jaallatamtuu kiyya kan yeroo dheeraa waliin turre du'us jiraadhus akka dhimma ishee hin taane yoo haasoftu ana dhibe.*

Jaaneet yoo ana qooddu gurra kiyyaan dhaga'uun kiyya, qofummaan akka baay'ee anatti dhaga'amu waan ana godheef, hiriyaa tokko waliin haasa'uun ana barbaachise. Gara mana barumsaa kiyyatti deebi'ee kutaa ciisichaa waliinii keessatti Kileementaayiinii fi Saaraa waliin akka kolfinee taphannuu fi harka kiyya qabuun ana tasgabeessaa waa'ee dhiphina kiyyaa kanaa akkan isaan irratti gatuun boqodhun hawwe.

Diyaabiloos yaada kiyya dhageeffachaa jira kan ana jechisiisu yoo jiraate, akkuma Jaaneet hiriyummaa keenya haaltu dhaga'een, gabaasni tokko gara raadiyoo lubichaan itti aanuun dhaga'ame – gabaasni kun mooraa yuuniversitii ani itti baradhu keessatti du'a barattoota dhibbaan lakkaa'aman kan ibsee dha. Sababni du'a isaaniis ajjeechaa irratti raawwatamee dha.

"Buutareetti lafa ishee barbadeessineerra … bofoota lakkoofsaan 500 caalanii fi hiriyoota isaanii Huutota kan nuyiin haalan yuuniversitii keessatti ajjeesneerra." jechuun namichi gabaasicha dhiyeessaa jiru laphee dhiibuun dubbate.

Baay'inaan hiriyoota kiyya yuuniversitii kan ani mana barumsaa sadarkaa 2ffaa eegalee hiriyyummaa gaariin beeku waan turaniif, waa'ee isaanii yoon yaadu ana dhukkube. Sirriitti kan ani beeku baay'een isaanii ayyaana du'aa ka'uu gooftaa yesuus kabajachuuf achuma mooraatti akka hafanii dha. Isaan waliin kan ani kolfe, boo'ee fi kadhata godhachaa ture ijoollota durbaa sun hundi anatti yaadataman… abjuuwwan keenya yeroo guddaannuu waliif hiraa

turre – jaalalaan kufuu fi maatii horachuun anatti yaadatame. Guutummaa bara jireenya keenyaa keessattis, haga dhumaatti hiriyoota gaarii waliif ta'uun akka itti fufnu sirriitti beekna turre – amma garuu jireenya isaaniif dhumateera; badaniiru. Kan du'an reebichi guddaan irra gahuun akka hin taane kadhata godheef. Sana boodas xalayaa bareedduun abbaan kiyya anaaf erge, kan akka ani ayyaanaaf gara manaa galu itti ana gaafate osoo ana hin geenye ta'ee anis akkuma isaan ta'an ta'uu akkan danda'u yaade.

Onneen kiyya guddaa ana dhukkubsate. Kan ani jaalladhu hunda dhabe ta'innaa laata? Ija kiyya dunuunfachuun Waaqayyo ana waliin jiraachuu isaa mallattoo wayii akka anatti agarsiisu kadhadhe. Kan anaaf hafe, kan ani itti amanachuu danda'u isa qofa. Mallattoon eeggachaa jiru irra iyya maaloo anaaf qaqqabaa jedhun dhaga'e.

"Baga anaaf jiraattan luba Muuriinzi! Maaloo ana gargaaraa. Anatti dhufaa jiru… ana ajjeesuuf dhufan!"

Sagalee dubartittii beekeera – jaartii dhirsi isaanii ajjeechaa bara 1973iin irraa ajjeefaman aadde Soonii dha. Mana barumsaa dhufee konkolaataa geejjiba uummataa irraa yoo ani bu'u, kudura anaaf kennuun obboloota kiyyaaf ammo kennaa xiqqaa qopheessuun yeroo hunda dhufanii nagaa kan ana gaafatan jaartii gaarii dha. Akka akkoo kiyyaatti kan isaan ilaaluun; sababa kanaafis iddoo jiruu ka'uun akka dhufanii nu waliin da'ataniif waamuu barbaade.

Lubichi garuu "Asii deemi. Ani Tuutsota hin dhoksu. Baay'een gadda. Asi seenuu hin dandeessu." yoo jedhaniin dhaga'e.

"Maaloo luba Muurinzi, dhiifama anaaf godhaa. Isin nama Waaqayyooti – maaloo lubbuu kiyya anaaf oolchaa… eenyutti illee hin himu. Nan callisa. Du'uu hin barbaadu luba Muurinzii. Ani jaartii dha. Nama kamiin iyyuu miidhuu kan danda'u gochaa kamiin iyyuu raawwadhee hin beeku"

"Ati diina biyya kanaati; si'i dhoksuu hin danda'u. ani Huutuu maqaa gaarii qabuudha; amma asii deemi" sana boodas balbala fuulduraa itti cufan.

Namootni ajjeechaaf bahan sun fageenya irraa faarsaa adamoo isaanii faarsaa gara mana nuti jiruutti dhiyaataa yoo dhufan nan

dhaga'a. Kan nama gaddisiisu, aadde Sooniin irra deebi'uun iyyuu jalqaban. Yaada sammuu kiyyaan anatti mul'atu; yeroo isaan sodaan qabeenii dhaabbata isaaniitti hirkachaa miilla isaanii okkoluun suuta deeman, ajjeeftotni sun immoo tokkichumaan bira yoo gahan.

Boo'uus barbaade; garuu imimmaan tokko illee anaaf hin dhufne. Onneen kiyya irra deddeebi'uun rakkoo suukanneessaa guddaan waan irra gaheef jabaateera. Waa'ee lubichaas aariin tokko anatti hin dhaga'amne. Tarii yemmuu aadde Sooniin manicha bira gahan namootni ajjeechaaf bahan fageenya baay'ee dhiyoo irra jiraachuu waan danda'aniif, deemi jedhanii deebisuun irraan kan hafe filannoo biraa qabaachuu hin danda'an ta'a.

Ija kiyya dunuunfachuun akka Waaqayyo lubbuu aadde Soonii gaarii kana ofitti fudhatuu fi jannata keessaas bakka akka qopheessuuf kadhadhe. Sana booda ammas irra deebi'uun akka inni eegumsa nuuf gochaa jiru mallattoo wayii akka nuuf erguuf gaafadhe.

Luba Muurinziin balbala banuun jecha tokko osoo hin dubbatin kitaaba qulqulluu ani gaafadheenii ture sana anaaf kennan.

- Akkuma sanaan banuun Faarsaa 91 (1-7tti) baafadhe dubbise.
- Namni golgaa isa hundumaa gararraa jiru keessa jiraatu, gaaddisa isa hundumaa danda'u jala ni buufata. Waaqayyoon "Ani sitti kooluu galeera; ati waaqayyoo koo isa ani amanadhuu dha" ni jedha. Waaqayyo kiyyoo namni siif kaa'e, dha'icha nama balleessu irraas si oolcha; harka isaatiin si golbooba bobaa isaa jalatti kooluu ni galta, amanamummaan isaa gaachanaa fi marsaa siif ni ta'a. Waanti halkan nama sodaachisu xiyyi guyyaa namatti gad-dhiifamus si'i hin sodaachisin! Dha'icha dukkanaan namatti dhufu dhukkuba adeemaa saafaa nama balleessus hin sodaatin! Kumni tokko si'i bukkeetti kumni kudhanis gara mirga keetti yoo kufan iyyuu, waanti namatti dhufu kun si'itti hin dhiyaatu.

BOQONNAA 13
YAA'II IJOOLLOTA MAATI-DHABEEYYII

Yeroo ji'a tokko gararraa ta'u darbeera; nutis lammata deebinee samii arguu hin dandeenyu jechuun yaadne. Gareen ajjeeftotaa sun eenyutti haa ta'u dursanii osoo itti hin himin guyyaas ta'e halkan sa'aatii barbaadanitti mana lubichaatti akka barbaadan ni deddeebi'u. Mura muraasa yookiin dhibbeentaa muraasaan kan lakkaa'aman ta'uu ni danda'u – sa'aatii ajajamanitti, yeroo odeeffannoon isaan gahettii akkasumas yeroo hojii hin qabnettii fi Tuutsota haaraa reebaman yookiin ajjeefaman adamsuu yoo barbaadan ni dhufu. Yeroo hundumaa ni dhufu; hanga nu argatanitti yookiin ammo hanga duula lolaa kanaan mo'amanitti dhufuu isaanii akka itti fufan ni beekna.

Raadiyoo lubichaan gabaasotni haaraan dhaga'aman guddaa nama suukanneessu: - namootni aangoo mootummaa gubbaa irra jiran, tokkoon tokkoon buufata raadiyoo Ruwaandaa keessa jiran hunda gara meeshaa waa'ee ajjeechaa kan ittiin odeessanitti jijjiiraniiru. Namootni buufata raadiyoo sana irraa jiran Huutotni

iddoo kamitti iyyuu Tuutsota bakka argatanitti hundatti gaaffii tokkoo gaafachuun osoo isaan hin barbaachisin ajjeesuun dirqama isaanii akka ta'e ni dubbatu. Biyyattiin haga sa'aatii sanaatti guutummaa guutuutti cufaa yoo taatu; sababni kun ta'uu danda'efis, ajjeechaan geggeeffamaa jiru akka hin gufanneefi. Qotee bultootni tokko tokko midhaan isaanii maasaa irratti jalaa badaa jiraachuu isaaf waan itti gaddaniif, aanga'ichi mootummaa tokko raadiyoodhaan asi bahuun namni tokko maasaa isaa kunuunsuuf ajjeechaa irraa guyyaa tokkoof illee hafuun gara sana yoo deemu, ofii isaa kan ittiin eeguu danda'u meeshaa qabachuu qaba jechuun yaadachiise.

"Dagachuu hin qabdan! Jarri bofti kun –Tuutsotni- margaa fi mukkeen jala dhokataniitu kan jiran" jedhe. "Waan kana ta'eef seefii keessan qabattanii sanyii bofootaa sana bakka lamatti muruuf of qopheessuu keessan sirriitti beekuu qabdu. Yoo isiniif danda'ame meeshaa keessan fudhattanii itti dhukaasuun ajjeesaa! Qawwee hin qabdan yoo ta'e, mootummaan isiniif kenna. Maasaa keessan irratti hojjechaa osoo jirtanii dubartiin Tuutsii bosona keessa taa'uun mucaa ishee osoo hoosifattuu yoo argitan, carraa deebi'ee hin argamne akkasii kana of jalaa hin balleessinaa – qawwee keessan kaasaati ajjeesaanii! Kana gochuu keessaniifis akka waan dirqama keessan baataniitti yaaduun gara hojii keessaniitti deebi'aa. Mucicha isheen baattus garuu ajjeesuu hin irraanfatinaa – ilmaan bofaa yoom iyyuu bofuma; sababa kanaaf mucichas ajjeesaa!"

Namootni naannoo sanaa kan aangoo qaban bakkee buufata boba'aa seefii yoo hiran, hidhattootni ammoo gama isaaniin balbala namootaa irra naanna'aa qawwee fi boombii ni kennu. Luba Muurinziin iyyuu halkan guyyaa tokkoo yeroo nyaata nuuf fidanitti qawwee isaanii laphee dhiibuun gateettii isaaniitti fannifatanii turan. "Hin sodaatinaa; Isin ajjeesuuf mitii" nuyiin jedhani qawwee isaanii fuula keenya dura asiif achi raasaa. "Loltoonni mootummaa muraasni har'a gara kana dhufuun meeshaa kana anaaf kenna. Hin barbaadu jedheen ture; yoo tasuma fudhachuu dide nama dhimma hin qabne taate jedhanii ana ajjeesuu danda'u turan" qawwee isaanii gateettii isaanii irratti fannifachuun dura, harka isaaniin qabanii asiif

achi galagalchaa “baay’ee barbaachisaa ta’ee yoo anatti mul’ate irraan kan hafe hin gargaaramu” jechuun waadaa seenan.

Ruwaandaa keessa kan jiru namni Huutuu ta’e hundi qawwee yookiin seefii waan qabu fakkaata; kun egaa ajaja Tuutsota irratti gargaaramuu akka qabanii waliin kan dhufee dha – addunyaa irra namni kam iyyuu maaliif akkana gootu jechuun kan isaan gaafate hin jiru. Gabaasa raadiyoo irraa kan dhageenyu gargaarsi kam-iyyuu dhufaa akka hin jirre beekneerra; biyyootni biroon keessumaa ammoo biyyootni guddanne jedhan dhihaa, akkamiin fuula isaanii nuyi irraa achi naannessuu akka danda’an anaaf galuu hin dandeenye. Akka dhumaa jirru ni beeku. Ta’us garuu homaa tokko iyyuu nuuf hin goone.

Dhaabbata Mootummoota Gamtoomanii (Dh.M.G) illee osoo hin hafin ajjeechaan kun erga eegaleen booda waraana naga-eegsisaa isaa biyya keessaa baaseera. Haa ta’u iyyuu malee, Ruwaandaa keessatti ajajaa waraana Dh.M.G kan ta’an namtichi dhalootaan Kaanaadaa Jeneraal Roome’oo Daaliyer jedhaman, ajaja biyyattii gadhiisaa bahaa jedhu hin fudhannu jechuun waraana muraasa dhibbaan lakkaa’aman waliin Ruwaandaa keessatti hafaniiru. Jabinaa fi gaarummaa nama qaban ta’anis, galaana ajjeeftotaa keessattii qofaa isaanii hafaniiru. Raadiyoodhaan yeroo hunda qaamni isaan dhaga’u kam-iyyuu yoo jiraate, duula ajjeechaa geggeeffamaa jiru dhaabsisuuf waraana isaa gara Ruwaandaatti akka ergu yoo kadhatan dhageenya; garuu eenyu iyyu dhimma kiyya jechuun kan isaan dhagahe hin turre. Duraan biyya keenya koloneeffattee kan turte Beeljiyeem waraana ishee Ruwaandaa keessa baasuun biyya jalqabaa taate. Gama biraan Yuunaayitid steetis duguuggaan sanyii geggeefamaa jiraachuu isaa illee beekkamtii hin laadhu jette! Qaamni kun hunduu Tuutsiin: dhiirri, dubarrii fi mucaa xiqqaan tokko illee osoo hin du’in, namootni siyaasa irratti hirmaachaa jiran kun ajjeechicha akka hin dhaabne hin beekan jechuun hin danda’amu. Namni kam-iyyuu sagantaa buufata raadiyoo kamiin iyyuu banuun maal akka karoorsanii fi maal akka gochaa jiran dhaga’uu ni danda’a.

Darbee darbee lubichi waa’ee karoora mootummaa duula duguuggaa sanyii irratti qabu kan gabaasa raadiyoo keessatti hin

haammatamne nutti himu. “Tuutsotni hunduu du’anii yoo dhuman tasumaa akka kanaan dura hin turreetti fakkeessuuf karoorfameera. Haftee isaanii kamiin iyyuu ni balleessu” jechuun osoo homaa itti hin fakkaatin nutti himan. “Namootni magaalichaa ani beeku kan aangoo mootummaa qaban galmee Tuutsii waliin wal qabate kamiin iyyu akka balleessan ajajamaniiru. Baay’inaan galmee mana barumsaa fi iddoo hojii gubuun gara waraqaa raga dhalootaa, cidhaa fi du’aatti darbaniiru. Kun egaa magaalaa fi ganda kamiin keessatti iyyuu haaluma wal fakkaataan kan geggeefamaa jiruu dha – ajajichis waanti Tuutsotaan wal qabate tokkichi isaa iyyuu biyyee Ruwaandaa irratti hafuu hin qabu kan jedhuu dha” nuyiin jedhan.

Waan gaarii tokkichi nuti dhageenye waa’ee waraanaa qofa. Mootummichi Huutuu AGR keessa kanneen jiran loltoota finciltoota Tuutsii hunda ajjeesaa akka jiru beeksisuu isaa itti fufeera. Booda irratti garuu BBC fi miidiyaalee biyya alaa biroon, kutaa biyyattii tokko tokko keessattii loltoonni finciltoota AGR duulicha mo’achaa akka jiran dhageenye. Yeroo tokko tokko dursaa AGR kan ta’e Pool Kaagaameen Tuutsotaan “Du’a irra isin oolchina” jechuun akka isaan abdii hin kutanne yoo jajjabeessu dhageenya. Yooma illee loltootni finciltootaa sun kan falmachaa jiran iddoo nuti jirru magaalaa Maataabaa irraa fagaachuun naannawaa Kiigaalii fi fiixee kibbaan ta’uu beeknes, Kaagaameen garuu nuuf goota keenya. Jechi Kaagaamee haala keenya hin jijjiirre; guyyaa tokko garuu mootummaan Huutuu birmadaa’ee loltootni Tuutsii nuyi oolchuuf dhufuu akka danda’an abdii xiqqoo nutti uumeera.

Lolichi finiinaa akka adeemeen, lubichi nuyiin maal gochuu akka qaban yaaduun hedduu dhiphachuu eegalan. “Lolli geggeefamaa jiru ji’oottan hedduuf ni tura taanaan, nyaata isin nyaachisu hin qabaadhu. Isiniin asi tursuu hin danda’u” jechuun luba Muurinziin soda qaban nuuf ibsan.

Gateettii isaanii irratti fannisanii kan turan qawwicha yaadachuun, nyaata nuyi sooran yoo fixan maal nu gochuuf akka karoorsan yaadeen dhiphadhe. Nuyiin oolchuuf jedhanii jireenya isaanii dabarsanii erga kennaniin booda gara ajjeesaattii ni jijjiiramu jedhee yaaduu hin danda’u. Garuu sirriitti kan ani beeku, halkan walakkaa akka Daamaasiin fi Viiyaanii irratti raawwatan nuyiin

akka baasanii nu hin gatnee dha. Naannoon keenya namoota ajjeechaaf bahanii kan guutame akka ta'ee fi kutaa dhiqanichaa keessaas yoo baane sa'aatii tokkoof illee lubbuun turuu akka hin dandeenye beekamaa dha.

Lubichi dhuma irratti gargaarsi Waaqayyoo akka isaan barbaachisu murteessuuf baayyee itti yaaduun isaanii agarsiisa. Halkan guyyaa tokkoo, Waaqayyo akka inni loltoota mootummaa gargaaruuf akka kadhannu nu gaafatan. Ni ilaalleen… akkamiin akkas nama miira hin qabne akka ta'an amanuuf anatti ulfaate.

Haa ta'u iyyuu malee, iddoo nama dhiphisu keessa waan taaneef kan biraa maal gochuu dandeenya? Harka keenya walitti qabachuun waan kadhannu fakkeessine. Dhugaatti kan ani kadhadheef, Tuutsoota kumaatamaan lakkaa'aman gara jabinaan ajjeefamaniif dha. Sana boodas ajjeeftotni gara waaqaatti dhiyaatanii jaalala isaatiin jijjiiramuu akka danda'an kadhadhe – *yaa Waaqayyo, humna waaqummaa keetiin itti bu'i. Yeroo sana qofa kan seefii isaanii gatuun jilba isaaniin lafatti kufani. Maaloo yaa Waaqayyo, ajjeechaa isaanii akka isaan dhaaban taasisi. Dhiifamas isaaniif godhi.*

Lubichis nuyi irratti akka garaa hin jabaanne kadhadhe: yoo nu ilaalan garaan isaanii akka nutti hin jabaanne; dhala namaa ta'uu keenyas akka yaadataniif.

Isaan waliin kadhachuu akkuma xumurreen, lolli geggeeffamaa jiru kun yeroo xumura argatutti luba Murinziin maal nu gochuuf akka yaadan nutti himan nuyi naasisan. "Ajjeechaan geggeeffamaa jiru yemmuu xumuramutti Ruwaandaa keessatti Tuutsiin lubbuun hafu tokko illee waan hin jiraanneef, isiniinis namni tokko iyyuu osoo ana hin argin isin erga. Kanaafuu, bakka namni isin hin beekne deemuutu isin irra jiraata – eenyu iyyuu yeroo lolli geggeeffamaa turetti akka ani isin dhokse beekuu iddoo hin dandeenyetti.

Akka nuyiin jedhanitti yoo ta'e, niitii miseensa gosa Aabaashii ta'uun hara Kiivuu walakkaatti lafa bishaan gidduutti argamu, kan iddoo amma nuti jirru irraa kiiloomeetira 80 fagaattutti nu erguuf yaadaniiru.

Waan isaan nutti himan kana amanuu dadhabuun wal ilaalle. Aabaashi'otni uummata doofaa (boodatti hafoo) yoo ta'an, kan jiraatanis bosona keessa sanuu immoo addunyaa hafe waliin tasumaa wal quunnamtii osoo hin qabaatini. Manneen barnootaa, manneen amantaa yookaan ammo hojii dhaabbataa tokko illee kan hin qabne dha. Gogaa leencaan kan hafe uffannaa biraa kan hin uffatne yoo ta'an, kan sooratanis waan bosona sana keessatti adamsan yookaanis funaanuun argatanii dha. Maatiin Ruwaandotaa ijoollota isaanii balleessaa bal'eessaniif yoo sodaachisan, Aabaashi'oota waliin deemtee akka jiraattuuf manaa si baafna/ari'anna jechuun – bulguu waliin deemee akka jiraatuuf nama ari'uu akkuma jechuuti. Dubaree Ruwaandaa tokkootti himuu kan dandeessu waan gadheen hundaa olii yoo jiraate Aabaashiitti akka heerumtuu dha.

"Maaltu isin hafa? Waanti mari'annu hin jiru" jechuun miira xumuraatiin lubichi nutti dubbachuun waa'ee carraa keenyaaf ammo nuyi ofii keenyaaf akka itti dhiphannu nu dhiisuun bahan.

LUBICHI KARAA ISAAN WAA'EE KEENYA ITTI YAADAA JIRAN NAN JIBBE. Ta'us garuu yaadni isaanii anaaf gala. Mankaraaressitootni Huutuu kan jalqaban dhugumatti akkuma jedhan yoo xumuran, nuti qofaa keenya Ruwaandaa keessatti Tuutsota lubbuun hafan ta'uu dandeenya – biyya diinaa keessatti ijoollota maatii hin qabne taana.

Maati-dhabeessa ta'uun kiyya anatti hin dhaga'amne. Nageenya argachuu qofaaf, osoon walittii hin kutin waan kadhahdeef Waaqayyo waliin wal quunnamtiin ani qabu ture ni danda'ama jedhee kan ani yaade gararraatti guddaa anaaf ta'e. Akka waan ani mucaa mootii mootota addunyaan argitee beektu gararraatti gaarii fi aango qabeessaa ta'eetti kan anatti dhaga'ame. Guyyaa guyyaan bakka onnee kiyya keessa jirtuu iddoo addaa sana waaqa kiyya waliin dubbachuuf yoon deemuun yoon dhokadhu, yaadota kiyya hunda isatti himadha. Bakki sun bakka itti onneen kiyya hafuura qulqulluu waliin itti dubbatuu fi hafuurri isaa lubbuu kiyya waliin wal quunnamu bakkee xiqqoo bifa jannataatiin hojjetamte jedheen yaade. Hafuura isaatiin yoo ani jiraadhu, tasumaa ana dhiisuu akka

hin dandeenye, qofaa kiyya akka ani hin taanee fi tasumaa akka ani hin miidhamne anaaf mirkaneesse.

Dhagaa ta'uun lafa xuraawaa sana irra sa'aatii dheeraaf taa'e. Waa'ee qulqullummaa isaa taa'ee yoon yaadu, humni jaalalaa isaa lubbuu kiyya yoo qulqulleessu fi sammuu kiyya sossobaa akka qulqullaa'aa bishaanii keessa kiyyatti ni tamsa'a. Guyyaa tokko tokko akka waan ani barruu harka waaqaa irratti qabamee jaallatamaa harka isaa keessa nagaan seenuun qaama kiyyaan olitti akkan balali'aa jirutu anatti dhaga'ama. Sammuu kiyyaan kanaan dura dhaga'ee kan ani hin beekne afaan haaraan yoo ani haasa'un of dhaga'e – osoon hin beekin waa'ee guddummaa Waaqayyoo fi jaalala isaa waaqeffachaa akka ani jiru anaaf gale. Yeroon dammaqu hundatti, guyyaa guyyaan sa'aatii 16 hanga 20tti kan ta'aniif kadhannaan hafuura keessa galuun adda kutiinsa tokko malee waaqa waliin wal quunnama. Yeroon muraasa hirribaaf qabu keessatti illee, sa'aatii muraasaaf waa'ee Iyyesuusii fi durbee Maariyaam yaada.

Duguuggaa sanyii sana keessatti nageenya kiyya argadhe. Walitti dhufeenya ani waaqa waliin uume qabu kun kutaa dhiqannichaa, lolicha fi akkasumas walfixiinsa geggeefamaa jiru kana akka ani ce'u anatti beekama. Walitti dhiyeenyi ani uume jireenya biyya lafaa illee osoo hin hafin kan ani ittiin ce'u ta'uun anaaf uumamuu isaa anatti beekame.

Onneen kiyya gooftaaf bane; innis jaalalaa fi dhiifama isaatiin anaaf guute. Kutaa dhiqannaa sana keessa ta'uun kiyya haga dhumaatti kan ani isa galateeffadhu eebba guddaa anaaf ta'e. Maatii kiyya ta'anis duula wal fixiinsa kana keessatti bakkee irratti badanii kan jiran argamuu danda'anis, ani garuu haala kamiin keessatti iyyuu maati-dhabeessa hin ta'u. Kutaa dhiqannaa sana keessatti irra deebi'uun dhalachuun jaallatamtuu mucaa Waaqayyoo ta'eera waan ta'eef.

NUTI GARA MANA KANAA JALQABAAF YEMMUU GEENYUTTI**,** ijoollota luba Muuriinzi kudhan keessaa mucaa dhiiraa isaanii xiqqicha Lachim kan jedhamuu fi mucaa durbaa isaanii Duuzeenjee jedhamtu qofa kan isaan waliin jiraachaa turan. Duulli lolaa sun finiina akka adeemeen garuu ijoollotni isaanii kan

biroonis gara manaatti deebi'an. Sababa kanaanis, manichi guutuu eegale. Lubichis qofaa isaanii deddeebi'uun nu kunuunsuun waan rakkiseef, naannoo torban shaniif jiraachuu keenya dhoksaan erga nu tursaniin booda, addunyaa kana irratti amantaa guddaa kan irraa qaban ijoollota isaanii keessa lamatti - Lachimii fi Duuzeenjee-himuun boqoqtan.

Lachim nama onnee guddaa qabu yoo ta'u Duuzeenjeenis gama isheetiin hiriyaa kiyya yeroo dheeraa fi mucaa gaarii turte. Yeroo hedduu yoo dubbatan akkan dhaga'etti, Tuutsota irratti kan raawwatamaa jiruun gaddaniiru.

Lubichi ijoolleen isaanii akka nu ilaalaniif fiduuf akka jedhan nutti himan. Balbalichas yoo banan fuula ijoollota isaanii irratti kan ani arge gaddaa guddaa fi nuuf dhimmamuu isaanii dha. Duuzeenjeen sagalee gaarummaa of keessa qabuun nagaa yoo ana gaafattu, Lachim ammoo harka kiyya harka isaatiin jabeessuun qabe. "Wayyoo Iimaakiyuule" jechuun anatti hasaasee callisa guddaa keessa gale. Yeroo dhumaaf kan wal agarre yeroo ani dhokkannaaf dhufe sana yoo ta'u, kutaa dhiqannaa keessatti amma wal arguu keenyaan dura waantota uumaman waliif ibsuuf jechoota argachuu hin dandeenye. Harka kiyya qaqqabachaa "Ati asi dhokachuu keetiif guddaa anatti tola. Maatiin kiyya waan tokko si'iif gochuu danda'uu isaatiif gooftaaf haa galatu. Haala gaariin si'i qabna – kunuunsina"

Gaarummaa inni anatti agarsiise kun, waggota muraasaan dura yaadannoowwan gaarii hiriyummaa qulqulluu horatnee turre ana yaadachiise. Waaqayyo wal-quunnamtii sababa hin qabne akka inni hin uumne arge – waggoota muraasaan dura anaaf Lachimiin waan wal nu quunnamsiiseef amma mana isaanii dhokachuu danda'eera.

Eenyu isaanii illee waa'ee oduu maatii kiyyaa yoo anatti hin himne akkasumas waa'ee iddoo argama hiriyaa kiyya dhiiraa Yohannis hin beekan ta'us, hiriyoottan kiyya duraanii argachuu kiyya nan jaalladhe. (Biyyattii keessatti erga lolli kun eegalee jalqabee toorri bilbilaa cite waan jiruuf akka salphaatti wal quunnamuun rakkisaa ta'eera.) Lachimii fi Duuzeenjeen kutaa dhiqannichaatti ifa dabalataa kennan. Guyyaa tokko tokkos shaayii

finjaala tokko tokko nu dhandhamachiisu. Yeroo sanatti argachuun kan hin danda'amne dhugaatii ajaa'iba!

Luba Muuriinziin maati-dhabeessa nu godhanis ijoollotni isaanii xixiqqoon garuu nuyiin maati-dhabeessota kana guddisuuf ofitti nu fudhatan.

Ji'a Caamsaa gara walakkaatti halkan guyyaa tokkoo balballi kutaa mana dhiqannaa sun tasuma humnaan baname. Akkuma sanaan dargaggootni miseensa ajjeeftota Interhaamiwee lama ol seenuun nuyi irratti kufan. Qaamni keenya nu suukannaa'uun, daqiiqaa kamitti iyyuu seefii isaani nutti ol kaasuun isaani hin oolu jechuun of irratti eeggachuu eegalle. Garuu sanaan booda sagalee akka nuti callisnee teenyuu nu ajajuu fi akka nuti hin dhiphanne nu gaafatu hasaasssi luba Muurinzii dhageenye. Daqiiqaa muraasaan boodas namootni sun ajjeeftota akka hin taane nuuf gale. Abdii kan kutatanii fi waldaa dhoksaa obboleettotaa keenyatti dabalamuuf kan dhufanii dha.

Tuutsota biro lubbuun jiranii fi hafuura baafatan lama arguu keenyaaf guddaa gammadne; iddoo taa'umsaa garuu argachuufii hin dandeenye. Luba Muuriinziin ijoollettii gara kutichaatti yoo ol galchanii nutti dabalan, bakkeen dhaabbii waan hin jirreef nuyi irratti kufan. "Sagalee tokko iyyuu akka hin dhageessifne" jechuun nu yaadachiisuun balbala cufan. Ifni dimimisaa'aan karaa foddaa kuticha keessa seenu fuula dubartoota sanaa hanga tokko ni agarsiisa. Afaan mallattoo keenyaan itti dubbachuuf yoo yaallu, ijoollettiin maal akka jechaa jirru tasumaa galuufii hin dandeenye. Daqiiqaa muraasaaf sagalee keenya akka dhaga'amutti xiqqoo ol kaasuun gaaffii fi deebii taasifneen eessaa akka dhufan fi bakkee alaa irraa maaltu ta'aa akka jiru beekuu dandeenye.

Maqaan isaanii Maalaabaa fi Soolaanji jedhama – Maalaabaan umriin kan ana gittu yoo taatu, ijoollummaa kiyyaan yeroo muraasaaf kan argee ta'us sirriitti hin beekuuni. Soolanjiin ammoo kanaan dura argee kan ani hin beekne mucaa waggaa 10 keessatti argamtuu dha. Nuti osoo hin beekin ijoollota guguddo luba Muurinzii keessaa tokko –Maariyaanee- dubartoota lamaanuu mana jireenyaa ishee kan kibba Ruwaandaatti argamu keessatti duulli

duguuggaa sanyii kun erga eegalee kaastee dhoksitee jiraachisaa turteetti. Duulli garee finciltootaa waliin taasifamaa jiru kutaa biyyattii kibba keessatti waan finiinaa jiruuf, mankaraaressitootni Huutuu iddoo hundumaa basaastota Tuutsii ni barbaadu turan. Maariyaaneen maqaa gaarii fi namaaf gadduu danda'u waan qabduuf, mankaraaressitootni Huutuu biratti ija shakkiin ilaalamte. Manni ishee yeroo hedduu sakatta'ameera; Maalaabaa fi Soolanjiin sa'aatii kamitti iyyuu argamanii qabamuu danda'u turan.

Maariyaaneen waraqaa eenyummaa sobaa Maalaabaaf argachuunii fi lamaanuu dubartoota sanaa uffannaa namootni ajjeechaaf bahan sun uffatan itti uffisuuf dandeesseetti. Gareen Iinterhaamiwee Tuutsota akka ittiin ajjeeftuuf kan kenneef seefii, qawwee fi boombii harkaa konkolaataa ishee keessa kaa'uun, ijoollota dubartoota sanas meeshota sana bira teessifte. Sana boodas, duulli waraanaa naannoo isaanii moggaa hanga moggaatti yoo finiinu, adeemsa dheeraa fi daran rakkisaa ta'e iddoo hunduu nageenya argachuu itti danda'u jettee yaadde gara mana abbaa ishee gara kaabaatti eegalan.

Kiiloomeetira muraasa iddoo hedduu irratti ajjeeftotni Iinterhaamiiwee keellaa jiran mara irratti konkolaataa isaanii dhaabuun waraqaa eenyummaa isaanii akka agarsiisaniif akka gaafataa turan Maalaabaa fi Soolaanjiin nutti himaniiru. Soolaanjiin waraqaa eenyummaa waan hin qabneef keellaa dhaabbanne hundatti ni ajjeesna jechuun yaadu. Waraqaa eenyummaa qabachuu dhabuun akkuma waraqaa eenyummaa Tuutsotaa kan murtoo du'aa qaqqabsiisu qabachuutti lakkaa'ama.

"Namtichi tokko yeroo inni waraqaa eenyummaa Tuutsii ta'uu isaa mul'istu itti kennu, achuma fuula keenya duratti kan kukkutaniin" jette Soolaanjiin mataa ishee raasaa sagalee ishee cufamaa sanaan waan ija isheen argite amanuu dadhabaa hasaasuun.

"Waraqaa eenyummaa isaanii Huutota manatti dagatan illee osoo hin hafini kan ajjeesan" jette Maalaabaan. "Namicha isaan ajjeesan tokko sirriittin isa beeka – Huutuu ta'uu isaa nan beeka; isaan garuu hin beekaniin ture. Hojjaan xiqqoo isaan caala… sun ammo isaaniif sababa gahaa ture. Ati basaastuu Tuutsotaati jechuun ajjeesaniin.

Huutuu biraa ammoo sababa inni ittiin falmee qofaaf ajjeesan. Waanti inni dubbate tokkichi yoo jiraate, Tuutsota ajjeesuun isaanii dogoggora ta'uu isaati"

Daandii isaanii eegaluun dura, Maariyaaneen ijoollota sanaan lubbuun ooluu barbaadu yoo ta'an, akka namoota ajjeechaaf bahan sanaatti fakkaachuun socho'uu akka qaban itti himti**.** Keellaa irratti akka dhaabbatan yoo godhamu hunda, konkolaataa irraa bu'uun seefii yookiin qawwee qabachuun qilleensa irra sosochoosu.

"Kan iyyinu akka nama maraateetti ture" jette Soolaanjiin. "Ol-aantummaa Huutuu! Ol-aantummaa Huutuu! Arraabbiiwwan hundumaa ajjeesaa! Tuutsota saroota sana ajjeesaa!" Namootni ajjeechaaf bahan sun nuti akkana jechuu keenya jaallataniiru – hojii gaarii kana itti fufiinsaan akka hojjennu nutti himaa harka baasanii nuuf raasu. Tuutsota ajjeesuu barbaaduu fedhii agarsiisu kan fakkaatu akka nama waraqaa 'haa darban' jedhu qabachuutti lakkaa'ama… biyyattiin maraatteetti. Namoota sana keessaa hedduun isaanii machaa'aniiru; maariwaanaam fudhataniiru. Dhugaatti dubbachuuf, loltootni konkolaataa waraanaan dhufanii keellaa lama irratti yeroo isaan garee ajjeeftota sanaaf qoricha sammuu nama hadoochuu fi dhugaatii nama macheessu kennan argineerra. "

Obboleewwan lamaan gara kaabaatti reeffa hedduu irra darbaa akka dhufanii fi kan ilaalaa jiran reeffa ta'uu isaa beekuuf yeroo dheeraa akka itti fudhate nutti himaniiru. "Reeffotni sun heddumina kan qaban fi walitti qabamuun waan kuufamaniif, tuullaa uffata moofaa fi kosii bira darbaa akka jirru kan nutti fakkaatee ture. Itti dhiyaachuun yoo ilaallu garuu… itti si .. quun fuullee foddaa konkolaatichaa gadi buusuun hubannoon yoo ilaallu garuu, maal akka ta'an nuuf gale. Sagaleen konkolaataa osoo jiruu illee, sagaleen tisiisota reeffota sana irraa wal qaban ni dhaga'ama. Reefficha kan nyaatan sarootni dhibbaan lakkaa'aman, kutaa qaama namoota du'an sanaa irratti wal qabu. Kan nama dhukkubsu ture; guutummaa biyyattii keessa foolii foon badeetu irraa ajaa'a." jette Soolaanjiin. Fuulli ishee diimateera; yoo dubbattus aarii guddaatu itti dhaga'ama. "Waan ani arge kana sammuu kiyya keessaa baasuun anatti

ulfaata… ija kiyya yeroon dunuunfadhu illee kan ani arguu reeffota sana qofaa dha"

Dubbii suukanneessa wal fakkaataa akkasii kana osoo raadiyoodhaa fi luba Muurinzii irraa dhageenyee hin beeknu ta'eeti, waan ijoolleen dubaraa kun nutti himaa jiran amannee fudhachuuf ni rakkanna ture. Dhumni biyya lafaa gahuun Ruwaandaa irraa waan eegalame fakkaata.

Waa'ee maatii keenyaa waanti beekan jira ta'innaa jechuun yoo gaafannuun, maatiin isaanii illee eessa akka jiran quba kan hin qabne turan. Ajjeechaan yemmuu eegaletti akkoo Maalaabaa aadde Maariyaanee (maqaa intala luba Muurinzii isaan dhoksite turte waliin maqaa wal fakkaataa ta'uu isaati) gaafachuuf deemanii turan. Maalaabaan gudeeda keenya irratti taa'umsa ishee sirreeffachaa boossi. "Maariyaaneen dawoo dhokannaa osoo nuuf hin kennine ta'eetii, yoona kana nutis tuullaa reeffotaa sana keessaa tokko irratti gatamnee sareen nyaatamaa jirra ture"

Waan isaan dubbatan dhaga'uun ana aarse. Gidduu kana dhiphachaa akkuman ture, ammas abbaaf haati kiyya, obboleewwan kiyya eessa jiraachuu akka danda'an dhiphachuun Waaqayyo akka isaan eeguuf kadhadheef. Kan ani mari'achiisuu danda'u maatii tokkichi ani qabu si'i qofa waaqa kiyya. Hunduma isaanii akka anaaf eegduuf si'i irratti amanannaa kiyya kan gatu.

HALKAN GUYYAA SANAA KUTAAN MANA DHIQANNICHAA yeroo kamiin caalaatti dhiphate. Bareedduu intalaa mucaa waggaa torbaa Saandaa hirribni qabeenii gudeeda kiyya irratti akkuman haammadheen kutaa xiqqaa sana keessa kan jirru tokkoon tokkoon keenya maatii keenya irraa akkamiin adda bahuu akka dandeenye yookiin ammoo maatiin keenya nuyi irraa akkamiin adda bahuu danda'an yaade. Rifeensa mataa Saandaa qaqqabachaa haati kiyyas akka ana haammattuuf osoo achi anaaf jiraatte jechuun hawwe.

Lafti bari'uuf daqiiqaa muraasaan dura hirribni ana qabuun rafuun, jireenya kiyya keessatti abjuu guddaa abjoo'adhe. Iyyesuus harka isaa fuulduratti bal'isuun ana haammachuuf akka ta'etti fuuldura kiyya dhaabbateen arge. Mudhii isaa irratti kan hidhame

haftee (hambaa) carqii uffateera. Rifeensi mataa isaa dheeraan ammoo gateettii isaa irraan gadi bu'uun irra ciisee jira. Huuqqatee arguu kiyyaaf hagam akkan na'e nan yaadadha. Lafeen luqeettuu isaa ba'anii argamu; maddiin isaas keessa galaniiru. Anaan yoo argu garuu iji isaa akka urjii kan calaqqisu, sagaleen isaas akka qilleensa *shuu* jedhu suuta kan dhaga'amuu dha.

"Kutaa kana gad-dhiistee yoo deemtu namootni ati beektuu fi jaallattuu hunduu akka du'anii fi deebi'anii dhufuu akka hin dandeenye hubatta" anaan jedhe. "Akka hin sodaanne sitti himuufi kan ani dhufe. Qofaa kee hin taatu – ani si'i waliinan ta'a. Ani maatii siif ta'a. Of tasgabbeessi; yeroo hunda si'i waliin waan ta'uuf anatti amanadhu. Maatii keetiif baay'istee hin boo'in Iimaakiyuule. Isaan ana bira gammachuun jiraataa jiru."

Anatti salphatee fi gammachuun hirriba kiyya keessa dammaqe. Waa'ee Iyyesuus abju'achuu jechuun carroomuu dha. Sababa kanaafis miira guddaan gammade; Waaqayyos yaadota ajaa'ibsiisoo akkanaa anaaf erguu isaatiif galateeffadhe. Guyyootni hedduun fuulduratti yoo adeeman garuu lubbuun kiyya jerjere. Iyyesuus miseensi maatii kiyyaa hunduu akka du'an anatti himeera… ani garuu kun anaaf osoo hin ta'in akka lubbuun jiraataniif hawwe. Maatii kiyya arguu, Viiyaaniin ammoo halkan sana akka deeman gochuu kiyyaaf akkan gadde itti himuun barbaade. Sana booda ammoo kolfi Daamaasiin fuula isaa irraa yoo ifu arguun barbaade. Kadhata hanga sana godhadhee Waaqayyo garuu maaliif du'a irraa kan isaan hin oolchine?

Ija kiyya dunuunfachuun of tasgabbeesse; kan anatti mul'ate abjuudhuma akka durii yoo ta'e, maatiin kiyya iddoo ta'e tokko lubbuudhaan fi nageenyaan jiraachaa jiraachuu danda'u… abjuus yoo hin taane ammo, Waaqayyo anaan yeroo hundumaa akka ana kunuunsu waadaa anaaf seeneera; Waaqayyo yoom iyyuu jecha isaa yoo jijjiiru argee hin beeku.

ABJUU SANA ABJUU'ADHEE HIRRIBAA DAMMAQUUN baayye osoo hin turin karaa foddaa mana dhiqannichaa irra baay'ee osoo hin fagaatin waa'ee ajjeechaa arganii yoo walitti dubbatan dhaga'e. Isaan keessaa tokko waa'ee dargaggeessa erga lolli kun

eegalamee dhokatee turuun amma qabamee haasa'uu filateera – "Gurbaan kun barnootaan Digrii lammaffaa qaba ture; ajjeeftotnis waan sanaan kan itti qoosan. Haga sana nama beekaa taanaan akkamitti harka isaanii galuu akka danda'e gaafatan. Namtichi tokko tasumaayyuu keessa sammuu nama Digrii lammaffaa qabuu maal akka fakkaatu arguu kan barbaadu ta'uu isaa ibsee seefiidhaan buqqee mataa gurbichaa bakka lamatti baase. Sana boodas kutaa keessa buqqee mataa ilaale.

Onneen kiyya guddaa ana nahe. Naannichatti dargaggootni Digrii lammataa qaban hagas hin turre… kan dubbachaa jiran waa'ee obboleessa kiyya Daamaasiin akka ta'e sirriittan beeka.

Maaloo yaa Waaqayyo, kun isa akka hin taane jechuun kadhadhe. Kan isaan dubbataa jiran waa'ee obboleessa kiyyaa ta'uu isaa sirriitti beekuu hin danda'u jechuun of tasgabbeessuuf yaale. Obboleessa kiyyas akka hin taaneef kadhata kiyya itti fufe. Luba Muurinziin nyaata nuuf fidanii hanga dhufanitti eeguunii jalqabe. Sa'aatii muraasa boodas dhufanii balbala yoo banan, dubbii waa'ee ani dhaga'ee itti hime; kan namootni sun dubbatan waa'ee ajjeechaa Daamaasiin akka ta'es ifatti gaafadhe.

Gaaffii isaan hin eegne tasuma yoon gaafadhu, iji isaanii gara ija kiyyaa ilaaluu akka hin dandeenyen arge. "Lakki, tasumaa, tasumaa" jedhan. "Dargaggoota hedduu ajjeesaa jiru waan ta'eef, waa'ee obboleessa keetii dubbachaa turan kan nama jechisiisu sababni tokko illee hin jiru. Waa'ee obboloota kee kamiin iyyuu haasaa ani dhaga'e hin jiru intala kiyya"

Barsiisaa kiyya! Sobduu gaarii osoo taatanii hangam gaarii ture jedheen yaade. Haalli fuula isaanii irraa dubbifamu Daamaasiin akka du'e anatti hime … garuu akkamiin mirkaneeffachuu danda'a? Hidhii kiyya ciniinnadhee oduu waan nuun gaha jiranii fi rakkoo adda addaa irraa nu eegaa jiraniif galateeffadhe. Mataa isaanii raasanii ariitiin kuticha gad-dhiisanii deeman.

Dubartootni biroonis obboleessi kiyya nagaa akka ta'ee fi kan namootni sun haasa'aa turan eenyu akka ta'e karaa kamiin iyyuu beekuun akka hin danda'amne anaaf ibsuun, akka ani hin dhiphanneef garanaa-garasiin haasaan ana sardan. Xiqqoo seequun,

yaada isaanii waliin waan waliif gale fakkaadhe. Maalumaafuu, obboleessi bareedaan kiyya Daamaasiin lubbuun jiraachuu danda'a; fuula isaa namatti tolu sanas deebisee arguu nan danda'a; qoosaa isaa nama kofalchiisuunis deebisee kolfuu nan danda'a jedheen yaade.

Lubbuun kiyya garuu sammuu kiyya dhaggeeffachuu hin dandeenye. Jalqaba suuta jedhee boo'uu eegale; booda garuu jajjabina dhabuun imimmaan dhangalaasuu eegale. Yoo ana dhukkubu yaadni kiyya adda cituu danda'a jechuun fuula kiyya reebuu fi qaama kiyya hundumaa qimmiiduu eegale. Garuu homaa ana gargaaruu hin dandeenye. Dubartootni biroon namootni ala jiran akka nuyi hin dhageenye sodaatanii akka na'anii yoon beekes, gochaa kiyya sana garuu dhaabuu hin dandeenye. Sagaleen boo'icha kiyyaa akka hin dhaga'amneef jecha harka kiyyaan ciniinaa yoo haguuges, imimmaan kiyya garuu fuula kiyya dhiquu hin dhiisne; sosocho'uun kiyyas ittuma dabalaati kan adeeme. Haalicha irra caalaatti kan itti caalchise immoo ijoollotni xixiqqoonis boo'uu eegaluu isaanii ti. Boo'icha kiyya akkan dhaabu ana dhorkuuf dubartootni guguddoon biroon sagalee osoo hin dhageessisin harka isaanii anatti hafarsuu eegalan.

Turtii sa'aatii tokkoon booda boo'icha kiyya dhaabe. Sanaan booda kutaa mana dhiqannaa sana keessatti lamuu boo'ee hin beeku.

BOQONNAA 14
KENNAA AFAAN HAARAA

Kutaa mana dhiqannaa sana keessa torban torbaaf turuun keenya hunda keenya haala nama naasisuu danda'uun nu huuqqiseera – lafeen keenya bahee mul'ateera, gogaan keenya walitti guurameera. Qaama keenya keessa kan turan coomaa fi xunchootni (madaalliwwan irree) baduun taa'umsi keenya lafee qofti waan

hafeef lafa jabaataa sana irra taa'uun isiniif hin mijadhu nuyiin jechuu eegaleera. Dubartootni lama nutti dabalamanis garuu kutaan mana dhiqannaa keenya guyyaa guyyaan bal'achaati kan adeeme. Guddaa qal'anne; nyaatni qusannaan nuuf kennamus yeroo baay'ee nu dadhabsiisuu fi mataa nu naannessuu jalqabe. Bal'ina uffata kiyyaan akka ilaaletti, as-xiqqootti ulfaatina naannoo kiilogiraamii 17 akka ani hir'adhe dubbachuu nan danda'a (Jalqaba irratti naannoo Kiiloogiraama 50 ulfaadha ture).

Gogaan keenya diimatanii, hidhiin keenya nu kukkutamanii, rigatni ilkaan keenyaa dhiita'uun nu mammadaa'anii guddaa miidhamneerra. Sana irratti ammo, guyyaa jalqaba mana kana geenyee eegallee qaama keenya dhiqannees ta'u uffata jijjiirrannee waan hin beekneef weerara cimaa injiraaniin rakkanne. Yeroo tokko tokko tafkiiwwan xixiqqoon dhiiga keenya xuuxanii waan guddataniif fuula keenya irra yoo yaa'an ni argina.

Yoo nuyi ilaalan, namoota ofitti nama harkisuu danda'an ta'uu dhiisuu dandeenya; garuu sana gararraatti bareedinni anatti dhaga'amee hin beeku. Guyyaa guyyaan ka'uun, Waaqayyo jireenya waan anaaf kenneef nan galateeffadhaan. Waaqayyos ganama yeroo hundaa akka ani jaallatamuuf akka warqiitti qabamuun kiyya akka anatti dhaga'amu ana godhe. Yeroo hanga kana guutuu lubbuun kan ana jiraachisee fi dhiphina hedduu keessa kan ana dabarseef, akka ani seefii ajjeestotaa dhiigaan machaa'een ajjeefamuuf akka hin taane nan beeka! Akka ani dhukkuba guyyaa keessa namatti dhufuun du'u ana hin goones anatti beekama. Mana dhiqannaa sana keessatti yeroo lamaaf dhukkuboota qoricha muraasaan guyyuma tokkotti to'achuu danda'amaniin qabameen ture… qoricha osoo qabaanneetti. Dhukkubni kiyya jalqabaa hollachiisaa fi mataa dhukkubbii ho'iinsa qaamaa digrii seentigireedii 40.5 deggeramuun ture kan dhufe. Kan lammaffaa immoo dabarsee kan ani beeku taateewwan suukanneessaa keessaa tokko kan ta'e, summaa'uu boonbaa fincaanii cimaa ture. Luba Muurinziin anaaf dhiyeessu kan danda'an waan tokkichi yoo jiraate, meeshaa ho'iinsa qaamaa ittiin lakkaa'anii fi hawwii carraa gaarii isaanii qofa ture – kan hafe qoricha tokko iyyuu hin qaban turan.

Gochuu kan ani danda'u waan tokkichi yoo jiraate kadhata godhachuu ta'uu isaan kan ka'e, anis sana qofa ture kan ani godhe. Dhukkubbiinii fi ho'i qaama kiyyaa humnaan ol yoo anatti ta'u, Waaqayyo rafuu akka ani danda'uuf harka fayyisuu isaatiin akka ana qaqqabatu gaafadhe. Yeroo lamaanuu dhukkubbii fi ho'iinsa qaama tokko malee damaquun fi nagaa ta'eeti kan hirribaa ka'e. Humna jaalala isaatiin ani fayye.

Dhukkubbiin kamiyyuu jireenya kiyya fudhachuu akka hin dandeenye sirriitti beekkadheera. Waaqayyo anaaf karoora guddaa tokko akka qabu sirriitti beekan ture. Kanaaf, anis guyyaa guyyaan waa'ee waan sanaa akka ibsee anatti mul'isuuf nan gaafadhan ture. Jalqaba irrattimmaa, jireenya kiyya fuulduraa hundumaa al-takkaan akka anatti agarsiisuuf eegan ture. Tarii kaayyoo gaariif akka waan darbatamaniitti; akka calaqqee bakakkaa fi akka dhayiinsa qooraa. Garuu waaqayyo maalis yoo ta'e, waanta hubannee beekuuf itti hin qophoofne tokko akka arginuuf akka nuuf hin eeyyamne barachaan dhufe. Ta'us garuu arguuf kan nu barbaachisan yeroo arguu dandeenyu qofatti akka arginu nu taasisa. Ijaa fi onneen keenya banamoo haga ta'aniifitti ni eega. Qophaa'oo yoo ta'anittis, miilla keenya daandii nuyiif mijataa ta'e irra kaa'a… fuulduratti adeemuun garuu qooda keenya ta'a.

Guyyaa tokko luba Muuriinziin waa'ee lola adeemsifamaa jiruu yoo nutti himan, gooftaan waan sirrii anatti agarsiise. Dh.M.G waraana naga-eegsisaa isaa gara Ruwaandaatti erguuf waan karoorseef, lola adeemsifamaa jiruuf xumura fiduu danda'a jechuun waan yaadaniif lubichi guddaa gammadan. Dh.M.Gn naga eegsistootni isaa kudhan kan lammii Beeljiyeem ta'an duguuggaa sanyii geggeefamaa jiruun gara guyya jalqabaattii loltoota Huutuutiin erga jalaa ajjeefamaniin booda hidhattoota isaa hedduu biyyattii keessaa baaseera. Biyyootni dhihaa hunduu Tuutsotni carraa isaanii ofii isaaniin akka bahatan qofaa isaanii achitti dhiisuun lammiiwwan isaanii qofa biyyattii keessaa baasaniiru. Duulli duguuggaa sanyii kun erga jalqabee booda lammiin biyya alaa tokko illee biyya keessa hin turre jechuun ni danda'ama – sun immoo mootummaa keenyaaf ajjeechaa yoo geggeessee addunyaa biroon dhimma irraa akka hin qabne fi lubbuunTuutsotaa gatii akka

hin qabne ergaa dabarseeraaf. Kana waan ta'eefis ajjeechichi itti fufe.

Dh.M.G irra deebiin loltoota haaraa erguun isaa waan gaarii dha … duguuggaa sanyii geggeeffamaa jiru dhaabuu ni danda'u! Lubichi garuu akka rakkoon jiru kan dubbatan. "Loltootni Tuutsotni AGR keessa jiran Dh.M.G hidhattoota isaa akka ergu hin barbaadan. Sababni isaa ammo duulli lolaa akka itti fufu waan barbaadaniif. Lolicha akka mo'annaan xumuranii fi aangoo qabachuu danda'an kan yaadan!" jechuun nutti iyyan. "Dubbiin anaaf qabameera. Dh.M.G loltoota isaa yoo erge afaan Ingiliffaa kan dubbatan ta'uu qabu jechuun gaafachaa jiru … ija jabina hangana gahu!"

Luba Muurinziin loltoota AGR baay'een isaanii kolonii Ingilizii kan turte biyya Yugaandaa keessatti kan guddatan yoo ta'u, Ingiliffa akka dubbachuu danda'an nutti himan. Kun immoo biyya afaan Faransaay dubbattuu fi kolonii Beeljiyeem jala turte Ruwaandaa waliin wal faallessa. Baay'een keenya barumsa sadarkaa 2ffaatti afaan Faransaay akka afaan keenya lammaffaatti baranneerra.

"Loltoonni isaa afaan Faransaay dubbachuu yoo danda'an illee, AGRn dubbachuu hin dandeenyu jechuun ni morma. Luba Muurinziin itti fufan. "Loltootni waraana Faransaay ajjeestota miseensa Iinterhaamiwee leenjisaniiru jechuun himatu. Faransaa'ota ni jibbu… AGRn lola adeemsifamaa jiru kana mo'ata yoo ta'e, hunda keenya afaan Ingiliffaa akka dubbannu nu taasisa!"

Waaqayyo sammuu kiyya keessatti ifa tokko anaaf ibse.

Waanti hunduu kan ta'e akkuma tasaati. Yeroodhuma sanatti AGRn akka inni lolicha mo'atu sirriitti kan anatti beekame. Kana jechuun, ani duulaa ajjeechaa geggeefamaa jiruu kanaan booda namoota Ingiliffa dubbachuu danda'an waliin wal argachuun waan nuyi irra gahe hundaa fi waan uumame mara itti hima jechuu dha. Namootni hunduu bakka Ingiliffa qofaa itti dubbatan Dh.M.G keessatti akka ani hojjedhus raajiin anatti mul'ate. Tasuma yeroon muraasa ani kanaan booda mana dhiqannichaa keessatti dabarsu afaan Ingiliffaa dubbachuun akka ta'e sirriitti ifaan anatti mul'ate. Akka Waaqayyo lakkoofsa lootarii seera qabeessa guddaa tokko anaaf kenneetti anatti dhaga'ame… Tokkichi gochuun ana irra

jiraatu, carrichi yoo bahu qophooftuu ta'uu kiyya mirkaneessuu qofa ture. Carraa kiyyaan fuulaan walitti bahuuf qophaa'uutu ana irra ture.

Afaan haaraa ta'e tokko barachuun qayyabannaa sa'aatii hedduu akka barbaadu nan beeka; kun ammo sa'aatii kadhata kiyyaa akka ani hir'isu ana dirqisiisa. Kun ta'uun isaa ammoo Diyaabiloosiif carraa inni eeggataa jiru kennaaf jedheen sodaadhe. Gara sammuu kiyyaatti deebi'ee utaalee galuun sodaa fi shakkiin ana guutuun, gara dukkanaa fi abdii kutannaatti ana galcha.

Kan ani gochuu danda'u tokko godhe. Waaqayyoon maal gochuu akkan qabu gaafadhe. Waaqayyo kiyya – yaada Ingiliffa baradhu yaada jedhu kana ati keessa kiyya keesseetta; kanaaf, ani yemmuun qayyabadhutti Diyaabiloosiin ana irraa fageessi! Maaloo asi mana dhiqannaa kana keessa taa'ee afaan haaraa akkamiin barachuu akka ani danda'u anatti agarsiisi.

Dubartoota birootti waa'ee karoora kiyyaa kana itti himuu hin barbaadne – karaan yeroo hunda kadhadhu sanaan yoon kadhadhu yoo argan, dhimmicha akka laayyootti akkan ilaaletti kan yaadan. Lubbuu keenya baraaruuf yeroo oliif gadi jechaa jirru kanatti afaan biyya alaa barachuu barbaaduu kiyya yoon itti hime, luba Muuriinziin akkuma sanaan miseensa gosa Aabaashi tokkoof dabarsanii ana kennuuf gaafachuu ni danda'u. Sababa kanaaf waa'ee abjuu kiyyaa kanaa ofii kiyya qofaaf qabadhee ture.

Guyyaa itti aanu luba Muurinziin nyaata yoo nuuf fidan galmee jechootaa afaan Faransaayii -Ingiliffaa fi kitaabota kamiin iyyuu haa ta'u afaan Ingiliffaan kan barreeffaman akka anaaf ergisan gaafadhe. Akka waan ani irbaataa foon waaddii ajajeenitti xiyyeeffannaan ana ilaalan.

"Sammuu kiyya xiqqoo dhimma biraan qabsiisuu barbaadeeni. Ji'oottan lamaaf keenyataatti ija baasaati kan dabarsine; walitti dubbachuu illee hin dandeenyu" jechuun lubichatti hasaase.

Mataa isaanii raasuun akka nama maraatuu tokkoon 'dhiisi gurbaa' kan jedhan fakkaachuun naanna'an.

"Afaan Ingiliffa yoo ani baradhe naga-eegsiftoota Dh.M.Gtiin duulli waraanichaan booda isin akkamittiin lubbuu keenya baraaruu akka dandeessan dubbachuu nan danda'a." jechuun ariitiidhaan itti dabaleef.

Luba Muuriinziin akkuma sanaan yaadichatti walii galuun fi kuusaa kitaabota isaanii keessa akka anaaf barbaadan waadaa anaaf seenan. Carra-qabeettiin ture – kitaabota Ingiliffaan barreeffaman kan qaban Ruwaandota muraasa qofa turan. Lubichi garuu kitaabota lama anaaf argan- galmee jechootaa afaan Faransaay- Ingiliffaa dabalatee.

"Kitaaba nama Ingiliffa reefuu barachuu eegaluuf ta'u hin qabu Iimaakiyuule" anaan jedhan.

Ittin kolfe. Waraanni geggeeffamaa jiru yeroo hangamiif turuu akka danda'u karaa ittiin beekuu danda'u kamiin iyyuu qabaachuu baadhus, tarkaanfiiwwan xixiqqoo suuta fudhachuu garuu hin barbaadne – gara jireenya kiyya haaraatti tarkaanfii guguddaadhaan adeemuu kan ani barbaadu. "Haa ta'u luba Muurinzii" jechuun deebiseef. "Jerjertii irra waan ani jiruuf, kitaaba nama reefuu afaan barachuu eegalee hin barbaadu. Kitaaba qabdan keessaa kitaaba Ingiliffaa gudda fi ulfaataa anaaf fidaa."

Lubichis karoora kiyyatti guddaa gammadan; naga-eegsiftoota Dh.M.G akkamiin beekuu akkan danda'u illee osoo hin hafin kan anatti himan. "Haguuggii mataa cuquliisa kan uffatan isaan qofa" anaan jedhan kitaaba guguddaa lamaa fi galmee jechootaa anaaf kennaa.

Akkuma sanaan kitaabicha banuun ija kiyyaan jechoota haaraa keessa barbaade. Kitaabichi akka waan warqii irraa tolfamaniittin jaalalaan qabadhe – yuuniversitii qaalii Ameerikaa tokko keessatti carraa barumsaa akkan argadheetti kan anatti dhaga'ame.

Hafuura dheeraa baafadhee Waaqayyo kadhata kiyyaaf deebii waan anaaf kennee fi meeshaalee akkan Ingiliffa baradhuuf ana barbaachisan waan anaaf fideef galateeffadhe. Yeroo kadhata kiyyaa kan ana jalaa fudhatu yoo ta'us, yemmuun qayyabadhu maratti Waaqayyo ana waliin akka ta'u nan beeka. Afaan kana akkan

baradhuuf waan yaadeef, humni hafuura yaadiinsa isaa keessa kiyya yoo adeemu anatti dhaga'ama. Yeroon qabu daqiiqaa tokkoof illee ofii kiyyaaf gadduu fi shakkiin akka ani hin dabarsineef waan ana gargaareef, hafuura dheeraa baafachuun galateeffadhe. Waaqayyo kennaa anaaf kenneera; anis gama kiyyaan deebisuun gaarummaadhaan hanga anaaf danda'ame itti fayyadamuu dha. Kitaaba guddicha banuudhaan dubbisuu eegale.

YEROO TURMAATAA KIYYA ANI MANA DHIQANNAA SANA keessatti dabarsu kadhannaaf, waaqa waliin wal quunnamuu fi hangan danda'e cimee qayyabachuuf ramade. Ingiliffa yeroo tokkoon jecha tokko, yeroo tokkoon jecha tokko gochuun qayyabachuun baradhe – jecha haaraa kitaaba Ingiliffaa sana irratti arguun galmee jechootaa gargaaramuun gara afaan Faransaayitti hiikuun hiika isaa argachuuf yaala. Tarkaanfii jalqabaan suuta jettuu yoon ta'u adeemsi isaa garuu gammachiisaa fi bashannansiisaa ture.

Jalqaba kan ani godhe addunyaa dhugaa keessatti yoo ani deebi'u ana barbaachisuu danda'u jedhee jechoota ani itti amane yaadachuudha. Ingiliffaan **Aayi** jechuun afaan Faransaayiin **Zhe** jechuu akka ta'e arge. Yaadachuu kan ani qabu jecha baay'ee barbaachisaa ta'uu isaa anaaf gale (Afaan Oromootiin jecha **Ani** jedhu ta'uu isaati). "Ani Tuutsii dha; Ani gargaarsa nan barbaada" jedhee dubbachuu danda'uutu ana irra jiraata. "Ani ji'oota sadiif dhokadheeti kan ture" "Ani maatii kiyyan barbaadaa jira" yookiin ammoo "Ani hojii nan barbaada"

Guyyaa jalqabaa ani itti Ingiliffa dubbisuu eegale yoo xumuramu, kitaaba jalqabaa irraa fuula jalqabaa isaa irra deddeebi'uun dubbiseera. Maqaa kitaaba sanaa amma osoon yaadadhee yookaanis waa'ee maalii irratti kan xiyyeefate ta'uu isaa osoon beekee gaarii ture; garuu ana harkaa badeera. Waanti ani yaadadhu yoo jiraate, dubbisuuf waan anatti dukkanaa'eef qoma kiyya irratti jabeessee qabadhee Ingiliffaan hima kiyya jalqabaa dubbisaa "Ani Iimaakiyuulee dha. Waaqayyo galata kee!" jechaa.

Dhuma tokkoon tokkoon guyyoottan sanaatti kan ani dadhabu yoo ta'us, garuu gammachuu nan argadhan ture. Waaqayyo kan anaaf yaade jireenyi haaraan sun ofii isaa karaa afaan ani ganaa hin

beekne kanaan akka of ibsu anatti beekameera. Guyyootan akkuma darba deemaniin anis jechoota hedduu waa'ee seenaa kiyya Ingiliffaan ittiin dubbachuuf anaaf ta'an yaadachuu danda'e. "Baqatanii bahuu", "dhokachuu", "lola", "kadhannaa", "hojii" fi "Waaqayyo" gara fuulduraatti kuusaa jechoota Ingiliffaa kiyya guddachaa adeemuuf dhagaa bu'uuraa ta'an. Tokkoon tokkoon jechi haaraan ani baradhuu akka waan faaya miyaatti kan ture. Jechoota "Duraa" fi "Booda" jedhus yaadachuuf dhama'e. Sababni isaas yeroon isaa yoo gahu, jireenya kiyya ajjeechaa duraa fi booda jechaa ibsachuu kan ani ittiin danda'u ta'uu isaanii waan beekeef.

Guyyaa tokko ganama galmee jechoota osoon ilaaluu keessa isaatti seer-luga Ingiliffaa kutaa agarsiisun arge. Seerota! Baayyeen gammade – soorata jannata irraa gadi nuuf bu'e jechuudha! Dhoksaa Ingiliffaa furtuun ittiin banun argadhe – gochima, maqaa fi bamaqaa, baay'istuu jechaa: kan duraa, kan ammaa fi kan fuulduraa – kan nama gammachiisu ture! Dubartootni biroon iddo isaan rafanitti yookiin ammoo ol jechuun samii waaqaa yemmuu ilaalanitti, ani ammoo samii addunyaa biraan buusee baasa. Guyyaa guutuu kadhata godhachaa fi kitaabota kiyya dubbisaan oola. Kara foddaan kan seenu ifa dimimmisaa'aa gargaaramuun halkan walakkaa booda illee nan dubbisan ture; iji kiyya hin banamnu jedhanii hanga ana rakkisanitti kan ani dubbisu. Waaqayyo akka ani qayyabadhuuf tokkoon tokkon daqiiqaa anaaf kenneef galateeffadhe.

Yaalii kana kan itti jalqabe irraa kaasee torban sadii gidduutti kitaabota luba Muurinziin anaaf kennan lamaan jalqabaa hanga dhumaatti dubbisee xumure. Gara sadarkaa itti aanuutti ce'uufis qophooftuu ta'e – afaan Ingiliffaa of barsiisuuf. Lubicha harkaa qalamaa fi waraqaa fudhadhee xalayaa barreessuu yaaluu eegale.

Nama ganaa ani hin beekne garuu immoo lubbuu kiyya guutummaa guutuutti kan ani itti amanadheef barreessuu eegale – oolchaa keenyaaf. Ajjeechaa sana irraa akka lubbuun oollu guddaa waan amaneef, gara fuulduraatti abdii wal arguu keenyaa irra caalaatti dhugeessuuf goota kiyya fakkii isaa sammuu kiyya keessatti kaasuun fi ibsituu hundumaa kenneef. Xiqqoo kan jallattee fi qooqa Ingiliffa sirreessee dubbachuu kan hin dandeenye nama

dheeraa, loltuu Dh.M.G bifaan gurraacha ta'e gochuun kan ani sammuu kiyya keessatti suuraa isaa kaase. Uffannaa addaa waraanaa qulqulluu kan bifti isaa cuquliisaa fi haguuggii mataa cuquliisa gara gurra isaa mirgaatiin gadi jedhee jiru uffateera. Fuula gaarummaan irraa mul'ate fuula ifaa, kolfa dhugaa, darbees xalayaa waa'ee rakkina dabarsine of irraa qabdu yoo dubbisu ija imimmaan keessa guutan ija ifaa fi bifti isaa magaala kan qabu ture. Yaadni ani waa'ee isaaf qabu faallaa yaada ani warreen ajjeeftota sanaaf qabuuti.

Xalayaa sana barreessuun kiyya waa'ee yaada haaraa jireenyaa irratti ani qabu irra caalaatti jabeessuuf boqonnaa murteessaa ture. Namni ana oolchuuf dhufu akka nama gaarii fi yaaduu danda'uutti kan ani sammuu kiyya keessatti qabadhe; sababni isaas ammo, namni dhufee nu oolchu nama akka sanaa ta'uu waanan barbaadeef. Namni tokko yeroo tokko akka anatti himetti, gara fuulduraatti akka ta'u waanti ani barbaadu yoo jiraate, dursuun waa'ee waanta sanaa sammuu kiyya keessatti waa'ee waanta sanaa yaaduun murteessaa akka ta'e dha. Galata isaa kunoo anis falaasama sanatti guutumma guututti amaneera.

Waaqayyo sanyii isaa sammuu kiyya keessatti facaaseera. Ingiliffa akkan baradhus anatti himeera. Shaakalli sun duguuggaa sanyiin booda jireenya wal-qixxaataa fi gammachiisa akka ana eeggatu anatti agarsiisuu eegale. Amantii yoo ani qabaadhe, amanannaa kiyya kanas garaa qulqullaa'aadhaan fi yaada gaariin yoon hawwe, kan ani abjoo'adhee, Waaqayyo kun si'iif ni ta'a jedhee hundumtuu akka anaaf ta'u nan beeka. Carraa kiyya ofii kiyyaa abjoo'achuu fi sammuu kiyya keessatti suuraa isaanii kaasuu akka ani danda'u kan anatti mul'ate yeroodhuma sana. Waan ani barbaadu akkan argadhuuf, yeroo hunda akkan dursee abjoo'adhudha kan waadaa ofiif seene. Kanaafis, waa'ee jaalalaa, fayyummaa fi nageenyaa kan fakkaatan qofa kan ani abju'adhu sababni isaas ammoo Waaqayyo ijoollota isaa hundumaaf akka ta'u kan inni barbaadu isaan sana waan ta'eef.

JI'A WAXABAJJII GARA JALQABAATTI JIREENYA KIYYA DURAANII waliin walitti bahe. Hiriyaan kiyya dhiiraa Yohaannis fi ani waggoota lamaaf dargaggoota waliin mana ijaaruuf wal barbaadnu taaneerra. Barumsa kiyya akkan xumureen akka wal

fuunu osoo hin hafin haasofneerra. Yoodhuma illee ayyaana du'aa ka'uu gooftaa Iyyesuus dura wal loluun kan gargar baane ta'us (maatiiwwan keenya wal barsiisuuf qopheessuuf kan turre sagantaa qubeelaa keenya haquun gara maatii kiyyaa akkan deemuuf ana geggeesseera) amma iyyuu taanaan akka araaramnee walitti deebi'uu dandeenyu yaada.

Ajjeechaan erga eegalamee kaasee wal arginee hin beeknu; ta'us garuu yemmuun mana dhokannaa sana keessa turetti waa'ee isaa nan yaada – nagaa akka ta'uu fi hamaan tokki iyyuu akka isa hin arganne nan kadhachaaf. Huutuu waan ta'eef rakkoo irraa akka inni hin buune fi baadiyyaa deemuun akka barbaade sochii gochuu akka inni danda'u nan beeka. Yeroo baay'ee mucaan kun eessatti badde jechuun akka inni ana barbaaduu danda'u yaadeera. Gaaffiiwwan muraasni sunii fi biroon osoo ani hin eegin ture kan isaan deebii anaaf argatan.

Guyyaa tokko ganama bakkee irraa sagalee iyya guddaa dhageenye. Anis akkuma sanaan namootni biroon duula sakatta'iinsa geggeessan nu adamsuuf akka dhufan tilmaame… osoo hin turin garuu iyyi sun waan biraa akka ta'e bare. Faarsaa ajjeechaa gadhee sana yookiinis akkuma barame dubbii sodaachisaaf itti gargaaraman fi iyya aarii of keessaa qabu hin dhageenye – sagalee isaanii irraa gammachuutu dubbifama malee; shubbisuuttis ka'an. Namootni gara manichaatti yoo dhufan lubbuun kiyya guddaa sodaan kan dhiphattu ta'us, yeroo sanatti garuu gammaduu fi kolfuu jalqabe. Hiriyoota durii lamaan deebisanii wal arganiif sagalee baga nagaan dhuftan gidduun sagalee kolfa Yohaannis dhagaheen imimmaan ana hudhe.

Kiigaalii irraa ka'uun firoottan hedduu luba Muuriinzii waliin dhufeera. Akkuma Huutota kumaatamaan lakkaa'aman biroo loltootni garee finciltoota AGR magaalattiitti akkuma dhiyaachaa adeemaniin magaalaa guddittii gadhiisanii bahaa jiru. Ajjeechaa haaloo ba'annaa nuyi irraan gahu jechuun waan sodaataniif, mana isaanii gadhiisuun bakka lolli waraanaa tokko illee hin jirre gara kaabaatti adeemaniiru. Yohaannisiin dabalatee firoota lubichaa 40 ta'an waraanichi hanga darbutti abdii jedhuun ganda keenya buufachuuf karoorsaniiti kan dhufan.

Hiriyaan dhiiraa kiyya lubbuun, fayyummaa fi hafuura tasgabbaa'aan jiraachuu isaa beekuu kiyyaaf guddaan gammade – yeroo muraasa keessatti ijaan akka wal arginu yaaduun nama gammachiisa. Guyyaa guutuu ani manicha keessa dhokadhee akkan jiru beeka ta'innaa jechuun yaadaa oole.

Halkan erga baay'ee dukkanaa'een booda fi namootni mooraa keessa jiran hunduu erga rafaniin booda lubichi Yohaannisiin gara kutaa dhiqannaa nuti keessa dhokannee jirruutti fidanii dhufan. Isa arguu kiyyaaf baay'ee waan anatti toleef, daqiiqota muraasaaf eessa akkan jiru illee hin beekun ture – baay'ee jabeessee waan ani haammadheefis of wal'aaluuf kan anaaf hafe homtuu hin jiru ture. Kutaa dhiqannaa sana keessatti torban tokkoof walitti hasaasuu fi afaan mallattoon erga walii gallee booda akkamiin akkan yaadee fi kadhannaa gochaafii akkan ture itti himuuf sagalee baasuu dadhabe.

Yohaannis akkuma sanaan gara boodaatti tarkaanfachuun godaa hanga gubbaatti ana ilaaluun "Baay'ee huuqqatte bar Iimakiyuule. Yeroon si haammadhu lafee haammannaa hin guutne wayii akka waan ani haammadheeti kan anatti fakkaate!"

Kolfaa fi boo'aan ilaaleen. Waan dubbatetti garuu guddaan na'e; nan ajaa'ibsiifadhes – akka ana jaallatu yookiin ammoo lubbuun jiraachuu kiyya akkam akka isa gammachiise anatti hima jedhee abdii godhadheen ture.

"Kana booda … qaamni kee bareedaan sun si haaleera" jechuun itti fufe. "Ta'us garuu ammas hinuma bareedda! Haga ammaatti ati akka lubbuun turtuu fi eenyu iyyuu dirqisiisee akka si'i hin gudeedneef kadhachaan ture. Kunoo osoo dirqiin hin gudeedamin lubbuun jirta!"

Jechootni isaa ana madeessan. Hiriyaa dhiiraa kiyya osoo hin taane akka waan namni biraan tokko anatti dubbachaa jiruuti kan fakkaatu. Yeroo waliin turre irra caalaatti jijjiirameera. Sirriitti jijjiirameera – rifeensi mataa isaa fi areedni isaa guddachuun fuula isaa dhoksaniiru. Duulli duguuggaa sanyii yeroo geggeeffamaa turetti, biyyattii keessa kan jiran waanti hundumtuu waan cufamanii turaniif, sirreessituu rifeensaa argachuu akka hin dandeenye anaaf ibse.

Luba Muurinziin haasaa keenya namni biraan akka hin dhageenye yaaduun haasaa keenya adda kutan. Sa'aatii dheeraa waliin teenyee waan onnee keenyaa dubbachuu akka dandeenyu hawwus, sun nuuf ta'uu hin dandeenye. Anaa fi Yohaannis irra deebi'uun ammas osoo luba Muuriinziin balbala kutaa dhiqannichaa cufanii hin bahin al-takkaa wal haammanne.

Waaqayyo Yohaannisiin lubbuudhaanii fi nageenyaan tursuu isaatiif galateeffadhe … ta'us garuu akkuma sanaan manicha keessa jiraachuun isaa akka ana jeequ hubadhe. Inni bilisaa fi nama akka mootiitti jiraatuu dha – inni akka barbaade gara alaatti gadi bahaa, nyaata gaarii soorataa, siree hafata gaarii qaban irra ciisaa, haati isaa osoo hin hafin illee ishee waliinis taphataa – ani immoo gama kiyyaan akka bineensaatti kiyyoo keessatii qabamee. Guyyaa hunda yeroo inni gammaddu, kolfu, haasaa yoo godhuu fi hiriyoota isaa Huutota waliin kubbaa kachoo taphatuu fi qoosaa yoo qoosu, karaa foddaa kutaa mana dhiqannaa sanaan nan dhaga'a. Akkan isa dhaga'uu danda'u sirriitti ni beeka. Dhugaa dubbachuuf, akka inni callisee taa'ee yaadaan badus hin barbaadu; garuu mana hidhaa kiyya kutaa dhiqannichaa jalatti gochaa kan ture itti fufuun isaa namaaf yaaduu dadhabuu isaa kan agarsiisuu dha. Kan inni godhu hunduu akka nama bashannana irra jiruuti. Namootni –firootni kiyya- naannoo isaatti osoo qalamanii fi hiriyaan isaa durbaa –ani- ajjeeftota sanaan adamsamaa jiruu.

Yeroo tokko tokko yeroo inni bakkee irraa bashannanaa jiraachuu isaa dhaga'u, kitaaba qulqulluu baafachuun kan gaditti barreeffamanii jiran dubbisa.

- Jaalalli danda'aa dha, gaarummaas ni agarsiisa; jaalalli hin hinaafu, of hin jaju, of hin bokoksus; jaalalli lafa salphinaa hin ijaajju, waan isatti tolu duwwaas hin barbaadu hin dallanu, waan hamaas nama irratti hin lakkaa'u. jaalalli qajeelina dhugaatti gammada malee, jal'inatti hin gammadu. Jaalalli karaa tokko illee nama hin lafafu, hunduma isaa ni amana, hunduma isaa abdata, hunduma isaas obsa, jaalalli yoom iyyuu hin badu; kennaa raajii dubbachuu yoo ta'e, hafuuf jira; afaan hin beekamneen

> dubbachuu yoo ta'e, dhaabbachuuf jira, beekumsas yoo ta'e, hafuuf jira. (Qoronxoos 1ffaa, 13: 4-8)

Jaalalli ani barbaades sana ture; Waaqayyos tokkoon tokkoon keenya akka qabaannu kan barbaadu sana akka ta'e nan beeka.

Yohaannis halkan guyyaa jalqabaa sana booda al-takkaa yookaanis si'a lama dhufuun ana ilaaleera. Kanaafuu, daqiiqota muraasa dabarsinettis gammadeera. Yeroon daawwannaa sun akka nuti yaadota keenyaa fi miira nutti dhaga'amu waliif hin qoodneef baay'ee gabaaboo fi sanuu immoo irra deeddeebii kan hin qabne turan – itti dubbachuu kan ani barbaadu waan hedduun qaban ture. Waaqayyo ragaa kiyya. Anatti dubbachuu fi xiqqoo ishee gara onnee kiyyaatti dhiyaachuuf yaalii xiqqoo ishee yaalii illee hin goone. Keessumattuu firoottan lubichaa mana guutanii jiran keessatti, deddeebi'uun ana daawwachuun isaaf rakkisaa fi kan balaa qabu ta'uu beeka; ta'us garuu akkana ni godhama!

Yeroo wal quunnamne tokkotti akka ani baay'ee isa kadhadhe nan yaadadha. "Maaloo yeroo muraasa fudhadhuutii halkan lubichi yookaanis Duuzeenjeen yoo nyaata nuuf fidan itti anaaf ergi. Sana qofaadha kan ani si'i irraa barbaadu Yohaannis… akka waa'ee kiyya yaadaa jirtu, akkam taate jettee dhiphachaa jiraachuu kee kan agarsiisuu fi jaalalli keenya yoomiyyuu kan hin dhaabbanne barabaraan kan itti fufu ta'uu isaa kan ana beeksisu jechoota muraasa qofa!"

Akka anaaf barreessu waadaa anaaf seenus, sana gochuu garuu tasumaa hin dandeenye ture. Yeroo itti aanu ana ilaaluuf yoo dhufu, waa'ee yeroo bareedaa waliin dabarsine keessaa muraasa itti kaasuun ceephessuuf yaale. "Akkuma waadaa anaaf seentee turtetti maaliif anaaf hin barreessine? Rakkoo akkamii dabarsaa akka ani jiru si'iif hin galuu? Maaliif ana jala callista akka nama dhimma ana irraa hin qabneetti?"

"Ilaali, waan tokko nan beeka – dhiirotni biroon eenyu illee tasumaa si'i hin barbaadani; kanaaf kan ati dubbachaa jirtu tasumaa ana hin dhiphisu, siif gala?"

Jechoota sana dubbachuun Yohaannis harcaatuu jaalala xiqqishuu ishee nu gidduutti haftee turte tasuma ishee akka baddu taasise. Waaqayyo kennaa jaalalaa hunda akka waliin hirmaannuu fi akkasumas onnee keenya keessatti kunuunfannee guddisnuuf nuuf kennee ture. Yohaannis garuu kennaa guddaa sana osoo itti hin gargaaramin hafe!

BOQONNAA 15
OOLCHANII KAN NAMA HIN OOLCHINE

Oduu gammachiisaa ani jalqabaa dhaga'e, yeroo ajjeechaan itti finiinee fi hojiin hammeenyaa yeroo taatee guyyaa guyyaan ta'ee itti fufee dha.

Ji'a waxabajjii gara walakkaa, erga dhokannee naannoo ji'oota lamaa booda, mucaan lubichaa Seembeebaa jedhamu foddaa kutaa mana dhiqannaa sana jala taa'uun hiriyoota isaatti yoo haasa'un dhaga'e. Naannicha keessatti yeroo dhihoon asitti kan ijaan argan yookiin ammoo kan namni arge itti hime waa'ee ajjeechaa geggeeffamanii taa'anii walitti himu. Ajjeechaan isaan dubbatan kun kanaan dura dhaga'ee kan ani beeku gararraatti baay'ee suukanneessoo turan.

Ijoollota sana keessa tokko taatee ta'a jedhamee hin yaadamne waa'ee gochawwan suukanneessaa gara jabinaan raawwatamanii akka waan waa'ee wal dorgommii kubbaa miillaa haasa'aa jiruttii salphisee yoo dubbatu ol ana deebisuuf barbaade. "Dubartii guddoo tokko qaban; hundumtuu itti wal jijjiiran. Ijoollota ishee achii akka fageessaniif yoo gaafattu illee, ijoollota ishee sadanii fi dhirsa ishee morma isaanii irra seefii kaa'uun akka isaan dirqiin ilaalan godhan. Miseensi maatii ishee hundi hanga ajjeeftotni saddeet yookiin sagal ta'an itti wal jijjiiruun dirqiin gudeedanitti, akka dhaabbatanii

ilaalan dirqisiifaman. Yoo ishee quufan miseensa maatii ishee hunda ajjeesan."

Haasaa isaanii suukanneessaa kana yoo dubbatan mataa kiyya hirkifachuun taa'een ture. Harkaa fi miilli isaanii erga irraa murameen booda beekaa achumatti lubbuun akka turan ijoollota godhaman, ijoollota xixiqqoo dhagaa irratti darbatamanii fi dhukkubichaan akka qabaman yaaduun loltoota HIV/AIDS qabaniin dirqiin akka gudeedaman kan taasifaman waa'ee ijoollota dubaraa umriin mana kudhanii keessa jiran haasa'u.

Haasaa hedduu kana booda yoo haasa'anis, ani garuu gurra kiyya qabachuun callisa guddaa keessa of gochuun Waaqayyoon kadhachuu eegale. Yaa Waaqayyo, anaanis gochaa akkasii kanatu eeggata yoo ta'e, ammuma kana harka jaalalaa keetiin ofitti ana fudhadhu! Jannata keessa si'i waliin haa jiraadhu; biyya gara si'oolummaatti jijjiiramte kana keessa akkan jiraadhu ana hin taasisin.

Mareen bakkee irra ture kun waa'ee yakkaa waraanaa keessatti raawwatame irraa xiqqoo turuun gara waraana geggeefamaa jiruutti naanna'e. Ijoollotni muraasni loltootni mootummaa garmalee mo'amaa akka jiruu fi gareen finciltootaa sun yeroo gabaaba keessatti magaalaa Kiigaalii to'achuu akka danda'an dubbatan. Gareen finciltootaa sun mo'annaan yoo dhufan, Huutota irra maal gahuu akka danda'u yaaduun dhiphatan.

Seembeebaan Faransaay loltoota ishee gara Ruwaandaatti erguuf akka jettu dhaga'uu isaa dubbate. Innis ta'e hiriyootni isaa Faransaayii fi mootummaan Huutuu walitti dhufeenya cimaa waan qabaniif, yaada isaanii irraa kan boqotan fakkaatu. Baay'een isaanii Faransaay loltoota mootummaa gargaaruun finciltoota Tuutsii waraanuun fi AGR biyyattii keessaa baasuuf akka gargaartu godhanii kan yaadan fakkaatu. Sana yoo ta'e, lolli geggeefamaa jiru ni dhaabbata; ajjeeftotni sunis kaayyoo isaanii hammeenya of keessaa qabu sana yeroo muraasa keessatti bakkaan gahuun ni danda'amaafi.

Jalqaba irratti waa'ee dhufaatii loltoota Faransaay maaltu akka anatti dhaga'amuu danda'u sirriitti hin beekun ture. Namootni

hedduun humni waraanaa Faransaay ajjeeftota Iinterhaamiiweef leenjii kennuun akka gargaare kan dubbatan; kanaafuu, tarii loltootni sun kan dhufaniif duguuggaa sanyii mootummaan jalqabe akka xumuruuf gargaarsa kenuuf ta'a.

Garuu sun ta'uu danda'a jedhee of amansiisuu hin dandeenye. Sun hin ta'u; Faransaayotni gara Ruwaandaa yoo dhufan, adduunyaa biraanis booda bu'uun dhufu danda'u waan ta'eef. Namootni suuraa kaasanii (waraabanii) fi gabaasa dhiyeessan ni jiraatu; kana jechuun ammoo addunyaan ajjeechaa, wal fixiinsaa fi dirqiin gudeeddii geggeeffamaa jiru ni daawwata jechuudha. Waan kana ta'eefis, hawaasni biyyoota badhaadhoo keessa jiraatan waan asitti geggeeffamaa jiru kana ija isaaniin yoo argan – sirriitti yoo argan - waan tokko gochuutu irra jiraata. Duguuggaa sanyii geggeeffamaa jiru dhaabuutu irra jiraata… sirrii mitii?

Faransaayotni yoodhuma illee ajjeeftota sana leenjisan ta'an, dhufuun isaanii waan gaariidha. Lammiin biyya alaa kam-iyyuu yoo asi dhufe dhiphina keenya gara xiyyeeffannaa addunyaatti ol baasa. Loltootni sun nageenyaan akka asi gahan kadhata godheef; Waaqayyos waan isaan gara keenyatti ergeef nan galateeffadhe. Seenaa biyya keenya keessatti qabaniin yoo ilaalle, Faransaayotni *oolchanii kan nuyii hin oolchine* ta'uun isaanii beekamaadha. Iddoo kutaa mana dhiqannaa sana keessa taa'ee yaadni ani fudhachaa dhufe yoo jiraate, Waaqayyo dhugumaatti daandii ajaa'ibsiisaa irra adeemuu isaati.

Guyyaa muraasaan booda, waa'ee duula Tuurkooyis gabaasota raadiyoo adda addaa kan dhageenye yoo ta'u, innis waa'ee karoora Faransaay loltoota ishee gara Ruwaandaatti ergituuti kan ture. Biyyoota afaan Faransaay dubbatan irra loltootni walitti qabaman, iddoo nuti jirru irraa fagoo kan hin taane naannoo hara Kiivuutti Kaampii waraanaa hundeessan.

Loltootni sun biyya ollaa keenya Zaayerii keessatti magaalaa naannoo daangaa Ruwaandaatti siqxee jirtu Goomaa jedhamtu yoo ga'an, Huutotni aangoo ol-aanaa mootummaa qaban buufata xiyyaaraatti ayyaana baga nagaan dhuftan jedhu guddaa isaa qopheessaniif. Gareen Huutotaa aartii adda addaa agarsiisu

keessumatti iyyuu ta'umsa sanaaf faarsaa qophaa'e yoo isaan ittiin simatan raadiyoodhaan dhageenye. Faransaayota oli-oli qabuun walitti dhufeenya gaarii biyyootni lamaan qaban kan jaalalaan guutame ta'uu isaa yaadachuun dubbatan.

Sagantichi qophaa'e sun Faransaayotni gara Ruwaandaa kan dhufan Tuutsota ajjeesuuf akka ta'e kan mirkaneessu ta'uu isaa luba Muurinziin yoo nutti himan, ani garuu yaada isaaniitti walii hin galle. Waaqayyo sa'aatii kanatti namoota nu oolchan nuuf erguu isaaf irra deebi'uun kadhannaa kiyyaaf deebii kennaa akka jiru sirriittan beeka ture. Dh.M.G karoora Faransaayotaa deeggereera; kunis abdii guddaadha. Akkuma gahaniinis Faransaayotni ofii isaaniitiin kaayyoo isaanii raadiyoodhaan beeksisan – kan Ruwaandaa dhufaniif, Tuutsota du'a irraa hafuun lubbuun jiraniif "Dawoo" hundeessuuf akka ta'e beeksisan. Tuutsotni gara dawoo dhokannaa Faransaayotaa gahuu yoo danda'an loltootni isaanii oolchuu ni danda'u.

"Yaa Waaq galata kee" jechuun hasaase.

Guyyoota muraasaan boodas xiyyaarri Faransaayotaa naannoo keenya irra balali'uun daawwachuu eegale. Lubbuun keenyas qilleensa irra isaan waliin asiif achi yoo deemu, namoota lubbuun hafan barbaadaa akka jiran hubachuu dandeenye! Gabaasa raadiyoo irraa akka ani hubadhetti, Faransaayota deemne akka hin arganneef illee bakka nuti jirru irraa fageenya guddaa irra jiru. Duulli lola geggeeffamaa jiruu ganaa waan xumura hin arganneef, ajjeeftotni kumaatamaan lakkaa'aman kan hidhannoo guutuu qaban Tuutsota barbaacha baaddiyyaa keessa deemuun sakkatta'aati kan jiran. Gochuu kan qabnu garuu anaaf ifaa dha.

Luba Muurinziin hambaa nyaataa fidanii yoo gara keenya dhufan, yaada kiyya itti hime. "Deemne loltoota Faransaay waliin yoo turre gaarii ta'a jedheen yaada." jechuun itti hime.

"Sun yaada gaarii miti Iimaakiyuule. Tuutsota gargaaruuf dhufan jettee amanuunii hin qabdu – akkuma isin arganiin isin ajjeesu" anaan jedhan harka isaanii facaasaa yaada kiyya kuffisuun.

"Rakkoo hin qabu barsiisa. Jarreen ajjeeftota Iinterhaamiwee kun ana ajjeesuun gammachuu akka argatan gochuu irra, loltuu biyya alaan ariitiin rasaasaan ajjeefamuu anaaf wayya. Namoota nu dhiphisaniin du'a suukanneessaa fi qaanessaa du'uu irra harka Faransaayotaan qulqullummaan du'uu wayya"

Luba Muurinziin dubbi ani dubbadhe kan isaan naasise fakkaata. Anaa fi dubartootni biroon jiran hundi keenya asuma kutaa mana dhiqannaa keessa turuun hanga guyyaa gaariin nuuf dhufutti eeggachuu akka qabnu nutti himan. Sana booda garuu dubartootni jiran torbanuu gara kiyyatti harkaa qabaa mataa isaanii baay'isanii yoo raasaan yaada kiyyaan walii galuu jaraa lubichi hubatan.

Namootni sun itti walii galuun mataa raasaa oso jiranii "Faransaayota waliin dawoo dhokannaa baqattootaa keessa jiraachuun harka meeqa gara bosonaa deemanii Aabaashiitti heerumuu ni caala" jechuun yaada dabalataa of keessaa baasuun gama isaaniitti darbadhe. "Faransaayotni nu oolchu yookaan ammoo nu ajjeesu…luba Muurinzi. Waan barbaade yoo dhufe, akka anatti fakkaatutti deemnee isaan waliin carraa keenya yoo yaalle gaarii anatti fakkaata"

Hafuura aara-galfii guddaa baafachuun gateettii isaanii sochoosan – gaaffii keenyaan aara-galfiin itti dhaga'ameera. Namtichi lolli yeroo jalqabee kan turan gararraatti namootni hedduun miseensa maatii isaa mana isaatti dabalamaniiru; kana waan ta'eef, nuuf dawoo kennuun isaanii qormaata dhiphinaa dhaabbataa ta'een akka qoraman isaan godheera.

"Hunduu keessan kan deemuu barbaaddan gara Faransaayotaa yoo ta'e, eessa akka jiran adda baasee gara sanatti isin geessun kan danda'amu ta'uu isaa ilaala" jechuun dhuma irratti yaada kiyyaan walii galan. "Garuu abdii keessan baayyee ol hin kaasinaa. Ammas taanaan haalli bakkee irra jiru guddaa rakkisaa dha … Tuutsiin daandii irratti argame hunduu akkuma sanaan ajjeefama"

LUBA MUURIINZIIN NI DHIPHATAN. Kutaa mana dhiqannaa xiqqaa sana keessatti ji'oota sadiif walitti udumamnee taa'uun keenyaa sammuu keenya akka hin hadoochine sodaachuun miira keenya kakaasuuf barbaadaniiru. Halkan guyyaa tokkoo oduu

waa'ee loltoota Faransaay dhufanii nutti himu jennee osoo eeggataa jirruu, afeerraa itti hin yaadamin nuuf fidanii dhufan. Erga guyyaa ol galchanii furtuun nuyi irratti cufaniitii, yeroo jalqabaaf gara mana isaanii guddichatti nu affeeran. Fiilmii akka daawwanuuf malee afeerraa biraa miti.

Halkan walakkaa namootni manicha keessa jiran akka rafaniin lubichi gara kutaa Televiizi'oonni fi taphachiiftuun isaa itti argamu gara kutaa ciisichaa duwwaa ta'eetti nu geessan. Ji'oottan muraasaaf waan ittiin teenyeef, yoo lafaa kaanu miilli keenya dhaabbachuu dadhabanuun lafa irratti kufuu eegalle. Ta'us egaa, lubichi gara kutaa keessa turre irraa iddoo xiqqoo fooyya'ina qabutti waan nu fidaniif galateeffadheen. Hasaasaa walitti dubbachuunis seequu eegalle.

Luba Muurinziin fiilmicha kan nutti agarsiisan akka namni hin dhageenyetti sagalee isaa balleessuuni. Akka carraa ta'ee immoo, nuti yeroo sanatti osoo sagalee hin dhaga'in sochii hidhii ilaaluun waan dubbatamaa jiru beekuu waan dandeenyeef, guutuu fiilmichaa ilaallee hubachuuf homtuu nu hin rakkisne. Maqaa fiilmichaa dagadhus, taatee seenaa fiilmichaa garuu sirriittan yaadadha. Waa'ee dubartii ogeessa fayyaa umriin giddu galeessa taatee kan ganda gammoojjii ogeessi fayyaa barumsa qabu tokko illee keessa hin jirre jiraattuu fi lubbuu namaa oolchuuf eeyyama ogeessummaa osoo hin qabaatin tajaajila fayyaa kennituu kan seenessuu dha. Hojii gaarii isheen kennitu kanaan himatni yoo itti banames, dhuma irratti garuu akka sirrii taate - waan sirrii hojjette- mirkanaa'uun murteeffameef – isheeniis mo'ataa fi beekamtuu namaa taate.

Seenichi nama onneessa. Kan ani baay'ee yaadadhu garuu dargaageessi tokko saayikilii isaa bosona keessa kaachisaa fi sirbaa yemmuu inni itti adeemu iddoo mul'isuu dha. Kana yoo ani ilaalu, jalqaba kan anatti dhaga'ame miira waa'een nama sanaa ana galchaati. Kan ani dhiphadheef dargaggeessichi ajjeeftotaan argamee akka hin ajjeefamnee dha. Waan kana ta'eefis, mucichatti iyyuun akka inni dhokatu itti himuun barbaade. Sana boodas, taatee dhugaa ta'uu dhiisuu isaa fi Ruwaandaa keessatti kan raawwatame ta'uu dhiisuu isaan yaadadhe. Biyyoota addunyaa biroo keessatti Tuutsii ta'uun murtoo du'aan kan nama hin adabsiisfne ta'uu isaa

irraanfadheen ture. Mucaan dargaggeessi sun nagaa ta'uu isaa ergan hubadheen booda, karaa foddaa sanaan utaalee seenee isa waliin ta'uun barbaade. Gara marga lalisaattis fiigee seenuun, faarsaa gaarii faarfadhee Waaqayyo kiyya gammachiisuus barbaade! Bakkee ijoollotni itti kolfan fi namni tokko iyyuu akka dhokatu iddoo itti hin daangefamne jiraachuun hawwe.

Akka carraa ta'ee, gammachuu nuti fiilmii ilaalaa turre galgalaa sanaa gabaabumatti nu jalaa bade. Hojjetoota lubichaa keessaa tokko ifa cuquliisa Televizo'oona keessaa ifu, sanuu immoo kutaa inni hin eegne keessaa yoo itti calaqqisu argeera. Innis badhaasa argachuuf waan yaadeef, waan arge hunda namoota ajjeeftota sanatti beeksisuun yeroo dheeraafis luba Muurinziin mana isaanii keessa iddoo ta'e tokko Tuutsota akka dhoksan shakkaa turuu isaa itti hima.

Fira gaarii luba Muurinzii kan ta'e namtichi tokko dhufuun, gareen ajjeeftotaa lakkoofsaan baay'ee guddaa ta'an mana isaanii dhufuun sakatta'uuf qophaa'aa akka jiran itti hima. Torbanoota hedduudhaafis lubichi nu gowwomseera jedhanii waan yaadaniif baay'ee itti aaruu isaanii itti hima.

Luba Muurinziin waan uumame kana nutti himuuf yoo dhufan, sodaa guddaatu irraa mul'ata ture. Akka sanatti yoo sodaatan argeenii hin beeku. Jilba isaaniin jilbeenfachuun erga guyyaa jalqaba mana isaanii geenyeetii eegalee yeroo jalqabaatiif harka isaanii walitti buusuun waa'ee lubbuu keenyaaf kadhatan. "Gooftaa kiyya, dubartootni kun yeroo isaan gara keetti dhufan gahe taanaan, dafiiti ofitti isaan fudhadhu."

Kadhatni isaanii tasumaa kan namatti tolu hin turre. Sodaannee kan hin beekne gararraatti nu sodaachisan – namni tokko sodaachuu danda'a jedhamee kan yaadamu gararraatti. "Luba Muurinzi, hojjetaan keessan fiilmii ilaallee xumuruun yoo kutaa dhiqannaa kana seennu waan nu arge isinitti fakkaataa? Dhugumaatti eessa akka dhokannee jirru ni beeku jedhanii yaaduu?" jechuun itti hasaase.

"Maal maal akka beekan sirriitti hin beeku; garuu ariitiin qulqulleeffachuu qabna. Ajjeeftotni sun daandii irra kan jiran.

Waa’ee kutaa mana dhiqannaa kanaa yoo beekan fi asi keessatti yoo isin argatan hunduma keenya nu ajjeesu.”

BOQONNAA 16
AMANTAA KIYYA YOON EEGGADHU

Namootni ajjeechaaf dhufan sun maqaa kiyya yoo waaman dhaga'eeraan.

Sodaa guddaatu keessa kiyyatti raabsame. Diyaabiloosis irra deebi'uun gurratti ana hasaasuu eegale – amma eessa akka jirtu beekaniiru…amma eessa akka jirtu beekaniiru

Sammuun kiyya gara iddoo isaa duriitti deebi'uun of wal'aale. Maaliif maqaa kiyya waaman – asi akka ani jiru akkamiin beekuu danda'ani? Gara kutaa dhiqannaa kanaatti dhufaa jiru ta'innaa laata?

Waaqayyoon waammachuuf yaalus, yeroo sanatti tokkichi ani dhaga'u yoo jiraate sagalee manicha bira naanna'ee anatti dhaga'amu sagalee hammeenyaa fi faarsota isaanii suukanneessoo akkasumas sagalee hafuura sobaa kan sammuu kiyya to'atee jiruu qofa dha. Uffatni kiyya dafqaan dhiqamuun amantii kiyya barbaacha oliif gadi jechuu eegale.

Kan dhufan namoota dhibbaan lakkaa'aman ta'aniiti. Luba Muurinziitti dubbii sodaachisaa fi yakka itti roobsu. "Eessa jirti?" jechuun itti iyyan. "Akka isheen asi jirtu ni beekna. Barbaadaanii… Iimaakiyuulee barbaadaanii."

Keenyaticha garasiin kutaa ciisichaa luba Muurinzii keessa jiru. Keenyata furdina taakku tokko hin guunne sanuu kan dhoqqee fi muka irraa hojjetametu nu gidduu jira. Adeemsi miilla isaanii manicha raase. Seefiin isaanii fi eeboon isaanii Keenyaticha waliin yoo walitti bu'u anatti dhaga'ama.

Jeequmsaa sana keessa sagalee nama tokkoo kan maatii kiyyaaf fira gaarii ta'een dhaga'uu danda'e. "Arraabbiiwwan 399 ajjeeseera" jechuun of-tuulummaan dubbata. "Iimaakiyuuleen yoon itti dabale 400 anaaf gooti. Kuni immoo lakkoofsa salphaa miti"

Golee sanatti galuun akkuman dhokadheen, Diyaabiloos gurra kiyyaan anatti kolfa. Maqaa kee beeku…akka ati asi jirtus ni beeku. Amma hoo waaqni kee eessa jira?

Ajjeeftotni sun luba Muuriinzii gaaffii itti guddisan:- "Tuutsotni sun eessa jiru? Yoo arganneen maal akka isaan goonu ni beekta. Eessa jirti lubichaa; Iimaakiyuuleen eessa jirti? Dhuma irratti bakki isheen itti argamte asii dha. Eessa kan ishee dhoksite?

Hafuurri kiyya ciqilee sodaa fi shakkii irratti deebisee kufe. Akka yeroo ajjeeftotni sun jalqaba dhufanii turan gararraatti baay'isee sodaadhe. Sagaleen isaanii gogaa kiyya murmuran; cilee gubachaa jiru irra akka waanan ciisee jirutti anatti dhaga'ame; qaama kiyya hundumaa miirri dhukkubii liqimse; lilmoo hin mul'atne kumaatamaan lakkaa'aman qaama kiyyatti waraanaman. Ta'us garuu kadhachuuf yaale: - waaqa jaallatamaa kiyya, waa'ee amantiin kiyya dadhabuu isaaf anaaf dhiisi… sin amanaa… akka nu oolchitus nan beeka. Mana kana keessa kan jiru hafuura hamaa gararraatti ati hundumaan oli.

Namootni ajjeechaaf dhufan sun kutaa mana fiilmii itti daawwatne sanatti meeshaalee manaa galagalchaa jiru; maqaa kiyyas irra deddeebiin waamu. "Iimaakiyuuleen ni barbaadna… Iimaakiyuuleen yeroo nuti itti ajjeefnu ammaa dha."

Gurra kiyya harkaan qabadhee seefii ajjeeftotaa keessaa tokko anaaf akka ta'u, gurra kiyyas of irraa kutee dhaggeeffachuu akka hin dandeenye hawwe. "Yaa waaqa kiyya…" sagalee kiyya ol kaasee kadhachuu eegale; sagalee tokko illee baasuu garuu hin dandeenye.

Liqimsuufis yaale; qoonqoon kiyya garuu ana cufame. Gorora tokko illee hin qabun ture; afaan kiyyas akka dikee loonii qooreera.

Ija kiyya dunuunfadhe. Osoo ana jaamaniis jedheen hawwe. Sagaleen ani dhaga'u garuu anatti dhiyaataa dhufe. Dhiifama tokko illee akka isaan anaaf hin goone beekkadheera. Sammuun kiyyas yaada tokko qofa irra deddeebi'uun anatti mul'isa – *yoo ana qaban ana ajjeesu. Yoo ana qaban ana ajjeesu. Yoo ana qaban ana ajjeesu.*

Kitaaba qulqulluu afaan kiyyatti baachuun ilkaan kiyya gidduu gochuu jabeessee ciniine. Jechoota Waaqayyoo liqimsuuf barbaade; gara gad-fagoo lubbuu kiyyaa keessatti galchuuf hawwe. Gargaarsa isaa deebisee barbaaddachuuf fedhe; humni hafuura hamaa yeroo dheeraaf ana rakkisaa ture garuu sammuu kiyya keessatti fakkii sodaachisaa anatti mul'isaa jira. Namootni ajjeeftotni sun akkamiin ana ajjeesuu akka danda'an anatti mul'ate – reebicha, qaanessuu darbees ajjeechaan arge…

Lakki dhiisi Waaqayyo; maaloo! Iyya sagalee hin qabnen iyyuun. Kana keessa akka ce'u maaliif barbaadde? Maaliif? Jaalala ani siif qabu sitti agarsiisuuf maal godhu? Atumti akka nu oolchitu amanuun barbaada. Amantii kana caale akkamiin qabaachuu danda'a? Baay'een kadhachaa jira; Waaqayyo, baay'ee … garuu baay'ee dhiyaateera; baay'ees dadhabeera! Yaa Waaqayyo … dadhabeera.

Ofin wal'aale anatti fakkaata – naannoo manichaatii kan ani dhaga'u sagalee ajjeeftotaa kan akka bakakkaa gurra nama duuchan hanga qabbanaa'anittii fi iyya fageenya irraa dhaga'aman haga ta'anitti of mo'achuu kan jedhamu ana irraa mucuchaachuun bade. Sana boodas nan rafe; abjuu miyaa'aa Iyyesuusiin ilaaluu eegale.

Dubartoota biroo jiran gararraatti akka baallee hindaaqqo salphachuun balali'e. Anaa gaditti lafa manichaa irra kitaabota qulqulluu isaanii mataa isaanii irra godhatanii Waaqayyoon dhiifama argachuuf yoo hollatan argeeni. Yoo ani ol jedhee ilaalu Iyyesuus ifa warqiin ajjabamee irra keessa kiyya yoo naanna'un arge; harki isaas gara kiyyatti ballifameera. Yoo inni seequ sababa

ani torbanoota hedduuf walitti galee taa'aa tureef, qaama kiyya kan turan dhukkubootni dhaabbataan ana irraa badan. Beela, dhugaatii fi sodaan tokko illee hin jiru – nageenya guddaatu anatti dhaga'ame… anattis tole.

Sana boodas Iyyesuus anatti dubbate: "Gaarotni amantiidhaan kan dhiibaman Iimaakiyuule. Amantiin garuu gaarotni hunduu haala salphaa ta'een ni deemu. Anatti kan amantu yoo taate, yoomiyyuu yoo ta'e akka ani si'i hin dhiifne beeki. Anatti amanadhu; sodaa tokko illee hin qabaatin. Anatti amanadhu si'i nan oolchaa. Fannoo kiyya balbala kana irra waanan kaa'uuf si'i hin argatanii. Anatti amanadhu ni jiraattaati"

Gara lafaatti tasuma deebi'uun namoota birootti dabalame. Ijoota isaanii ammas akkuma dunuunfatanitti jiru; ijni kiyya garuu balbala kutaa mana dhiqannaa fuulduratti keenyata irratti ifee kan argamu ifa adii baay'ee calaqqisu *fannoo ifaa* irratti xiyyeeffannaan banamuun ilaalaa jira. Yoon ilaalus, humna calaqqisaa'aan tokko fuula kiyyatti ana bu'e; akka ho'a aduuttis fuula kiyya ana ho'ise. Miira of wal'aaluu keessa ta'uun namoota ajjeeftota sana achi nuyi irraa kan deebisu humni waaqummaa isaa fannicha keessaa akka bahaa jiru arge. Akka eegamaa jirruu fi nagaa taanuu anatti mul'ate. Sababa kanaafis, humna leencaa akka nama qabuutti anatti dhaga'ame; utaaluun ol ka'ee dhaabbadhe. Waaqayyo irra deebi'uun jaalala isaatiin waan anatti buheef galateeffadhe; sana boodas kanneen biro asii gadi of jalatti argeen.

Turtii kutaa mana dhiqannaa sana keessatti yeroo jalqabaa fi dhumaaf namoota ana waliin jiran irratti iyye; "Homaa iyyuu hin taanu! Waan ani jedhu amanaa… waanti hundumtuu gaarii ni ta'a!"

Guddinni iyya sagalee kiyyaa akka waan kaballaaf fuula isaaniitti ergameetti isaan rukute. Akka nama maraatuutti ana ilaaluun hiixatanii gara lafaatti gadi ana harkisan. Ittin kolfe – yoodhuma illee fannoon argaa ture sanaan booda balbala irratti arguu dhabes, fannichi garuu amma iyyuu akka achuma jiru nan beeka. Ajjeeftotni manichaa bahanii adeemaniiru…faarsaa yoo deemanis dhaga'eera.

Halkan lubichi nu ilaaluuf dhufan. "Akkuma dhufaniin kan isaan deemanii ilaalan kutaa isin fiilmii itti ilaalaa/daawwataa turtanii

dha" jechuun nuuf ibsan. "Kuticha didiigan. Homaa argachuu yoo dadhaban hojjetaa kiyya reebichaan cicciruuf waanti isaan hafe hin jiru. Dhiifama ana gaafataniis deeman. Ta'us garuu iddoon kun ammaan booda nageenya keessaniif gaarii hin ta'u. Hojjetaa kiyya ari'eera … amma guddaa aareera. Shakkiinis isa galeera. Hojjettoota kiyya biroo waliin hiriyummaa gaarii waan qabuuf, ammaan booda tokkoon tokkoon sochii ani taasisu hundumaa ni hordofu. Maalumaafuu loltootni Faransaay gara naannoo keenyaatti dafanii akka dhufan abdii haa godhannu"

Guutummaa torban itti aanuu naasuu guddaa keessa ta'uun dabarsine. Gareen ajjeeftotaa sun irra deebi'uun sakatta'iinsa godhan. Kutaa ciisicha luba Muurinzii Tuutsii dhokate barbaaduuf oliif gadi diigan. Akka deebi'anii dhufanis akeekkachiisan.

Luba Muurinziin hordoffii keessa akka seenan baay'ee sodaachuun yeroo nyaata itti nuuf fidan hir'isan. Beelaan du'uun karaa ittiin ajjeeftota irraa baqannee baanu sirrii ta'e dha jechuun xiqqoo qoosuuf yaalle. Rakkoon isaa garuu guddaa beelofne.

Jalqaba baatii ji'a Adoolessaa keessa hojjetoota dhiiraa keessaa tokko dhufuun balbala kutaa ciisichaa luba Muurinzii yoo rurukutu dhageenye. "Luba Muurinzi, Kutaa dhiqannaa sana keessa ergan seenee yeroo dheeraa lakkoofsiseera bar. Maaliif amma isiniif hin qulqulleessu?"

Mogoleetu nu bu'e… dhiphinni keenya kun hin dhumu ta'innaa laata?

"Waa'een kutaa mana dhiqannaa sun si'i hin dhiphisin" jechuun luba Muurinziin deebisaniif. "Ani ofii kiyyaa qulqulleessen jira"

"Isinimmaa akkas gochuun isin irra hin jiru – sun hojii kiyya bar. Ana seensisaatii qulqullaa'aa akka bifa aduu isiniif haa taasisu"

"Lakki furtuun ana jalaa badeera. Kanaaf of qulqulleessuuf achitti gargaaramaa hin jiru… amma asii anaaf deemi. Jeeqamuu hin barbaadu"

"Tarii furtuu malee banuu nan danda'a ta'a"

"Deemi asii! Jeeqamuu hin barbaadun siin jedhe mitii?"

Ji'oottan sadan darban keessatti kutaa mana dhiqannaa sana nan qulqulleesa jedhee kan gaafate nama jalqabaati. Kanaaf, hojjetichi nuti eessa akka jirru waan bira gahe fakkaata. Gara ajjeeftota sanaa deemuun eessa barbaaduu akka qaban itti himuu isaa beekne; manicha keessa kan jiru waa'ee kutaa sana qofa akka itti himu shakkine dhiphachuun waan gochuu qabnu nu harkaa bade!

Hojjetichi erga deemen booda lubichi nu bira dhufuun akkuma sanaan garee ajjeeftotaa bira deema jedhanii akka hin yaadne nutti himan. "Hojjetaa yeroo darbee Tuutsota akka argataniif iddo inni ajjeeftota sanatti hime Tuutsota barbaadanii waan hin arganneef, ajjeesuuf homtuu illee isaan hin hafne ture." jechuun nuuf ibsan. "Sababa kanaaf hojjetaa inni kun hanga waan ittiin mirkaneeffatu tokko argatutti ni eega. Gara isaanii har'a deemuu dhiisuu danda'a; garuu kan ani sirriitti beeku yeroo dhiyoo keessatti deemuu isaati"

Yeroo keenyatti osoo hin gargaaramin akka nu jalaa hin gubanne sodaachuun wal ilaalle.

"Har'a ganama loltootni Faransaay Tuutsota lubbuun oolan barbaacha naannoo kana irra barbaadaa akka jiran dhaga'eera – har'a haasofsiiseeraan. Adaraa yeroo ani deemutti sagalee keessan balleessaa" jechuun luba Muuriinziin kuticha keessaa ariitiin bahan.

Akkuma deemaniin hojjetaan isaanii sun nu dhiphisuu eegale. Guyyaa guutuu karaa foddaa kutaa mana dhiqannichaa yoo inni deddeebi'u dhageenye. Sagalee yookiin sochii godhamu kamiin iyyuu dhaggeeffachuuf akka ta'e irratti barre. Gara namoota ajjeeftota sana bira deemuun dura, shakkii isaa dhugoomfachuuf yaala. Sa'aatii dheeraadhaaf kutaa qaama keenyaa tokko iyyuu hin sochoofne.

Al-tokkomma barcuma wayii gara foddicha jalatti butuun irra dhaabbatee yoo kuticha keessa ilaaluuf yaalu, gaaddidduun isaa golgaa irraan yoo nutti mul'atu naasuu keessa baanee of wallaaluuf waanti nuuf hafe hin jiru ture. Waaqayyoof haa galatu foddicha bira gahuu hin dandeenye. Guyyaa guutuu garuu achuma dhaabbachuun eegaa fi dhaggeeffachaa oole. Yooma illee guyyaa guutuu sodaan hidda dhiiga kiyyaa keessa facaasame of ana jibbisiisee oolus, booda irra hojjeticha namni waamuun yoo deemu xiqqoo socho'uu eegalle.

Luba Muurinziin halkan sana oduu gammachiisaa nuuf fidaniiti kan dhufan. Tarii oduu hanga har'aatti ana gahaa turan keessaa oduu guddaa jaallatamaa ta'uu isaati. "Loltoota Faransaay argee waa'ee keessan itti hime. Bakki isaan jiran asi irraa kan fagaatu miti. Har'a galgala gara isaaniitti akkan isin geessu anatti himaniiru; halkan keessaa naannoo sa'aatii saddeetii yookaan ammoo sagaliitti"

Gurra keenya amanuu hin dandeenye – dhuma irratti kunoo kutaa mana dhiqannaa kana gad-dhiisnee deemuuf jenna! Waan mari'anne bifa fakkaatuun hunduu keenya wal faana "Galata kee yaa Waaqayyo" jechuun wal faana hasaasne.

Lubichi garuu miira keenya al-takkaan nu jalaa ajjeesan. "Eeyyee, galata kee yaa waaq" jedhan. "Yeroon isinitti hin darbu jedheen abdiin godhadha. Loltoota sana dhiisee ergan deemee booda hiriyaa gaarii kiyya tokko waliin wal argeen ture; namootni ajjeeftotni sun deebisanii gara mana kiyyaa sakatta'iinsaaf akka dhufan anatti hime. Kan asi dhufanis har'a galgala yookiinis bor ganama – ganama osoo nuuf ta'ee jedhaa kadhadha?

Jabinaan kadhanne

Funaansa fudhatnee deemnu tokko illee hin qabnu – qabeenyaa qabna jennu tokkichi yoo jiraate ji'oottan sadan darbaniif osoo ofittii hin basin uffata uffannee dha. Ammas taanaan dhiqachuun hin yaadamu. Ta'us garuu rifeensa mataa keenyaa waliif hojjechuun of gammachiifne. Loltoota Faransaay bira yoo deemnu haga danda'ametti bareeddotaa fi kan ofitti nu fudhatan taanee dhiyaachuu barbaadneerra.

Luba Muurinziin halkan keessaa sa'aatii 8titti dhufanii, hanga ijoollota isaanii hirribaa dammaksanii waa'ee keenya itti himanitti kutaa ciisichaa isaanii keessatti akka isaan eegnu nutti himan. Isaan eegaa osoo jiruu fuula keenya daawwitii kutaa ciisicha isaanii keessa jirutti of ilaalle. Guyyaa jalqaba mana kana itti geenyee eegalee daawwitii keessatti kan of arginu yeroo jalqabaaf yoo ta'u, akkamitti naasuu guddaa akka naane ibsuun baay'ee ulfaata! Reeffa ijaajju fakkaaneerra. Maddiin keenya huuqqatan akkasumas iji keenyas lafee boolla isaa keessa dhokachuun, mataan keenya duwwaa fakkaateera. Lafeen luqeettuu keenyaa dhiibbatanii

bakkeetti ba'anii uffannaan keenyas akka waan waandaboon fannoo irratti fannifamaniitti nuyi irratti fannifameera. Namummaan keenya guutuun huuqqateera. Gara kutaa dhiqannaa sana yoon seenu kiiloogiraama 52n ture. Amma yoon bahu garuu kiiloogiraama 30 ta'eera. Du'uuf maaltu anaaf hafe mee! Hunduu keenya boo'uu barbaadne.

Luba Muurinziin ijoollota isaanii kudhan waliin yoo deebi'uun dhufan, hundumtuu isaanii (Lachim fi Duuzeenjee irraan kan hafe) gara boodaatti deebi'an. Dhugaa dubbachuuf, baay'ee na'aniiru; guddaas itti bitaacha'eera. Ijoollotni durbaa boo'uu eegalan; isheen tokkommaa tasumaa "Bulguu! Bulguu Tuutsotaa! Iddoo du'anii ka'uun nu ajjeesuuf dhufan!" yoo jettu luba Muurinziin akka isheen callistuu fi of tasgabbeessitu itti himan; sana boodas maal akka taane ijoollota isaaniif ibsan.

Hunduu isaanii iyyuu osoo isaan hin beekin yeroo hamma kana achi turuu keenya amanuu hin dandeenye. Hinumaa namoota ta'uu keenya iyyuu beekuuf akka isaan gargaaruutti nu tutuquu eegalan – lafee fuulaa fi luqqeettuuf ciqilee keenyaa qaqabachuun ilaalan. Gaffiiwwan dhibba tokko qabu – "Eessa turtani? Achi keessi hunda keessan akkamiin gahuu danda'e? Maal soorataa turtan? Achi keessa yeroo hagamiif turtan? Akkamitti akkas callistanii taa'uu dandeessani? Qaama keessan ni dhiqattu turtani moo? Walitti hin dubbatani moo? Teessanii hirriba akkamiin rafuu dandeesu?"

Deebii kennuufiif yoo yaallus garuu dhaabbachuu keenyaa irraan kan ka'e dadhabne: xuuncha fi iddoon walitti bu'iinsa qaama keenya lafa irra taa'uun ji'oota sadii erga dabarsitaniin booda, amma maaliif ijaajjitu jechuun sagalee basanii nutti iyyan jechuun ni danda'am.

Luba Murinziin ijoollota isaaniin akka isaan sirriitti nu ilaalaniif itti himan. "Eebba Waaqayyootiin garuu tokkoon keessan iyyuu achi gahuu yoo dandeessan" jechuun ijoollota isaanii yaadachiisan. "Carraan dugda kan itti galfatte kanneen akka dubartoota kanaa yeroo rakkinaa keessatti gargaaruuf carraan isin quunname, gargaarsa gochuufii danda'uu keessan sirriitti beekkadhaa – jireenya mataa keessanii balaa irra kan buusu yoo ta'e illee. Waaqayyo akka jiraannu kan barbaadu jireenya akkasiiti"

Lubbuun kiyya luba Muurinziif hanga tokko garaa laafteef. Ji'oottan muraasa darban keessatti waa'ee amala isaaniif guyyoottan ani isaanitti gadduun dabarse hedduu turan. Kan ani itti dubbadheefis doofummaan kan irraa calaqqisu waantota muraasa miira miidhuu ni danda'uu yookaanis hin danda'ani jechuun waan hin dhiphannee fi gara jabummaan kan irraa mul'atu kan hubachiisan turan … ta'us garuu nuuf jedhanii waan hundumaa isaanii balaa irra buusaniiru. Boqonnaa haaraa jireenya kiyyaa eegaluuf akkuman achi dhaabbadheen guddaa galateeffadheen. Waaqayyoonis nuti erga deemnee booda namicha kanaaf eegumsa akka nuuf godhuuf kadhadhe.

Ijoollotni sun abbaa isaanii miira boonuun, nutiin ammoo miira gaddaan nu ilaalan – Seembeebaan alatti hundumtuu jechuu kooti. Seembeebaan torbanoota muraasa dura abbaa isaatiin Tuutsotni ajjeefamuu qabu yoo jedhu mucaa dhageenyee dha. Amma kunoo golee keessa dhaabbatee gadi jechuun ija aariitiin lafa ilaala. Yeroo sanatti guyyaa tokko inni dhiifamaa fi dhugaa Waaqayyoo akka argatu fi osoo nuti bakka sanaa hin deemin garee ajjeeftota sanatti waa'ee keenya akka hin dubbanne kadhadheera.

Jalqaba akka nu argiteen fiigdee baatee kan turte Shiimiwee kan jedhamtu mucaan luba Muurinzii fooxaa fi shurraabota ishee keessa tokko akka ani uffadhuuf anaaf keenite. Hanga dandeesse ofitti qabdee ana haammachuun akka anaaf kadhattu anatti himte. Adda ba'umsaa fi rakkina hang asana booda nama jaalala anaaf kennu argachuun kiyya jechootaan kan ibsu irra caalaatti keessa kiyyatti ana bu'e.

Saddeettanuu keenya ijoollee lubichaa hafanitti erga nagaa dhaamneen booda, luba Muurinziin kutaa mana dhiqannaatii gara qilleensa halkanii qulqulluu, gara alaatti gadi nu baasan.

KUTAA 3ffaa

DAANDII HAARAA

BOQONNAA 17
DHUKKUBA BILISUMMAA

Haalli dukkanichaa keessa ture miira lakkaa'amanii hin dhumne anatti uume. Qilleensi cabbaa'aan gogaa qaama kiyyaatti yoo bu'u, somba kiyyatti qilleensichi yoo salphatu, ija kiyya duraa kan shubbisan urjiiwwaan lakkaa'amanii hin dhumne bareedina isaaniitiin yoo ana leellisan, lubbuun kiyya "Galata kee yaa waaq" jettee akka faarfattu taasisan.

"Maalitti ija baasaa jirta? Haa deemnu malee – Ariitiin deemuu qabna!" jechuun luba Muurinziin dhugaati kiyya bilisummaa akkuman jalqabaa unadheen, akka ani ofirra galagaluun adeemu dubbatan. Lubichi dubartoota biroo fi nu waliin gara dawoo

dhokannaa Faransaayotaa deemuuf kan ka'e Yohaannis waliin balbala biratti nuyi eegu. Yohaannis baay'ee yeroon itti darbe malee dammaquu fi nu fuuldura bu'uun isaa gaarii ture. Yeroo kanatti duguuggaa sanyii ture irraa hafuu kiyyaas ta'e barii ganamaa irra deebi'uun arguu danda'uu kiyya homaa hin beekne – walitti dhufeenyi gaarii qabna tures nu gidduudhaa baduu isaas anatti hin beekamne.

Luba Muurinziin balabala isaanii yoo banan, ijoollotni isaanii dhiirotaa (Seembeebaa irraan kan hafe) eeboo, haaduu fi xiyya qabachuun manaa bahan. Naannawaa keenya akka gaariitti nutti naanna'anuun balbalaa nu baasan. Ija hamoo hojjetaa dhiiraa isaanii shakkaa sanaa fi olloota isaanii irraa nu dhoksan.

Sana boodas erga gara mooraan alaa baanee daandii ji'oota sadii dura gara mana kanaatti ana fidan daandii miillaa awwaara'aa irra ariitiin deemne. Iji kiyya dukkana keessa argaa yoo adeemu, luba Muurinzii fi Yohaannis akka hidhata hidhatanii jiran arge. Yohaannis eeboo dheeraa baatee kan jiru yoo ta'u, luba Muurinziin ammoo gama isaaniitiin qawwee isaanii gateettii irratti fannifataniiru. Gareen ajjeeftotaa daandii keenya irratti yoo nu quunnaman maal gochuu akka danda'an yaade.

Namootni daandicha irraa kara kallattii biraan dukkana keessaan yoo asi bahan tasuma argine. Tarii tilmaamaan hidhattoota Iinterhaamiwee 60 ta'an toora lamaan dhufaa jiru. Uffanna addaa sodaachisaa kan uffatan yoo ta'u, taateen isaan irraa mul'atu guddaa sodaachisaa dha: - hanga funyaaniitti hidhachuun ariitiin socho'u: seefota, qawwee hedduu, boombota, eeboo fi haaduu dhedheeraa qalmaaf gargaaran qabachuun gara keenyatti dhiyaachaa jiru – tokko isaan keessaa xiyya baatee ture.

Isaanitti dhiyaachuun waan darbineef foolii qaama isaanii fi foolii dhugaatii nama macheessuu afaan isaanii irraa ciinca'u osoo hin hafin kan ani fuunfachuu danda'e. Kan nama dhibu garuu sodaan yeroon kutaa mana dhiqannaa keessa isaan irraa dhokadhee ture irra caalaatti isaan cina yoon darbu sodaan kiyya hanga tokko anaaf hir'achuu danda'eera. Yeroo kanatti Waaqayyo akka nageenyaan nu tursuu fi soda kiyya anaaf hir'isu kadhadhe.

Anaaf dubartootni biroon hidhattootni Iinterhaamiwee sun dubartoota ta'uu keenya akka hin barreef jecha, garee nuyi geggeessaa jiru keessa akka hin mul'atneef mataa keenya gadi qabanne. Rakkoo tokko malee dha kan jara bira darbuu dandeenye. Sanuumaayyu ajjeeftotni muraasni nagaa nu gaafachuun kan nuyi bira darban; yeroo nu bira darbanittis Yohaanisii fi luba Muurinziin carraa gaarii hawwaniif. Nuyiin akka ajjeeftota halkaneeffachuun Tuutsota adamsaa jiruutti nu fudhataniiru yookiin ammoo Waaqayyo ija isaanii jaamseera … lamaanuu sabaaba akka ta'en yaade. Itti dabaluunis sadarkaa duguuggaan sanyii amma irra jirutti Tuutsotni akkana baayyatan bakka tokkotii lubbuun jiraachuu danda'u jedhanii hin eegne yookiin ammo hin amanne. Daandii hunduma irratti reeffi kufee waan jiruuf, akka sanatti yaaduu isaaniif sababa gaarii qabu turan.

Waaqayyo kadhannaa kiyyaaf deebii kenne. Sodaan namoota ajjeeftotaaf qabu ana irraa gateera. Garuu haala jiru irraa akkan hubadhetti, gooftaan eebba anaaf kenne, Yohaannis fi luba Muurinziif eebba wal fakkaataa waan isaaniif kenne anatti hin fakkaatu. Hidhattoota Iinterhaamiwee'otaan walitti bahuu keenyaaf lamaanuu isaanii guddaa na'aniiru. Yohaannis fi luba Muurinziin, ajjeeftotni akkuma isaan ija keenya duraa badaniin haala nu quunnamee ture irra deebi'uun xiinxalan.

Lubichi "Dubartoota nana ammaan booda qofaa keessan deemaa" nuyiin jedhan. "Faransaayotni iddoo asitti dhihoo irratti kan argaman … deemaa, hanga deemtanii ija keenya duraa baddanitti asuma ijaajjinee isin ilaalla"

Luba Murinzii fi ani ariitiin nagaa erga walitti dhaamneen booda luba Muurinzii, ijoollota isaanii dhiiraa fi Yohaannis waliin ta'uun daandii irraa gara bosonaatti seenanii dhokachuuf ariitiin deeman. Yeroo sanatti anaa fi dubartootni biroon bakkee ifaa irra waan jirruuf, yeroo dhaabbannee gubnu tokko illee hin qabnu. Dawoon dhokannaa Faransaayotaa naannoo tarkaanfii 500 fagaata; kanaaf miilli keenya haga ariitiin tarkaanfachuu danda'u fuulduratti tarkaanfanne.

Dawoo dhokannaa amma bakkee onaa kan ta'e mooraa mana barumsaa wangeelaa duraanii keessatti hundeeffame sana bira yoo geenyu onneen kiyya ana dhahachuu eegalte. Miseensi garee keenya biroon balbala guddicha bira soda guddaa keessa ta'uun da'atanii osoo jiranii ani balbalicha hanga danda'e rurrukutaa sagalee guddaan iyyee "Maaloo nu gargaaraa! Maaloo gargaarsa keessan nuyi barbaachisa!" jechuu eegale.

Hasaassiin olitti ergan dubadhee yeroo dheeraa waan lakkoofsiseef, iyyee dubbachuuf yaalii ani godhe irraan kan ka'e qoonqoon kiyya ana dhukkube. Sagaleen kiyya kan ukkaamamee fi suutaa kan bahu waan ta'eef, hin dhaga'amu jechuun ni danda'ama. Nuyi oolchuuf kan eegumsa nuuf godhu nama tokko iyyuu osoo hin argatin yoo hafnu, dubartootni sun naasuudhaan romm'aan; boo'uu fi iyyuu jalqaban. Daqiiqaa muraasaan booda loltootni gara ja'a yookiinis torba ta'an matiriyeesii isaanii gara keenyatti qabuun kara dallicha kallattii tokkoon nutti asi bahan. Afaan Faransaay ani qofti dubbachuu waan danda'uuf, dubartoota ana waliin jiran akka callisan gochuun loltoota sanaaf waa'ee eenyummaa keenyaa fi dhimma maaliif akka dhufne itti hime.

Loltootni sun ija shakkiin nu ilaalan; qawwee isaaniis akkuma nutti qabanitti kan jiran.

"Dhugaa dha! Kan ani isinitti hime hundi dhugaa dha… akka nu oolchitaniif isin eegaa turreerra" jedheen abdii kutannaan.

Garee sana keessa loltoota jiran irraa gabaabaa, fuula-guuraa, bifa ifaa kan qabuu fi rifeensi mataa isaa kan haadame tokko gara balbala guddichaatti dhufuun fuula keenya irratti tiriika ibse. Boca funyaan keenyaa ilaalaa akka jiru sirriitti beekamaa dha. Akka yaada duriitiin Huutotni funyaan cabaa fi uraan isaa bal'aa, Tuutsotni ammoo funyaan konkona qabu kan jedhuu dha. Kanaaf, qormaaticha dabarreetin se'a, balbala banuun ol nu seensisan. Haa ta'u iyyuu malee, waraqaa eenyummaa ilaaluuf yoo nu gaafatu illee meeshaa isaa nutti qabeeti kan ture.

Dubartootni sun hafuura guddaa yoo baafatan anatti dhaga'ama – tokkoon isaanii iyyuu waraqaa eenyummaa isaanii hin qabanne ture. Sababa kanaafis loltootni Faransaayotaa achumatti waan isaan

ajjeesan itti fakkaateera. Gaarummaan isaa ji'a sadii dura mana maatii kiyya gad-dhiisee yoon bahu, waraqaa eenyummaa kiyya korojoo boodaa kofoo kiyya keessa godhadheen ture. Loltichi gamaa hanga gamasiitti Tuutsii jedhamee kan itti maxxanfame waraqaa eenyummaa kiyya ilaaluun miira tole jedhuun mataa isaa oliif gadi raase. Yeroodhuma sanatti dubartoota biroon "Homaa waan taanu anatti hin fakkaatu" jechuun mirkaneesseef.

Sodaa, aarii fi miira naasuu ji'a tokkoof kuusamee ture akka bishaan lubbuu keenya keessaa yaa'e. Daangaan hidha miira adda addaa kan keessa keenya ture ni diigame. Dubartootni muraasni to'achuu haala hin dandeenyeen boo'uu eegalan. Nutti siqeenyi loltoota sanaas jijjiiramaa dhufe – sagaleen isaanii gaarummaanii fi miira dhimmi keessan ana galcha jedhuun guutamee qawwee isaanii gadi qabuun miiraa gaddaan nutti dubbachuu eegalan. Ji'oota muraasa keessatti arginee kan hin beekne yeroo jalqabaaf bishaan cufamaa fi baaduun/urgoo nuuf kenname. Luba Muurinziin akka tilmaamanitti Faransaayotni sun akka nu hin ajjeesne baruun, saffisa guddaan gurshachuu jalqabne.

"Hin sodaatinaa rakkoon tokko iyyuu hin jiru." jedhe loltichi xiqqichi. "Kana booda daqiiqaa xiqqoof illee dhiphachuun isin irra hin jiraatu … rakkoon keessan xumura argateera. Eenyu illee akka isin miidhu hin goonu. Isiniif galee? Sodaan tokko akka isinitti hin dhaga'amne; sirriitti isin kunuunsina."

Dubartoota biroof waan isaan jedhaa jiran hiikeef; akkuma sanaan hundumtuu keenya boo'uu eegalle. Waanti hundumtuu dhumateeraaf kan jedhamu garuu dhugaa hin fakkaatu. Maalumaafuu, gareen ajjeeftotaa sun ammaan booda gara keenyatti akka hin dhiyaanne akka godhan waadaa nuuf seenaa kan jiran loltoota meeshaa gugudda qabatanii fi leenjii gahaa qabaniin marsamneerra.

Akkuma tasgabboofneen, oolchitootni keenya amma dawoo turtii yeroodhaaf dhaabame keessa akka jirruu fi raadiyoo wal quunnamtii isaaniin walitti dubbatanii konkolaataa fe'umsaa akka dhufu gochuun gara fageenya kiiloomeetira 16 irratti kan argamu dawoo dhokannaa isaanii guddaatti akka nu geessan nuuf ibsan.

Konkolaataan hanga dhufuttis xiqqoo boqochuu akka qabnu nutti himan.

Namoota biroo irraa adda bahuun xiqqoo achi deemee yeroo dheeraaf waan ani dhabee ture dhandhamachaa ture – yeroo tokkoof qofaa kiyya ta'uu. Lafa irra ciisuun naannoo kiyyatti kan argamu waan hundumaa waliin walitti bu'uu eegale – dhagaan dugda kiyya jalaa ana waraanaa, qubootni kiyya lafa jiidhaa sana tuttuqaa, baalotni qoqooraan maddii kiyya osoo ana waraananii, sagalee bineensota dukkanaan naanna'an dhaga'aa. Safuu! Lubbuun jiraachuun kiyya nama dhiba.

Irra deebiin ammas gara samii halkanii ilaalaa uumama gooftaa kan ta'an urjiiwwan lakkaa'amanii hin dhumne, ifa aannan fakkaatuu fi bareedina ajaa'ibsiisaan liqimfame. Ifni urjii daandii irra dhufnee fi daandii gara mana keenyaatti nu geessu danda'u anatti agarsiise – mana yoon qabaadheef. Miseensi maatii kiyyaa iddoo gaarii tokko dhokatanii jiru ta'innaa? jechuun yaade. Yookiinis gara jireenya isaanii itti aanutti ce'uun ana gararraatti kan jiru biyya jireenya barabaraa qabu iddoo kallattii biraa irra jiru keessa jiraatu ta'inna?

Xiyyeeffannaa kiyya irra deebiin gara daandichaa irra godhadhe. Obbolootni kiyyaa fi ani daandii kana irra akkamiin gara bakka barbaadneetti deemaa akka turre yaade. Ijoollummaa keenyaan ganama ganama daakaa bishaaniif gara hara Kiivuu, gara mana barumsaatti, dilbata ammoo gara mana amantaatti, hiriyootaa fi firoottan kiyya gaafachuuf, boqonnaa gannaaf gara iddoo taateewwan ajaa'ibsiisoo itti raawwannuutti kan nu geessu … hundumaafuu dandiin kun gara bakkeewwan ani jaalladhu maratti kan ana geessu ture. Jireenya kiyya guutuu daandicha irra deddeebi'eera; ta'us amma sun hunduu darbeera. Daandichi yeroo ammaatti garuu gareen ajjeeftotaa fi namootni dirqiin gudeedan kan irraa lafa dhiitan ta'eera. Sa'aatiiwwan yookiin guyyoottan itti aanuun dhufan keessattii maal haa uumamu maal, haalli kanaan dura ture akka itti fufuu hin dandeenye suuta anaaf galaa yoo dhufu aarii guddaa keessa gale. Ija kiyya dunuunfachuun Waaqayyoodhaan daandii haaraa kan ani irra adeemu barbaaduun hojii isaa akka ta'e itti hime.

Nan holladhe. Qilleensi cabbaa'aan gogaan qaama kiyyaa irra bu'uun akka inni walitti sassaabamu yoo godhu, ammaan booda iddoo dhiphaa fi foolii xuraawaan guutame kutaa mana dhiqannaa sana keessa akka ani hin jirre ana yaadachiise. Dukkana keessa taa'aanii kan jiran ijoollota dhiiraa lama illee tasuma yoon wal quunnamu miirri sodaa anatti hin dhaga'amne.

Isaan keessa tokko tasuma naasuudhaan ol ka'ee dhaabbachuun xiqqoo turee "Iimaakiyuuleedhaa ati?" anaan jedhe.

"Jiin Pool?"
"Akkamiin lubbuun ooluu dandeesse?"
"Waaqayyotu ana oolche. Ati hoo akkamiin ooluu dandeessse?"
"Waaqayyotu ana oolche."
"Bagan si'i arge!"
"Si'iinis bagan arge!"

Akkaataa kofalchiisaa haasaa keenyaa, itti dabalees hiriyaa ofii waliin iyyanii (sagalee ol kaasanii) dubbachuun akkam kan nama kofalchiisuu fi ajaa'ibsiisu danda'u yoo ani yaadu, kolfi ana qabe. Jiin Pool hiriyaa gaarii obboloota kiyyaati.

"Akkam jirta Jiin Baaptiist; bagan si'i arge" jedheen obboleessa Jiin Pool taa'ee jiruun. Jiin Baaptiist anatti hin fakkaanne ture. Sababni isaas immoo, isa ta'uu isaa arguu kan ani danda'e gadi jechuun harka isaa nageenya gaafachuuf yoon qabadhuudha. Uffata jala dhokatee kan jiru madaa ganaa qooraa jiru kan hanga taakkuu quba tokkoo dheeratu morma isaa irra jira. Madaa hin fayyin jiru, bifa akka adii kan qabuu fi gogaa qaama isaa gurraacha waliin kan wal hin fakkaanne kan nama suukanneessuu dha. Buqqee mataa isaa irrattis madaa guddaatu mul'ata. Nama dhukkuba irraa reefuu woyyaa'aa jiru fakkaata. Akka sanatti dhahame lubbuun ooluu akkamiin akka danda'e ana ajaa'ibsiise.

"Amma baayyee hin dubbatu…gadda guddaa keessas jira" anaan jedhe Jiin Pool suuta anatti dubbachuun.

Miirri suukanneessaan Jiin Pool irraas kan mul'atu ta'us, teenyee haasaa tokko tokko haasofne. Eessatti akka ani dabarsee fi turtii

kiyya mana lubichaa ibseef. Innis gara kaabaan ajjeechaan geggeefamaa jiru haga tokko akka dhaabbate fi magaalaa guddittiin –Kiigaaliin- to'annaa garee finciltootaa jala akka galte akkasumas iddoo nuti turre bulchiinsi Kiibuuyee haga sa'aatii sanaatti naannoo balaan itti heddumaate ta'uu ishee anatti hime.

"Kiigaaliin to'atamtee?" jechuun gaafadhe miira naasuu fi gammachuu keessa ta'uun.

"Eeyyee, ammuma iyyuu garuu ajjeechaa hedduuminaan akkuma itti fufetti jira." jechuun anaaf deebise. "Dhugaatti iddoon kun kan duraa irra caalaatti amma rakkisaa ta'eera. Lolli adeemsifamaa jiru irra caalaatti itti cimaa yoo deemuu, jarattis hinumaa itti finiine. Naasuu guddaa keessa jiru. Tuutsota hedduu waan qalaniif amma itti dabalataan kan ajjeefamu argachuu hin dandeenye."

Jiin Pool fi obboleessa isaa dawoo dhokannaa sana keessatti arguu kiyya guddaa ana ajaa'ibeera. Sababni isaas, Huutuu anatti fakkatu waan turaniif. Baay'ee gurraacha, gabaaboo fi funyaan isaanii konkona kan hin taane dha – akka ilaalcha Awurooppaanotaatti fuula sirrii Huutotni ittiin beekaman dha. Dhaloota hedduu keessatti wal fudhiinsa wal gidduutti geggeeffamaa ture irraan kan ka'e sadarkaa yaadichaa akka yaada dulloomaa fi jibbiinsa irratti kan hundaa'e waan godhaniif, ammaan booda ilaalchi akkanaa kun sirrummaa tokko illee hin qabaatu. Garuu Jiin Pool akka dubbatetti, sababni lubbuun jiraachuu isaanii inni tokko Huutuu fakkaachuu isaanii akka ta'e ibsa. "Sanaa … fi namoota ajjeesaaf bahan sana keessaa gaarummaa nama tokkoon" jedhe waan maatii isaa irra gahe dubbachuu isaan dura.

"Gareen ajjeeftotaa xiyyaarri pirezidaantichaa rukutamee torban tokkoon booda kan dhufan. Mana keenya irraa fageenya dhiyoo irratti kan argamu mana hiriyaa kiyya Huutuu ta'e Looreenti gaafachuu deemee achuma osoon jiruu mana maatii kiyyaa akka gahan dhaga'e. Ajjeeftota dhibba sadiitti lakkaa'aman arge – baay'een isaanii ollootaa fi firoottan gaarii keenya kan turanii dha. Balbala fuulduraa cabsanii seenuun hundumaa kukkutan – obboloota dhiiraa, obboleettiiwwaan kiyya sadan, abbaa fi haadha kiyya. Hundumaa ajjeesan… waan ajjeesan itti fakkaate. Lubbuun

Jiin Baaptiist garuu hin baane ture – ta'us garuu garmalee dhiigni isaa lola'aa ture.

"Kiiloomeetira hedduu lafa irra harkisee bosona keessa bakka namni tokko iyyuu nuyi hin beeknetti mana qorichaatti geesse. Sanaan booda hanga loltootni Faransaay dhufanitti Looreenti nu dhoksuu danda'us, haalli nuti keessa turre suukanneessaa ture. Nu dhoksuun yoo nu oolches garuu lubbuun jiraachuun dhiphina guddaa nutti ta'e. Looreenti yeroo hunduma ganama ganama akkam bultan jechuun kan hirribaa nu dammaksu. Sana booda namoota maatii kiyya ajjeesan waliin Tuutsota adamsaa fi ajjeesaa oola. Galgala dhufuun irbaata yoo inni nuuf hojjetu miiccee kan gadhiisisuu hin dandeenye faca'a dhiiga namaa uffannaa isaa fi harka isaa irraatti arga. Lubbuun keenya harka isaa irra waan jirtuuf homaa jechuunii hin dandeenyu. Dhalli namaa al-takkaan waan gaarii fi waan badaa wal faana hojjechuu akkamiin akka danda'u anaaf hin galu" anaan jedhe.

"Duguuggaa sanyii kun kan geggeeffamaa jiru onnee namootaa keessatti, Jiin Pool" jedheen. "Namootni ajjeechaaf bahan hunduu namoota gaarii dha. Ta'us garuu yeroo ammaa kanatti hafuurri hamaan onnee isaanii to'ateeti kan jiru"

Jiin Pooliitti miseensa maatii isaa hundaaf akkan kadhata godhuuf itti hime. Sana boodas yeroo duguuggaan sanyii finiinaa turetti ganda keenya keessatti dabarsuu isaa irraan kan ka'e waantota maatii kiyya irra gahan beekuu akka danda'u anatti mul'ate. Gaaffii ta'uu kan danda'u, anumti iyyuu waan isaan irra gahee sana dhaga'uu nan barbaadaa laata? kan jedhuu dha. Dhaga'ee fudhachuufis jabina qabaa laata? Sirriitti du'uu isaanii yoo ani beeke, gara eenyummaa kiyya duraatti deebi'u danda'uu kan jedhu tokko hin jiru.

Dhugaa isaa beekee fudhachuun akka anaaf wayyu murteesse. Du'a maatii kiyyaa akka nama beekuutti fakkeessu akka ani qabus anaaf gale. Kana ta'uu baannaan, Jiin Pool miirri kiyya akka hin miidhamneef jecha homaa iyyuu anatti himu hin danda'u. Waan ani baruu barbaadu akka anatti himuuf gowwofsuutu ana irra jira. Lakkooftuu abbaan kiyya anaaf kenne kan callee diimaa fi adii ofi

irraa qabu barbaacha gara korojoo kiyyaa seenuun, Waaqayyo jabina akka anaaf kennu gaafadhe.

"Jiin Pool, waa'ee abbaa kiyyaa … akka ajjeesaniin sirriittin beeka; eessatti akka ta'eedha malee kan ani hin beekne. Waanti ati beektu jira ta'innaa laata jedheen yaadaa ture."

"Eeyyee sirriitti malee; sanuu tokkoon tokkoon waan uumame hundakaa. Looreenti achi waan tureef, waan uumame hundumaa argeera. Abbaa kee magaalaa Kiibuuyeetti kan ajjeefame."

Jechi isaa onnee kiyya akka eebootti waraanan. Ija kiyya harka kiyyaan haguugee fi fuula kiyya achi irraa garagalchachuun imimmaan kiyya dhoksuuf yaale.

"Abbaan kee maatiin kiyya ajjeefamanii guyyaa tokkoon yookiin lamaan booda kan ajjeefame." jechuun itti fufe Jiin Pool. "Ebla 14 anatti fakkaata. Gara biiroo bulchaa naannoo keenya deemuun baqattoota kumaatamaan lakkaa'aman kan guyyoota muraasaaf nyaata osoo hin argatin dirree kubbaa miillaa keessatti walitti qabamanii jiraniif nyaatni akka ergamu gaafata. Sun immoo dogoggora guddaa dha."

Wayyoo abbaa kiyya! Akkamiin akkas gaarii ta'uun si'i barbaachise … maalifis hanga kana hawwite? Bulchaan Kiibuuyee waanti hundumaa harka isaa kan ta'ee fi abbaa kiyyattis nama dhiyaatuu dha. Abbaan kiyya kanaan duras hiriyootni isaa mankaraaressaa Huutuu ta'an dabarsanii isa kennanii kan turan ta'us, amma iyyuu isaaniin amanuu dhiisuu akka hin dandeenye anaaf hin galle. Namoota beela'an nyaachisuuf jecha jireenya isaa akka dhabe garuu nan beeka – filannoon biraan isaaf hin jiraatu. Iji kiyya ana guban, garaachi kiyya ana qunca'an. Jiin Pool yoo itti fufu:-

"Loorent akka anatti himetti, bulchaan sun abbaa keetiin gowwaa jechuun arrabsuun loltootni harkisuun gara alaatti akka baasan ajeja. Ol ba'iinsa itti galiinsa biiroo bulchaa sana duratti rasaasaan rukutuun reeffa isaa dirree irratti gatan."

"Jiin Pool, kana hundumaa waan anatti himteef sin galateeffadha. Maalis yoo ta'e ana gargaara." jedhe sagalee kiyya akka hin

jijjiiramne humna ani qabuun to'achaa. Dukkanichi fuula kiyya waan anaaf dhokseef Waaqayyoon galateeffadhe. "Haati kiyya hoo, mee jedhi anatti himi. Isheenis akka ajjeefamte nan beeka; garuu akkamiin akka ajjeefamte hin beeku malee."

"Wayyoo Rooz!" jechuun adda ana kute. "Naannoo keenya keessaa namoota jalqaba ajjeefaman keessaa tokkoo dha. Abbaa kee guyyaa muraasa dursuuni kan ajjeefamte. Ajjeeftota sana keessaa tokko Looreenti osoo hin ta'in hin hafu; waan hundumaa tartiiba isaatiin kan inni beeku. Maalumaafu, haati kee dhokattee kan turte boroo mana akaakayyuu keetii ture. Namtichi tokko naannoo sanatti ajjeefamaa ture. Yoo inni iyyu, iyyi namichaa harmee keetti iyya obboleessa kee Daamaasiin itti fakkaata. Gara daandichaattis 'Mucaa kiyya ana jalaa hin ajjeesinaa! Daamaasiin kiyya ana jalaa hin ajjeesinaa!' jechaa fiigaa baate.

"Ajjeesaa kan turan Daamaasiin hin turre; garuu ajjeeftotni sun haadha kee akkuma arganiin ari'achuu eegalan. Qarshii yoo kenniteef akka hin ajjeefneen itti himan. Tole jechuun hiriyaa ishee irraa liqeeffachuuf gara Muureenjee deemte. Muureenjeenis asii anaaf deemi jettiin. 'Deemi mana kiyyaa – arraabbiiwwan hin gargaarru!' jechuun ajjeeftotni mooraa ishee akka jalaa hin xureessine haadha kee gara daandiitti gadi baasanii akka ajjeesan itti himti. Haadha kee sanas gara bukkee daandiitti geessuun kukkutanii ajjeesan. Olloota keessan keessa namootni muraasni garuu awwaalaniin. Namoota awwaala argatan muraasa keessa nama tokko turte… sana booda reeffotni baay'achaa yoo adeeman boolla awaalchaa kan qotus dhabame."

Tokkoo tokkoon jecha inni anatti himuu akka reebichaatti kan ana dhukkubsu; ta'us garuu odeeffannoo sana dhaggeeffachuuf callisuun dirqama anatti ture. Itti dabaluunis akka anatti himun barbaade; akka anatti himuufis miira isaa kakaase. "Waa'ee obboleessa kiyya xiqqaa Viiyaanii dhageesseetta ta'innaa laata?" jechuun gaafadheen obboleessa kiyya xiqqaa mana luba Muuriinziiti gadi baasee halkan walakkaa ari'uu kiyya yoon yaadadhu eeboon gaabbii ana waraanaa.

"Viiyaaniin kan ajjeefame dirree kubbaa miillaa Kiibuuyee keessatti hiriyaa isaa Oogastiin waliin. Achi namoota kumaatamaan lakkaa'amantu ture – hunduu ajjeefamaniiru. Jalqaba irratti ajjeeftotni sun Matiriyeesiidhaani kan ajjeesaniin; sana boodas boonbii itti darbatani. Kan lubbuun oole kan jiru anatti hin fakkaatu."

Harki kiyya ni hollatan, qilleensa gara somba kiyyaatti harkisuus nan dadhabe. Hagan danda'e of tasgabbeessuun waa'ee Daamaasiin gaafachuuf yoon yaalu maqaa isaa dhahuu illee hin dandeenye. Lubbuun jiraatee iddoo tokko taa'uun ana eega abdii jedhu jabeesse qabadhe. Dhuma irrattis "Obboleessi kiyya Eeyimaabil kan jiru Senegaali; waan kana hundumaa iyyuu hin beeku…xalayaa teessoo ani itti ergu illee hin qabu" jedheen.

"Hiriyaa Daamaasiin Booniin gaafadhukaa. Waraqaa fi meeshaalee Daamaasiin hunda kan qabee jiru isa… yookiinis kanaan dura qabaata ta'a. "Maaliif?" jechuun gaafadheen onneen kiyya ariitiin dhahachaa.

"Sababni isaamma obboleessa kee dhoksee kan ture isa waan ta'eefikaa; Daamaasiinis gara Zaayer deemuuf yoo ka'utti, meeshaalee isaa hunda isa bira waan godheef. Amma garuu meshaawwaan isaa hunda gatuu danda'a – obboleessi kee erga ajjeefameen booda aarii guddaa keessa jira dubbii jettu dhagaheera. "

Jechi isaa kun akka rasaasaatti ana rukutan. "Maaloo… ta'uu hin qabu… Daamaasiin ta'uu hin qabu… Isas ajjeesanii!"

Sana booda waan jiru beekuuf fedhii hin qabaanne. Ijaajjiitti xiqqoo ergan joonja'ee booda of wal'aaluun lafatti kufe. Mataa kiyyaan lafatti dhaabbadhe – lafa cabbaa'aa sana irra ciisuu fi maatii kiyya kan biraa waliin rafuu barbaade. Homaa tokko iyyuu dhaga'uu, ilaaluus ta'e qaqqabachuuf hin barbaadne. Boo'icha baay'een qaba. Awwaara irratti imimmaan dhangalaase. Jiin Pool ana bira ta'uun ana jajjabeessuuf yaale. Fuula kiyya irraa awwaara anaaf haxaa'e; morma kiyyas suuta anaaf qaqqabate; garuu ani harka isaa achi ofirraa darbadhe.

"Ana dhiisi; Kana ofii kiyyaan haa ba'adhu. Jiin Pool amma qofaa kiyya ta'uun barbaada. Humni biyya lafaa kam-iyyuu anaan jajjabeessuu hin danda'u… daqiiqaa muraasaaf illee qofaatti ana dhiisi." yoon jedhuun gara kutaa biraa dawoo dhokannaa sanatti obboleessa isaa callisaa sana fuudhee deeme.

Dugdaan ciisee samii ol ilaalaa boo'e. Imimmaan tokko illee osoo hin hafin hanga ija kiyya keessaa dhumatanitti boo'e. Waadaa Iyyesuus abjuu kiyyaan anaaf seene yaaduun, isa waliin dubbachuu itti fufe. "Kutaa mana dhiqannaa sana gad-dhiisee yoon bahu hundumtuu du'anii akkan argadhu anatti himteetta, sirriis turte" jedheen.

"Hundumtuu du'aniiru. Addunyaa kana irraa kan ani jaalladhu hundumaa dhabeera. Jireenya kiyya harka keetti kennadheera Iyyesuus… waadaa anaaf seente eeguun ana kunuunsi. Anis waadaa kiyya nan eega. Mucaa kee amanamtuus nan ta'a" ija kiyya dunuunfachuun fakkii maatii kiyyaa yaade. Waaqayyo ofitti isaan dhiyeessuun haala gaariin akka isaan jiraachisu kadhadhe.

SAGALEEN KONKOLAATAA TASUMA HIRRIBA keessaa ana dammakse. Bari'uuf sa'aatiin muraasni yoo hafu, ifti Paawuzaan lakkuu gara dawoo dhoksaa sana seenuun dubartoota biro Jiin Pool fi Jiin Baaptiist waliin akkuma ijaajjanitti galaana ifaa itti naannessee.

Konkolaatichi dallaa bira dhaabbatee jira. Geejjiba loltootaaf kan gargaaru konkolaataa guddaa yoo ta'u, haguuggii qalama konkolaatichaan wal fakkaatu dibamee jiru itti uwwifameera. Loltootni Faransaay konkolaaticha gara booda isaa akka korruu fi sagalee hin dhageessifne nutti himan.

"Keellaan Huutotaa iddoo hundumaati kan jiru" jechuun tokko of-eeggachiisa nutti hime.

Dawoo dhokannaa sana irraa fageenya kiiloomeetira tokkoo fi walakkaa waan ta'u akkuma deemneen keellaa tokkoffaa bira geenye. Sagalee garee ajjeeftotaa sana haguuggii konkolaataa alaan dhaga'uu eegale. Ammaan kana adda addumman isaa loltoota hidhatanii eegamuu keenya malee sagalee isaanii dhaga'uun haaraa

anatti hin taane. Akkasis ta'ee, gara jaraan ajjeeftota dhibbaan lakkaa'aman yoo jiraatan gama keenyaan ammoo loltoota qubaan lakkaa'aman qofa dha kan turan.

"Maaliidha kan feetanii jirtan" jechuun garee ajjeeftotaa sana keessaa ajjeesaan tokko gaafate.

"Kiigaalii irraa dhufaa kan jiran baqattoota Huutotaaf nyaataa fi bishaan qulqulluu geessaa jirra" jechuun konkolaachisichi sobe.

"Nama gaarii! Jarreen Tuutsotni bofti kun Kiigaalii irratti nu ajjeesaa jiru… darbuu dandeessa, deemi" jedhame.

Konkolaachisichi konkolaaticha kaasuun ammas gara fuula duraatti adeemne – ammas irra deebi'uun daandii keenya eegalle. Nuyiin keellaa sana dabarsuuf mala konkolaachisichi itti gargaarametti guddaa ajaa'ibsiifame. Kiigaaliin to'annoo finciltootaa jalatti waan kufteef achi irraa ka'uun Huutotni kuma kudhanitti lakkaa'aman gara kaabaatti baqachaa jiru. Akka tasaa ta'ee, baqattootni hedduun gara kutaa biyya keenyaa gara Kiibuuyee kan dhufan da'achuu fi yookiin ammoo gara hara Kiivuutti gadi bu'uun gara Zaayeritti ce'uuf. Duula waraana geggeeffamaa jiru jalaa baqatanii bahuuf yaalaa kan jiran maatii hedduutu jira; garuu ajjeeftotni Iinterhaamiwee haaraanis akkanuma iddoo hundumatti faca'aniiti kan jiran.

Keellaa itti aanu bira yoo geenyu, gareen ajjeeftotaa sun akkuma sanaan ture kan nu dabarsan. "Faransaayotni kanuma keenya… deemaa... Dabarsaanii!" jedhe tokko. Keellaawwan itti aanani dhufan shananittis kan ta'e kanuma. Halkan guutuu deemaa bullee nutti bari'e – konkolaachisichi adeemuu isaa ittuma fufee, gara biyya biraatti osoo nu geesse jechuun hawwe. Lubbuun kiyya Ruwaandaa irraa gara biyya biraatti balali'uu barbaadde. Yoom yookaan eessa akka eegalu qabu beekuu dhabus, Waaqayyo jireenya haaraa anaaf mijeessaa akka jiru amaneera. Daqiiqaa soddomaan booda konkolaatichi dawoo dhokannaa guddicha bira yoo ga'u yeruma sanatti aariin anatti dhaga'ame – eeyyee amma bilisa baaneerra; garuu amma iyyuu Ruwaandaa keessan jira – ganaa handhuura jeequmsichaa keessa.

KONKOLAATAA IRRAAS YOO ANI BU'U jalqaba kan ani arge kutaalee mana barumsaa didiigamanii dha. Balbala isaa irratti fannifame kan jiru beeksisa soqaa mukaa irra jecha *Riwiimpiilii* jedhutu akkuma isaatti barreefamee jira. Sababa kanaanis gara mana barumsaa haati kiyya hojii ishee barsiisummaa itti eegalte akkan dhufe beekkadhe.

Miira suukanneessanis guutame. Kanaafuu, gara kutaalee sanaatti deemee Waaqayyo waliin dubbii ariifattuu eegaluun qaba. "Waaqa kiyya, garuu maaliif asi iddoo kanatti ana fidde? Maatii kiyyaaf boo'uu akka ani qabu nan beeka; garuu yeroon isaa amma miti … maaloo ooluu akka ani danda'uutti jabina anaaf kenni; gadda yoo ta'e booda haa gaddu"

Daqiiqota muraasaan booda mooricha keessatti dandeettiin ittiin seequu danda'u argadhe. Haati kiyya kutaa dheerichaa fi lafti isaa awwaara ta'eef jaalala isheen qabdu yaadadhe. "Waanti guddaan mana barumsaa kanatti maal akka barannu dha malee manni barumsichaa maal fakkaata kan jedhu miti" jetti turte.

Bari'aa waan jiruu fi aduun barii sun mooraa mana barumsichaa keessatti waan baa'eef, yeroo jalqabaaf namoota ana waliin jiran akka gaariitti arguu danda'e. Tuutsotni digdama ta'an kan biroon mooraa keessa nanaanna'aa jiru waan ta'aniif, tasuma anaa fi dubartootni ana waliin turan hagam eebbifamnee akka turre anaaf gale. Namootni gaddisiisoon kun ji'oottan sadan darbaniif bosona keessa boolla argatan keessa osoo rafanii, margaa fi baala argatan osoo nyaataniiti kan lubbuun turan.

Aduchi baay'ee waan baheef, ija kiyya ificha irraa dhorkuun qaba. Harka kiyyaan dhoksees osoon jiruu fuula nama ani beekuu quba kiyya jalaan arge. "Iisperaansi!" jechuun iyye. Obboleettii haadha kiyyaati. Waan ana dhaggeesse garuu anatti hin fakkaatu.

"Iisperaansi! Ana hin beekne? Iimaakiyuulee dha bar! Waaqayyo siif haa galatu! Namni tokko ooleera!" jedhe jabeessee ofitti qabee haammachaanii.

Dubbachuu isheen dura daqiiqaa dheeraadhaaf osoo sagalee hin dhageessissin callistee ana haammachuun dugda ishee ba'atte. Tarii

sammuu ishee dhukkubsateeti anatti fakkaateen dhiphadhe. “Mee haa ta’u” jette sagalee dadhabduu tokkoon. “Baga lubbuun anaaf jiraatte. Adaadaa kee kan biraa argiteettaa?” anaan jettee suuta jechuun mooraa mana barumsichaa keessa gara obboleettii ishee Jaaneet fi ijoollota adaadaa kiyyaa sadan (hundumtuu dargaggeeyyii fi umriin mana kudhanii keessa kan jiran) taa’aniitti ana geessite.

Isaan irraa fageenya tarkaanfii 10 ta’u irra dhaabbachuun, taatee fuuldura kiyya jiru kan miira nama miidhu ilaalaa ture. Fuulotni isaanii ciniinnaa tafkiin kan ka’e dhiita’anii, hidhiin isaanii ciccituun fi dhiiganii, qaamni isaanii hooquu fi malaan guutamaniiru. Qaamni isaanii asiis ta’e achiis kukkutamaniiru. Torbanoota hedduuf summaa’uun isaa yookiin madaa’ee turuun isaa ni beeksisa. Iddoon dhaabbadhee jirutti dhukkubbiin isaanii anatti dhaga’ame.

Of eeggannoon madaa kunuunsuu kan dandeessuu fi hojiin ishee barsiisummaa kan ta’e adaadaan kiyya Jaaneet, qulqullina irratti ilaalchi isheen qabdu cimaa waan ta’eef, keessummootni illee mana ishee yoo dhufan ijoollota ishee dubbisuun duratti harka dhiqachuu akka qaban ajajji turte. Amma garuu ishees ta’e ijoollotni ishee akka hawaasa bodatti hafaa tokkootti uffatni irratti dhumee fi teessoon isaanii bahe mul’ataati kan awwaara irra taa’anii jiru.

Jilbaa kiyyaan jilbeenfadhee Jaaniin haammachuuf yaale; isheen garuu ana irraa fagaachuun imimmaan ishee dhoksuuf yaalte. “Maaloo Iimaakiyuule anaaf dhiisi… sodaadheeni. Iji kiyya imimmaaniin yoo guutaman anatti dhaga’ame.”

Haati kiyya imimmaan isheetti yeelloftee haala wal fakkaataa keessatti jechuu kan dandeessu kanuma ture jedhee yaaduun seeqe. “Jaan waan si argeef guddaa gammadeera” suuta jedhee haammadheenii tokkoon tokkoon ijoollota durbaa ishees dhungadheeni. Iji isaanii deebi’ee ifuu eegale; kolfi isaaniis deebi’aafii deeme.

Waaqayyo dhukkuba isaanii akka fayyisu gaafadhee anis immoo qaama isaanii fayyisuuf waan ani danda’e hundumaa akkan godhu waadaa seenee, waa’ee hunda isaaniif callisee kadhata godhadhe.

Isaan waliin teenyee oduu gaddisiisaa dubbachuu eegalle. Maatii keenyaa keessa eenyu eenyu akka ajjeefame fi tokkoon tokkoon keenya waa'ee bu'aa ba'ii rakkoo keessa darbinee dubbanne. Jaaneet ijoollota ishee sadan fi dhirsa ishee dhabdeetti; miseensi maatii Iisperaansi hundumtuu ajjeefamaniiru. Akaakayyootni kiyya gaariin sunis ajjeefamaniiru. Carraan eessummoota kiyya torbaniis sanuma ta'a. Yeruma sanatti hunduu keenya boo'uu eegalle … imimmaan keenya dhaabbachuu isaa iyyuu nan shakka.

Turtii sa'aatii tokkoo erga haasofneen booda Iisperaansiin xalayaa anatti kennite. Turtii hanga sana bosona keessatti akkamiin akka dabarsite anaaf hin galle. "Daamaasiin iddoo ani dhokadhee jirutti ana arguun xalayaa kana anatti kenneeti" anaan jette. "Gara Zaayer osoo deemuu… garuu hin milkaa'iniif hafe malee"

Xalayicha harka ishee irraa fudhachuun cufaatii isaa kan imimmaan jiisee irratti qoore arge. Adaadotaa kiyyaa fi ijoollota isaanii irraa achi fagaadhe. Nama kamiin waliin iyyuu ta'uu hin danda'u. Maqaa obboleessa kiyyaa dhaga'uun qofti iyyuu anaaf jeequmsa guddaa dha. Amma egaa jechoota inni anaaf barreesse kan xumuraa qabadheera. Jechoota sana dubbisuun akka waan yeroo jalqabaa fi dhumaaf Daamaasiin anatti dubatu dhaga'uu jechuu dha.

BOQONNAA 18

XALAYAA DAAMAASIIN IRRAA ERGAME

Duuba mana barumsichaa deemuun qofaa kiyya taa'uun, xalayaa Daamaasiin dubbisuuf bane. Barreeffama harkaa kan dubbisuuf nama rakkisu akkuman argeen, mana barumsaa yeroo turretti hunda xalayoota inni anaaf barreesse yaadachuun onneen kiyya ana dhukkube. Xalayootni isaa tasumaa miirri ifaa ta'e irraa hin calaqqisne, garuu ammo yeroo hunda jaalalaa fi gaarummaan, miira jajjabeessuu fi jejachuu, gorsa gaarii fi dheekkamtii tasgabbaa'aan, waa'ee maatii keenyaa dubbii yaadatanii fi qoosaa hedduun kan guutaman qaban anatti yaadataman. Dugda kiyyaan keenyan kutaa mana barumsichaatti hirkisuun taa'ee xalayicha dubbisuu eegale.

Caamsaa 6, 1994

Jaallatamoo (Abbaa kiyyaa, haadha kiyyaa, Viiyaanii fi) Iimaakiyuulee

Hundi keenya erga adda baane amma ji'a tokkoof walakkaa ta'e. Kunoo jireenya dhugaa hin taane jiraachaa jirra. Waantota haalotni jiran agarsiisan irra caalaatti qomoon namaa tokko qomoo namaa kan bira kan balleessu fedha Waaqayyoo yoo ta'e

> qofaa dha jedheen yaada. Tarii jireenyi keenya nageenya Ruwaandaaf akka gatii baasuu barbaadameeti ta'uu danda'a. Waa'ee waan tokkoo sirriitti dubbachuu nan danda'a – hundi keenya deebisnee akka wal arginu sammuu kiyya keessa shakkiin tokko illee hin jiru.
>
> Biyyattii keessaa gara biyya biroottii bahuuf yaaluuf jedha, garuu anaaf haa milkaa'u haa dhiisu hin beeku. Daandii irratti yoo ana ajjeesan waa'ee kiyyaaf hin dhiphatinaa. Sirriitti kadhata godhadheera… du'aafis of qopheesseera. Ruwaandaadhaa bahuu yoo ani danda'e akkuma nageenyi deebi'ee bu'uun dhufee hunda keessan iyyuu arguuf jira. Waa nana irra gahe hunda Boon isinitti ni hima.

Hiriyaan Daamaasiin Boon yeroo biraa akka anatti himetti obboleessi kiyya xalayicha barreessaa osoo jiruu yaada kana irra yoo gahu, qalama isaa lafa kaa'uun ol jedhee isa ilaaluun "Boon, hiriyaa gaarii kiyya akka ati taate nan beeka; miirri kiyyas osoo hin miidhamin akka ani turuuf yaalteetta. Amma yeroo itti anatti himtu irra geenyeerra – miseensa maatii kiyyaa keessaa kan ajjeefame jiraa?"

Boon Huutuu waan ta'eef yeroo ajjeechaan ture sanatti bilisa ta'ee deemuun naannoo isaatti Tuutsota keessaa eenyufaan akka ajjeefaman ni beeka. Du'a abbaaf haadha kiyyaa akkasumas Viiyaanii iyyuu kan dhoksaatti qabeef, obboleessa kiyyaaf of-eeggannoo cimaa waan godhuuf fi miirri isaa osoo hin miidhamin eeguu waan barbaadeefi.

Daamaasiin ifatti waan gaafateef Boon gadda guddaa dhageessiseen. Hiriyaan isaa miseensi maatii isaa inni jaallatu amma iyyuu lubbuun waan jiran itti fakkaate xalayicha barreessee hanga inni xumurutti eeguunii hin barbaadne. Sababa kanaaf Boon Daamaasiiniidhaan abbaaf haati keenya akkasumas obboleessi

keenya xiqqaan -Viiyaaniin- akka ajjeefaman ani immoo tarii lubbuun akkan jiru itti hima. Daamaasiin, guyyaa guutuu jechuu nii danda'ama, boo'aa akka ture mallattoowwan copha imimmaanii xalayicha irratti qooranii jiran raga nii bahu.

Daamaasiin gara hara Kiivuu kutee ce'uuf doonii barbaacha deemuu isaan dura xalayicha deebisee baasuun, Abbaa kiyya, haadha kiyya fi Viiyaanii jechoota jedhan duraaf duuba isaaniitti mallattoo haammattuu erga godheen booda, himoota armaan gadii itti dabaluun barreesse.

> Iimaakiyuule akka jabaattu sin kadhadha. Abbabbaa, harmee fi Viiyaaniin ajjeefamuu isaanii amma kan ani dhaga'e. Hanga anaaf danda'ametti ariitiin si'i argachuuf nan yaala. Ofii kee anaaf dhungadhu; anaaf haammadhu!
>
> Obboleessa kee baay'ee si jaallatu

Kun ani dubbisee kan beeku irra gararraatti baay'ee kan nama suukanneessuu dha. Jechoota imimmaaniin jiidhan irra fiixee quba kiyya sochoosuun xalayaa kana osoo hin boo'in dubbisuu akkamiin akka ani danda'u kan ani hubadhe.

BOODA IRRAS AKKA ANI DHAGA'ETTI barabaraan goota kiyya ta'uun lubbuu kiyya keessa kan jiraatu Boon obboleessa kiyya fedhii maatii isaan alatti dhoksee tursiisuuf yaaleera. Duguuggaa sanyii geggeeffame gara guyyaa jalqabaatti guyyoota muraasaaf Daamaasiin dhoksaadhaan siree isaa jala nagaan dhoksuun, turmaata lubbuu isaa dheeressuu danda'ee ture. Maatiin Boon garuu waan inni gochaa jiru yoo irratti beekan, Daamaasiin dabarsee garee ajjeeftotaaf akka kennu dhiibbaa irratti uuman.

Irra caalaatti ammo yeroo maqa-waaminsi qomoo irratti hundaa'e ture, ijoollota Tuutsii qaanessuu kan jaallatu Buuhooroo kan jedhamu eessumoota Boon qabu keessa tokko ture. Buuhooroon biyyattii keessa kan jiran Huutota mankaraaressitootaa keessaa tokko: nama gadhee fi ajjeestuu balaafamaa waan tureef, yoo inni

irratti beeku Boon Daamaasiinin tasuma mana keessa tursuu akka hin qabne hubata. Halkan guyyaa tokkoos dukkaneeffatee lafa maatii isaa irraa fagaachuun golee tokko irratti boolla qotuun mukaa fi baalaa itti uwwisa. Gareen ajjeeftotaa sun odeeffannoo Buhooroo irraa argataniin dhufuu isaaniin dura, Boon Daamaasiin of-eeggannoo guddaan kutaa ciisicha isaa baasuun gara boolla qotee sanatti geessuun dhoksa.

Daamaasiin guyyoottan torban sadii caalaniif boollicha keessa dhokatee yeroo jirutti, gareen ajjeeftotaa odeeffannoo Buuhooroo amma amma dhageesisu irraan kan ka'e mana Boon irra deddeebi'uun sakatta'aniiru. Namootni nama qalan kun nuffii kan hin qabne ta'uu isaanii irraan kan ka'e, tokkoon tokkoon sochii Boon godhu hordofuun dhuma irratti nyaata gara alaa fuudhee yoo bahu arganiin. Hiriyaan isa dhoksee Boon fi dhokataa kan ta'e Daamaasiin gareen ajjeeftotaa sun ammas irra deebi'uun mooricha dhufanii sakatta'uu danda'u jechuun waan sodaataniif, Daamaasiin hara Kiivuu ce'uun gara Zaayeritti deemuu akka qaban murteessani. (Boon lubbuu Tuutsotaa oolchuuf haricha kan isaan ceesisu nama gaarii Saamiraawwii qurxummii-qabaa ta'e Huutuu tokko ni beeka ture). Daamaasiin boolla keessaa baasuun gaaddisa jala turaa, bosonaa bosonatti daddarbuun halkan walakkaa keessa gara harichaa deeman. Daandiicha deemanii xumuruuf sa'aatii hedduu waan itti fudhateef dooniin halkan sanaa isaan jalaa baate.

Itti bari'e. Waan kan ta'eef, Daamaasiin gara mana Boonitti deemsa karaa dheeraa deemuun deebi'uun balaa irra of buusuu waan hin barbaadneef gara mana hiriyaa isaa fi Boon kan ta'e naannoo harichaa kan jiraatu mana Niseenjee jedhamuu deemuun achuma ture. Niseenjeen maatii keenya kan jaallatu Huutuu gaarii dha. Abbaan kiyya kaffaltii barumsaa obboloota isaa hedduudhaaf kaffaluun gargaareera. Kanaafis, halkan sanaaf Daamaasiiniin dhoksuu danda'uu isaatiif gammachuun itti dhaga'ame.

Obboleessi Niseenjee Saayiman jedhamu garuu hanga obboleessa isaa arjummaa hin qabu ture. Daamaasiin gara mana isaanii yoo gahu fuula ifaa fi miira firummaan keessumeesseeran … borumti isaa naannoo waaree boodaa garuu obboleessi kiyya iddoo inni rafee jiruttii fi Niseenjeen deemsa doonii mijeessuf sa'aatii inni

manaa bahee jirutti, Saayiman dhokachuun manaa bahee garee ajjeeftotaa barbaaduun Daamaasiin dabarsee kenne.

Irbaataan dura Saayiman obboleessa kiyya hirribaa dammaksuun gara Zaayeer deemuu keetiin dura huccuu kee siif haa miiccu jedhaan. Daamaasiinis uffata isaa hundumaa ofirraa baasuun uffata keessaa qofaan hafa. Saayimanis uffata isaa jalaa fudhata. (Booda irratti akka dubatetti, kan inni gochaa akkanaa raawwateef, obboleessi kiyya du'uu isaan dura akka qaana'uu fi yeella'u barbaadeeti). Uffannaa isaa erga irraa fudhateen booda, Saayiman obboleessa kiyya gareen ajjeeftotaa mura hedduu ta'an iddoo itti eegaa jiraniitti waamaan. Obboleessa kiyya irrattis gara laafina tokko malee irratti wal gahan, reebaas gara daandiitti baasan. Uffanna keessaa malee kan biraa waan uffatee jiru tokko illee of irraa hin qabu ture.

Hojjettuu mana keenyaa kan turte dubartiin tokko waanta uumame hunda waan argiteef, tartiiba tokkoon tokkoon haala yeroo Daamaasiin du'uuf jedhutti uumaman anatti himteetti. "Obboleettiin kee bareedduun sun eessa jirti?" jechuun gareen ajjeeftotaa sun obboleessa kiyya gaafatu. "Iimaakiyuuleen eessa jirti? Reeffa arraabbiiwwan miseensa maatii keetii kan biro arginee jirra, isheen garuu ganaa bira hin ga'amin jira … eessa jirti? Nutti himi bilisaan si'i gad-dhiisna. Yoo nutti hin himtu ta'e garuu halkan guutuu si kukkutaa bulla. Jedhi amma Iimaakiyuuleen eessa akka jirtu nutti himiiti bilisa gad-dhiifamta"

Fuulli isaa kan caccabee fi dhiita'e Daamaasiin garee ajjeeftotaa itti marsanii jiran ilaaluun akkuma jireenya isaa guutuu anaaf dhaabbachaa turetti daqiiqaa isaa dhumaatti illee anaaf dhaabbate – "Bareedduun obboleettii kiyyaa eessa akka jirtu osoon beekee illee isinitti hin himu. Iimaakiyuulee yoom iyyuu argachuunii hin dandeessani … hunduu keessan walitti dabalamtanii illee haxxummaan haga ishee hin geessan."

Seefii isaaniitiin rukutaa fi waraanaa "Akka kee haxxeedhaa isheen? Ati digrii lammataa osoo qadbuuti kan si'i argachuu dandeenye, si'i qabu hin dandeenyee? Amma obboleettiin kee eessa akka dhokatte nutti himta moo hin himtu?"

Daamaasiin yeroo dhumaaf ol ka'ee dhaabbachuun garee ajjeeftotaa sanatti kolfe. Sodaa dhabuun isaa akka itti bitaacha'u isaan godhe. Tuutsota hedduu ajjeesaniiru, yeroo ajjeesanis kadhannaa maaloo nu hin ajjeesinaa jedhu isaan gammachiisaa tureera. Tasgabbaa'inni Daamaasiin garuu gammachuu isaanii balleesse.

Walii galtee uumuu yookiin adaraa Waaqayyoo jechuun dhiifama akka godhaniif kadhachuu irra akka ajjeesaniif itti iyye. "Kottaa" jedheen. "Maal eegdu? Har'i guyyaa ani gara waaqa kiyyaatti itti deemuu dha. Naannawaa hunda keessaniitti Waaqayyo anatti mul'ata. Ana ilaalaa jira; gara mana isaatti ana fudhachuuf eegaa jira. Jedhaaka – hojii dhuftaniif xumuraati gara jannataatti ana ergaa. Akka tapha qoda-qodaa ijoollee gootanii nama yoo ajjeestan ana gaddisiistu. Ajjeechaan tapha miti – Waaqayyo uumaa keessan yoo gaddisiiftan kan amma itti bashananaa jirtan hundatti ni gaafatamtu. Dhiigni namoota qulqulluu amma kukkutaa jirtan guyyaan murtoo yoo dhufu isin faana bu'a. Ani garuu isiniif kadhachaan jira… hammeenya hojjechaa jirtan akka argitanii fi osoo yeroon isinitti hin darbin dhiifama argachuuf Waaqayyoon dhiifama akka gaafattan isiniif kadhadha."

Kun egaa jechoota dhumaa obboleessa kiyyaati. Dhukkubbii ajjeechaa hammeenyaa sana yoo hin hambisu ta'es, obboleessi kiyya ajjeeftota dura jabinaan dhaabbachuu fi ulfina qabatee tureen du'uun isaa ana boonsa.

Obboleessi Saayiman tokko, Kaareera kan jedhamu luba wangeelotaa kan ta'e, Daamaasiin yoo dubbatu itti qoose. "Gurbaan kun ofii isaa akka lallabaatti lakkaa'e bar! Asi kan jiru lallabaa tokkichi ana qofaadha egaa. Ajjeechaa kanas eebbiseera. Biyyattii kana irraa arraabbii dabalataa tokko qulqulleessuu keessaniif isiniinis eebbiseera." jechuun garee ajjeeftotaa sana ilaaluun "Maal eegdu? Sodaattani moo? Arraabbi tokko akka ajjeeftaniif yoo ani isin kadhadhu maalif callistanii kan dhaabbattan? Ajjeesaa malee!"

Kaareeraan garee ajjeeftotaa sana yakka akka hojjetan qaanessun gara yakkaatti isaan kakaase.

"Tuutsota yoo jedhamtan nu Huutota gararraa akka waan taataniitti nutti agarsiisuuf yaaltu" jechuun garee ajjeeftotaa sana keessaa ajjeesaan tokko fuula Daamaasiin irratti seefii ol fudhate. "Digrii lammataa waan qabduuf baa…y'ee waan nu caaltu sitti fakkaataa? Mee keessi sammuu nama digrii lammataa qabu maal akka fakkaatu haa ilaalu!"

Seefii isaa buqqee mataa obboleessa kiyyaa irratti yoo ergu, obboleessi kiyya jilba isaan lafatti kufe. Namichi kan biraanis gara fuulduraatti dhufuun seefii isaa si'a lama erguun harka isaa lamaanuu irraa kute. Ajjeesaa inni jalqabaa seefii isaa si'a lammataaf erge – yeroo kanattis keessa sammuu Daamaasiin ilaaluuf buqqee mataa isaatti kan erge. Sana boodas dhiiga obboleessa kiyyaa akkuma irra jiranitti gandaa gandatti naanna'uun sammuu namaa keessatti Digrii lammataa akka arge of tuulummaa isaa agarsiisaa oole.

Waa'ee akkaataa du'aatii Daamaasiin irratti xiyyeeffadhee gaddee taa'uu hin barbaadu. Akkamiin du'a dura dhaabbachuu akka danda'e, du'uu isaan dura akkamiin akka seeqe, itti dabaluunis namoota isa ajjeesaniif akkamiin akka kadhateef qofa kan ani yaadu. Jaallatamaa obboleessa kiyya, hiriyaa garaa gaarii fi cimaa obboleessa kiyyaa ture.

Booda irratti dubbii namicha garee ajjeeftotaa keessaa tokko ta'ee fi hiriyaa Daamaasiin mana barumsaatti kan ture Samaahee kan jedhamuu dhaga'e. Miira isaa to'achuu dadhabee miidhamuun guyyaa hedduuf boo'e jedhan. Osoo adda hin kutin isaaf Daamaasiin waa'ee waanta kanaan dura dabarsanii hunda yaadachuun dubbata. Kubbaa miillaa taphachuu, gareedhaan faarfannaa hafuuraa faarfachuu fi manneen amantaa tajaajiluufaa yaadannoowwan fakkaatan eera. Gaarummaa Daamaasiin isaa fi ijoollota birootti agarsiisaa ture yaadachuun miirri miidhiinsaa itti dhaga'ameera. Samaaheen nama taa'ee isa dhaggeeffatu hundatti waa'ee gaabbii isaa ni dubbata.

"Kanaan booda hin ajjeesu" jedha. "Fuula Daamaasiin yoom iyyuu sammuu kiyya keessa hin baasu. Jechootni isaa barabaraan

onnee kiyya gubaa jiraatu. Mucaa akkanaa ajjeesuun cubbuu dha bar.”

BOQONNAA 19
MIJATAA TA'UU DAWOO DHOKANNAA

Dawoon dhokannaa Faransaayotaa iddoo loltootni hidhatan eegan, Tuutsotaaf da'annaa kennuu fi Huutota kan ofitti hin hiiqsifne dha. Loltootni sun konkolaattota sibiilaan uwwifaman kan Taankii fakkaatan bifa korboo walakkaa fakkaatuun gamoo mana barumsichaa fuuldura kan dhaaban yoo ta'u, kutaa dawoo dhokannaa sanaan alatti immoo loltoota dhibbaan lakkaa'aman halkaniif guyyaa ni eegu. Nutis iddoo konkolaattotni jiran korboo walakkaa sana keessa yeroo isaanii guutummaa gargaaramuun akka nu eeganii fi of qulqulleessuu yoo barbaadnu immoo gara bosonaatti akka nu geessaniif loltoota soddoma nuuf ramadaman waliin jiraanna.

Loltootni Faransaay irra deddeebi'uun waa'ee haala nuti keessa jiraachaa jirruu dhiifama yoo nu gaafatan ana kofalchiisu. Iddoo dhufne waliin yoo wal bira qabamu, bakki nuti amma keessa jiraachaa jirru kun jireenya mijataadha kan nu jiraachisaa jiru. Jalqaba irratti bishaan laga burqituu irraa waraabuun qaama fi huccuu keenya saamunaadhaan miiccanna ture!

Bakkee ciisichaa keenya loltootni Faransaayotaa akka rakkoo guddaattii yoo ilaalan, nuti garuu miira gammachuun amannee fudhanneerra. Yeroo baay'ee kosii fi baala muka irraa harca'aniin

kan uwwifamee kattaa fi dhagaa irra ciisuu kiyya irraan kan ka'e ana dhukkubuun hirribaa dammaqus, urjii ol samii irratti ilaalaa ciisuu garuu jaalladheera. Fuula Waaqayyoo jalqaba guyyaa irratti akka waan arguutti kan ilaalamu.

Nyaata qopheessuu akka dandeenyuuf nuuf hin eeyyamamu. Kun ta'uu kan danda'e nyaata bilcheeffamee nyaatamu waan hin qabneef yoo ta'u, qopheessuu dhabuun keenya nutti rakko tokko iyyuu hin fidu. Loltootni sun urgoo cuqqaalamaa, koshoroo dhandhama miyaa'aa qaban, daakuu aannanii cuqqaalamaa fi kudura nu nyaachisu. Kan ani sooradhu nyaata muraasa ta'us, suuta suuta garuu qaamni kiyya dabalaa deeme. Mudhiin kiyyas gara keessaatti ana galuu ni dhiise.

Faransaayotni hojiin isaanii nuyiin eeguu akka ta'e nutti himu. Hojii isaanii kana ammoo haala quubsaa ta'een ba'aniiru. Dawoo dhokannaa sana keessa yeroon turetti al-tokkoof illee sodaachifni namoota ajjeechaaf bahaniin ana irra hin geenye. Ta'us garuu, Huutotni yeroo baay'ee dawoo dhokannichaan alatti walitti qabamuun konkolaattota bifa korboo walakkaan fuuldura dawoo dhokannichaa naqamanii jiran gidduun nu mil'achuuf yaalu. Akka horii dallaa ishee keessa jirtuutti ija nutti babaasu… haftee qomoo balleeffamuuf hanga fiixeetti adamsamee.

"Akka waan bineensa taataniitti isin ilaalu, garuu isaanii dha bineensotni" anaan jedhe ajajaan loltoota sanaa guyyaa tokko ganama ergan achi gahee guyyoota muraasaan booda. Afaan faranssay akka gaariitti dubbachuu danda'uu kiyya waan hubateef baay'ee haasofne. Seenaa kiyya itti hime; akka baayyee anaaf gaddes anatti mul'ate. Tuutsotni Ruwaandaa keessatti kan dabarsan, seenaa keenyaa fi walitti bu'iinsi qomoo rakkoo inni fidu hundumaa sirriitti beeka.

"Anaaf si'i gidduutti qofa kan hafu waan tokko sitti himuu? Pirezidaantiin biyya kiyyaa ofii isaatti akkamiin araaramuu akka danda'u hin beeku – gaabbiin akka isa hin ajjeefne" anaan jedhe. "Faransaay Huutota hedduu akkamiin nama ajjeesuu akka danda'an waan leenjisteef, dhiigni namoota hedduu harka ishee irra jira"

Waan Ruwaandaa keessatti uumameef lammiin biyya alaa ceephoo isaa yoo buufatu dhaga'uun kiyya anaaf kan jalqabaati. Waan kana ta'eef, kun lubbuu kiyyaaf waan gaarii godheef. Addunyaan waan nuyi irra gahaa jiru argee akka waan hin arginee ta'uun irraanfachuun isaa waan ani beekeef, raadiyoo luba Muurinzii yeroo baay'ee yoon dhageeffadhu abdiin kutadhan ture.

"Akkanatti ana hubachuu danda'uu keetiif galatoomi" jechuun deebiseef. "Gochaa kana raawwachaa namootni jiran namoota baay'ee gadhee dha."

"Gadhee? Gadhee! Iimaakiyuule, jarri nama gadhummaan itti baay'ateedha. Bulguu dha! Harka gaarii irra akka jirtu akka ati beektun barbaada. Haga ani hojii kana irra asi jirutti miidhamni tokko si'i irra hin gahu." anaan jedhe mudhii isaa irratti qawwee qabatee jiru rurrukutaa. "Si'iif eegumsa irra gararraatti siifan godha. Haqa muraasas siifan argamsiisa. Ammas kuni anaaf si'i qofa gidduutti haa hafu malee dugda ba'annaas yoo barbaadde, qooda keeti. Kan si adamsaa turan yookaan ammoo abbaaf haadha kee akkasumas obboleewwan kee ajjeesan, tartiiba maqaa Huutota sanaa yoo anatti kennite siifan ajjeesisa.

Yaadni inni dhiyeesse ana naasise. Turtiin ani mana dhiqannaa sana keessatti dabarse keessaa gara guyyoota jalqabaa kan ani hawwaa ture haaluma wal fakkaataa akkanaa ture. Namoota keenya irratti ajjeechaa raawwatamaa jiru luba Muurinziin yeroo anatti himanitti, dugda deebifachuu waanan baay'ee barbaadeef Huutota kan ani ittiin ajjeesu qawwee fi madfii osoon qabaadhee jedhee hawween ture. Sun garuu lubbuu kiyya dhiifama Waaqayyoof banuu kiyyaa fi ajjeeftota waliin nageenya uumuu kiyyaan dura ture.

Ajajichi kan anaaf dhiyeesse dugda deeffannaa sirrii dha – ajaja kiyyaan ajjeechaa kan raawwatan loltoota leenji'amanii fi hidhatan. Gochuun kan ana irraa eegamu maqaa nama tokko suuta itti himuu fi dhiiga maatii kiyyaa fi namoota kumaatamaan lakkaa'aman kan daandii irratti tortoraa turan dugda baasuu dha. Dubbiin dugda baafannaa sun onnee isaa irraa burqus, sagalee ajajaa sanaa keessatti garuu sagaleen Diyaabiloos anatti dhaga'ama ture. Waan tokkichi ani yeroo sanatti barbaadu nageenya argachuu qofa ta'ee osoo jiruu,

namtichi kun garuu waadaa ajjeechaa anaaf seenuun qormaata anatti ta'e. Harka kiyya gara korojoo kiyyaatti galchuun lakkooftuu abbaa kiyyaan mare. "Kana siifan godha waan anaan jetteef galatoomi."

"Huutuu barbaadde siifan ajjeesa." ajjeechaaf waan baay'ee jerjereef haasaa kiyya illee ana hin xumursiifne. "Dawoo dhokannaa kana keessa Huutuu ati beektu yoo jiraate anatti himi; ani ofii kiyyaan kan si'iif ajjeesu. Hundumaa nan kuffisa."

"Eeyyeen, ajjeeftota kana malee Huutotni hunduu namoota badoo miti ajajichaa. Diyaabiloosiin gowwomfamaniiru… Waaqayyo irraa fagaachuun deemaniiru waan ta'eef -"

"Iimaakiyuule, Huutotni gatii hin qaban." ammas adda ana kute. "Waan isaan raawwatan kan gatii hin baafnee dha. Kun fedha Waaqayyoo yookaan immoo hojii Diyaabiloos akka ta'e anatti hin himin – hojii Huutotaati. Kanaafuu, waan hojii isaanii ni argatu. Yaada kee yoo jijjiirte ana beeksisi. Nama biraaf siifan ajjeesa hin jedhu, kana beekta mitii?"

Waaqayyo onnee ajajicha dhiifama isaatiin akka itti bu'uuf kadhadhe; ajjeeftota sanaafis irra deebi'ee seefota isaanii akka lafa kaa'anii fi dhiifama Waaqayyoo argachuuf akka kadhatan kadhannaa godheef. Aariin ajajichaa Ruwaandaa keessatti jibbii jiruu fi wal amantaa wal gidduutti dhabuun isaanii akka salphaatti cabuu akka hin dandeenye akkan yaadu ana taasise. Ajjeechaan geggeeffamaa jiru erga xumurameen boodatti iyyuu haalli suukanneessaan garmaleen uumamu jiraachuu danda'a; gara jeequmsi shorokeessummaa guddaan itti dho'uutti. Humni dhiifama Waaqayyoo rakkoon suukanneessaan sun akka inni amma hin uumamneef dhaabera ta'a. Haala kamiin keessa iyyuu Waaqayyo yoo ana godhe, sana arguu nan danda'a – namootni biroon jiraachuu akka danda'an gochuun hojiiwwan jireenya kiyyaa keessaa isa guddaa ta'a.

Guyyaa itti aanutti ajajichi waraanaa sun waadaa isaa eegguu agarsiise – Huutota dhugumaatti guddaa jibba ture. Namicha dhiigaa jiru "Duguuggaa sanyii irraa kan hafeedha ani; kan ani madaa'es finciltoota Tuutsii waliin osoon falmadhuuti." jedhu tokko gara dawoo dhokannaa seenuun ni nanaanna'a. Ajajichi waraanaa sun

waan hin amanneef loltootni akka jilbeenfachiisan fi qawwee isaanii adda isaatti qabuun gaaffii gaafatan godhe. Jalqaba irratti yoo gaafatan miseensa hidhataa garee Iinterhaamiiwee ta'uu isaa ni haale. Gaaffii yeroo dheeraan booda abdii kutachuun waan hundumaa dubbate. Ajajichi waraanaa sun loltoota sanaaf mataa isaa yoo raasu, namicha harkisuun fuudhanii deeman. Sana boodas deebisnee namicha sana arginee hin beeknu. Loltoota sana keessaa tokko namtichi sun basaastuu Iinterhaamiiwee ta'uu isaa amanuu isaa nutti hime.

"Waa'ee isaa hin dhiphatin – ammaan booda si'i hin rakkisu" anaan jedhe.

Adaadota kiyyaa fi ijoollota isaaniif hangan danda'e nyaata ga'aa dhiyeessuufii mirkaneessu, qoricha loltoota irra fudhachuun fiduu fi madaa isaanii yaaluun kunuunsa godheef. Sanuu halkan akka hin sodaanne yaaduun naannoo isaaniitti dhiyaachuun kan ani rafu. Ta'us garuu, yeroo ga'aa hanga ana irraa eegamu isaan waliin hin dabarsu. Lubbuun jiraachuu fi nagaa ta'uu isaaniif gammachuu guddaatu anatti dhaga'ama. Sanas ta'e garuu maatii kiyya ani dhabe bakka anaaf bu'uu hin danda'an. Jireenya haaraa eegaluu akka ani qabu anatti dhaga'ame.

Kutaa mana dhiqannaa sana keessatti dubartoota ani waliin dabarse waliin iyyuu waliif galuun anatti cimee. Kan jiraannu adda bahuun kutaa adda addaa dawoo dhokannaa sana keessa jiraniiti. Tokkoon keenya kan biraa keenyatti kolfa yoo walitti agarsiifnes, baay'ee garuu walitti hin dubbannu. Iddoo dhiphoo sana keessa yeroo dheeraaf yoo waliin turres, garuu sirriitti wal baruu hin dandeenye. Yeroo hunda kan ittiin waliif gallu mallattoo harkaa fi hidhii dubbisuun waan tureef sun immoo jibba, jeequmsa fi abdi kutannaa kan dhageessisu ture. Tarii kutaa mana dhiqannaa sana keessatti walitti dubbannaan nu gidduutti uumameera osoo ta'eetii, fira gaarii waliif taana turre. Ta'us garuu dawoo dhokannaa sana keessatti wal ilaaluun keenya yaadannoowwan suukanneessa anatti yaadachiisuu eegale.

Maalumaafuu namoota haaraa waliin wal baruuf carraa hedduun qaba. Ajjeechaa irraa kan hafan Tuutsotni haaraan guyyaa guyyaan

gara kanatti yaa'uu eegalan. Baay'een isaani kan waan godhan harkaa bade, itti bitaacha'ee fi afaan Kiinruwaandaa jedhamu qofa kan dubbatanii dha. Ani afaan lama waanan dubbadhuuf, ajajichi waraanaa sun namoota haaraa dhufan hunda akkan galmeessuuf ana gaafate. Anis gargaarsa kennuu danda'uu kiyyaan gammadduu dha. Umrii fi maqaa isaanii galmeessaa, miidhama isaanii fi gargaarsa yaalii isaan barbaachisu hunda loltoota Faransaayiitti beeksisa. Seenaa dhuunfaa isaanii fi rakkoowwan dabarsan hunda nan barreessa. Adeemsa kanaanis, seenaa suukanneessaa hedduus dhaga'eera. Ta'us garuu hiriyoota muraasa horachuuf danda'eera.

Hiriyaa kiyya haaraa kan taate Filooreensi yoo taatu, umriin kan ana gittu, bareedinni ishee kan nama booji'atu fi yoo qaanoftu kolfi ishee kan nama harkisuu dha. Seefiidhaan gidduu ija ishee waan rukutaniif, madaa fuula ishee irra asii gadi ciisee argamu irraa kan hafe bareedduu intalaati. Akkuma kanneen biro keenyaa seenaa dhuunfaa ishees galmeesseera.

Filooreensi kan dhufte magaalaa xiqqoo ganda kiyya irraa baay'ee hin fagaatne irraati. Ajjeechaan yoo eegalamu maatii ishee fi ollootni isaanii dhibba sadii ta'an, ajjeeftotni qulqullummaa mana amantaa ni kabaju jedhanii yaaduun naannoo isaaniitti dhiyoo kan ta'e mana amantaa tokko dawoo dhokannaaf gaafatu. Ta'us garuu Tuutsotni mana tokko keessatti walitti qabamanii argamuun ajjeeftotaaf haala mijeesse. Taa'umsa mana amantaa sana keessa jiru gidduu deemaa seefii isaanii tooraan bitaaf mirgatti darbachaa namoota tartiibaan unkuteessuun itti hin ulfaanne.

"Meeshaas ta'e ofii keenya irraa waan ittiin qolachuu dandeenyu tokko illee hin qabnu turre." jette Filooreensi. "Kadhaa fi iyyi muraasni yoo dhaga'amanis, baay'een keenya achuma iddoo teenyee jirru turuun tartiiba itti qalamnu eeggachuu eegalle. Ajjeefamuu akka qabnu akka yaadnuudha kan ta'e – akka waan seera qabeessa ta'eetti … gara kiyya yeroo dhufanitti kan ani yaadadhu yoo jiraate, seefiin gara fuula kiyyaatti yoo ergamu qofa. Sana boodas gara iddoo isaan reeffa itti gatanitti fe'amee geeffamaa osoon jiruuti kan ani of bare."

Madaan Filooreensi guddaa ta'us, kan du'aaf ishee kennu garuu hin turre – ta'us garuu ajjeeftotni sun konkolaataa fe'umsaa tokko irratti reeffota biroo waliin duute jedhanii waan yaadaniif darbatuun. Yoo dammaqtu reeffa maatii ishee irra akka jirtu ni hubatti; obboleettiin ishees gararraa isheetii aaddi turte.

"Qoma obboleettii kiyya irratti eeboo waraanuun dhaabbatee jiru arge… du'uuf daqiiqaa muraasni ishee hafus, garuu ammayyuu aadaati kan turte. Gara isheetti dhiyaachuuf yoon yaalu, ajjeeftota nu waliin konkolaaticha koran keessa tokko yoo ani socho'u arguun xiyya isaatiin ana waraanuu eegale. Asi, asii fi asi kan ana waraane." jette gara qoma, garaa fi gudeeda ishee anatti agarsiisaa. "Yeroo ana waraanutti sochii tokko iyyuu hin goone. Sirumaayyu Waaqayyo dhukkubbii ana irraa fageessuun lubbuu kiyya akka anaaf oolchu ture kan ani kadhadhe. Baay'ee waan ani dhiigeef ajjeesaan sun kan ani du'e osoo itti hin fakkaatin hin hafu.

Konkolaataan fe'umsaa sun laga Akaaniyaaruu fiixee qilee (hallayyaa) kan hidhattootni Iinterhaamiiwee yeroo baay'ee reeffa itti gatan irra dhaabbate.

"Reeffa hundumaa qilee sana irraa asii gadi yoo darbatan bishaan keessa kan isaan bu'an." jechuun Filooreensi itti fufte. "Miilla kiyya qabuun qilleensa irratti yoo ana darbatan nan yaadadha. Sagaleen bishaaniis fageenya irraa anatti dhaga'ama ture, garuu lafatti kufuu kiyya hin yaadadhu. Ganama guyyaa itti aanuus dhoqqee bukkee lagichaa irratti kan ani of bare. Abbaaf haati kiyya, obboleettiin kiyya, hun...duu achitti kukkufaniiti kan jiran. Garuu hundumtuu du'anii turan. Qilee irraa asii gadi darbatamne ol jedhee yoon ilaalu, akkamittiin ooluu akka ani danda'e anaaf galuu hin dandeenye – fageenyi qilee nuti irraa darbatamnee as-xiqqootti dhundhuma dhibbaaf digdama ni ta'a. Kan ani amanuun ana irra jiraatu, Waaqayyo kaayyoo ta'e tokkoof akka ana oolche dha."

Filoorensi bukkee lagichaa bira guyyaa tokko guutuu ciiftee dabarsuun kaatee deemuu kan dandeesse. Naannoo isheetti kan argamu gara mana Huutota gaarii tokkoo akkuma taate ta'uun deemte. Isaanis ofitti ishee fudhachuun ol galchanii madaa ishee haxaa'uun dhoksaniin. "Lubbuu kiyya anaaf oolchan garuu" jechuun

itti fufte. “Mucaan isaanii ganamaan bahee hanga Tuutsii ajjeesan dhabanitti Iinterhaamiwee waliin ta’uun Tuutsota magaalaa kiyya keessa jiran ajjeesuu isaa itti fufeera. Sanaan booda anaaf miira kan kakaasan tokko illee bade, Iimaakiyuule. Maatii fi obboleettiin kiyya yoo du’an ani maaliif kan hafe sitti fakkaata?”

“Waaqayyo kaayyoo ta’e tokkoof kan inni si’i oolche.” jechuun anis deebiseef. “Seenaa kee barreessaan jira. Guyyaa tokko namni tokko dubbisuun rakkoo uumame hundumaa ittiin hubata ta’inna. Ati akkuma kiyya kan taate. Ooluu kan dandeesse waan nuyi irra gahe hundumaa dubbachuu akka dandeessuufi”

BAQATTOOTAA FI KEESSUMEESSITOOTA KEENYA KAN TA’AN Faransaayota gidduutti hojii afaan hiikuu hedduu waan ani hojjedheef, loltoota muraasa waliin wal baruu danda’e. Isaan gidduudhaas loltuun Piiyer jedhamu ija jaalalaan ana ilaaluu eegale. Kutaa keessa dawoo dhokannaa sana guyyaa guyyaa akka eeguuf ramadameera. Halkan garuu urjiiwwan ilaalaa yoon ala taa’u, dhufee ana bira taa’uun anatti dubbachaa yeroo isaa dabarsa. Piiyer dargaggeessa umrii muraasaan anaa gadiiti. Nama gaarii, namaaf yaaduu kan danda’u fi nama dhaggeeffachuu kan danda’uu dha. Maatii kiyyaa fi ganda keenya keessatti uumamee kan ture hunda itti hime. Innis waa’ee maatii isaa, jireenya Faransaayitti dabarsee fi waa’ee hiriyaa durbaa isaa kan gara Ruwaandaa dhufuu isaan dura isa irraa addaan baateetu anatti hime. Hiriyaa dhiiraa qabaachuu kiyya yoo ana gaafatu, waa’ee Yohaannis fi waa’ee waanumti isaa kan hin beekamne akkataa itti adda baanee itti hime.

Piiyer waliin yoon ta’u, ana waliin jiraachuu isaatti guddaa anatti tola. Isa waliin haasa’uun as-xiqqootti yeroodhaaf sammuun kiyya dhugaa amma geggeefamaa jiru akka inni irraanfatu taasisa. Yeroon akkuma dheerataa deemeen Piiyer sababa ittiin ana bira dhufu barbaachuu baay’ise – nyaata anaaf fida, gara burqituu lagaa waraabuuf yoon deemu eegumsa anaaf godha, kitaabota ani dubbisu anaaf fida. Hiriyootni isaa waa’ee waan kanaa yoo itti qoosaniis, ani gama kiyyan garuu homaa tokko iyyuu anatti hin fakkaatu. Duguuggaa sanyii geggeeffamaa ture sanaan hiriyaa hin dhiphanne horachuun kiyya anaaf boqonnaa dha. Waa’ee abdiiwwan fi

abjuuwwan kiyyaa isatti himuun kiyya, akka waan ani deebisee nama ta'eetti akka anatti dhaga'amu ana godha.

Guyyaa tokko hiriyaa Piyeer kan ta'e Pool, loltuun dargaggeessi kun jaalala kiyyaan akka tuqame yoo anatti himu ana kofalchiise. Uffannaa kiyya illee hin jijjiiranne, qaama kiyya ji'oota sadiif haala gaariin hin dhiqanne.

"Agartee, Piyeer yeroo hunda waa'ee keeti kan odeessu." jechuun anaaf mirkaneesse. "'Waantota ulfaatoo kan keessa darbitus, onneen ishee banamaa dha; kolfituu dha, akkasumas taphas ni beekti' jedha."

"Lakki maal jechuu dha! Akkana yoo anatti qoostan tapha kan beektuu dha jechuun anatti xiqqaataa?" jedheen. Akkuma sanaan, dubbiin Pool qoosaa ta'uu dhiisuun isaa kan anaaf gale – Piyeer jaalala kiyyaan qabamee gubataa tureera.

Mudanno jaalalaa kanaan boonuu danda'us, fedhii garuu hin qabun ture. Maatii kiyya dhabeera, xumura duula waraana geggeeffamaa jiruu arguu akkan danda'u illee sirriitti waanan beeku hin qabu. Yohaannis akka sanatti erga anatti dubbateen booda, jaalala irratti abdii kutadheera. Sanas ta'e kana, Piiyer onneen kiyya cabe deebi'uun nama biraa jaallachuu danda'uu isaa akka ani hubadhuuf ana gargaare.

Halkan sana ana waamaa dhufuun deemsa miillaa waliin akka goonuuf yoo ana gaafatu, jaalala isaaf ana irratti akka yeroo isaa hin gubne itti himuuf murteesse. Inni garuu onnee isaa irraa fi jaalalaan yoo dubbatu waan ani itti hin qophoofne ta'uu isaan kan ka'e ana naasise.

"Iimaakiyuule, dhugaa dubbachuuf hiriyaa gararraa anatti taateetta." jechuun onnee isaa irraa anatti hime. "Baay'ee nama addaati ati. Ajjeechaan, dhukkubbiin, fincilli naannoo kee osoo jiruu, ati garuu dhageeffachuu kan ati barbaaddu kanaa dha. Garuu anaan jaalalli kee ana qabee jira anatti fakkaata. Ana waliin ta'uu kee nan barbaada." Sa'aatii sana hundumaa yoo deemsa miillaan bashannannu, baay'ee dubbata jedhee eegus kana qofa dubbachuun callisuun isaa fi iftoomina qabaachuu isaan nan ajaa'ibsiifame.

"Piiyer" jechuun suuta deebiseef. "Onneen kiyya miira suukanneessaan guutameera. Amma onnee kiyya keessatti kan hafte iddoo xiqqoon sun waaqa kiyyaaf kan taatu qofaa dha. Jaalalaan qabamuu yaaduu hin danda'u… qormaata fuulduratti ana quunnamaniif xiyyeeffannoo ani kennuu qabu dhabuu hin qabu. Of kunuunsuutu ana irra jiraata bar …"

Harka kiyya qabuun "Kan ani dubbachaa jiru onnee kiyya irraati bar … Sin jaalladha. Ammas taanaan si'i nan kunuunsa. Si'i waliin ta'uu nan barbaada; si'i dhabuu hin barbaadu."

Sana hundumaa baasee dubbachuu isaatiif ajaa'ibsiifadheera. Fedha Waaqayyootiin osoo hin taane tasuma kan wal quunnamne ta'eeti kan anatti dhaga'ame. Gooftaan akkuma Yohaannis kan kiyya ta'uu dhiisuu isaa anatti agarsiise ammas ammoo Piiyeris kan kiyya akka hin taane anatti agarsiisaa jira. Gaaffii isaa kana tole jedhee fudhachuu akka ana irra hin jiraanne beeka – yeroo ani qophaa'utti Waaqayyo jaalallee anaaf ta'u akka anaaf fidu anatti beekameera. Yeroo anaaf fidus shakkiis ta'e amantaa dhabuun tokko illee akka hin jiraanne nan beeka.

"Lakki Piiyer… kun hin ta'u. Amma onneen kiyya kanneen lubbuun jiran bira osoo hin taane kanneen du'an bira – Boo'icha illee ganaa hin eegalinan jira. '*Boo'uun iyyuu yoo mijatuu dha'*. Hiriyummaan kee anaaf guddaa waan ta'eef, hiriyummaa kee turfachuun barbaada. Kanaafuu, maaloo akkanumatti hiriyoota gaarii waliif haa taanu."

"Nan beeka" jedhe miira aariitiin. "Silaa onnee kee argachuu hin dandeenyeeti osuman si'i jaalladhu adda bahuun keenya dirqama. Akkanumatti akka salphaatti nagaan taa'ii si'iin haa jedhukaa; jedhi nagaan anaaf buli garaa kiyya." gadi jechuun afaan kiyya irra ana dhungachuun ana naasise. Hidhiin isaa hidhii kiyya yeroo argatanitti onneen kiyya akka dhadhaa ibidda seentee yoo baqxu, ija kiyya dunuunfachuun ho'inni dhungatamuu kiyyaa dhukkubbii fi aarii kiyya ana dagachiise. Piiyer loltoota birootti dabalamuuf yoo deemu, kolfi kiyya badaa adeeme. Waanti anaaf hafe tokkichi yoo jiraate, Waaqayyoon ati akkuma goote ana godhi jechuun isatti of-dhiisuu qofa ture.

ANAAF AKKA HIN TAANE OSOON BEEKUU OBBOLEESSA KIYYA Eeyimaabiliin lubbuun akkan jiru beeksisuunii barbaade, garuu karaa ittiin ergaa waliif ergan fi tajaajilli bilbilaa tokko illee hin jiru. Lakkoofsa bilbila isaas ta'e maallaqan kaffalu illee hin qabu. Eeyimaabil kiiloomeetira 5000 fagaachuun barumsa irra Senegaaliin waan jiruuf, achumatti osoo hafee jechuun hawwe. Gara Ruwaandaatti yoo deebi'e, akkuma miseensa maatii kiyyaa biroo ni du'a. Sababa kanaaf, lolli geggeeffamaa jiru kun yeroo xumuramun isa arga. Garuu yoom ta'inna laata lolichi kan xumura argatu? Faransaayotni oduu tokko illee nutti hin himne; raadiyoon dhaggeeffannus hin jiru. Burqaan oduu tokkichi nuti qabnu yoo jiraate, namoota haaraa hedduminaan gara dawoo dhokannaa dhiphaa nuti keessa jirruutti dhufan qofa.

Naannoo ji'a Adoolessa gara dhumaatti, Tuutsotni gareen finciltoota AGR gara kaabaan mo'achuu isaanii dhaga'e. Gara bahaa fi kibbaan garuu waraanichi akkuma itti fufetti jira. Faransaayotni gama isaaniin nuti kan jirru dhiha Ruwaandaa, bukkee hara Kiivuu fi daangaa Zaayeer dabalatee to'annoo isaanii jala oolchaniiru. Nuuf oduu gaarii ta'us, haalli jiru garuu amma iyyuu balaafamaa dha. Baqattootni Huutotaa kuma dhibbaan lakkaa'aman gara hara Kiivuutti dhiyaachuu fi gara Zaayeritti baqachuuf yaalii irra jiru.

Guyyaa guyyaan Tuutsotni lubbuun ooluu danda'an balbala keenya irra ni dhufu. Ergan dawoo dhokannaa sana gahee eegalee lakkoofsi keenya mura muraasa kan ture gara naannoo namoota 150tti guddachuu danda'eera – anis seenaa fi haala fayyummaa baqattoota sanaan barreessa. Baqattootni hedduun isaanii yookiin harkaa fi miilla isaanii dhabaniiru yookiin ammoo qaama hir'iinsa kanneen biroo reebicha suukanneessaa irra gahe irraan kan ka'ee guddaa madaa'aniiru. Yeroo baay'ee madaan isaanii hedduu kan summaa'an waan ta'aniif, fayyuu akka hin dandeenye nan beeka. Harkaa fi miilla isaanii kan hin dhabne yoo jiraatanis, garuu yeroo baay'ee kan dhufan namoota jaallatan dhabuun, gaddaa fi sammuu isaanii keessatti jeequmsa hafeen kan ka'e maraatanii fi of-wal'aalaniiti.

Dawoo dhokannaa sana keessatti kan ana rakkisan keessaa tokko dhimma namoota maatii hin qabneeti. Fakkeenyaaf, umriin isaanii

sadii fi afur kan ta'e Kiigaalii irraa gara keenya kan dhufan obboloota lamaan sana tasumaa hin dagadhu. Gareen ajjeeftotaa yoo itti dhufan maatiin isaanii ijoollota sana koornisii irra dhoksan. Maatiin isaanii yoo ajjeefaman ijoollettiin garuu guyyoota muraasaan booda Huutuu gaarii ta'e tokkoon argamu. Innis gara kibbaatti waraana geggeeffamaa jiru baqachuuf yeroo dhufutti, ijoollota sana fidee dhufa. Namootni sun ijoollettii fuudhanii deemuu bakka hin dandeenye Zaayeriin deemaa akka jiran ibsuun loltoota Faransaayitti kennu.

Loltootni sunis sababoota tokko tokko irraan kan ka'e maqaa ijoollettiis ta'e maqaa ollota isaanii namootni ijoollettii fidan hin barreessine. Itti dabaluunis ijoollotni lamaanuu yeroo dawoo dhokannaa keenyaa gahan ho'iinsa qaamaa guddaan qabamanii turan. Dawoo dhokannaa keenya keessatti umriidhaan ijoollota xiqqoo ta'an maatii yookaanis fira kunuunsa godhaniif tokko illee waan hin qabneef, yeroodhaaf anumti guddifachaa fudhadhee kunuunsuu eegale. Gargaarsa ajajaa loltuu Faransaayiin kutaa barumsaa sana keessa siree diriirseef; ho'iinsa qaama isaaniis qoricha hir'isu argadheef.

Yoo dubbatan dhaggeeffachuun onnee kiyyatti bu'e. Reeffa maatii isaanii arganis, garuu duuti nama kamiin iyyuu akka hin dhiisne gara jabeessa ta'uu isaa hubachuuf umriin isaanii hin eeyyamuuf. Mucaa inni woyyaa'aan (guddaan) obboleessa isaa xiqqicha ni kunuunsa, namoota haaraa wal quunnamuufis mucaa gaarii ta'uu akka inni qabu itti hima. Mucaan inni waggaa sadii obboleessa isaa guddicha *Fireenchi Firaayis* kan jedhamu nyaata miyaa'aa fi dhugaatii lallaafaa akka fiduuf ni rakkisaan; obboleessi guddichis yeroo hundumaa obsa guddaan deebii kennaaf.

"Mana keenya akka hin jirre yaadadhu malee… asitti *Fireenchi Firaayis* fi dhugaatii lallaafaa argachuu hin dandeenyu. Abbabbaa fi haati keenya dhufanii haga nu argatanitti eeguunii qabna – sana booda isaan nuyiif kennu. Asii namoota rakkisuu hin qabnu; gadhoomuun nuyi hin barbaachisu; kana hin ta'u taanaan rakkoo guddaatu nuyi irra gaha." Obboleessi isaa xiqqoon yoo itti boo'u "Hin boo'in… abbabbaa fi haati keenya dafanii ni dhufu; sana booda *Fireenchi Firaayis* akka barbaaddetti nyaatta. Haa eegnuun;

abbaabbaa fi harmeen keenya waan hundumaa iyyuu nuuf sirreessuu."

Ijoollotni kun raajiin akkamii illee yoo uumame deebisanii maatii isaanii argachuu akka hin dandeenye nan beeka. Haala jiru irraa hubachuun akkuma danda'amu, firootni isaanii hunduu kan du'an ta'uu hin oolu. Jireenya isaanii fuulduraa gaddaan, dhiibamuun fi waan isaan barbaachisu dhabuun kan guutame akka hin taane sodaadhe – jireenya akka salphaatti gaddaa fi jibbiinsaan guutamu.

Ijoota nama gaddisiisan sana keessa qubeelaan jibbiinsaa fi amantaa dhabuu yoo keessa deddeebi'u anatti mul'ata. Waan kana ta'eef, Waaqayyo maaliif akka ana oolche sababa anatti mul'isu biraa anatti agarsiisaa jiraachuu isaa beekkadheera. Gaaf tokko, guyyaan jabaadhee fi humna argadhu, ijoollota ajjeechaa duguuggaa sanyii geggeeffame sanaan maatii isaanii dhaban gargaaruuf waan ani danda'u mara akkan godhu waadaa seene. Jireenya isaanii keessatti abdii fi gammachuu fiduu fi maatii isaanii fi jaalala maatii isaanii kan isaan dhabsiise jibbiinsa irraa akka fagaatan isaan gochuuf nan yaala.

JALQABA JI'A HAGAYYA IRRATTI, AJAJICHI DAWWOON dhokannichaa waan guuteef baqattoota hedduu isaanii gara biraatti akka geessu anatti hime. Dawoon dhokannaa haaraan mooraa mana barumsaa sadarkaa 2^{ffaa} magaalaa Kiibuuyee keessa jiruuti kan ta'u. Bishaan gaarii, nyaata gaarii fi sireewwan ciisichaas ni qabaata. Akka mijatuuf yaaduun "Ijoollota kiyya dhiira" jalqaba irratti gara sanatti akka jijjiiraman godhe. Adaadota kiyyaa fi ijoollotni isaaniis akka gara sana deeman mirkaneeffadhe – Eeyyeen amma fooyyee qabu, garuu nageenyi irra caalaatti akka itti dhaga'amuuf, mataa isaanii gararraatti qorqorroo akkasumas naannawaa isaaniitti ammo keenyatni isaan barbaachisa. Achi deemuun namoota hundumaa kunuunsuuf karoorsus, ajajichi garuu asitti hafee hojii dawoo dhokannaa kana keessa jiru akkan gargaaruuf ana kadhate. Amma iyyuu taanaan hiiktuun afaanii isaan barbaachisa. Itti dabaluunis, namootni lubbuun oolan dhufanii nutti dabalamuun isaanii ittuma fufeeti kan jiru.

"Yoo turte lubbuu hedduu oolchita." jechuun anatti hime. Akkamiin ani didee deema? Achumattin hafe; obboloota xixiqqoo sanas erga guyyaa sanaa eegalee tasumaa hin argine. Ijjoolota biroo jeequmsa uumameen maatii isaanii dhaban gargaaruuf waadaa ani seene garuu hin daganne. Ruwaandaa keessattis rakkoon ijoollota akkasii barbaadanii argachuu dhabuu hin jiru.

Dawoo dhokannaa duraanii keessatti baqattoota 30 ta'an kan hafan yoo ta'u, isaan keessaas saddeet Filooreensi, Jiin Pool fi kanneen isaan fakkaatan hiriyoota haaraa horadhee dha. Miseensa walitti dhiyaatan kan qabdu gareen keenya xiqqaan, gara garee maatii miseensa xiqqaa qabduu ta'e. Walitti dhufeenyi keenya guddaa jabaataa waan ta'eef, salganuu keenya wal faana ta'uun yoo ta'e malee dawoo dhokannaa kanaa gara biraatti jijjiiramuu hin barbaadnu jenne.

Buqqaatota Tuutsii ofitti fudhachuu itti fufnus, dawoon dhokannichaa garuu gargaaraa kan jiru akka dawootti osoo hin taane akka buufata ofitti fuudhee gara biraatti dabarsuutti ture. Namoota lubbuun oolan galmeessuun guyyaa tokko yookiin lama keessatti gara magaalaa kan jiru gara dawoo dhokannaa guddichaatti akka darban taasifna. Sana boodas ji'a Hagayya gara jalqabaa irra ji'oota hedduu keessatti kan ani hin dhageenye dhaga'e – kolfa gadi fagoo, guddaa fi onnee irraa kolfamu. Baqattoota haaraa waliin dubartii dhufte irraati kolfichi kan dhaga'amu. Taa'umsa konkolaatu irra taa'uun namootaan dhiibamaa kan deemtu dubartii kana, loltootni konkolaataa fe'umsaa isheen ittiin dhufte irraa gadi buusaa jiru. Furdoo waan taatee fi miillotni ishee waan dhukkubsataniif adeemuu kan hin dandeenye ta'uu ishee beekeera. Gaddi hammi kun bakka jirutti waan nama kofalchiisu maal argatteeti akkas kan kolfitu jedheen ajaa'ibsiifadhe. Booda irra yoo anaaf galu, kan kolfitu gammachuu lubbuun ooluu ishee irraan kan ka'ee dha.

Loltootni sun of eeggannoon taa'umsa ishee konkolaatu lafa irra yoo godhanii fi ijoollee ishee xixiqqoo lama yoo itti kennan arge. Ijoollotni ishee fuula ishee iddoo hundumaa dhudhungatan; isheenis irra deebiin kolfuu eegalte – kolfi ishees mooraa dawoo dhokannaa sana keessa iddoo hundumaatti dhaga'ame.

“Alooyizee dha.” jedhe Jiin Pool. “Dawoo dhokannaa keenya keessa namni beekamaan tokko seene jechuu dha.”

Dhugaa dubbachuuf waa’ee Alooyizee dhaga’een ture. Ijoollummaa kiyyaan namni tokko jabinaan hojjechuu fi murannoon fuulduratti yoo tarkaanfate, eessa gahuu akka danda’u ishee fakkeenyummaan kaasuun baay’ee waa’ee ishee yoo dubbatan dhaga’eera. Alooyizeen umrii saglaffaa isheetti naafummaan qabeenii adeemuu dadhabdus, barumsatti qabxii gaarii galmeessissuun ijoollota baay’ee ciccimoo ta’an Ruwaandaa jiran keessaa tokko ta’uu akka dandeesse anatti himaniiru. Waa’ee ishee kan ani dhaga’e beeku keessaa kan ani yaadadhu sana qofaa dha, garuu akkuma jedhame biyyattii keessatti beekkamtii argachuu isheen kan ka’e, namootni dawoo dhokannaa keessa jiran hedduun isaanii waa’ee ishee dhaga’aniiru.

Akka Jiin Pool anatti himetti, dhirsi ishee Kiigaaliitti Dh.M.G keessaa hojjeta waan tureef Alooyizeen ergamtoota mootummoota dhaabicha keessaa hojjetan hundumaa beekuu dandeesseetti. “Namoota hundumaa waan beektuuf, eenyuuf illee taanaan hojii gaarii arguufii ni dandeessi.” anaan jedhe miira ajaa’ibsiifannaatiin. Namootni “Osoo nama qaama hir’uu hin taane taateeti, muummicha ministeeraa ta’uu dandeessi jedhu. Tuutsii ta’uu ishee nan beeka, garuu walii galtee/ (kontiraata) mootummaa argachuuf jecha waggoota muraasaan dura waraqaa eenyummaa Huutuu ta’uu ishee mul’isu bitatteetti… kan si’i dhibu, dubartii baay’ee cimtuuf murannoo qabduu dha.”

“Egaa, amma deemeen keessummaa beekamtuu keenya kana galmeessa.” jechuun barruulee kiyya qabachuun gara konkolaatichaatti deeme.

Alooyizeen ta’umsa ishee irra taa’uun ol ana ilaalaa gammachuun ishee akkuma sanaan baduun boo’uu eegalte. “Wayyoo waaqa kiyya, haadhumakee fakkaatakaa… abbaa keetis yoo ta’e hoo! Yeroo hunda si’iinis ta’e maatii kee dhufeen gaafadha jechuun yaadaan ture. Ta’us garuu anaaf hin danda’amne. Silumaayyu miilla kana qabadhee akkamiin anaaf danda’ama!

Dubartittiin sammuu ishee of wal'aaltee yookaanis nama biraa itti fakkaadhee waan itti bitaacha'e anatti fakkaate. Haga ammaatti ishee waliin wal quunnamee hin beeku. Eenyummaa kiyya akkamiin beekuu dandeesseree?

"Akka nama sammuu isaa gad-dhiiseetti ana hin ilaalin, Iimaakiyuulee Iiliibaagiizaa. Eenyuun akka ati taate sirriittin beeka. Waaqayyo lubbuu isaanii jannata keessa anaaf haa godhu malee maatiin kee – firoottan gaarii kiyyaa turan." Alooyizeen ijoollota ishee keessee, imimmaan ishee haqachuun harka ishee gara kiyyatti bal'iste.

Salphiseetuma nageenya gaafachuuf harka kiyya yoon itti hiixadhu, ciqilee kiyya qabuun ofitti ana harkistee jabeessitee ana haammatte. Ana gad-dhiisuu hin dandeenye. "Haati kee jireenya kiyya anaaf oolchiteetti – sana akka ati hin beekne nan beeka! Haati kee yeroo ani umrii saddeeti, barumsa baay'ee jaalladhus maatiin kiyya garuu ana barsiisuuf humna akka hin qabne dhageessi. Waan kana ta'eefis, kaffaltii mana barumsaa ana irraa eegamu kan waggaa tokkoo anaaf kaffalti… dhukkubsadhee yoo ani dhaabbadhee adeemuu hin dandeenyetti illee kaffaluu ishee ittuma fufte. Oolmaan ishee kun anatti waan ulfaateef jireenya kiyya keessatti iddoo guddaa gahuuf jecha qayyabannaa nama ani beeku kamiin iyyuu gararraatti qayyabadha ture. Iimaakiyuule, kan ani amma qabu hunduu oolmaa haadha keetiin kan argamee dha. Ergamtuu Waaqayyoo turte!"

Alooyizeen haammannaa ishee daqiiqaa hedduu tureen booda yoo gadi ana dhiistu, gara boodaattin kufuuf ka'e. Dubartii cimtuu kana waliin mudannoon keessummaan ana mudachuu isaatiif naasuu guddaa keessa waan galeef of tasgabeessuuf fagaadhee deemuun ana barbaachise. "Mee si'ii fi ijoollee keetiif nyaata xiqqoo fi bishaan isiniif haa barbaadu." jedheen. "Ammuma deebi'ee dhufuun isin galmeessa."

Adeemaa osoon jiruu Alooyizeen ana waamtee "Iimaakiyuule, asi gara keetti kan ana fide hafuura haadha keetiiti anatti fakkaata! Oolmaan ishee waan ana irra jiruuf, si'i gargaaruun gatii ishee nan

baasa. Mee itti haa yaadu; karaa kamiin si'i gargaaruu akka ani danda'u haa barbaadu." anaan jette.

Dubartii taa'umsa konkolaatuun sochootu sanuu immoo gargaarsa ishee kan barbaadan ijoollota xixiqqoo lama of jalaa qabdu, maal ana gargaaruu akka dandeessu sammuu kiyyaan yaadaa harka kiyya ol kaasee nageenyaan turi jechuuf itti raasaa daandii kiyya itti fufe. Yeroo jalqabaa fi xumuraaf Waaqayyo daandiiwwan raajeffamoo irra akka deemu ana barsiisuuf dha.

Guyyaa itti aanutti Alooyizeen osoon galmeessuu, ija seeraan Huutuu taatus dhirsi ishee Faarin Tuutsii ta'uu isaa anatti himte. Kana jechuun ijoollotni ishee Saamii fi Keenzaan akka Tuutsiitti lakkaa'amu jechuu dha. Nageenya ijoollota ishee eeguuf jecha mana ishee Kiigaalii jiru dhiisuun gara mana maatii ishee dhokachuuf deemte. Dhirsi ishee yoo isheen deemtu koornasii irra kan dhokate ta'us, du'ee fi lubbuun jiraachuu isaa waan beektu hin qabdu.

"Oolmaa haati kee anaaf oolte kaffaluuf (dugda baasuuf) maal gochuu akka ani qabu murteesseera." anaan jette Alooyizeen. "Lolli adeemsifamaa jiru guutummaa gututtti akkuma dhaabbateen gara mana kiyya Kiigaalii jirutti ofitti si'i fudhadha. Akka mucaa keenyaa taate nu waliin jiraachuu dandeessa."

Waa'ee Alooyizee kan ani amanuu hin dandeenye waanti tokko ni jira. Seequun waa'ee arjummaa ishee kanaaf galateeffadhe. Ta'us dawoo dhokannaa kana keessatti hiriyoota akka maatii tokkootti wal ilaallu akka ani qabuu fi yeroo hunda waliin ta'uuf – wal irraa adda bahuu akka hin qabne - waadaa akka waliif seenne itti hime. Gateettii ishee sochoosuun namoota kamiin iyyuu waliin turuuf murteessuun kiyya haxxummaa gaarii akka ta'e anatti himte. Sanaanis dubbiin keenya sun kan dhumate anatti fakkaate, ta'us garuu dubartiin kun iddoo ani hiriyoota kiyya waliin taa'ee jirutti dhufte.

"Iimaakiyuule, dhimmicha itti yaadeera. Ana ukkaamsiti jettee yoo yaadde hiriyoota kee hunda gara Kiigaaliitti fiddee dhufuu ni dandeessa. Salganuu keessan mana kiyya keessa isin jiraachisa! Manichi dhiphatus ni mijata.

Salganuu keenya wal ilaaluun seeqne. Akka kanatti keessummaa kan ta'ee fi kennaa arjummaan irraa mul'atu kana akkamittiin akka fudhachuu qabnu beekuu wal'aalle.

"Itti yaadaa" jette Alooyizeen taa'umsa ishee konkolaachisaa gara fuulduraatti deemaa osoo jirtuu. "Xumuramuu lola geggeeffamaa jiruun booda waan biraa maal gochuuf akka yaaddan hin beeku. Hunduu keessan jeeqamtaniittu … ijoollettii nana, manneen magaalaattii keessa jiran keessaa mana baay'ee gaarii keessa kottaa jiraadhaa jedhee isin kadhachuu kiyya amanuu hin danda'u. Duulli waraanichaa xumuramaati kan jiru – waa'ee jireenya keessan fuulduraa yaaduu jalqabaa malee!"

Alooyizeen sirrii dha kan dubbatte. Magaalaa guddittiin to'annoo humna finciltootaa jala oolteetti. Duulli lola geggeeffamaa jirus xumura argachuuf dhimma yeroo qofa dha kan eegaa jiru. Hundumti keenya maatii keenya, mana keenyaa fi uffannaa keenya illee osoo hin hafin kan dhabne yoo taanu, nu gidduudhaa qarshii xiqqoo illee kan of-harkaa qabu namni tokko illee hin jiru. Arjummaa Alooyizee tole jennee fudhachuuf murtoo gaarii ta'uu isaa murteessuuf yeroo dheeraa nutti hin fudhanne. Borumtii isaas arjummaa ishee akka fudhannee fi galateeffachuuf hunduu keenya waliin deemne.

"Anaan miti galateeffachuu kan qabdan, haadha Iimaakiyuuleeti malee." jette. "Kana kan ani godhuuf waa'ee Rooziif malee waa'ee keessaniif miti!"

Ofii isheetiin kolfuu eegalte. Sana boodas irra deebi'uun kolfa gammachuu onnee irraa madde dawoo dhokannaa sana guutuutti hanga dhaga'amutti kolfuu ishee itti fufte.

BOQONNAA 20
DAANDII GARA FINCILTOOTAATTI GEESSU

Ji'a Hagayyaa gara dhumaa guyyaa baay'ee ho'iinsa qabu naannoo waaree boodaa, ajajichi waraanaa dawoo dhokannaa kana gadi dhiisne deemuuf akka jennu anatti hime. Duulli Turkooyiz xumurame; waan kana ta'eefis Faransaayotni Ruwaandaa gadi dhiisanii bahuuf qoqophaa'u. "Dawoo dhokannaa keenya kana har'a ni cufna." anaan jedhe. "Namni hunduu dawoo dhokannaa kana sa'aatii lama gidduutti gadi dhiisee bahuuf of haa qopheessu."

"Eessa kan nuti deemnu?" jechuun gaafadheen. "Asi namoota soddoma ta'an kan jiran … Eessa deemaa haa jedhuun? Mana hin qabnu!" oduu tasaa kanaani ajaa'ibsiifame.

"Hundumti keessan loltoota Tuutsii waliin akka turtaniif gara sanatti isin geessa. Humni finciltoota AGR gara naannoo kanaatti dhiyaachaa kan jiran yoo ta'u, iddoo amma jirruus kiiloomeetira muraasa fagaachuun dawoo dhokannaa hundeessaniiru. Achi

geessuun jaratti isin kennina. Namoota keessan waliin turuu isiniif wayya."

Loltootni Tuutsii dhuma irratti waraana of-irraa qilachaa dhufuun isaanii fi hidhattoota Iinterhaamiiwee biyya keessaa baasaa jiraachuu isaanii dhaga'uu kiyyaaf guddaan gammade. Goota keenya, dursaa AGR kan ta'e Pool Kaagaameen Kiigaalii irratti mootummaa haaraa hundeessuu isaa illee osoo hin hafin kanan dhaga'e. Waaqayyoof haa galatu, dhuma irratti nageenya arganne – guyyaan sun geesse; ajjeechaan qomoo gidduu dhaabbachuu isaati!

Deemuuf akka jennu dawoo dhokannaa sana keessa naanna'uun tokkoon tokkoon namootaatti hime. Namoota dhiyeenya dhufan keessaa tokko tokko shakkiin itti uumame. Faransaayotni kan hin amanamnee fi dawoo dhokannaa baqattootaa kan qopheessanis ajjeechaa qomoo irratti hundaa'e geggeeffamaa ture Huutoota qindeessan ergama gara hara Kiivuun ceesisuun fi Ruwaandaa keessaa nageenyaan baasuuf qaban dhoksuuf akka eegumsa namummaaf godhan fakkeessanii gargaaramuufi jechuun dubbatan.

"Kana illee hin amanu." jedheen. "Faransaayotni torbanoota hedduuf nagaan qabanii nu tursaniiru; bilisa nu baasuufis yeroo xiqqoo dha kan isaan hafu! Isiniif ni raawwanna kan jedhan mara nuuf raawwataa jiru."

Silumaayyu qopheen waan jirruuf, qophaa'uuf yeroo nutti hin fudhanne. Ba'aa jedhamu kan qabu baqataan tokko iyyuu hin jiru. Kanaafis, meeshaa nuti walitti qabannu hin jiru. Qabeenyaa muraasa ani qabu walitti qabadhe – mucaan luba Muurinzii kan anaaf kennite shurraabaa fi fooxaa kiyya, kitaabota lamaan Piiyer anaaf kennee fi loltootni muraasni kan anaaf kennan hambaa saamunootaa fi kittaa gara korojootti godhadhe. Kana yeroon godhutti garuu haati kiyya gareen ajjeeftotaa sun naannawaa mana keenyaatti yoo walitti qabaman meeshaaleewwan ishee korojoo keessatti naqaa kan turte anatti yaadatamuun, meeshaalee jireenya kiyya darbee gara jireenya kiyya haaraatti fuudhee deemuu akka ani hin qabne murteesse. Jireenya kiyya lamaan gidduutti adda bahiinsa qulqulluu gochuun barbaade. Korojicha Tuutsii gaddisiisaan tokko kan mana hin qabne

akka argatu hawwuun gara kutaa barnootaatti geessuun golee irratti dhiise.

Deemuuf yoo ani ofirra garagalu balbala irra dhaabbate kan jiru Piiyer waliin tasuma walitti baane. Ija gaddaan ana ilaaluun waraqaa tokko baasuun anatti kenne. “Tarii yaada kee jijjiirta yoo ta’e kun teessoo kiyya Faransaay. Guddaan si’i yaada; onnee kiyyaa keessas si’in jiraachisa. Waaqayyo nagaan akka si’i tursus kadhata si’iif nan godha.”

“Jedhi nagaan turi Piiyer. Waaqayyo si’i haa eebbisu.” Jechuun deebii yoon kennuuf inni garuu deebii kiyya illee osoo hin dhaga’in deemeera.

DUUBA KONKOLAATAA SANA KORUUN ANI NAMA XUMURAATI KAN TURE. Cufaan isaa booda irra jiru sagalee *gacci* jedhu dhageessisuun yoo cufamu, dawoo haguuggii nu dhoksuun asii gadi uwwifame; konkolaatichis gara fuul-duraatti socho’uu eegale. Qabeenya kiyya yoom iyyuu dabarsee nama biraaf kennuu hin dandeenye lakkooftuu abbaan kiyya anaaf kenne baasuun kadhata ittiin godhadhe. Waaqayyoon akka inni daandii keenya haaraa kana nuuf eebbisuu fi gara loltoota Tuutsii nagaan nu gahu gaafadhe.

Konkolaatichi konkolaattota sibiila uffatanii jiran kan bifa walakkaa korboon tarree naqamuun dhaabbatanii jiran fi daandii haxaa’amaa irraan-gadee sanaa darbuun gara galaana ajjeeftotaatti liqimfame! Uraa xiqqaa haguuggii irra jirtuu keessaan Huutotni kumaatamaan lakkaa’aman daandii guddicha irraan gara hara Kiivuutti yoo dhangala’an argeen – gidduu isaanii namootni dhibbaan lakkaa’aman uffannaa addaa Iinterhaamiiwwee uffachuun seefii qabataniiti kan jiran.

“Yaa waaqa kiyya” jedhe konkolaataa irratti deebi’ee kufuun. “Deebistee nutti hin fidin!”

Huutotni daandii akka nuuf gadhiisanii fi nu dabarsaniif sagalee xurumbaa konkolaatichaa dhageessisaa daandii namootaan dhiphate sana irra suuta deemuu eegalle. Hidhattootni Iinterhaamiwee sun yoo konkolaataa keenya dhaaban yookaan ammoo konkolaataan

keenya yoo sirriitti hojjetuu didee dhaabbate, daqiiqota keessatti nuyi irratti wal gahu. Kutaa mana dhiqannaa sana gadhiisee ergan bahee akka kanatti sodaadhee hin beeku.

"Maaloo yaa Waaqayyo" jechuun kadhadhe. "Hanga yoonaatti nu fiddeetta – ammas immoo daandii keenya hafanitti nu waliin ta'i! Garee ajjeeftota kana ija nuuf jaamsi… booda konkolaataa kanaa irra akka ilaalan hin godhin. Yaa gooftaa araaraa! Ija isaanii jibbaan guutame kana irraa nu eegi!"

Gara dawoo AGRtti daandii nu geessu walakkaa gararraa akkuma deemneen konkolaatichi dhaabbate. Ajajichi waraana Faransaay gara duubaatti dhufuun haguuggii nu uwwisee jiru nu irraa ol kaasun "Naannichatti lolli geggeeffamaa akka jiru oduun nu ga'eera. Kana waan ta'eef, nuti immoo haala kamiin keessatti iyyuu dirqama lola geggeeffamu dhaabuu qabna. Kanaafuu, gara sanatti deebinee deemuuf waan ta'eef, dirqama asitti bu'uun isinirra jiraata"

Dogoggoraan kan ani dhaga'e anatti fakkaate. "Deebistee gara sanatti nu geessita jechuu dha, mitii?"

"Lakki, dawoo dhokannichaa cufuuf jenna waan ta'eef, deebitanii yoo deemtan illee iddoo itti boqottan hin qabdan. Asitti bu'uutu isin irra jira… ammuma kana. Dhiifama egaa Iimaakiyuule."

Torban muraasa darban keessatti ajajicha waraanaa sana sirriitti beekeeraan. Ajjeeftota Huutotaa waan jibbuuf haga isaaf danda'ame Tuutsota gargaaruu akka barbaadu dubbateera. Waan kana ta'eef, harka hidhattoota Iinterhaamiweetti nu gatuuf (dhiisee deemuuf) jedhee amanuu hin dandeenye. Isa amansiisuuf konkolaaticha irraa bu'e. "Maaloo, yaa ajajaa kiyya! Asitti nu dhiistee yoo deemte maaltu akka nu quunnamuu danda'u eenyuun gararraatti ni beekta. Naannawaa keenyatti ajjeeftotni marsaati kan jiran! Maaloo ana dhaga'i… dawoon dhokannaa AGR kanaan booda yoo baay'ate kiiloomeetira tokko qofa waan fagaatuuf, maaloo achiin nu ga'i yookiin ammoo ofii kee faana nu deebisi … asitti akka qalamnuuf nuyi hin dhiisin!

"Dhiifama anaaf godhi Iimaakiyuule, ajajan qaba."

"Maaloo ajajaa waraanaa kiyya, yoo nu fuutee deemte maal qaba!"

"Lakki! Namoota kee anaaf buusi. Deemuu qabna."

Hidhattootni Iinterhaamiwee mura tokko ta'an fageenya tarkaanfii kudhan ta'u irraa dhaabbachuun nu hordofaa, waan nuti walitti dubbachaa jirru dhaggeeffachaa fi fedhii guddaadhaan dhaabbatanii nu ilaalaa waan jiraniif, waanta ta'aa jiru amanuu hin dandeenye. Nan dhiphadhe, laftis anaan marte, al-takkaaf illee kan ani ilaalu hundu dimimmisa fuula aarii qabanii ta'e. Ofii kiyya tasgabbeessuun gara bukkee konkolaaticha gam-tokkoon dhaabbachuun yeroo jalqabaatiif maalummaa reeffota lafa irra ciisanii jiran bare – daandicha faana bu'uun iji kiyya arguu hanga danda'e yoon ilaalu, reeffotni iddoo hundatti kufaniiti kan jiran.

Ajajicha ol jedhee ilaaluun ija kiyyaan yeroo dhumaaf kadhadhe. Nama gatii hin qabnee dha – tasumaa yaada isaa hin jijjiirre. Tarii luba Muurinzii fi namootni biroon waa'ee Faransaayotaa kan dubbatan sirrii dha jechuu dha. Dhugumaatti kan dhufaniif ajjeeftota gargaaruuf ta'innaa? Kunoo sirriidhumatti du'atti nu dhiisanii deemuufi.

Hiriyoota kiyyaan "Kottaa bu'aa" jedheen. "Hundi keessan bu'aa … Faranjootni kun asitti nu dhiisanii deemuufi."

Iyyootni amanuu dhabuu fi sodaa konkolaaticha duubaan dhaga'aman xiyyeeffannoo ajjeeftota nutti dhiyaachaa dhufanii irra caalaatti harkisan. Hidhataa Interhaamiiwee tokko ija isaa keessa xiyyeeffannoon ilaalee xiyyeeffannoo isaa beekuu danda'e. Nama akka kiyyaa akka ta'ee fi dhugumaan ajjeechaaf kan bahe akka hin taane onneen kiyya anatti himeera. Lakkooftuu kiyya qabachuun ergaa jaalalaa gara isaatti erguuf murannoo kiyya hunda walitti qabadhe. Waaqayyo namicha akka inni humna jaalala isaatiin qaqqabatuu anatti akka gargaaramuuf kadhadhe.

Ija kiyya hin dunuunfanne … yeroo umrii nama tokkoo anatti fakkaatuuf ija walitti baasne. Dhuma irratti namichatti ija yoon baasu ilaalcha isaa gara kallattii biraatti naannesse. Seexanni namummaa isaa dhiisee akka deemeen, achi garagaluun seefii isaa

darbachuun gate. Diyaabiloosotni biroo hedduun bakka isaa bu'uuf qophaa'aniiru. As-xiqqootti hidhattootni Iinterhaamiwee 15 ta'an konkolaaticha irraa fageenya tarkaanfii muraasa ta'e irra fuula isaanii dukkaneessuun dhaabbataniiru. Maaltu akka ta'aa jiru xiinxalanii hubachuun hiriyoota kiyya keessaa ija jabaatee konkolaataa irraa bu'uu kan danda'e tokko illee akka hin jirre ilaaluu isaanii ittuma fufanii jiru.

Bu'uu irraan kan hafe filannoo kan biraan hin jiru. Soddomanuun keenya achuma garee ajjeeftotaa sana waliin dhaabbannee haga ija walitti baafnutti, hiriyootni kiyya konkolaaticha irraa utaaluun tokko tokkoon bu'uu eegalan. Hundumtuu bu'ee akka dhumeen loltootni Faransaay lama Alooyizeen qabuun konkolaaticha irraa gadi buusan. Ijoollota ishee Keenzaan fi Saamii bukkee ishee kaa'aniif. Loltootni sun konkolaaticha deebisanii koruun konkolaatichi awwaaraa fi hurrii shakkii keessatti nu dhiisee ariitii guddaan deeme.

Garee ajjeeftotaa sana keessa kan ture ajjeesaan tokko "Tuutsota akkas baay'atan kana ilaalaa!" jechuun miira ajaa'ibsiifachuun dubbate. "Akkamiin hanga yoonaatti lubbuun jiraachuu danda'an?"

"Loltootni Faransaayotaa arraabbiiwwan dawoo kennaniifii turanii dha." jedhe namichi kan biraan. "Mee amma eenyu akka isaan oolchuu danda'u ilaalla? Arraabbiiwwan wayii!"

Hiriyootni kiyya guddaa waan sodaataniif socho'uu illee hin dandeenye. Ajjeeftota gara jabeeyyiif mala dhahuu akka waan ani danda'uutti ana tuttuquun maal gochuu akka qabnu ana gaafatan. Filooreensii fi maatiin ishee ajjeeftotni sun hanga isaan kukkutanii ajjeesanitti tartiibni isaanii eeggachaa mana amantaa sana keessa seenaa isaan taa'an yaadachaa, fuula ishee irra kan jiru madaa seefiin itti baase ilaale. Waan dhufetu dhufa malee ani ijaajjuun hangan qalamutti tartiiba kiyya hin eeggadhu.

"Haa deemnu." jedhe. "Gara dawoo AGRtti miilla keenyaan ni deemna – loltootni isaanii dhiyeenya irra kan jiran."

Gareen ajjeeftotaa sun yeroo ani AGR jedhu yoo dhaga'an baay'ee aaran.

Sochii gochuu eegallus garuu baay'ee deemuu hin dandeenye. Daandicha irra dhagaa fi reeffi namootaa hedduun waan guuteef, taa'umsa Alooyizee konkolaatu dhiibuun nu rakkise – gommaan isaa tokko akka qabameen hundi keenya ni dhaabbanna. Ijoollotni Alooyizees boo'aa ciqilee haadha isaanii qabatan.

Hiriyoota kiyya Jiin Pool fi Kaareegaa garicha irraa adda baasuun fuudhee deeme. "Isin lamaan keessan ana waliin kottaa – kanneen biroon keessan Alooyizee waliin turtu … ammoo kadhata godhadhaa. Loltoota Tuutsii barbaadeen dhufa. Iddoo kanaa hin deeminaa. Sana hin ta'u taanaan, yaa'ii lolaa Huutotaa kana keessa barbaadee isin argachuu hin danda'u."

Alooyizeen ija shakkiin ana ilaalte "Dhuguma deemuu keetii? Sirriitti si'i ajjeesu! Ati iddoo deemtu dhiirotni yoo deeman gaarii ta'a." jechuun ana kadhatte.

"Hin ta'u, ana kan deemuu qabu … isin kadhannaa keessan irratti xiyyeeffadhaa."

Sana ergan jedhee booda Faransaayotni nu dhiisanii deemuu isaaniin dura kallattii isaan irra nu fuudhanii deemaa turan irra faana bu'e. Yoo deemnus Waaqayyo waliin onnee fi lubbuu guutuun dubbachaa, lakkooftuu kiyyaan kadhata godhachuu jalqabe. "Yaa Waaqayyo, dhugumaan fafa du'aa keessa deemaan jira – maaloo ati anaaf qaqqabi. Humna jaalala keetiin dawoo anaaf kenni. Daandii ani irra deemu kana uumteetta; sababa kanaaf maaloo ajjeeftotni kun dhiiga mucaa keetii akka irratti dhangalaasan hin godhin."

Gartuu guddicha irraa adda baanee yoo deemnu hidhattootni Interhaamiiwee sadii nu faana bu'an. Isaan keessaa tokko immoo sirumaayyu ana beekuu danda'e. "Arraabbittii sana nan beeka." jedhe. "Intala Li'oonaardi bar – ji'oota hedduuf ishee barbaachaa turreerra! Hanga ammaatti lubbuun jirti jedhee hin amanu … kanneen biroo ajjeefneerra, garuu arraabbittiin huuqqattuun kun nu harkaa baateetti!"

Hanga ani danda'e ariitiin fuulduratti tarkaanfachuu fi lakkooftuu abbaan kiyya anaaf kenne harka kiyyaan jabeessee qabuun "Yaa gooftaa kiyya" jechuun kadhadhe. "Ati ana fayyista. Uumaa kiyya,

akka ana kunuunsitus waadaa anaaf seenteetta. Egaa, akka anaaf jirtu ammuma arguun barbaada. Ana boodaan seexanootaa fi rumichi nu nyaachuuf jerjeraniiru. Waaqa kiyya … maaloo ana eegi. Onnee namoota kanaa keessaa seexanicha baasi; jibba isaanis jaalala kee qulqulluun guuti."

Dhagaan yookaan immoo reeffi akka ana hin gufachiifne osoon ofi hin eeggatin, amanannaa kiyya gooftaa irratti gatee fi gara iddoo ani itti nagaa ta'u miillota kiyya illee ilaaluu dhiisee gara fuulduraatti deeme. Kan adeemnu ariitii guddaadhaan, ta'us garuu ajjeeftotni seefiiwwan isaanii samii irra mirmirsaa nutti marsaniiru. Dawoo kan nuuf ta'u tokko illee hin jiru. Nuyiin haleeluuf egaa maaluma eegu laata?

"Yoo ana ajjeesu ta'e, yaa Waaqayyo dhiifama akka gootuuf si'in kadhadha. Onneen isaanii jibbaan jaameera; maaliif akka ana miidhuu barbaadan illee hin beekan."

Naannoo gara kiiloomeetira walakka haaluma kanaan erga deemneen booda, Jiin Pool "Ilaali deemaniiru … deemaniiru!" anaan jedhe.

Ofi irra garagaluun yoo ani ilaalu dhuguma deebi'anii deemaniiru – ajjeeftotni sun nu dhiisanii deebi'aniiru. Booda irra Jiin Pool tarii akka loltootni AGR naannoo kana jiran waan beekaniif kan deebi'an anaan jedhus, sababa dhugaa isaa garuu ani beekeera. Daandii sana irratti lubbuu keenya waan nuuf oolcheef Waaqayyoon galateeffachuu kiyya adda hin kutne!

Daqiiqaawwan muraasaan boodas keellaa AGR tokko namoota mura baay'ee ta'u dhedheeroo, qaqal'oo fi fuula guduunfama/guuramaa qaban loltoota Tuutsii eegumsa dhaabbatanii argine. Fiigicha guddaan deemuun fuuldura isaaniitti jilbeenfadhe. Ija kiyya dunuunfachuun faarfannaa galataa faarfadhe.

"Waaqa kiyya galata kee, galata kee gooftaa kiyya, Oolleerra! Galata kee waaqayyo, Nuuf geessani. Waaqayyo isin haa eebbisu; waaqayyo hunduma keessan iyyuu haa eebbisu! Waan keessa darbine osoo nuuf argitanii. Isin galateeffanna –"

Sagalee *qacci qacci* jedhu kan nama naasisu milaaccii qawwee yoo harkifamu sagalee fakkaatu waan adda ana kuteef, haasaan jalqabe xumuruu hin dandeenye. Ija kiyya banuun yoon ilaalu, afamuuziin qawwee fuula kiyya irratti qabamee jira.

BOQONNAA 21
GARA KIIGAALIITTI

***Y**aa Waaqayyo, jireenyi dunquqquu kun isin ga'a kan ati nuyiin jettu yoomi laata?*

Gara afamuuzii qawwichaatti ol jedhee ergan ilaaleen booda, hammeenyi kan irraa dubbifamuu gara ija Tuutsota miira aarii keessa jiran ilaale. Daqiiqaawwan digdamaan dura ija itti baasaa kan ani ture ija namticha ajjeesaa sanaa ana yaadachiisan.

Ajjeechaan qomoo irratti hundaa'e erga eegalamee kaasee rakkoo hedduu keessaa nu baasu jennee abdii irratti godhachaa kan turre loltootni AGR jara kana yoo ta'an, yeroon kun yeroo ani itti du'uu qabuu dha. Ollootni kiyya ana haalaniiru, gareen ajjooftotaas akka sanatti ana barbaadaa turaniiru, Faransaayotni ana dhiisaniiru, amma immoo firoottan kiyya Tuutsotni sammuu kiyya diiguuf qophaa'aniiru.

Ammaan booda Qooda keeti yaa Waaqayyo jechuun keessa kiyyatti kadhadhe. Waan fedha keetii hanga ani raawwachaa jirutti, du'us jiraadhus anaaf rakkoo tokko iyyuu hin qabu. Asi ana fiddeetta – murteessuun egaa amma qooda keeti.

Suuta harka kiyya qilleensa irratti ol kaasaa hiriyootni kiyya lamaan fi ani Tuutsota ta'uu keenya ibsaafii ka'ee dhaabbachuuf yaale "Loltoota Faransaayi daandii irratti nu gatanii deeman … namootni ajjeechaa irraa hafan kanneen biroon booda keenyaan

garee ajjeeftotaa hedduun marsamanii jiru. Maaloo osoo yeroon itti hin darbin deemtanii gargaaruunii qabdu; maaloo qaqqabaafii."

"Afaan kee cufadhuuti lafa irra taa'i!" loltuchi qawweedhaan ana rurrukutaa anatti iyye.

"Tuutsota yoo taatan akkamiin haga ammaa lubbuun jiraachuu dandeessan?!" Loltuu kan biraan qawwee isaa anatti qabuun iyye. "Hunduu du'aniiru, hunduu! Isin iyyuu ajjeeftota … basaastota Huutuuti. Basaastota maal akka goonu beektuu? Callisaatii taa'aa; akka hin sochoone – jecha tokko illee akka hin dubbanne. Of eeggadha, sochii uumtanii booda! Tokkoon tokkoon kee ani Tuutsii dha ani kana ani sana yoo jette kan si'i dhaga'u waan jiru sitti hin fakkaatin!"

Loltoota miira aarii guddaa qabaniin waan marsamneef, dubbaachuun keenya gatii hin qabu ture. Afaan kiyya cufachuun waan carraan kiyya anaaf kaa'e eeggachuu jalqabe; daqiiqaan muraasnis darban. Waadaa kiyya eeguun loltoota akka isaan oolchaniif akkan erguuf kan ana eegan Alooyizeen fi namoota biroon ishee waliin jiran garee ajjeeftotaan marsamanii jiraachuu yaadee. Egaa Waaqayyo isaaniif haa ta'ukaa kan biraa silaa maalan jedhaa?

Booda irra ajajaan loltoota finciltoota sanaa nu qorachuuf dhufe. Loltootni nu eegaa turan nageenya gaafatan; "Ajajaa kumaa" jechaas waamuun. Dheeraa, qal'oo akka ulee fi bara jireenya kiyyaa keessatti namoota ani argee beeku keessaa nama tasgabbii guddaa qabu fakkaata. Akka waan hattoota mana isaa cabsine seenaa osoo jirruu qabamneetti nu ilaale… loltootni Faransaayi basaastuu Iinterhaamiiwee yeroo qabanitti fuula isaanii irraa dubbifama kan turetu jara kana irraa mul'ata. Carraa namicha sana mudate yoon yaadadhuu guddaan nahe (Maqaa abbaa, ilmaaf hafuura qulqulluu jechuun mallatteesse). Ajajichi kumaa ajjeechaa geggeeffamaa ture irraa kan hafne ta'uu keenya amanuu dhabuun isaa irraa beeksisa. Kana arguu kiyyaanis bukkee daandiitti lubbuu namoota gaddisiisoo dhiifneef kadhachuu jalqabe.

Yeroo kanatti Waaqayyo irra deebiin gidduu nuuf gale

"Iimaakiyuulee? Iimaakiyuulee Iiliibaagiizaa?" *Ajajaa kumaa bira loltuun taa'ee jiru maqaa kiyya waamaa miira amanuu dhabuun ija anatti baase.* "Iimaakiyuulee! Lakki, Si'immaa miti; Ishee ta'inna laataa ati? Si'iidhaa?"

"Baaziil?"

"Si'iidhaa!" qawwee isaa kaa'uun jilbeenfatee ana haammate.

Baaziil Huutuu ollaa keenyaa finciltoota Tuutsii deggeruun lolaaf duula deemee dha. Mana barumsaa eegaleeti kan wal beeknu. Haati kiyya waggaa dheeraaf kennaa kan qabuu fi barataa cimaa ishee waan tureef ni jaallattiin turte. Haati kiyya isaaf jaalala addaa qabdi waan turteef, gara manaatti yeroo baay'ee waan affeertuuf "Bineensa-manaa barsiiftuu kan eessatti iyyuu hin argamne." jennaan.

"Mucaa kana ni beektaa?" jechuun ajajaan kumaa Baaziil yoo ana haammatee xumuruun gaafate.

"Eeyyeen waliin kan baranne. Maatiin ishee ganda keenya keessatti Tuutsota guddaa kabajaman turan – namoota baay'ee gaarii dha. Rakkoo tokko illee hin qabdu ajajaa kumaa … basaastummaa tasumaa kan gootu miti. Iimaakiyuuleen kan jechaa jirtu hunduu dhugaa dha."

Sa'aatii ana barbaachisee turetti Baaziiliin waan anaaf ergeef, Waaqayyoon ariitiidhaan galateeffadhe. Loltootnis qawwee anatti qabanii turan ana irraa kaasan; ajajaan kumaa sunis harka isaanii bal'isuun nageenya ana gaafatan. "Ajajaa kumaa Nitwaaliin jedhama." anaan jedhan. "Waa'ee haala uumamee tureef dhiifama; dhugaatti basaasotni iddoo hundumaa jiru. Nannoon kun amma iyyuu baay'ee rakkisaa dha, garuu nu waliin yoo taatan yaaddoon tokko illee akka isinitti hin galle. Isiniif duulli lola geggeeffamaa ture dhumateera… daqiiqaa ammaan kanaa eegalee haleellaa kamiin iyyuu irraa isin eegna."

"Isin galateeffadha ajajaa kumaa; ana irra caalaatti dawoo keessan kan barbaadan garuu hiriyoota kiyya." jechuun akkuma sanaan itti hime. "Loltootni Faransaayotaa nu dhiisuun kan deeman walakkaa hidhattoota Interhaamiiweetti; daandii kana irra gara

kiiloomeetira walakkaa gadi bu'uun hafteen Tuutsotaa lakkoofsaan soddoma ta'an garee ajjeeftotaan marsamanii argamu. Haga ammaatti lubbuun jiraachuu isaanii illee waanan beeku hin qabu. Maaloo …"

Dubbadhee illee osoo ani hin xumurin ajajaan kumaa sun loltootni muraasni deemanii Alooyizeen fi kanneen biro ishee waliin jiran fidanii akka dhufaniif loltuu tokkoof mallattoo kan kennan. "Waa'ee hiriyoota keetiif hin dhiphatin. Ni qaqqabnaafi"

"Isinin galateeffadha … Waaqayyo isin haa eebbisu! Kan biraa silaa maalin jedha!

Loltootni sun namoota biroo daandii irratti hafan gargaaruuf yoo deeman, Baaziil ana bira taa'uun miira sodaatiin gaaffii baay'ee ana gaafate – "Kunoo manaa erga ani deemee ji'a meeqa … oduu naannawaa keenyaa dhageesseettaa? Barsiiftuun akkami – Harmee kee jechuu kiyya? Hin jajjabaannee? Waa'ee abbaabbaa, harmee fi obboleewwan kiyya waan dhageesse qabdaa? Yeroo xumuraaf dhufee yoo ani gaafadheen, biyyattii gadi-dhiisanii bahuuf qophee irraa turan … bahan moo?

Harka kiyya ciqilee Baaziil irra godhadhe. Dhukkubbii hangam akka ani itti kakaasu danda'u anatti beekama. Waan kana ta'eefis, hanga anaaf danda'ame of tasgabbeessuuf yaalee "Waa'ee waanta kanaa akkamiin sitti himuu akka ani danda'u hin beeku Baaziil, dhugaa dubbachuu irraan kan hafe. Hundumtuu du'aniiru – maatiin kiyyas kan keetis … Tuutsotaa fi Huutotni gaariin ganda keenya keessa turan hundumtuu haala jedhamuu danda'amuun daandii du'aa irra wal faana bu'uun deemaniiru – Ayii! Eenyu akka ajjeese osoo hin beekamin du'anii hafaniiru." jechuun itti hime.

Akka nama dubbachuu dagatee calliseetuma ana ilaala. Sana booda miilla kiyya jalatti maramee kufuun qomni isaa osoo dhahatuu sadafii qawwee irratti boo'uu eegale. Baaziil gaddisiisaa namaa … abbaaf haadha isaa, obboloota dhiiraa afur akkasumas obboleettiiwwan isaa sadeen du'aan of biraa dhabe. Wayyoo, akkamittiin akka inni garaa nama nyaatu!

Akka achi geenyeen maaliif ija shakkiin akka sanaatti akka nu ilaalan amma anaaf gale. Loltoota sana keessaa baay'een isaanii Yuugaandaa irraa kaasuun falmachaa waan dhufaniif, daandii isaanii irratti waa'ee maatii isaanii waan dhaga'an tokko illee hin qaban. Amma gara qe'ee isaaniittii yoo deebi'an, maatii isaanii bara jireenya isaanii hundumaa namoota amananiin – olloota isaaniin-qalamaniiti kan argatan. Dawoo dhokannaa finciltootaa keessa callisni guddaan bu'eera.

Anattis gammachuu guddaan hin dhaga'amne. Baaziilitti akka miseensi maatii isaa hunduu du'an himuu kiyyatti guddaan gaabbe. Daqiiqotni akka darbaniin, Alooyizen fi tuutni isheen waliin jirtu kan ani sodhaadhe irra ga'eera ta'innaa jechuun guddaa sodaachuu kiyya irraan kan ka'e, waa'ee nageenya isaaniif kadhata guddaa godhachaa osoon jiruu kolfa baratame hiriyaa kiyya gammadduu konkolaataa AGR gara keenyatti dhufaa jiru irraa dhaga'e.

"Iimaakiyuule, kadhatni ati godhattu kun maalis ta'e maal tasumaa akka adda hin kutne." jechuun anatti himte Alooyizeen kolfaa. "Achi yeroo turretti, ajjeeftotni sun nu kukkutuu barbaadanis, iddoo dhaabbatanii jiran sanaa socho'uu dadhabuu isaaniiti ilaalcha isaanii irraa kan mul'atu … achuma iddoo ijaajjanii jiranitti bar kan akka cabbii ta'an! Boolla leencaa keessatti gatamee kan ture akka Daani'eel bar kan taanee turre … akka Daani'eel kan iddoo bultii Leencotaatti gatamee, Intala kiyya!"

Alooyizeen ijoollee ishee ofitti harkisuun jabeessitee haammatte. Sana boodas imimmaan fuula ishee irra haga gadi dhangala'utti kolfuu eegalte. Onneen kiyya kaka'umsa argachuun "Waaqayyo kanaan booda garee ajjeeftotaan walitti nu hin baasu. Kanuma ija jabinaan akka ani dubbadhuuf illee ana qaqqabsiisa jedhee kanaan dura yaadee hin beeku. Maalumaafuu, amma ajjeechaan geggeeffamaa ture xumura argateera – Waaqayyo lubbuu keenya oolchuun jireenya haaraa nuuf kenneera. Waaqayyoof haa galatu! Uumaa keenyaa si'i galateeffanna!" jedhe.

Alooyizee seeqaa "Haa ta'u, Nuuf haa raawwatamu; Iimaakiyuule … Haa ta'ukaa!" anaan jette.

KOLFITUU TA'UU ALOOYIZEE FI HAFUURRI ishee bilisummaan irraa mul'atu, loltoota gaddanii jiraniif miira gammachuu kenne. Sa'aatii muraasa jalqaba halkan sana irratti dabarsineen, haga guyyaa har'aatti waa'ee namoota bebeekamoo waliin wal quunnamtee waantota adda addaa kaastee dubbachuun loltoota sana bashannansiisaa turte. Hunduma gararraatti kan ani ishee irraa baradhe, hawwii ishee maal iyyuu iddoo sochoosuu akka hin dandeenye dha – carraa jireenya ishee keessatti ishee mudatetti tasumaa iyyuu hin gadditu – tokkoon tokkoon taatee ishee mudatutti ni gargaaramti.

Alooyizeen fi ani baay'ee waan walii galleef, ajajaan kumaa Niwaatiliin akka isheen haadha kiyya taate ana gaafatan. "Lakki, miti." jechuun deebiseef, garuu akka mucaa isheetti kan ana ilaaltu. Maatiin fi obboleewwan kiyya lamaan ajjeechaa geggeefameen darbaniiru – firoottan kiyya biroonis akkanuma.

"Dhiifama" jedhan ajajaan kumaa. "Nu ceephessituu?"

"Maal jechuu keessani?" jechuun gaafadhe gaaffii isaanii anatti bitaacha'ee.

"Rakkoo uumameen loltootni kiyya hedduun of ceephessu. Maatii isaanii dabalatee Tuutsota kumaatamaan lakkaa'aman yoo ajjeefaman, Kiigaalii to'achuuf waraanni geggeessine yeroo dheeraa akka nutti fudhate kan yaadan. Asi gahuuf yeroo dheeraa akka nutti fudhate kan yaadan."

"Akkanatti yaaduu hin qabdan ajajaa kumaa – rakkoo keessan miti. Nuyiin oolchuuf bar kan falmataa turtan … Diyaabiloos waliin kan lola geggeessaa turtan. Amma lolli wal fakkaataan akka nutti hin dhufneef cimnee hojjechuu qabna. Ajjeechaa dhaabuun akkamiin dhiifama gochuu akka dandeenyu haa barannu."

Miira itti walii hin galleen mataa isaanii raasan. "Waa'ee Waaqayyoo yookaan ammoo waa'ee Diyaabiloos anatti hin dubbatin – kana kan raawwate eenyu akka ta'e nan beeka. Namoota barbaadde hundaaf dhiifama gochuu ni dandeessa, Iimaakiyuule. Tarii ati haga waan ani ilaalaa ture kan akka awwaalcha namoota hedduu of keessatti qabatee hin argine. Bakkeewwan awwaalli

namootni guutanii jiran amma iyyuu achuma kan jiran; ana amani, ajjeeftota sanaaf dhiifamni kee itti baay'ata. Du'uu dha kan qaban. Kanaafuu, ani waan isaaniif ta'u kennuufii dha kan ani filadhu. Ajjeeseen dhiifama godhaaf.

Ajajichi kumaa dhiyeenya irra kan jiru mana amantaa Baaptiist anatti agarsiisan. "Namoota biroo ajjeechaa irraa hafan achitti argatta. Waa'ee keessan maal gochuu akka qabnu haga murteessinutti achuma turaa. Immoo akka hin naannofne. Yaadadhaa, amma iyyuu taanaan naannoo waraanaa keessa jirtu. Hidhattootni Iinterhaamiiwe muraasni yoo isin argatan, akka isin dhiifama gootaniifitti dhiifama isiniif gochuu hin danda'an.

Gareen kiyya namoota biro dhibba tokko ta'an Tuutsota lubbuun oolan waliin mana amantaa sana bira turan. Iddoo sana sirees ta'e bullukkoon hin jiru. Mataa keenya gararraa qorqorroon jiraachuu isaatiif garuu gudda gammadoo dha. Sana irratti ammoo mana qulqullummaa Waaqayyoo keessa jiraachuun keenya nu gammachiiseera. Baaziil nyaata waan nuuf kenneef, ani qopheessuu eegale. Bakkee irra ta'uun abidda qabsiisuuf yoon yaalu, foolii ajaan tokko garmalee ana rakkise.

"Maqaa Waaqayyootiin, fooliin kun maali?" jechuun nuyi eeguuf loltuu ramadame keessa tokko gaafadhe. Harka kiyya qabuun jecha tokko illee afaan isaatiin osoo hin dubbatin gara boroo mana amantaa sanatti ana geesse. Fakkii (suuraa) si'oolii irraa ergame jechuun ni danda'ama – reeffota dhibbaan lakkaa'aman wal irratti akka jirmaa tuulamaniiru. Irra keessi isaa immoo haguuggii rooba ittisuun uwwifamee jira. Romichis irra keessa isaatti wal qaba. Namtichi jaarsi tokko tuullaa reeffaa sana bira dhaabbachuun saroota uleen irraa ittisa.

Afaan kiyya cuqqaaladhe; iji kiyyas jeeqamuun banamanii hafan. Sana boodas loltichi tuullaa sana darbee boolla jiru kan dheerina meetira soddomaa fi bal'ina meetira digdama qabu anatti agarsiise. Reeffota kuma kudhaniin lakkaa'amaniin kan guutamee dha. Achin irraa garagale, ol ana deebisuun (balaqqamsiisuun) gara mooraa mana amantichaa kutaa fuulduraatti achi bu'ee as bu'aa deemuun deebi'e. Loltichis waan tokko osoo hin dubbatin ana faana bu'e.

“Ati nama naannoo kanaatii?” jechuun gaafadheen. Mataa isaa miira eeyyee jedhuun waan anaaf raaseef, iddoo tuullaan reeffa namaa itti tortoraa jiru keessa iddoo ta’e tokkotti miseensi maatii isaa akka jiran anaaf gale. Miirri suukanneessa isaa jechootaan kan ibsaman gararraa dha.

Ruwaandaan gochaa suukanneessaa kana irraa kan wayyooftu waggoota meeqaan booda dhaloota meeqaan boodas ta’a laata? Garaan nu madaa’e yeroo hammam keessatti nuuf fayyuu danda’a laata? Onneen keenya jabaatan yeroo hagam fudhachuun kan isaan iddoo isaaniitti deebi’an? Anatti yeroo dheeraa ta’eeti kan mul’ate. Ija loltuchaa yoon ilaalu, Ruwaandaa gad-dhiisee deemuu akka ani qabu anaaf gale.

As-xiqqootti yeroo muraasaf illee haa ta’u, rakkoo fi dhiphina biyya kanaa dhiisee deemuutu ana irra jiraata. Waaqayyo namoota balaan irra gahe biroo akka fayyaniif jecha akka ani gargaaruuf kana gochuu isaa waan ani beekuf, yeroo fi iddoon qofti waan anaaf eeyyaman madaaluun haalli ani itti murteessu danda’u ana barbaachisa. Namoota biroo gargaaruuf jalqaba irratti ani ofii kiyya fayyisuun qaba – namoota maati-dhabeessa dawoo dhokannaa Faransaayotaa keessa jiran, ajajaa kumaa onneen isaa haaloo-ba’annaan guutame, ammayyuu ajjeesuun ija isaanii keessaa kan dubbifamu namoota nama-qalan fi loltuu ana fuuldura dhaabbatee jiru kan gaddi lubbuu isaa jalaa ukkaamse – hundumaa.

Nan deema, garuu yeroo isaa eeguun qaba. Jalqaba irratti waan baay’ee gochuutu ana irra jira. Hojii, qarshii fi mul’ata dabalataa hin qabu. Qabeenyi tokkichi ani qabu huccuun qaama kiyya irratte uffadhee jiruu fi korojoo kiyya keessa kan jiru lakkooftuu abbaan kiyya anaaf kennee dha.

Hiriyootni kiyyaa fi ani yeroo keenya baay’inaan gara Kiigaalii akkamiin deemuu akka dandeenyu yaadaa loltoota finciltootaa sana waliin guyyoota muraasaaf turre. Al-takkaa achi yoo geenye, kudha lamaanuu keenya mana Alooyizeen turuu ni dandeenya. Amma iyyuu taanaan deemsa rakkisaa sa’aatii shan fudhatu gochuu kan nu dandeessisu daandiin tokko illee hin jiru. Ani gama kiyyaan waa’ee dhimma kanaa guyyoota muraasaaf kadhadhee namootni biroonis

akkuma kiyya akka kadhatan gaafadhe. Dhuma irrattis, Waaqayyo ajajaa kumaa Nitwaaliin furmaata isaa waliin nuuf erge.

Ajajichi kumaa konkolaataa fe'umsaa balbala mana Alooyizeen biraan nu gahuu konkolaachisaa isaa waliin nuuf kennan. Sana qofaa miti, konkolaaticha irra yoo korru Ruuzii, daakuu, sukkaara, Baaqeelaa, buna, aannanii fi zayita qorqorroo keessa keeshaa hedduu nuuf feesisan. Nyaata ani yeroo dheeraaf arge gararraa yoo ta'u, ji'oota muraasaaf nu tursuu kan danda'u gararraa dha. Nagaan turaa jechuun harka keenya ol kaasuun yoo sochoosnu fi gara Kiigaalii deemuu eegallu, ajajaa kumaa sana waa'ee arjummaa isaatiif irra deddeebi'uun galateeffanne.

Ji'oota muraasaan dura osoo ta'ee guyyaa hojii waci itti baay'atu ta'uu kan danda'u waaree booda kan magaalaa guddittii biyyattii – Kiigaalii- geenye. Gara magaalaa sodaachiftuutti seenne. Daandiiwwan ishee darbee darbee kan dhufu konkolaataa fe'umsaa Dh.M.G yookiin ammoo konkolaattota xixiqqoo loltoota AGR daandii irra asiif achi fiigan irraa kan hafe, waanti sochii godhu hin jiru ture. Konkolaattotni magaalattii keessatti mul'atan kunis daandii irratti kukufanii kan jiran reeffota namaa yookiinis sareewwan loltootni sun reeffota sana akka hin nyaanneef rasaasaan ajjeesan irra akka hin deemneef of eeggannoo guddaan kan konkolaatan. Qilleensi isaa du'aa du'aa jedha, Hafuurris mana namootni keessa hin jirree keessaa nama irraa kan ka'an akka hafuura hamaatti yoo adeemu anatti dhaga'ama. Gamoowwan baay'ee ta'an rasaasaa fi dhukaasaan gubachuunii fi u'urachuun diigamanii kufaniiru. Balballi suuqotaa buqqifamaniiru; kuusaan meeshaalees saamamaniiru. Darbee darbee fageenya irraa dho'iinsi nutti dhaga'ama. Yeroo ani umrii mana kudhanii keessa jiru kan ani beeku magaalaa bareedduu ifa cuquliisaa guddaa qabduu fi daandiiwwan namootaan dhiphatan qabdu, amma garuu beekuunii hin dandeenye.

Konkolaachisichi "Of eeggannoon socho'aa" jechuun akka of eeggannuuf nutti hime. "Iddoo deemtan hundatti dhoyaan awwaalameera… eessa eessa akka awwaalle hin yaadatnu. Naannoo kana sochii gochuuf dhuftanii al-takkaan miilla keessan dhabuu ni dandeessu"

Dhirsa Alooyizee, Faariin, arganna ta'innaa laata jechuun kallattiidhumaan gara waajjira guddicha Dh.M.Gtti konkolaachifne. "Mana keenyaa jalqabee hanga waajjira Dh.M.Gtti miillaan daqiiqaa kudha shan dha. Koornasii keenya keessa dhokachuun yoo oole, dhufuu kan danda'u asii dha. Kun Kiigaalii keessatti iddoo nageenya guddaan itti argamuu dha." jette Alooyizeen.

Balbala sibiilaa guddicha fuuldura dhaabbachuun Alooyizeen konkolaataa irraa buufne. Ni hollatte – guyyaan jalqaba ishee waliin wal quunnamee eegalee yeroo jalqabaaf hafuuri ishee jeeqame. "Faarin ajjeesan taanaan akkamiin akkan jiraachuu danda'u hin beeku." jechuun dhugaa isaa dubbatte. "Lubbuu kiyya, waan hundumaa kiyya inni. Jabina kiyyas kan argadhu isa irraati. Lubbuun akka anaaf jiraatu baay'ee kadhachaa tureera … Waaqayyo kadhata kee akka dhaga'etti kan kiyyas osoo anaaf dhaga'eeti, Iimaakiyuule."

Waaqayyo dhugumaatti Alooyizeen dhaga'eera. Dubbattee osoo hin xumurin iji ishee sun arguu kan barate mooraa keessa sochii yoo godhu argite. "Wayyoo Waaqayyo … isaa dha! Sirriittin beeka isaa dha – akkaataa adeemsa isaa eessatti yoo ta'e illee nan beeka. Anaaf waamaa; Namni tokko anaaf haa waamu!"

Moora-eegaa Dh.M.G tokko fiigee namicha Alooyizeen itti quba qabde akka nuuf fidee dhufu kadhanneen. Namtichis hanga Alooyizeen argutti gara keenyatti suuta dhufe … hanga danda'es fiige. Balbala guddaa fiigee darbuun jilba isaatiin jilbeenfatee dhungachuunii eegale. "Jaallatamtuu kiyya" jedheen. Ijoollotni xixiqqoon – Keenzaa fi Saamiin- ciqilee isaa irratti kufuun cimiinaan haammachuu fi baay'inaan dhungachuu irraan kan ka'e hafuura kutaniin. Kun taateewwan ani arge kan miseensi maatii tokkoo deebi'anii itti wal argan keessaa isa tokkoo fi guddaa gammachiisaa ture. Kun ta'uu kan danda'e garuu hanga Faarin "Mucattiin hoo?" jedhee gaafatuunitti qofaa ture.

Iji Aalooyizee imimmaaniin guutaman. "Waaqayyotu ofitti fudhate." jechuun aadde. "Ho'iinsa qaamaa guddaa qabdi turte. Ho'iinsicha dandamachuu hin dandeenye."

Faariin mataa isaa gudeeda Alooyizeen irra godhachuun naannoo daqiiqaa kudha shan hanga digdamaa ta'u boo'e. Kanneen biroon keenya gama keenyaan miira sodaan guutamnee walii walii keenya ilaalaa dhaabbanne. Eenyuun keenya iyyuu akka Alooyizeen dawoo dhokannaa Faransaayota dhufuun dura mucaan akka jalaa du'e hin beeknu turre. Jabina ishee nan ajaa'ibsiifadhe.

Booda irras Faarin ol jechuun eenyummaa keenya ishee gaafate. "Dawoo baqattootaa keessatti ijoollota kiyya godhuun kan ani ofitti fudhadhee ijoollota maatii hin qabnee dha." jechuun Alooyizeen itti himte. "Nu waliin turu."

"Baga nagaan anaaf dhuftan." jedhe Faariin.

"Intalli dheertuun sun mucaa Roozii fi Li'oonaardi … maatiin ishee lamaanuu lubbuun darbaniiru."

"Wayyoo" jedhe Faariin ol ka'ee harka kiyya qabuun. "Maatiidhuma keeti kan fakkaattu bareedduu kiyya. Jabaadhu – haadhaa fi abbaan kee bareedoo fi namoota gaarii turan. Si'iin Waaqayyo karoora si'iif qabaaf kan inni si'i oolche… hanga kaayyoon sun maal akka ta'e beektutti nu waliin turuu ni dandeessa.

"Si'in galateeffadha." jechuu malee kan biraa maal akka jechuu qabu hin beeku.

GARA KONKOLAATAATTI DEEBINEE KORUUN gara mana alooyizee deemne. Daandii irras osoo jirruu Faari ji'oottan darban arfaniif mana isaa dhiisuun Dh.M.G keessa akka jiraate nutti hime. "Alooyizee, ijoollota kana waliin deebitee osoo anaaf hin dhufnee ta'eeti" jedhe "tasa hin deebi'un ture. Manni jaalalli keessa hin jirre mana hidhaatiin wal qixa bar"

Bakkichi oliif gadi diigameera, foddaan isaanii tasumaa bittinnaa'aniiru, gidgiddaan isaa rasaasaan urameera, walakkaan bantii manichaa qorqorroon irraa ka'eera. Garuu hundi keenya tokkummaan torban itti aanutti manicha suphaa fi qulqulleessaa dabarsine. Dadhabbii guddaan, meeshaalee ijaarsaaf ta'an manneen adda addaa diigaman irraa barbaadamuun bakkichi deebisuun mana fakkeesine. Jiin Pool fi dhiirotni biroon kutaa mataa isaanii yoo argatan, anaa fi Filooreensi kutaa tokko keessa waliin ta'uun

jiraachuu eegalle. Mana maatii kiyyaa ergan bahee kaasee yeroo jalqabaaf siree irra ciise. Hunduu keenya jannata seenne!

Nyaata ajajaan kumaa Nitwaatli nuuf kennan qabaannus, qarshii tokko illee of harkaa hin qabnu turre – uffatni keenya ji'oota muraasaaf waan uffanneef xuraawaniiru. Gara manneen duwwaa namni keessa hin jirre deemuun kophee fi wantota haaraa uffataman barbaaduu eegalle. Mana tokko keessaas warqii gurraa argadhe. Waan kana hundumaa ergan dabarsee booda miirri gaariin akka anatti dhaga'amu kan godhu waan gaariin tokko akka anaaf ta'uu qaba jechuun of amansiisuun, korojoo kiyya keessa godhadhe. Mana Alooyizeetti daawwitii dura dhaabbachuun yoon ofitti yaalu garuu suuraan achi keessaa argu amanuu hin dandeenye. Kan anatti mul'atu haadha qabeenyaa faaya kanaa dubartii turte ta'uu isaati. Faayyi gurraa kun kan kiyya miti; yaadannoon kiyyas tasumaa irra hin jiru. Namni biraan kana argachuuf ciminaan hojjetteeti yookaan ammoo akka kennaa jaalalaatti fudhatteeti ta'a. Eeyyama tokko malee jireenya nama biraa keessa akka ani gale anatti dhaga'ame. Dadhabbii kiyyaan kan ani hin arganne fi qabeenya anaaf hin taane hin barbaadne. Kanaaf, guyyaa itti aanutti faaya sana iddoon jalqaba argadhetti deemee deebise.

Booda irras gurra kiyyatti sagaleen tokko anatti hasaasuu eegale; sagaleen dhaga'e waliin walii galuu kiyya mataa kiyya raasuun mirkaneesseef: sochii gochuuf yeroon isaa amma. Yeroo ani hojii itti argadhu ammaa dha.

BOQONNAA 22
HOJII GOOFTAA KIYYAA

Namootni daandii irra nanaanna'uuf illee magaalaa sodaatan keessatti hojii eessaa akka ani argadhu kan beeku Waaqayyo qofaa dha. Dhoyaan gataman daandiiwwan magaalaa Kiigaalii irra guutaniiru. Hojjechuu yoo ani barbaade garuu daandiiwwan kana irra hojii barbaacha deddeebi'uutu ana irra jiraata. Konkolaattotni tajaajila geejjiba kennan sochii dhaabaniiru; konkolaattota xixiqqoof ammo qarshii ani kaffalu hin qabu.

Faariin dhaabbatoota naannoo mana isaa jiran kan iddoo hojii banaa qaban kan beeku yoo jiraate gaafadheen. "Amma dhaabni kam-iyyuu namoota qacaraa waan hin jirreef filannoo ati qabdu baay'ee muraasa." jechuun anaaf deebise. "Filannoon tokkichi jiru kan Dh.M.Gti … achi galuuf immoo afaan Ingiliffaa dubbachuu danda'uu ni barbaachisa."

Sammuu kiyya keessatti waan tokko anatti mul'ate. Dhugaatti, Waaqayyo kutaa mana dhiqannaa sana keessatti afaan Ingiliffaa akkan qayyabadhu kan inni ana taasiseef sababni guddichi Dh.M.G dha. Dh.M.G keessaa hojjechuuf abjuun qaba ture.

Halkan guyyaa sanaa huccuu kiyya akka gaariin miiccee hojii Dh.M.G kana akkan argadhuuf akka ana gargaaruuf Waaqayyoon kadhadhe. Dhuma irrattis Ingiliffa kiyyaa hojii irra oolchuuf ta'uu kiyya yaaduun guddaa gammadee halkan guyyaa sanaa baay'inaan daawwitii dura ta'uun of ilaalaa fi gaaleewwan ofii kiyyaan of barsiise shaakalaa ture.

"Akkam bultan?"
"Akkam jirtu isin?"
"Hojii barbaadeen. Maqaan kiyya Iimaakiyuulee Iiliibaagiizaa dha."
"Lammii Ruwaandaati."
"Yuuniversitii Buutareen jirutti saayinsii baradheera."
"Hojii barbaadeen."

Safuu! Akkam namatti tola! Himoota afaan Ingiliffaa sirriitti ijaaruun dubbachuu eegaleera. Bori afaan haaraan dubbadha … Sana boodas hojii kiyya haaraa hojjedha! Waaqayyo galata kee!

Ganama sa'aatii lama ija ishee irratti balbala gamoo waajjirri Dh.M.G irra jiruu fuuldura deemuun dhaabbadheera. Moora-eegaan lammummaa Gaanaa qabu afaan Ingiliffa fakkaatuun ho'isee ana dubbise. "Akkam bulte; Maal si'i gargaaru?" waan anaan jedhe anatti fakkaata. Ani kan dhaga'e garuu "ta ta ta, ta ta ta, ta ta ta ta?" waan jedhu wayiiti. Maal akka anaan jedhe homaa tokko illee beekuu dhiisus, akka waan anaaf galeetti fakkeesse. Mataa kiyya ol qabadhee, hareeda kiyya fuulduratti baasee "Akkam jirtu? Maqaan kiyya Iimaakiyuulee Iiliibaagiizaa dha. Hojii barbaadeen kanan asi dhufe." jedhe afaan Ingiliffaan.

Ayii. Akkaataan ijni isaa ta'e, dubbannaa afaan Ingiliffaa kiyya akkam kofalchiisoo akka ta'anii dha kan anatti mul'ise. Ta'us garuu ammas irra deebi'een yaale. Fageenya hanga kana deemee kan ani dhufeef *deebi'ii deemi* jedhamuuf hin turre. "Akkam jirtu isin? Maqaan kiyya Iimaakiyuulee Iiliibaagiizaa dha. Hojii barbaadeen."

"Ahaa! Ati lammii Ruwaandaatii … kan dubbachuu dandeessu afaan Faransaay ta'uu qaba." anaan jedhe. Kolfaa miira eeyyee jedhuun mataa kiyya raase. Balbala guddicha anaaf banuun eegduun kan biraan tokko gara kutaa xiqqaa keessummaa itti keessumeessanitti ana geesse. Waraqaa anatti kennuun unka hedduu guutee akkan isa eeguu anatti himame. Nan eege … nan eege …nan eege …nan eege. Hojjetootni Dh.M.G galgala hojii yoo bahan hojii hagan argadhutti hammam eeguun akka ana irra jiraatu keessummeesituu sana gaafadhe.

"Yeroo dheeraa eegda bareeddu … hojiin hin jiru."

Guddaa aaruun garuu abdii osoo hin kutatin gara manaatti deebi'uun deeme. Dh.M.G hojjechuun carraa kiyya ganamaa – kan ani abjoo'adhuu fi dhimma ani murannoon itti ka'ee dha. Waaqayyoo akka ani achii hojjedhu yoo eeyyame iddoo ani karoorse gahuuf kan ana dhaabu hin jiru.

Guyyaa itti aanuttis deebi'ee deeme; unka sana ammas guutuun waaree booda eeggadhe. Guyyaa itti aanuttis kanuma kan ani raawwadhe; guyyaa itti aanuttis; guyyaa itti aanuttis. Unka osoon guutuu fi eeguu torbanootni lama gararraan darban. Yeroo hundumaa gara manaatti yoon deebi'u keessumeessituun sun "Ani osoon si'i ta'eetii lammata deebi'ee hin dhufun ture jaalatamtuu kiyya. Hojiin tokko illee hin jiru." anaan jetti.

Gara dhuma turban lammaffaatti abdii kutachaati kan ani dhufe. Hojii osoon hin argatin gara mana Alooyizeetti deebi'ee deemuun ana qaanesse. Kana waan ta'eef, ofii kiyyaaf gadduun daandiiwwan diidiigaman naannoo keenyaa irra naanna'uu eegale. Dandeetti kiyya irratti xiyyeeffachuuf Waaqayyo waliin iddoo callisaatti walii galtee uumaa taa'uu barbaade; of dhaggeeffannaa akka sanaaf garuu manni Alooyizee jeequmsi guddaan kan itti baay'atuu dha – callisa keessa seenuun of dhaggeeffachuun mana itti hin danda'amnee dha. Isin ana amantanis amanuu dhabdanis, kutaa mana dhiqannaa luba Muurinzii kan ani osoo adda hin kutin sa'aatii hedduudhaaf keessa taa'uun Waaqayyo waliin haasa'u yaade. Yeroo kadhannaawwan sana kan iddoo callisa guddaa qabutti gammachuu fi nageenya onnee kiyya guutan yaadadhe – sana boodas argadha kan ture qulqullina sammuu osoo hin hafin.

Mana Alooyizee mooraa lama darbuun gara mana gubachuun diigameetti deeme. Jilba kiyyaan waantota gubatan fi fuullee caccaban irra jilbeenfadhee kadhannaa kiyya eegale. "Yaa Waaqayyo, kitaaba qulqulluu irra akka jiru Peexiroos halkan guutuu qurxummii qabuuf yoo yaalus, homaa osoo hin qabin hafuun abdii isaa yoo kutatu, ati garuu iddoo dhuma sana deemuun qurxummoota qabuuf kiyyoo akka darbatu itti himte – qurxummii hedduus qabuu danda'e! Guddaas gammade! Anaanis gara Dh.M.G waan ana ergiteef, haga ammaatti guyyoota baay'eef deddeebi'uun hojii 'qabuuf' dhama'aa jira. Garuu qurxummiin tokko iyyuu iddoo kana

hin jiran. Waaqayyo, maal gochuu akkan danda'u hin beeku. Qarshii hin qabu, uffannaan kiyya ana irratti dhumaa jiru, hojiis anaaf argamsiisuu hin danda'ani. Sababa kana ta'eef, gargaarsi kee ana barbaachisa. Namootni Dh.M.G kun akka ana argan fi hojii waajjiraa gaariis akka anaaf kennan isaan godhi. Ati ani hojii kana akkan barbaaddu ni beekta. Ana gargaari; anis gama kiyyaan of nan gargaara! Haa ta'u, anaaf haa godhamu."

OF QULQULLEESSUUN FI MANICHA DIIGAME dhiisuun ofitti amanamummaa haaromfameen deeme. Gargaarsa Waaqayyoo gaafadhe; kan ani barbaadu ammuma akka anaaf ta'an gochuun gahee kiyya akka ta'e anatti beekameera. Dh.M.G keessaa maal hojjechuu akkan qabu sammuu kiyya keessatti yaaduu eegale – yaadannoo barreessanii qabuu, bilbila kaasanii dubbisuu fi murtoon guguddoon yoo godhaman gargaarsa gochuu.

Gara manaa yoon deemu, hojii Dh.M.G argachuun booda waa'ee waantota ana barbaachisanii yaadaan ture. Uffanna ani uffadhee fuula namaa duratti ba'uu danda'u qabaachuun qaba; waraqaa ragaa mana barumsaa sadarkaa 2^{ffaa} xumuruu kiyya mul'isan fi ragaa Yuuniversitiitti waggaa sadii barumsa hordofuu kiyya agarsiisan ana barbaachisu. Akka carraa ta'ee qabeenyi kiyya ana barbaachisan kun hunduu asi irraa deemsa konkolaataan sa'aatii afur fudhatu kutaa ciisichaa mana barumsaa kiyya Buutaare jirutti argama. Akkuma beekamu gara sana ammo deemuuf maallaqan kaffalu hin qabu.

Yaadaan liqimsamee osoon deemu, konkolaataan tokko ana bira darbuun konkolaachisichi maqaa kiyya yoo waamu hin dhageenye jechuun ni danda'ama – barsiisaa Yuuniversiitii kiyyaa kan ta'e Doktoor Abeel dha. "Yooman si beeke Iimaakiyuule" anaan jedhe. "Baay'ee huuqqatteetta! Lubbuun ooluu keetiif guddaa gammadeera … nyaata soorataa jirtaa garuu? Bakka keessa jiraattu mana jireenyaa hoo qabdaa?"

Abeel Doktoora fayyaa waan ta'eef, waa'ee waan ani keessa darbee fi waa'ee fayyummaa kiyyaa ana gaafate. Woyyaa'uuf akkan danda'uu ana gargaaruuf jecha isaa, niitii isaa fi maatii isaa waliin Buutaree akka ani jiraadhu yoo ana affeeru galateeffachuun maatiin waliin jiraadhu akkan qabu itti hime. Dhiyeenyatti garuu gara

Buutaree yoo deeme anaanis isa waliin fuudhee akka deemu itti hime.

"Rakkoo maalii qaba? Sirriitti kan ani deemu bori."

Irra deebi'uun carraa akka tasaati jedhee yeroon waa'ee dhimma kanaa yaadetti harka Waaqayyoo arge. Guyyaa itti aanutti Doktoor Abeel balbala Yuuniversitii kiyya durii fuulduratti ana buuse. Manni barumsichaa saamamee, loltootni balbala isaa jala taa'aniiti kan ani argadhe. Eegdonni sun gara kutaa ciisichaa kiyya hin deemtu anaan jedhan. "Manni barumsichaa guutummaa guutuutti cufamaniiru." jechuun tasumaa gara Kiigaaliitti deebi'ee akka ani deemu anatti himan.

Waaqayyo akkamiin gara moorichaatti akka ani seenuu haga anatti agarsiisutti eegaa, daandii bukkee taa'uun lakkooftuu abbaa kiyyaan kadhadhe. Daqiiqaa kudhan keessatti konkolaataan ajajaa loltoota –koloneel- feete jirtu dhufuun balbala guddicha mana barumsichaa dura dhaabbatte. Koloneelichaaf nageenya dhiyeessuuf loltootni sun yoo itti naanna'an anis deemuun wal bare.

"Miixxuu, asii maal hojjetta?" jechuun anaaf deebisan. "Maatiin kee eessa jiru? Qofaa kee asi ta'uun balaa qaba bar."

Mucaa umrii waggaa digdamii afur ta'us, baay'ee huuqqachuu kiyya irraan kan ka'e mucaa waggaa kudha lamaa fakkaadheera.

"Abbaaf haati kiyya du'aniiru gooftaa kiyya. Miseensa maatii kiyya kanneen biroo waliin ajjeechaa geggeefamaa tureen ajjeefamaniiru. Addunyaa kana irratti kan anaaf hafe kutaa ciisichaa kiyya qofa; loltootni gara mooraa mana barumsichaattii si'i hin galchinu anaan jedhan malee. Ana gargaaruu ni danda'uu?" jechuun hangan danda'e garaa laaffisachuun gaafadheen.

Koloneelichi balbala anaaf banuun loltuu tokko waliin gara mooraa mana barumsichaatti seene. Balbalas seenuun gara kutaa ciisicha kiyyaatti deemsa gaddisiisaa fi gabaabaa goone.

Manni barumsaa bareedaa ani yaadannoo ajaa'ibsiisaa itti qabuu fi hiriyoota gaarii itti horadhe akka waan hin turree ta'eera. Iddoo hundumatti tuullaa kosiitu anatti mul'ata; gamoon hedduunis

gubataniiru, diigamaniirus. Ragaa barnoota barattootaa guutummaa moorichaa keessatti akka waan baalli mukaa qooruun harca'etti qilleensi oliif gadi isaan kaasa. Torban hedduu hanga kana boodas amma iyyuu reeffotni namaa baay'ina qaban lafa irratti kufanii mul'atu. Reeffa Saaraa fi hiriyoottan kiyya durbaa kanneen biroo akkan hin argine sodaachuun ija jabinaan reeffota sana ilaaluu hin dandeenye. Shubbisa mana barumsaa qopheesse kan ani irratti hirmaadhe keessaa tokko, tapha ani irratti hirmaadhee fi deemsaa miillaa ani Yohaannis waliin godhaa ture yaadachuuf yaale. Garuu, dursee kan ani arge hiriyoottan kiyya gagaarii fi qabeenyaan isaanii iddoo hundumaatti kufanii jiraachuu isaanii irraan kan ka'e ana jalaa bade.

Koloneel kutaa ciisichaa kiyya biratti konkolaataa irraa ana buusuun saamamee kan dhume gara kutaa ciisicha kiyyaa yoon adeemu, loltuun isaanii ana faana bu'e. Balballi isaa qottoon cabee tokkoon tokkoon qabeenyaa ani qabu ana jalaa fudhatamee ture – korojoo kiyya, uffatoota kiyya, kopheewwan kiyyaa fi firnaashiin kiyya illee osoo hin hafin saamamaniiru. Galata isaa; suuraan maatii kiyyaa muraasni – jireenya waliin dabarsineef yaadannoowwan kiyya dhumaa fi tokkichi – keenyata irratti akkuma fannifamanitti jiru. Lafa kutaa ciisichaa irratti faffaca'uun kan jiran waraqaa korojoo xalayaan keessa kaa'amuun ergamu muraasa yoon funaanuu eegalu, loltichi ana harkaa butuun dubbisuu eegale. Gateettii isaa irraa qawwee isaa buusee ana sodaachisaa "Eeyimaabil eenyuu dha?" jechuun ana gaafate.

Yoon kolfuu eegalu ajaa'ibsiifate. Ajjeechaa qomoo geggeeffamaa ture irraa ooleera, garuu kutaa ciisichaa kiyya duwwaa ta'ee jiru kana saamte sababa jedhuun loltuu Tuutsiitiin rukutamee anaaf dhumachuu danda'a.

"Eeyimaabil obboleessa kiyya. Xalayaan sun bakka inni jiraatu Senegaal irraa kan ergamee dha." jedheen. Guungumaa xalayicha dubbisuuf gara galmaatti seene.

Lafa irra faffaca'anii kan jiran waraqaa muraasa biroo sirreessaa osoon jiruu waan ani arge tokko amanuu hin dandeenye. Achi kan jiru korojoo waraqaa raga mana barumsaa sadarkaa 2^{ffaa}, qabxii

kiyya Yuuniversitiitti galmeessee fi manni barumsichaa sababa carraa barumsaa argachuu kiyyaan kan anaaf kennee dhokfadhee kan ani ture qarshii gara doolaara soddomaa ta'u baatee jira. Tasuma lafaa ka'uun soorome (badhaadhe) … kanaan booda ragaa argame kan gargaaramuun kan baradhe ta'uu kiyya hubachiisuu nan danda'a jechuu dha!

Mooraa mana barumsichaa keessa akkuma sanaan bahuun doolaara sana keessaa tokko gargaaramuun gara Kiigaaliitti deebi'e. Kadhata kiyya kan biraa tokko waan anaaf deebiseef, hanga ani mana gahutti galateeffadhe. Dhugumaatti waadaa isaa eeguun akka mucaa isaatti ana faana bu'eera.

Magaalicha keessa kan jiran suuqotni muraasni waan banamaniif uffatoota, kopheewwan fi urgaa muraasa bite. Sanaan booda ji'a shaniin booda yeroo jalqabaaf rifeensa mataa kiyya hojjetadhe. Dubartii ta'uun kiyya deebisee anatti dhaga'amaa gara manaatti deeme. Alooyizeen uffadhee fi anatti bareedee kutaa kiyya keessaa yoo ani bahu yemmuu argitutti, akka waan dadhabbiin onnee itti ka'eeti kan ishee godhe.

"Waan barbaadde akka argattuuf yoo kadhattu akkan waan xiqqoo argadhuuf mee anaafis kadhadhu." jette keessa garaa isheetii kolfaa. Qarshii hafeen dhugaatii ani bite kan ji'a dabalataa tokkoof nu tursuu kan danda'u yoon itti agarsiisu irra caalaatti kolfite!

Guyyaa itti aanutti ganama hojii barbaacha kiyya irra deebiin itti fufuuf gara Dh.M.Gtti deeme – anatti bareedee, foolii gaariin ana irraa urgaa'aa, ragaa barnootaa kiyya qabachuun nama guutuu ta'uun kiyya anatti dhaga'amaa fi ofitti amanannaa guddaa qabaadhee. Addunyaa haaraa ishee keessatti hojii qabachuuf kan qophoofte dubartii hojii ishee dursitu ta'eera.

Yeroo kanatti balbala eegaan lammii Gaanaa ta'e balbala irra ana hin dhaabne; gaaffii tokko malee callisee yoon darbu seequun ol ana galchus, waan ana beeke anatti hin fakkaanne. Gamoo bira akkan ga'een gara kutaa hoogganaa humna namaa deemuun balbala rukutuun itti gaafatamicha oduu isaanii addaan kute.

"Maal si'i haa gargaaru obboleettii kiyya?" jechuun afaan Faransaayiin ana gaafatan.

"Hojii barbaadeeni gooftaa kiyya." jedhe afaan Ingiliffaan … yookiinis waanan jedhe anatti fakkaata. Itti bitaacha'e. "Hojiin barbaadaa dha kana ati jettuu?"

"Eeyyeen gooftaa kiyya; sirrii jettani – Hojii barbaadeeni." jechuun afaan Faransaayiin deebiseef. Afaan Ingiliffaa kiyya fooyya'iinsi akka barbaachisuu shakkii hin qabu.

"Ahaa … mee al-takkaa asitti ana eegi." anaan jechuun gara kutichaatti seenan. Daqiiqaa muraasaan booda barreessituun isaanii ana haasofsiisuuf dhuftee gubbaa hanga godaatti xiyyeeffachuun ana ilaalte. Lammii Ruwaandaati. Maalumaafuu ganaa akkuma ana argiteen tasa ana hin jaallanne. "Gara gamoo kanaatti akkamiin dhufuu dandeesse? Maali kan barbaaddu?" jechuun afaan Kiinruwaandaatiin ana gaafatte.

"Hojii dha kan ani barbaadu."

"Muuxannoo hojii maal qabda?"

"Yuuniversitiitti ogummaa ijaarsaa Eleektirooniksii fi Herregaa barachan ture."

"Hojiin asi jiran hojii barreeffamaati – sanas taanaan immoo hojii yoo qabaannee dha. Kompiyuutera gargaaramuu yookiin afaan Ingiliffaa dubbachuu ni dandeessaa?"

"Hojii barreeffamaa hojjedhee hin beeku, garuu xiqqoo xiqqoo afaan Ingiliffaa dubbachuu nan yaala."

"Ahaa" jette akka qaldiitti. "Egaa hojii tokko iyyuu hin qabnu – tarii ji'oottan sadan yookanis afran dhufan keessatti yoo argamanii dha. Garuu dandeettii ati qabduun hojii waan siif argannu anatti hin fakkaatu. Maaloo yoo gadi baatu balbala anaaf cufi."

Kuticha gad-dhiisee yoon ba'u guddaa aaree waanan tureef, gara boroo kan argamu bu'iinsa namni tokko iyyuu akka ana hin argineef gargaaramuun fiigaa boo'aa gadi bu'e. Bu'iinsicha hanga ta'e tokko ergan gadi bu'ee namichi umriin giddu galeessa tokko afaan

Faransaayiin ana waaman. “Ana eegi! Al-takkaaf dhaabbadhu obboleetti kiyya! Sitti haa haasa’u?”

Fiigicha kiyya itti fufuu barbaadus, namoota guguddoof kabaja waanan qabuuf deebii kennuufiin qaba jechuun dhaabbadhe. Imimmaan kiyya akkuma sanaan ofirraa haxaa’uun “Oo koo?” jedhe.

Namichi yoo ana argan akkaataan ta’umsa isaanii akka nama hafuura keessummaa tokko waliin walitti bahaniitti kan fakkaatan. “Iim…I..asi maal akka si’i fide anaaf hin galle.”

Eegduu moorichaa waamu jedhee yoo yaades “Hojii, gooftaa kiyya … Hojii barbaadeeni” jechuun deebii kenneef

“Hoogganaa Humna namaa sana haasofsiiftee?”

Gaaffii isaan ba’iinsa irratti ana gaafatan yoo ana aarses, ammas irra deebi’uun kabajaan deebii isaaniif kenneef. “Eeyyee, gooftaa kiyya. Haasofsiiseeraan. Garuu hojiin tokko illee akka hin jirre anatti himameera.”

“E… Egaa erga akkas jedhee” jechuun waraqaa argama isaanii irratti waan ta’e tokko barreessuun anaaf kennan. “Bori ganama balbala guddaa irratti kana agarsiisii seeni” anaan jedhan. “Sa’aatii afur irratti iddoo hojii kiyyaa kottu. Hojii akka argattuuf gochuu kan dandeenyu yoo jiraate mee ni ilaalla.”

Maal jechuuni akkan qabu hin beeku; hanga isaan ba’iinsa sana bahanitti waraqaa anaaf kennan irratti ija baasaa ture. Barreefamicha yoon dubbisu akkana jedha.

Piiyer Meehu
Dubbi himaa, Yuunaamiir
Dh.M.Gtti ergama gargaartuu Ruwaandaa

Dubbi himaa maal akka ta’e waan ani beeku tokko hin jiru; yoo ilaalan garuu waan guddaa fakkaata. Yuunaamiir lola geggeeffamaa ture eegaluu isaan dura kan dhaabbate Ruwaandaa keessatti hojiimaata mootummaa fooyya’aa fiduuf dhaabbata hundeeffamee dha. Tarii isa waliin hojjechuu danda’a ta’inna.

Ganama guyyaa itti aanuu obbo Meehu waliin yoo wal quunnamnu, kaleessumtii isaa ba'umsa irratti yoo ana argan baay'ee kan jaallatan lolaan duratti hojjettuu isaanii kan turte dargaggittii Ruwaandaa itti fakkaadhee akka ta'e anatti himan. Yeroo duguuggaan sanyii ture sanatti miseensa maatii ishee waliin jedhan kan ajjeefamte. Sana booda seenaa kiyya akka ani itti himuuf ana gaafatanii itti hime.

"Mee galiin kee ji'aan meeqa?" jechuun ana gaafatan.
"Maal kee?"
"Mallaqa hagam argatta ji'atti?"
"Homaa iyyuu. Kanaaf bar kan asi dhufe."

"Mee maalumaafuu … garuu hin qabnu. Hojii akka argattuuf si'in gargaara. Maatiin kee akka gaariitti akka si'i guddisan ni beeksisa. Maati-dhabeessa kan taatu, akka sana ta'uu yoo barbaadde qofa akka ta'e beeki. Ammaan booda Dh.M.G mana keeti; anas akka abbaa keetti ana ilaaluu dandeessa."

Haga ana dhukkubutti kan ani kolfe – dhugumaatti Waaqayyo ergamtoota isaa ana kunuunsan anaaf erguun waadaa isaa eegeera.

"Qormaata hundumaa qoramuun si'i irra jira." obbo Meehuun itti fufan. "Barumsa qabdu kanaan sana gochuun si'i hin dhibu. Kompiyuuteraan barreessuu fi dandeettiin afaan Ingiliffa keetii akkami?"

"Barreessuu yoo hin dandeenyes, kutaa mana dhiqannaa sana keessatti garuu ofii kiyya afaan Ingiliffaa barsiiseera."

"Akkas yoo ta'e egaa … barumsi yeroo gabaabaa ariitiin si'i barbaachisa."

Obbo Meehu barreessituu isaanii kan taate Jaanii waliin wal ana barsiisan. Isheenis akkaataa itti fayyadamiinsa Kompiyuuteraa, qabiinsa qaboo-yaa'ii, akkaataa taa'umsa isaa hunda ana barsiifte. Furtuu Kompiyuutera irra jiran hunda isaanii yaadachuu danda'e. Itti dabaluunis gabatee barreeffamaa kan fakkaatu dosee citaa tokko irratti fakkii isaa kaase. Kompiyuutericha irratti guyyoota sadii fixuun halkan sadii guutuu osoo hin rafin buluun gabatee harkaan fakkii kaasame irratti barreessaa fi shaakalaan ture.

Waaqayyo quba kiyya filateera ta'uun isaa hin oolu. Guyyaa afuraffaatti qormaata barreeffamaa Dh.M.G qabxii gaarii galmeessuun darbe. Guyyoota muraasaan booda qormaata afaan Ingiliffaa darbuun Dh.M.G keessaa hojjechuuf nama geessuu dha jedhame. Sammuu kiyya keessatti suuraa kaasuun abjoo'adhee fi irratti kadhadheen ture waan ta'eef hojicha argadhe!

Yeroof anatti himuu dhiisus, hojii mana galmee bareechee qabuun tureera. Akkuma sanaan hundumaa biyya alaati gara Ruwaandaatti kan galan, dhiyeessii Dh.M.G itti gaafatamummaan akkan hordofuuf kan kiyya ta'e – konkolaattota haaraa xixiqqoo hanga dhiyeessii nyaata gurguddaatti. Hojii murteessaa waan ta'eef, ji'oota muraasaan dura jiraachuuf du'uu kiyya osoon hin beekin kutaa mana dhiqannaa nama biraa keessa walitti galee akkan taa'aa ture amanuu hin dandeenye.

Hamma ta'e tokko kadhannaa wal fakkaatiinsa qaban fi dandeetti ni ta'a jedhanii yaaduu nama dhaabbataan agarsiisuu dandeessu dha. Waaqayyo burqaa yaadota eeyyee ni danda'ama jedhan hundaati; kadhannaan kiyyas dandeettii isaa baay'isuuf karaa sirrii dha.

Kutaa mana dhiqannaa sana keessaa Waaqayyo daandii meeqaaf meeqa ana fideera. Daandii kana irra yoon adeemus, tokkoon tokkoon tarkaanfii ani fudhadhuu ana waliin deemeera. Garee ajjeeftotaa irraa ana oolcheera, onnee kiyya dhiifamaan guuteera, afaan Ingiliffaa akkan baradhuufis ana gargaareera, gara nageenyaattis ana fideera. Hiriyoota, mana ani jalatti boqodhuu fi nyaatan sooradhu anaaf kennee dhuma irrattis obbo Meehuun fi hojiin guddisu waliin ana barsiiseera. Ji'oota hedduu darban keessatti kan ani dabarse maalis ta'e maal, Waaqayyo ana biraa hin fagaanne; qofaa kiyyas hin taane – ta'ees hin beeku.

Hojii kiyya haaraa jaalladheera; tokkoon tokkoon guyyootaa kan darban irra caalaatti gammachiisoo dha. Dh.M.G keessa namoota lammummaa biyya adda addaa qaban waan jiraniif, biyya kiyya keessatti daawwattuu akka ani ta'etti kan anatti dhaga'ame. Dandeettiiwwan adda addaa itti fufiinsaan yoon baradhu, namoota waliin yoon wal baruu fi afaan Ingiliffaa kiyya osoon fooyyeffadhuun ture.

Kan ani qabu eebba Waaqayyoo qofa osoo hin taane miindaan ji'aan argadhus dabalateeti. Akkuma sanaanis adaadota kiyyaaf maallqa erguu fi Alooyizeef ijoolleen ishee waan anaaf godhan hundaaf galateeffachuuf nyaataa fi uffannaawwan haaraa bituuf danda'e. Manaa fi maatii yeroo ani baay'ee barbaadetti anaaf kenneera… garuu yeroon deemsa kiyyaas akka gahe beekeera.

Ji'a Onkoloolessaa gara jalqabaa dawoo dhokannaa Faransaayotaa keessaa hiriyootni kiyya dhufan hundi mana Alooyizee gad-dhiisuun waan deemaniif, naannoo kiyyatti kan jiru waan hundumtuu jijjiiramuu eegaleera. Bara 1959ttii fi 1973tti kan ture ajjeechaa duguuggaa sanyii baqachuun lubbuun kan oolan baqattootni Tuutsotaa miliyoonaan lakkaa'aman addunyaa irra jiran hunda irraa ijoollota isaanii, ijoollota mucaa isaanii fi aadaa, bocaa fi afaan keessummaa qaban qabatanii gara biyyaatti deebi'uu eegalaniiru. Qabiyyee biyyattiis jijjiiraati kan jiran. Baqattoota miliyoona tokkotu deebi'e. Ajjeechaa geggeeffamaa tureen hanga lakkoofsa namoota ajjeefamanii kan ga'an jechuu dha – lakkoofsa ani hubachuu hin dandeenye.

Tuutsotni gara biyyaatti yoo deebi'an Huutotni miliyoona lama ta'an ammoo ajjeechaa dugda ba'annaa sodaachuun Ruwaandaa gad-dhiisanii biyyaa baqataniiru. Baay'een isaanii dawoo baqattootaa qulqullina hin qabne biyya biro keessatti dhiphachuun carraa isaanii yoo ta'u, isaan keessaas hedduun dhukkubaa fi nyaata gahaa dhabuun du'aniiru. Bakka hundumaatti dhiphinni guddateera. Guyyaa tokko gaafa ani waan hedduu baradhee beekuu fi maallaqa gahaa yoon walitti qabadhu, biyya keessa taa'uun aarii ani baadhee jiru dhiisuun fagaadhee nan deema. Ammaaf garuu kan ani godhu jijjiiramootni xixiqqoon ni jiru. Jireenyi Ruwaandaa keessatti jijjiiramaa waan jiruuf anis isa waliin jijjiiramuu eegaleera.

Waaqayyoo mana haaraa ani jaalalaa fi miira gaariin ittiin marsamee keessa jiraadhu akka anaaf kennu kadhadhe. Yeroo kanatti balbala fuulduraa Alooyizee yoon banu kadhata kiyya ofiin deebii akkan kennu ana taasise. Hiriyaa kiyya jaallatamtuu fi koolleejii keessatti daree tokko keessatti waliin barataa turre Saaraa kan jedhamtu balbala irra dhaabbachuun anaan argachuu isheetiif gammachuun boossi. Ana barbaadaa turteeti kan ana argatte; lamaanuun keenya walitti iyyinee

wal haammanne. Sa'aatii muraasaaf waa'ee waantota turan hunda akkasumaan teenyee osoo wal gaafatnuu fi immimmaan keenya facaasnuu dabarsine. Luba Muurinziin akkamiin obboloota keenya Viiyannii fi Oogastiiniin halkan walakkaa akka ari'an fi ijoollettiin laamaanuu akkamiin waliin ta'uun akka du'an yoon itti himu irra deebi'uun onneen kiyya ana jeeqamte – baay'ee jaallatna kan turre waa'ee obboloottan keenya lamaanii fi waa'ee miseensa maatii kiyya kan biroos kaasuun baay'ee walitti boonye – Saaraan miseensa maatii kiyyaa hundumaa ni beekti, ni jaallattiinis.

"Yoomiyyuu taanaan nu maatii si'iif taana." anaan jette Saaraan. "Kottu ana waliin mana keenya jiraadhu … deebinee obboloota taana!" Saaraan anaaf nama addaa waan taatee fi arjummaa ishees waanan barbaaduuf, gaaffii ishee akkuma sanaan tole jedhee fudhadhe. Guyyaadhuma sana meeshaaleewwan kiyya feesisuun gara mana maatii ishee deeme. Manni Saaraafaa mana Alooyiizee irraa deemsa daqiiqaa shanii qofa fagaatee waan jiruuf, deemuun kiyya Alooyizeetti homaa iyyuu hin fakkaanne; deddeebi'uun akkan ishee gaafadhus waadaa seeneef.

Yeroo sanatti mana Saaraafaa irra caalaatti mana biraa nageenyaa fi jaalalli keessa guute argachuuf hin hawwine. Maatiin ishee umrii dheeraa qaban erga wal fuudhanii waliin jiraachuu eegalanii amma waggaa 55 lakkoofsisaniiru; walii isaaniitti garuu nuti ganaa umri mana kudhanii keessa jirra jechuun walitti qoosu; ni boonus. Kiristaanota cimoo yoo ta'an, yeroo hundumaa ganama ganama waliin ta'uun gara mana amantaa deemuun kadhata godhatu. Manni isaanii Waaqayyoo waliin qaba kan ani ture walitti dhufeenya dhuunfaa cimaa deebisee ijaaruuf bakka sirrii, waa'ee maatii kiyyaafis boo'uu fi ofii kiyya deebisee oolchuuf bakka gaarii dha.

Onneen kiyya madaa'e suuta suuta mana Saaraafaatti jechoota ani ammuma kana iyyuu waraqaa irratti barreessu hin dandeenye akka dubbadhuuf jajjabina argate. Yeroo sanatti biyya Senegaal taa'uun ani lubbuun jiraachuuf dhiisuu kiyya – du'uu kiyya- kan hin beekne obboleessa kiyya Eeyimaabiliif yeroon itti barreessuf gahe. Hanga tokko tajaajilli itti waliif ergan kan hin jirre ta'uu isaa fi irra guddaan jecha isaa kan ani hin argine taateewwan suukkanneessaa sana dhugumaatti akka hin uumamnen yaada jechuudhaan taatee rakkisaa kana miira haa

buluutiin turseeraan. Rakkoowwan sun garuu dhugumaan raawwatamaniiru – taateewwan dhugaa dha. Waan kana ta'eefis, dhuma irratti dhugaa sana tole jedhee fudhachuu eegaleera.

Lakkooftuu abbaan kiyya anaaf kenne of bira minjaala irra kaa'uun barreessuu eegale – Jaallatamaa Eeyimaabil kiyya, kun jireenya kiyya keessatti kan ani barreesse xalayaa baay'ee gaddisiisaa dha; atis kan dhageessu baay'ee kan si'i jibbisiisuu dha …

BOQONNAA 23

NAMOOTA DU'AN YOON AWWAALU

"**M**aatiin kee eessa jiraatu?" gaaffiin kun hojii kiyya Dh.M.G ergan eegalee ji'oota muraasa booda kan anaaf dhiyaate.

"Onnee kiyya keessa irraan kan hafe lubbuun hin jiran." jechuun obsaan deebise. "Ajjeechaa geggeeffamaa tureen ajjeefamaniiru."

Dh.M.G iddoo ani itti miira suukanneessaa ana irra gahee ture dagachuu danda'u miti. Namootni achii hojjetan baay'inni isaanii biyyattii alaan kan dhufan yoo ta'an, waan maatii kiyya irra gahe yoo dhaga'an namootni qomoo kiyya ta'an hedduun kan itti

ajjeefaman ani akkamiin ooluu akkan danda'e beekuuf baay'ee jerjeru.

"Dhiifama" anaan jedhan namtichi anatti haasa'aa jiran. "Hin beeknen ture. Akkan si'i hin gaddisiifne abdiin qaba." Maqaan isaanii Koloneel Guuyyee yoo ta'an, gara Ruwaandaatti kan dhufan gochaa biyyattii tasgabbeessuu gargaaruuf yoo ta'u, ajajaa loltoota Dh.M.G kan ta'an lammummaan isaaniis Senegaal dha.

Waa'ee anaan aarsuu akka hin dhiphanneef Koloneelichatti hime. Gaaffii gaafatamuun anaaf kan ani dabarse hunda waliin yoon wal madaalsisu waantota ana yaaddessan keessaa sadarkaa isa xiqqichatti kan ramadamuu dha. Ammas taanaan lolaan geggeeffamaa tureen booda yoodhuma ani deemee ilaaluu dhabes, adaadota kiyyaa fi kutaa biyya ani keessaa dhufe Kiibuuyee keessa eessumoota akka ani qabun itti hime.

"Ahaa, Kiibuuyee… loltoota muraasa naannoo sanaa qaba." jechuun anaaf deebisan. "Firoottan kee gaafachuun yoo si'i barbaachise, si'i geessuu fi si'i faana deemuu nan danda'a. Hiriyaas yoo barbaadde fiduu ni dandeessa."

Yeroo sanatti biyyattii keessa nanaanna'uun rakkisaa fi balaa irra kan nama buusu waan ta'eef, affeerraan isaanii arjummaa guddaa dha.

"Dhugaa? Yoom akka ta'e anatti himaa malee ni deemna Koloneel."

Torban lamaan booda Saaraa fi ani Xiyyaara loltootaa irratti qabattoon hidhamnee tokkoon keenya harka biraa keenyaa qabaa fi gammachuun kolfaa gaareewwan magariisa Ruwaandaa irra balali'uu eegalle. Lamaanuu keenya xiyyaaraan qilleensa irra balaliinee waan hin beekneef Koloneelichi carraa balali'uu yoo nuuf kennan dhugaa nutti hin fakkaanne ture!

Biyya kiyya bareedduu asii gadi yoon ilaalu dhugaa duguuggaa sanyii geggeeffamaa ture amanuun ana rakkise. Guyyoottan dukkanaa'oo sana keessa yeroo meeqaaf kan ani osoon simbira ta'ee dhaladhee jechuun hawwe? Yeroo meeqa mana hidhaa kutaa dhiqannaa sana keessaa bahuun rakkoo suukanneessaa sana gararraa

ol fagaachuun balali'uuf kan ani abjoo'adhe? Amma egaa asuma iddoo yakka itti raawwatame sana deemee daawwachuuf kunoo qilleensa irra balali'uu eegaleera. Maataabaa bahuun gara Kiigaalii deemuuf yeroo meeqa anatti fudhatee akka ture isinitti himeera – amma garuu gara sanatti deebi'uuf daqiiqaa soddoma qofa anatti fudhate.

Eeyimaabil osoo ana waliin ta'ee jechuun hawwe, garuu hin danda'amne. Tajaajilli poostaa ganaa lafa irra harkifataa yoo ta'u, sana irratii ammoo isa irraa xalayaa deebii argachuuf torbanoota muraasa anatti fudhateera. Ana irraa xalayaan kun waan gahee fi lubbuun jiraachuu kiyya beekuu isaaf guddaa waan gammadeef jechoota miira isaa baasee ittiin ibsu argachuu dhabuu isaa ibsuun anaaf barreesse. Yeroo ajjeechaan sun geggeeffamaa turetti gabaasota oduu dhaggeeffata waan tureef miseensi maatii keenya hundaa Tuutsota kanneen biroo Ruwaandaa keessa jiran waliin hunduu ajjeefamaniiru jechuun of amansiisuun abdii kutatee ture. Ajjeefamuuf yoo ta'e malee yeroo ajjeechaan geggeeffamaa ture sanatti karaa ittiin gara biyyaatti deebi'ee dhufu tokko illee hin turre.

Gara biyyaatti deebi'uuf rakkoo kan itti ta'e, yeroo sanatti baasii ittiin deebi'ee gara biyyaa dhufu waan hin qabneefi dha. Barataa waan ta'eef galii hin qabu; kan jiraatu ammoo kiiloomeetira kuma shan fagaachuun biyya Senegaal dha. Baasiin geejjiba xiyyaaraa qofti doolaara Ameeriikaa kuma lama fudhata; kun ammoo waanta hin yaadamnee dha! Baasii isaa hundumaa cufuufiin kan barsiisu dhaabbatni Awurooppaa, Ruwaandaan bakkee balaa duula waraanaa geggeefamaa jiruun finiinte waan taateef, baasii gara sana ittiin deemuu dandeessu si'iif kennuu hin dandeenyu jedhuun. Obboleessi kiyya barumsa isaa adda kutuun dhufee ana waliin jiraachuu barbaadus, haadhaa fi abbaa keenya karaan inni itti boonsisuu danda'u tokkichi barumsa isaa qabxii olaanaa galmeessuun xumuruu akka ta'e itti hime. Torban torbaniin xalayaa waliif barreessuu, gara fuulduraatti wal gaafachuu fi qarshiis walitti qabachuuf walii galle. Amma gara Maataabaatti geejjiba xiyyaaraa argadheef galanni haa ta'u malee, maatii kiyya argamtii tokkicha obboleessa kiyyaan alatti deemee daawwadha.

XIYYAARRI WARAANAA XIQQICHI erga lafa qubateen booda koloneel Guuyeen dargaggoo ajajaa jabaa Tiraa'oree jedhamutti adaraa ana kennanii dawoo dhokannaa loltootaatti ana dhiisanii deemu. Innis tokkoon tokkoon loltoota jiranitti ijoollee koloneel Guuyeeti jechuun wal nu barsiise. Kanaan dura turtii ani dawoo dhokannaa loltootaa keessatti godheen, argadhee kan ani hin beekne asitti argachuu danda'e – anaa fi Saaraan kutaa dhuunfaa keenyaa, sireewwan irra boqonnu, nyaata gaarii, itti dabaluunis kabajaa fi gargaarsa loltoota hundumaa irraa nuuf godhame. Hanga ganamaa'utti loltootni sun muuziqaa aadaa senegaal sirbaa fi waliin waliin isaaniitti qoosaa fi taphachaa dha kan isaan waliin hanga bari'utti bulle. Saaraan akkaataa jarri itti nu keessumeessan ishee gammachiisuu isaa gararraatti nageenyummaan yoo itti dhaga'amu anis gara biyya kiyyaa galuun ana gammachiiseera.

Borumtii isaa ganda keenya deemuuf deemsa miillaa kiiloomeetira saddeet fagaatu deemuuf yoon qophaa'uu, ajajichi Tiraa'oreen waa'ee nageenya keenyaaf balaa jiru dubbachuu eegale. Ajjeechaan duguuggaa sanyii geggeeffamaa ture xumura argatus, biyyattii keessatti jibbiinsi ifa ta'e waan finiinee jiruuf, yeroo sanatti iyyuu ajjeechaan ni geggeeffama ture. Ajajichi eegumsa hidhattootaan nu erguuf murteessuun deemne – eegumsichi loltoota mura lama hin hir'anne qabuu fi konkolaattota sibiila uwwisaman shan kan haammatuu dha. Ganda sana keessa yeroo hanga sanaaf miira soda fi naasuun dhokadheera. Amma garuu mataa kiyya oli qabadhee deemuun anaaf gaarii dha.

Ijoollummaa kiyyaan samii ani beeku jala yoo konkolaatnu miirri kiyya ariitiin gara aarii cimaatti jijjiirame. Yeroo baay'ee anaa fi obboleewwan kiyya daandii irra deemaa turre irra yoo geenyu boo'uu eegale. Sana boodas yeroo sanatti callisa guddaa keessa kan jiru mana barumsaa haati kiyya keessaa barsiisaa turte darbuun abbaa keenya faana bu'uun daandii nuti irra ganama deemuun gara hara Kiivuu gad-buunee bishaan daaknu irra qaxxaamuruun gadi buune.

Saaraan harka ishee gateettii kiyya irra gochuun ana jajjabeessuuf yaaltus, sun garuu ta'uu hin dandeenye – jajjabaachuu nama dandeessu hin turre. Foddaawwan diigamanii fi balbala alaa

cufaman qaawwaa isaa keessaan gaaddiduu fuulota nu ilaalanii anatti mul'atu… firoottan kiyya hedduu ari'achuun kan ajjeesan fuula mankaraaressaa Huutotaa. Baay'een isaanii manneen Tuutsotaa ofii isaanii erga gubani booda amma qofaa isaanii ijaajjanii manneen muraasa jiran qabeenyummaan qabatanii jiru.

Sana booda gara mana keenyaa bira geenye.

Qorqorroon hin jiru, foddaan hin jiru, balballi hin jiru, guutummaa guutuutti diigameera. Gareen ajjeeftotaa ajjeechaa isaaniif yoo qophaa'an nuti yeroo muraasaaf raadiyoo itti dhaggeeffachaa iddoo turre lafa gubate iddoon muraasni mooraan eegama eegdotni dhaabbataniiru. Yeroo tokko maatiin kiyya kan keessatti abjuu qaban ture, kutaalee duwwaa daawwachaa ka'umsa manaa dhagaa irraa hojjetame keessa naanna'e. Meeshaalee manaa miidhamanis ta'e hafteen uffannaa gubatan tokko illee hin jiru – eenyu iyyuu kan tilmaamuu danda'u manni keenya gubachuu isaan dura saamameera.

Lubbuun kan oolan Tuutsotni olla keenyaa baay'een isaanii eegumsa loltootaa keenya arganii nageenya ana gaafachuuf dhufan. Yeroon dhokadhee turetti ta'anii kan turan waa'ee taateewwan gadhee dabarsanii anatti himan. Bakka haati kiyya itti awwaalamte dhaabbachuun akkaataa haati kiyya itti ajjeefamte ana hubachiisuu eegalan.

Hiriyootni Daamaasiin muraasni argachuu kan danda'an kutaa qaama isaa muraasa ariitiin bakka itti awwaalan gara boolla xiqqoo tokkotti ana geessan. Waardiyyaa mana keenyaa kan ture Kaaruubuun obboleessi kiyya yoo ajjeefamu waan argeef dubbii isaa jecha jechaan fi tokkoon tokkoon haleellaan yoo irra gahu haala ture anatti hime.

Yaadannoowwan suukanneessaa, gadi fageenya odeeffannoo gara jabinaan guutamanii baay'achuun dandeettii kiyya gararraa ta'an. Gadda kiyya irraa amma reefuu wayyaa'aa waanan jiruuf, sababa dhugaa suukanneessaa kanaan madaawwan kiyya deebisuun dirqamaan yoo irra caalaatti madaa'an anatti dhaga'ame. Olloota kiyyaa fi loltoota sana haadha fi obboleessa kiyya awwalcha ta'uufii qabu gochuufiif akka ana gargaaraniif gaafachuu barbaade, garuu

dubbachuu hin dandeenye. Dhiita'uun qoonqoo kiyya keessatti waan uumameef sagaleen kiyya akka hin baanee waan dhorkeef loltootni sun deebisanii gara dawoo dhokannaatti ana fuudhanii akka deeman harka kiyyaan mallattoo itti agarsiise.

Harmee fi Daamaasiin kan uwwisee jiru tuullaa awwaara mallattoo hin qabne darbuun mana kiyya irraa fagaachuun konkolaataan deemaa osoo jirruu afaan kiyyaan hadhaa: dhandhama jibbaa xuraawaan afaan kiyyaan anatti dhufe. Deemsa keenya deebii irratti jalqaba asiin yoo darbinu qaawwaa keessan nu ilaalaa kan turan fuula namoota sanaa arguun namootni kun harka isaanii irra dhiigni namoota hedduu akka jiru onnee kiyya guutuun anatti beekame – dhiiga olloota kiyyaa … dhiiga miseensa maatii kiyyaa. Loltootni sun magaalaa Maataabaa irratti gaazii facaasuun kibriitii gara daaraatti ishee jijjiiru akka ani itti qabsiisuuf akka anaaf eeyyaman barbaade.

Dawoo dhokannaa bira yoo geenyu, eenyu waliin osoo hin haasa'in gara kutaa ciisichaa kiyya deeme. Lubbuun kiyya ofi ishee waliin wal lolte. Namoota sanaaf dhiifama gochuuf guddaa yaalus kana gochuu kiyyaan akka waan ani sossobame anatti dhaga'ame; dhiifammni xiqqishuun illee anaaf hin hafne. Diigamuu mana kiyyaa arguu kiyyaa fi namoota ani jaalladhu fi bakkee awwaalchaa irratti qofaatti kan dhiifaman daawwachuun kiyya hafuura kiyya dhiifamaaf qophaa'oo turanitti qormaata ta'an. Ollaawwan kiyya oduu akkaataa ajjeechaa maatii kiyyaa gurra kiyya keessa yoo tamsaasan, lubbuu kiyya keessaa baaseera jedhee kan ani ture miirri jibbiinsaa gadi fagoo eenyummaa kiyyaa keessaa humna haara'een dirqamee utaaluun ba'e. Onneen kiyya dugda ba'annaa beela'uun keessi kiyya ana aare. *Bineensota gadhoota sana! Bineensota jarri! Bineensota bosonaa! Bineensota bosonaa! Bineensota bosonaa!*

Sa'aatii muraasaaf siree kiyya irra gagaragale. Diyaabiloos akka ana qoraa jiru anatti beekameera – ifa Waaqayyoo irraa, dhiifama fi bilisa isaa irraas fageessee ana fudhachaa akka jiru. Ulfaatinni yaada kiyya sirrii hin taanee kun, ifa dukkana keessa ana duraa bu'aa dhufe kana ana harkaa baasuun fi gara boodaatti yoo ana harkisu anatti beekame. Miirri qofummaan halkan guyyaa sanaa anatti dhaga'ame yoom iyyuu anatti dhaga'amee hin beeku. Waaqayyo

abbaa kiyya dhugumaati; miirri badaan kun ammoo anaaf isa gidduutti akka dallaatti dhaabbataniiru. Yaadotni kiyya akka isa dhukkubsan beeke, kuni ammoo ana suukanneesse.

Siree kiyya irraa gadi bu'uun jilbeenfadhe. "Waa'ee yaada hamaa kiyyaaf, yaa Waaqayyo anaaf dhiisi." jechuunis kadhadhe. "Maaloo … akkuma yeroo hunda gochaa turte dhukkuba kana ana irraa fageessuun onnee kiyya anaaf qulqulleessi. Humna jaalalaa fi dhiifama keetiin ana guuti. Namootni gochaa suukanneessaa kana raawwatan ammas taanaan ijoollota keeti. Kanaaf, haa gargaaruuni; atis akka ani danda'ee dhiifama godhuuf ana gargaari. Maaloo yaa Waaqayyo akkan isaan jaalladhuuf ana gargaari."

Somba kiyya keessa qilleensi tasuma dhufuun guutan. Hafuura aara-galfii guddaa baafachuun aade; mataa kiyyas deebisuun boraatii irra boqochiise. Negeenya kiyya deebisee argadhe. Eeyyee aareera, guddaa isaas gubadheen ture; aariin kiyya garuu waan gaariif ta'e. Akka ana to'atu kan ani eeyyameef aariin kun qulqulluu ta'uu isaan beeke. Miira garmalee aaruu fi jibbiinsaa kan hin qabne. Maatii kiyya garmalee yaaduunis aariin kiyya irra deebiin jabeessee ana qabatee ture garuu ana gad-dhiiseera.

Namootni maatii kiyya miidhan ofii isaaniis irra caalaatti miidhaniiru. Waan kana ta'eef, gadduufiitu ana irra jira. Balleessaa suukanneessaa namummaa fi Waaqayyo irratti raawwataniif adabamuu akka qaban shakkii tokko hin qabu. Namoota balleessa qaban qabuuf mana murtii addunyaawaa hundeessuuf Dh.M.G marii eegalameera. Kun akka uumamuuf garuu immoo gara-laafummaanis akka jiraatuuf kadhadheera. Waaqayyo adeemsa jibbaa fi jibbiinsa hundee dheerate kana dhaabuu kan danda'u dhiifama isaa akka nuuf kennu gaafadheera.

Onnee fi sammuun kiyya yeroo hundumaa aariin itti dhaga'amuu akka danda'u nan beeka – yakkaa fi jibbiinsas akka barbaadan. Miirri dhugaa hin taane yeroo anatti dhufanitti rakkoo kana hike; akka ana keessatti guddatan yookiin ammoo akka ittumaa finiinaa deeman hin barbaadne. Gara burqaa humna dhugaa hundumaa kan ta'etti akkuma sanaan fuula kiyya deebisa. Gara Waaqayyoottin

garagala; jaalalaaf dhiifamni isaa akkasumas da'annaa fi nageenya anaaf ta'u.

Mataa kiyya ol qabachuun yoon ilaalu ji'i baatee akka jirtun arge. Loltootni sun yoo kolfanii fi sirban sagalee isaanii dhaga'uun gara alaatti gadi bahe. Anaa fi Saaraan walitti kolfuun achiis deebisuun achi kan jiran namoota hundumaaf seeqe. Loltootni sun bashannanaa waan jiraniif anis waan gamaade fakkaachuun yoon itti dabalamu guddaa ajaa'ibsiifatan. Halkan guutuu yoo sirban anaa fi Saaraan immoo daawwattoota ta'uun ho'isaafii turre.

GUYYAA ITTI AANUTTI HAADHAA FI OBBOLEESSA KIYYA akka seera naannichaatti deemee awwaaluuf ajajichi deebisuun gara ganda keenyaatti ana geessuu akka danda'uu gaafadhe. Kaleessumtii isaa gadda guddaa ani keessa galee ture yaaduun, dhugumaan cimina barbaachisu qabaachuu kiyya ana gaafate. Cimina ana barbaachisu akkan qabu mirkaneesseefii gara ganda sanaa akkan deemuuf loltoota hanga yeroo darbe ana geessan kan gahan eegumsa akka anaaf godhaniif anaaf eeyyame.

Daandii irrattis naannoo mana keenya durii kan jiraatan adaadota kiyya, Jaaniin fi Ispeeraansin gaafachuuf dhaabbanne. Dawoo dhokannaa loltoota Faransaay keessa erga bahanii wal arginee hin beeknu. Lamaanuu isaanii miira suukanneesaa isaanii keessa guutummaa guutuutti jabaachuun waan hin baaneef (akka isaaniittimmaa yoomiyyuu miira akkanaa sana keessaa kan bahan hin fakkaatan) yeroo sanatti garuu haala baay'ee gaarii irra turan. Miira wal makaan bukkee daandiitti deebisnee wal argine. Ani garuu onnee kiyya fuulduratti kan ana eeggatu dirqama cimaaf nageenyaan tursiise. Sirna awwaalcha Daamaasiin fi harmee irratti namoota argamuu barbaadaniif mana keenya durii biratti akka ana argataniif itti hime.

Tuutsota ajjeechaa irraa hafan kan ganda keenya keessa jiraatan baay'een isaanii fi firoottan gaarii maatii keenyaa kan turan Huutota gaariin muraasni argaman. Jaarsi maqaan isaa Kaayitaaree jedhamu hiriyaa gaariin maatii kiyyaa saanduqa reeffaa lama, namni biraan tokko immoo Akaafaa fi kitaaba qulqulluu fiduun hundi keenya reeffa maatii kiyyaa barbaacha deemne. Jalqaba irratti Daamaasiin

barbaachaaf qotame; ollootni keenya muraasni akka ani hin ilaalleef dhorkuuf anatti naanna'an – kutaa qaama isaa argame akka ani hin ilaalleef suuta ana dhorkan.

Dhiibbachuun keessa darbe. "Obboleessa kiyya bar – ilaaluun qaba." jechuun rakkiseen. Reefficha osoon hin ilaalle ta'eeti yoom iyyuu Daamaasiin du'eera jedhee amanee fudhachuu hin danda'un ture. Sana booda akaafaan lafee waliin yoo walitti bu'u dhaga'e; sana boodas ilaale … lafee luqeettuu isaan arge. Jalqaba kan ani arge uffannaa tokko illee osoo hin uffatini; ajjeesuu isaaniin dura hagam kabaja isaa irraa kaasuuf akka yaalan yaadadhe.

"Hin ilaalin." anaan jette Ispeeraansi. Garuu ilaaluun kiyya dirqama … lafee luqeettuu isaa malee kan biraa waanan arge hin qabu. Kukkutaniiru – ciqilee isaa, buqqee mataa isaa … wayyoo Waaqayyo, jaallatamaa obboleessa kiyya Daamaasiin, maal si'i godhan? jechuun sagalee akka deeffuu bineensaa baase.

Namtichi tokko gara boolla awwaalchaa sanatti gadi jedhee buqqee mataa obboleessa kiyyaa harkaan qabee ol jechuun gara kiyyatti garagale. Mangaagaan isaa banamuun ilkaan isaa arge… ilkaan isaatin isa ta'uu bare. Kolfa isaa na mararu keessaa kan hafe ilkaan isaa qofa. Gara kiyyatti kolfa suukanneessaa fi sodaachisaan xiyyeeffateera. Wayyoo Daamaasiin kiyya! Akka kanatti dhumni kee hin bareedin haa hafuu!

"Kunimmaa hin ta'u! … Daamaasiin moo! … Wayyoo! Qulqulleettii Maariyaam! Haadha waaqaa!" lafti gara kiyyatti fiiguun mataa kiyya dhagaan dhahe. Sana booda dukkana qofa.

Ofin wal'aala jedhee yoon hin eegnes, sammuun kiyya dhuma irratti du'a obboleessa kiyyaa amanee yoo fudhatu qilleensi ani baafadhu addunyaa kana irraa akka waan dhumeetti anatti dhaga'ame. Firoottanii fi ollaawwan kiyya akkan dammaqu ana godhanii ana deggeruun miilla kiyyaan akkan dhaabbadhu gohuun reeffa Daamaasiin gara saanduqa reeffaatti galchinee kan harmee ammoo barbaachaaf naanna'uu eegalle. Ajaa'iba ana agarsiisuuf ana kaa'ee! Namootni sun, yeroo kanatti kutaan qaama isheetii adda baastee beekuu hin dandeessu; qaama ishee biyyeen baay'ee waan nyaateef aarii guddaa keessa si'i galcha anaan jechuun ana rakkisan.

Daangaa miira dhukkubii guddaa irra waan darbeefis tole jechuun walii gale. Hangan fedhe onnee kiyya jabeessus haadha kiyya haala akkanaa sana keessatti ilaaluun iji jaalalaa kiyyaa kan danda'an gararraa itti ta'a. Reeffa ishee osoon hin ilaalin awwaaluuf walii gale. Akka yeroo isheen lubbuudhaan jirtuutti ishee yaadachuu anaaf wayya … onnee fi abjuu kiyya keessa barabaraan akkuma jiraattu.

Namtichi tokko cufaa saanduqa reeffi haadha kiyyaa keessa jiru yeroo bismaaraan rukutu fuula hiriyootaa fi firoottan kiyyaan ilaale – jireenya jeeqamaa kan agarsiisan fuulota jeeqaman. Ijoolleen ishee sadanuu fuula ishee duratti yoo qalaman dirqiin akka ilaaltu kan godhamte mucaa adaadaa kiyyaa, du'a niitii isaa baay'ee jaallatuu fi ijoollee isaa torbaa irraan kan ka'e namummaa isaa duraa irraa gaaddidduun isaa qofti kan hafte yeroo tokkotti murannoo cimaa qaba kan ture eessuma kiyya Pool fi dhirsootni isaanii du'uun ijoollota isaanii oolchuuf haala hin dandeenye keessatti dhukkubsatanii kan jiran adaadotni kiyya dhaabbataniiru. Uumama gadda tulluu gararraatti ulfaatu baatanii jiran!

Gadda ganda keenya irratti uumame hunduu keenya ni hirmaanna, garuu namootni naannoo keenya dhaabbatanii jiran kun ana gararraatti namoota hedduu akka dhaban beekeera. Amanannaa isaanii dhabaniiru – achumaanis abdii isaaniis kutataniiru. Reeffa haadhaa fi obboleessa kiyyaa irratti ija babaasaa reeffa isaanii illee argachuu kan hin dandeenye waa'ee abbaa kiyyaa fi Viiyaanii yaaduu eegale … Waaqayyoonis galateeffadhe. Hundumaas amantii kiyyas eegeera; innis ana jabeessa. Ana jajjabeesseera; ammas gara fuulduraatti jireenyi kaayyoo akka qabdu ana barsiiseera.

"Eessa haa goonuun? Eessatti haa awwaallu?" harka isaa saanduqa mukaa irra asiif achi sochoosaa fi boo'aa eessumni kiyya Pool ana gaafate.

"Mana" jedheen. "Mana geessinee haa boqochiifnuun."

Reeffa haadhaa fi obboleessa kiyya fuunee gara mana keenya diigamaatti geessuun, yeroo tokkotti kolfaa fi jaalalli guddaan keessaa dhaga'ama kutaa ture lafa isaa irratti boolla awwaalchaa guddaa qotne. Gandicha keessa kan turan lubbuun kan hafan lubni

tokko illee waan hin jirreef, waan godhamuu qabu hundumaa ofiin raawwanne. Harmeen jaallatti kan turte faarfannaa muraasa faarfanne; kadhata hedduus goone. Waaqayyo maatii kiyya ofitti hiiksee akka qabuu fi lubbuu isaanii qulqulluus jannata keessa akka godhuufiif gaafadhe … sana boodas nagaan anaaf taa'aa jedhe nagaa itti dhaame.

"Saaraa, yeroo nuti itti deemuu qabnu amma – Kiigaalii deemuun keenya gaheera." jechuun obboleettii kiyya jaallatamtuu, kan ofitti fuutee ana jiraachiftuu fi maatii haaraa anaaf kennite Saaraatti hasaase.

Akkuma sanaan deebisnee hurrii keessa galuun ganda kiyya gararraatti ol fagaadhee balali'uu eegale; jireenya keenya kan balleessan gochaa suukanneessaa gararraa … baay'ee ol fagaachuu kiyya irraan kan ka'e fuula Waaqayyoo tuquu kan ani danda'u anatti fakkaate.

BOQONNAA 24

NAMOOTA LUBBUUN JIRANIIF DHIIFAMA YOON GODHU

Maatiin kiyya jannata keessa akka jiran beekuun kiyya dhukkubbii isaan dhabuu kiyyaa anaaf hin salphisne. Akkaataa itti du'iinsa isaanii yeroon yaadadhu hundatti miira suukanneessaa ana gufachiisu ofirraa buusuun anaaf hin danda'amne. Hirriba kan ana dhowwatuu fi miira guyyaa ana dhiphisu irraa oofkaluuf yeroo hundumaa galgala galgala kadhata nan godhadha. Yeroo muraasa anatti fudhate, ta'us garuu Waaqayyo kadhata kiyya anaaf dhaga'e. Yeroo kanatti kan inni anaaf godhe hanga guyyaa har'aatti abjuun argee hin beekne gararraatti abjuu addaa anatti agarsiisuuni.

Mana maatii kiyyaa irra xiyyaara loltootaan balali'aa osoon jiruu hurrii gurraachi ana marse. Abbaabbaan, harmeen, Daamaasiin fi Viyaaniin ana gararraatti samii irra dhaabbatanii ifa adii addaa callisni irraa calaqqisuun guutamanii anatti mul'atan. Ifni sun kan anatti marsanii jiran hurrii gurraacha sana haga ana irraa kaasutti

samii irra balali'e. Tasuma deebi'uun maatii kiyya waliin wal arge. Abjuun argaa jiru kun abjuu dhugaa waan ta'eef harka kiyyaan hiixadhee ho'ina qaama isaanii fi humna tuttuqaa isaanii hubadhe. Guddaa waanan gammadeef achuma samii irratti shubbisuu eegale.

Daamaasiin kittaa haaraa adii bareedaa fi kofoo cuquliisa uffateera. Fuula gammachuun guutamee erga ana ilaalee booda kolfe. Booda isaa irra Abbabbaa, harmee fi Viiyaaniin harka wal qabatanii dhaabbachuun ana ilaalaa gammachuun guutamanii dhaabbataniiru. "Akkam Iimaakiyuule, ammas si'i gammachiisuu danda'uu keenya arguun keenyaa gaarii dha." jedhe obboleessi kiyya bareedaan. "Yeroo hamma kana gadditeetta; boo'icha kee dhiisuu qabda. Bakka ajaa'ibsiisaa jirtu kana mee ilaali … akkamitti akka gammadnee jirru hin argituu? Dhiphina irra akka jirru amantee fudhachuu kee yoo itti fufte, dhiisnee deemuu keenya gara dhukkubaattis akka deebinu nu dirqisiifta. Ta'us garuu … deebinee dhufnee akka dhiphannu barbaaddaa?"

"Hin ta'u, hin ta'u Daamaasiin!" jechuun iyye imimmaan gammachuu ija kiyya keessaa dhangalasaa. "Asi hin dhufinaa! Achumatti ana eegaa; yeroon dhufu hunduma keessan argadha. Waaqayyo jireenyi kee kun si'i ga'a yoo anaan jedhu gara keessan nan dhufa."

"Asumatti si'i eegna obboleettii kiyya. Amma onnee kee fayyisi. Jaallachuu qabda; namoota nu'i miidhanis dhiifama gochuu qabda."

Miseensi maatii kiyyaa suuta suuta gara samiitti ol bahuun mootummaa Waaqayyoo keessa dhokatan. Taatee kana boodas mana kiyya irra balali'aa jiraadhus, hurrii dukkanaa'aa sana keessaa fi xiyyaara ittiin balali'aa jiru keessaas ba'eera. Ganda kiyya irra akka simbiraa balali'e; mana luba Muurinzii fi dawoo dhokannaa Faransaayotaa irra, bishaanotaa fi fincaa'aa jaallatamtuu biyya kiyyaa irra – Ruwaandaa irra asiif achi balali'e.

Gaddaa fi harkisa dachee irraa bilisa waan baheef gammachuun faarfachuu eegale. Onnee kiyya irraan faarfadhe; jechootni sunis gammachuun afaan kiyya keessaa lola'an. Faarfannichi "*Miwaamii Shiimiiriwaa*" kan jedhu yoo ta'u afaan Kiinruwaandaatiin "Yaa

Waaqayyo, jaalala kee sammuu kiyyaan oli ta'eef galatoomi" jechuu dha.

Halkan walakkaa waan ta'eef, faarfannaan kiyya miseensa maatii hundumaa hirribaa dammakse. Haati Saaraa dhukkubsatteeti yookiin ammoo ho'ina qaamaa guddaan qabateeraan jechuun fiigaa gara kutaa kiyyaatti dhufte.

Halkan sanaan booda imimmaan kiyya qooree fi dhukkubbiin kiyya anaaf hir'achuu jalqabe. Waa'ee carraa maatii kiyya quunnamee yaaduun lammaffa deebisee hin dhiphanne. Yeroo hundumaa boo'ee fi isaaniin nan yaada jedhee amanus, guyyaa tokkoof illee waa'ee dhiphina dabarsanii dhiphachuun hin dabarsu. Waaqayyo miseensi maatii kiyyaa iddoo dhiphinni jiruu fagaatanii achi fagoo garas akka jiran abjuu kiyyaan anatti mul'iseera.

Gara ganda kiyyaatti deemsa biraa gochuu akka ani qabus anatti mul'iseera.

TORBANOOTA MURAASAAN BOODA KOLONEEL GUUYYEEN carraa gara biyyaatti deebi'ee deemu anaaf kennan. Yeroo kanatti garuu kan ittiin deemne baasiidhaani. Akkaataan teesuma lafaa biyya kiyyaa yeroo sanatti ana hin aarsine. Sirumaayyu sababa taateewwan nannoo kiyyatti argaman fi sagaleewwan dhaga'amaniif yaadanoowwan kiyya ho'aan anatti yaadatamuuf miira kiyya dammaksaniiru. Muuzii haati kiyya dhaabdee fi naannoo tulluutti dhiyaatee kan jiru maasii buna abbaa kiyyaa keessa hiriyoota kiyya waliin keessa naanna'eera. Adaadota kiyyaan bosona deemuu yoo hin sodaatan ta'ee mudura maasaa irra jiru akka itti gargaaramaniif jireenya isaanii akka ittiin deggeraniif itti himeera.

Adaadaan kiyya Jaaniin waa'ee sodaa akkan hin yaadne anatti himte. Qawwee naannoo isheetti waan argattuuf akkaataa itti dhokaasan ni baratti. "Gara fuulduraattimmaa qophooftuun ta'a." anaan jette.

Gara fuulduraatti jechuun, hafuura guddaa baafachuun yaade.

Harmee fi Daamaasiin gaafachuuf gara mana keenya diigamee deeme – bakka isaan itti awwaalaman. Awwaalcha isaanii bukkee

jilbeenfachuun yeroo dhumaaf ergan ilaaleen booda waanta uumame hundumaan itti hime. Fuula isanii ilaaluu fi sagalee isaanii dhaga'uu waanan yaadeef boo'e. Imimmaan kiyya yeroo sanaa garuu imimmaan bilisummaati malee imimmaan dhiphinaa miti.

Sana booda gochuuf kan ani dhufe yeroon isaa gahe.

WAAREE BOODA XIQQOO TURUUN MANA HIDHAA YOON GAHU bulchaa magaalaa Kiibuyee haaraa Seemaanaa jedhamu ana keessumeesse. Seemaanaan ajjeechaan geggeeffamaa tureen dura barsiisaa, abbaa kiyya waliin kan hojjetuu fi hiriyaa gaarii yoo ta'u, ani immo akka eessuma kiyyaatti ture kan isa ilaalu. Ijoollota isaa ja'an keessa afur qalamaniiru. Kanaaf, ijoollettiin Waaqayyo waliin akka jiran amantii akka qabaatu itti hime.

"Addunyaan hagam jijjiiramuu akka dandeesse ilaaluu danda'eka; ijoollotni maatiiwwan isaanii jajjabeessu." jechuun miira aariin anaaf deebise.

Seemeenaan akka bulchiinsa isaatti naannoo keenya ajjeeftota jeeqaa turan hojii hidhuu fi mana hidhaa keesa tursuu hojjechuun dandeettii isaa kan cimsate nama siyaasaa ta'eera. Hidhattoota Iinterhaamiwee dhibbaan lakkaa'aman irratti qorannoo waan geggeesseef, nama kamiin iyyuu gararraatti ajjeesaan kam nama kamiin akka ajjeese ni beeka.

Waan kana ta'eef, maaliif akkan asi dhufe nan beeka. "Haadha fi obboleessa kee Daamaasiin gartuu ajjeesan nama hooggane baruu ni barbaaddaa?"

"Eeyyee nan barbaada."

Foddaa biiroo isaa keessaan yoon hordofu, Seemeenaan dallaa darbuun gara kutaa yakkaamtoota itti hidhamanii jiran gahuun yoo deebi'an arge. Qaamni isaa hunduu kan xuraawee fi jaarsa okkolu tokko of dura oofaa fide. Anatti dhiyaataa yoo dhufan, namticha akkuman argeen baruu kiyyaaf gara samiitti ol utaale. Kuni Huutuu daldalaan guddate obbo Feeliisiin dha. Mana barumsaa sadarkaa tokkoffaa yeroon baradhu ijjollota isaa waliin taphachaan ture. Dheeraa, bareeda, yeroo hunda suufii kan uffatuu fi qulqullina isaatiif nama dhiphatu ture. Gareen ajjeeftotaas gara mana luba

Muurinzii dhufuun yeroo ana barbaadanis maqaa kiyya waamaa yoo ana barbaadu sagalee isaa waanan dhaga'eef nan holladhe. Feeliisiin ana ajjeesuuf ana ari'achaa tureera.

Seemeenaan Feeliisiin gara kutaa ani keessa jiruu galchuun yoo inni darbatuun, jilba isaatiin lafatti kufe. Lafa kufe irraa mataa ol qabachuun kan isa eegaa jiru ana ta'uu isaa yoo baru guddaa na'e. Tasuma ija isaa ana irraa kaasuun kallattii biraa geessuun lafatti ija babaasu eegale.

"Ka'i; ajjeeftuu lubbuu namaa!" jechuun Seemeenaan itti iyye. "Ol kaatee dhaabbachuun maatiin mucaa kanaa maaliif akka du'an itti himi. Haadha ishee maaliif akka ajjeeftee fi obboleessa ishee maaliif akka qalte ibsiif. Ka'i si'iin jedheera! Ka'ii itti himi!" Seemeenaan irra caalaatti iyya guddaan itti dubbate; namtichi miidhame kun garuu ka'ee ija kiyya ilaaluun guddaa itti ulfaachuun akka jilbeenfatee fi ija isaa lafa irratti babaasetti gadi jedhee hafe. Haamilee isaa cabeera.

Uffatni isaa xuraawaan qaama isaa huuqqate irratti cicciteera. Gogaan qaama isaa daalachaa'uu, madaa'uu fi walitti harkifamuu irra caalaatti, iji isaa waanti tokko keessaa mul'ata. Fuulli isaa hareeda guddataa fi xuraawaan uwwifameeti kan jiru. Miilli isaa kophee hin uffatin turanis madaa'aniiru.

Haala inni keessa jiru yoon ilaalu nan boo'e. Feeliisiin Diyaabiloos onnee isaa keessa akka seenuuf eeyyameeraaf; hafuurri hamaanis jireenya isaa akka dhukkuba kaansariitti jalaa balleesseera. Amma miira dhiphinaa fi gaabbiin keessa akka jiraatu kan itti murteeffame miidhamaa hundaan olii ta'eera. Waa'ee namicha kanaaf garaa laafuun kiyya ana miidhe.

"Mana maatii keetii saameera; waantota maasii isaanii irratti argamanis haammachuun hundumaa fudhateera, Iimaakiyuule. Maashinoota qonnaa abbaa keetii mana isaatti argineerra, hin arginee?" Seemeenaan Feeliisiitti iyye. "Roozii fi Daamaasiin erga ajjeesee booda si'iin barbaacha itti fufee ture … qabeenyaa keessan fudhachuuf ati akka duutuuf barbaadee ture. Barbaaddee hin turree Booyyicha nana?" Seemeenaan ammas irra deebi'uun guddisee itti iyye.

Seemeenaan osoo itti hin yaadin tasuma yoo ana ilaalu gara keessaatti hafuura dheeraa fudhadhee gara booda kiyyaatti siqe. Seemeenaan miira ani itti agarsiise kanaan na'ee fuula kiyya irraa imimmaan dhangala'u ilaaluun itti bitaacha'uun ana ilaale. Kolleettaa kittaa Feeliisiin qabee buuxxii dhaan rukuteen. "Waan jettuun maal qabda? Iimaakiyuuleetti waan himtu maal qabda?"

Feeliisiin ni boo'e. Qaaniin isaa anatti mul'ate. Al-takkaaf ol-jedhee yoo ana ilaalu iji keenya wal irra buhe. Hiixadhee harka isaatti buhee dubbachuuf kan ani dhufe ariitiin itti dubbadhe.

"Siif dhiiseera – Dhiifama si'iif godheera" yoon jedhuun, ba'aan onnee kiyya irra ture akkuma sanaan anatti salphate. Seemeenaan hidhamticha balbalaa baasee gara dallaatti geessuu isaan dura ba'aan gateettii Feeliisiin irra ture yoo itti salphatu anatti mul'ate. Sana booda loltootni lama Feeliisiin qabanii gara kutaa inni itti hidhamee jiru harkisaa geessan. Seemeenaan yoo deebi'ee dhufu akka anatti aare anaaf gale.

"Iimaakiyuule, maal jechuu keeti? Kun namicha maatii kee si'i jalaa ajjeesee dha bar. Kan ani asi fide akka ati gaaffiin sardituufi dha … yoo barbaaddes akka itti tuftuufi. Garuu ati dhiifama gooteef! Akkamitti akkana goota? Maaliif dhiifama gooteef?"

Dhugaa isaan itti hime: "Kan ani kennu dhiifama gochuu qofaa dha ta'uu kan qabu."

SEENAAN BOODA

JAALALA HAARAA, JIREENYA HAARAA

Onneen cabe tokko woyyaa'uuf yeroo hagam akka itti fudhatu tilmaamuun ni ulfaata. Ani garuu eebbifameera: - gargaarsa Waaqayyoon onneen kiyya turtii waggaa lamaan booda nama biraa jaallachuu danda'eera. Yoon fayyu garuu kan ani jiraadhe jireenya callisaa fi madaaluu danda'uu dha.

Dh.M.G osoon hojjedhuu fi maatii Saaraa waliin yeroon jiraadhuu yeroo boqonnaa kiyyaatti Kiigaaliitti kan argamu dhaabbata ijoollee maatii hin qabne mura hedduu ta'anii fi jeeqaman walitti qabee guddisu danda'u kan Iiguwaalamaawutaa jedhamu deemuun ijoollota sana miira obboleettummaan tajaajiluun hojii gaarii hojjechuun dabarse. Dawoo dhokannaa loltoota Faransaay keessatti kunuunsa gochaafii kan ani ture obboloota xixiqqoo sana lamaan hojii kiyya jedhee yoon barbaadus, argachuunii hin dandeenye. Haa ta'u iyyuu malee, dargaggoota jaalala barbaadan hedduu argachuu danda'eera.

Bara 1995 booda deebi'uun obboleessa kiyya Eeyimaabil waliin wal arguu danda'e. Qaamni carraa barumsa tolaa kenneef sun Ruwaandaa keessatti nagaan deebi'uu isaa waan amaneef, obboleessi kiyya gara biyya isaatti deebi'ee dhufuu akka danda'uuf baasii geejjiba qilleensa irraa –xiyyaara – cufeef. Gara biyyaatti deebi'ee dhufuu isaan dura yeroo hedduu xalayaa waliif barreessineerra. Yeroo muraasaafis bilbilaan walitti dubbachuu dandeenyeerra. Qaamaan wal arguuf garuu hafuurri keenya qophaa'aa hin turre. Haala ittii buufata xiyyaaraatti wal quunnamne yoom iyyuu hin dagadhu. Onneewwan keenya akka waan hamaa irraa eegnuu kan fakkaatu haalli keenya, miira keenya ifatti mul'ifachuu yookaan ammoo imimmaan lolaasuu irra haala salphaadhaan ture kan simannaa sana geggeessine. Wal haammanne, wal dhunganne, anis kan isaa akkasumas innis madaa kiyya akka hin

tuqnee sodaachuun of eeggannoo waliif goone. Ija wal irra buusnee wal ilaaluuf wal sodaanne. Miira keenya dhugaa yoo baasne deebinee to'achuuf akka nuuf hin danda'amne beekneeti nutti ulfaate. Al-takkaa boo'icha yoo eegalle dhaabuu akka hin dandeenye nuuf galeera.

Anaa fi obboleessi kiyya hiriyoota kiyya muraasa waliin ta'uun gara mana nyaataa deemuun irbaata nyaachaa waa'ee barumsa isaa fi waa'ee hojii kiyya haasa'aa fi qoosaa hiriyoota kiyyaan kolfaa fafakkeessuu eegalle. Halkan gaafa sanaa garuu siree kiyya irra ciisuun imimmaan dhangalaase. Obboleessi kiyyas gocha wal fakkaataa akka godhe shakkii hin qabu.

Guyyaa itti aanutti waliin ta'uun keenya nuuf salphate. Yoodhuma illee wal ilaaluun keenya yaadannoo suukanneessaa xumura maatii keenyaa gaddisiisaa sana kan nutti kakaasu ta'us, sababa baay'ee wal jaallannuuf tokkoon keenya lubbuun jiraachuu kan biraa keenyaan miirri mijuu nutti dhaga'ameera. Dhukkuba sana akka ani danda'u kan ana gargaare cimina akkan argadhe itti himuun jajjabeessuus barbaadeera. Haa ta'u iyyuu malee, gosa jajjabeessuu akka hin taane akkuma sanaan anaatti beekame. Yeroo muraasaan boodas waa'ee dhiphina maatii keenya irra gahe akka hin kaasneef osoo walitti hin dubbatin akka waliif galle nuuf gale. Miseensa maatii keenyaa hunda maqaa waamne. Yeroo sanattis taanaan akka waan isaan amma iyyuu lubbuun jiran gochuun ture kan haasofne – gadda isaanii irraa of jajjabeessuu kan dandeenyu karaa kanaan qofa. Waggoota lamaan itti aanuun dhufanis xalayaa fi bilbilaanis sanu gochaa kan turre. Eeyimaabil ogeessa fayyaa bineeldotaa ta'uun Digrii isaa lammaffaa xumuruun gara Kiigaaliitti yoo deebi'u, haalli isaa tokko illee hin jijjiiramne. Guyyaa guyyaan qaaman wal arguu dandeenyus, waa'ee duguuggaa sanyii geeggeefamaa turee garuu akka waan inni nama ta'e tokko qofa irratti raawwatameetti salphisuun walitti dubbanna. Iddoo awwaala harmee fi Daamaasiin ilaaluuf yoo deemu illee akkan geessuuniif ana hin gaafanne; qofaa isaati kan deeme.

Yeroo sanaa eegalee kunoo akkuma sanatti jirra. Eeyimaabil ammas kan jiraatu achuma magaalaa Kiigaaliiti; ogeessa fayyaa milkaa'ina qabu yoo ta'u, niitii fi ijoollee babbareedoo qaba.

Baay'ee waliif bilbilla; yeroo kamiin irra caalaatti walitti siqeenya cimaa qabna. Yeroo yeroodhaan waliif bilbilla; torbanitti yoo xiqqaate al-takkaaf waliif barreessina. Ammas taanaan waggootii hamma sanaan booda waa'ee maatii keenyaa yoo walitti dubbannu 'Ture' hin jennu. Yaadannoo isaanii nu waliin daandii inni itti yeroo hunda ol ka'uun turuu danda'u kana jedheen yaada.

HALKANOOTA BAAY'EE NAANNOO KIYYATTI KAN ARGAMUU fi akka mana kiyya lammaffaatti kan ani ilaalu galma Jaswiitotaatti kadhataa fi miira of dhaggeeffachuu keessa ta'uun dabarsa. Yeroo dheeraa ani dawoo dhokannaa keessa turetti kan ana oolche Waaqayyo waliin wal quunnamtii cimaa ture irra deebi'uun argachuu kan ani danda'e iddoowwan callisoo sanatti dha.

Onneen kiyya suuta suuta woyyaa'aa yoo dhufu, jireenya kiyya fuulduraatti ana waliin jiraachuu kan danda'u nama addaa kan kiyya qofa jechuu kan danda'uu tokko fi maatiin kunuunsuu danda'u abjoo'achuu eegale. Garuu yaaddoo anatti ta'e … haala kiyya Yohaannis waliin qabna turre yaadachuun onnee kiyya akka salphaatti cabuu danda'u kana wal quunnamtii eessuma iyyuu gahuu hin dandeenyee fi haala nama dhukkubsuun goolabamuutti dabarsee hin kennu jechuun murteesse. Waan kana ta'eef, yeroo hundumaa akkuman yeroo rakkoon yookiin qormaatni akkasii ana mudatutti godhu, gargaarsa Waaqayyoo gaafadhe. Cidha jannata keessatti ta'u yoon barbaade, Waaqayyoon gararraatti kan ana babbareechuu fi heerumsiisu eenyu jiraataree?

Kitaabni qulqulluun yoo gaafatne akka nuuf kennamu nutti hima; anis sirriitti sanuman godhe. Waaqayyo akka inni nama ani abjoo'adhu anaaf fiduun anaaf kennu gaafadhe. Ofii kiyya gowwomsuu hin barbaadne – Waaqayyo akka anaaf ergu namni ani barbaadu nama akkamii akka ta'e sirriitti ifa gochuutu ana irra ture. Waan kana ta'eef, waraqaa fudhachuun taa'ee fuula nama ana fuudhuu qabuu suuraa kaase. Sana booda hojjaa fi waantota irraa barbaadaman hunda tarreesse. Eenyummaa jabaataa fi namummaa gaarii kan qabu, arjaa, kan jaalala beekuu fi gara laafessa, taphataa, gochaa gaarii, eenyummaa kiyya kan jaallatu, akka kiyyatti ijoollota jaallachuu kan danda'u fi hunduma irra caalaatti ammoo nama Waaqayyoon jaallatu akka anaaf kennuuf gaafadhe.

Waaqayyoon guyyaa akkanaa fidii anaaf kenni jechuun guyyaa jala murame hin kennineef. Sanyii, lammummaa yookaan ammoo qalama gogaa irratti daangaa hin buusne. Namootni biiliyoona shan gararraa ta'an addunyaa kana irra akka jiraachuu isaaniif – gooftaan kiyya nama ana waliin jiraatu anaaf kan erguu fi ani immoo kan itti eegu yeroo sirrii ta'e turtii ji'a ja'aa akka ta'u karoorse. Hubachiisa ta'e tokkos itti dabale: - durbee Maariyaamiin guddaa waan ani jaalladhuuf, Waaqayyo dhirsa amantii ana waliin wal fakkaata qabu osoo anaaf ergee gaarii akka ta'u itti hime. Sababa amantiin bultii kiyya keessa rakkoon tokko illee akka hin jiraannee mirkaneessuu akkasumas dhirsi kiyya akkuma ani Waaqayyoon waaqessutti innis akka waaqessun barbaade.

Maal akkan barbaadu sirriitti ergan beekee booda fedhii kiyya abju'achuu eegale. Waaqayyo kan fedhii kiyyaa eebbisee akka anaaf kennu, fedhii onnee kiyyaa akka anaaf ta'uu fi dhimma yeroo qofa akka ta'e amanuun hundumaa isatti dhiise. Adeemsa isaa ariifachiisuuf lakkooftuu callee adii fi diimaa ofirraa qabu kan abbaan kiyya anaaf kenne baasuun dhirsi kiyya akka anaaf dhufu kadhachuu eegale. Ji'oota sadiin boodas anaaf dhufe: - Waaqayyo irraa kan anaaf ergamee fi Dh.M.G kan ana badhaase obbo Biriyaan Bilaak Ameerikaa irraa anaaf dhufe! Dubbichi kan wal irra buusu immoo obbo Biriyaan gara biyyattii kan dhufe fixiinsa sanyummaa geggeefamee ture sana warreen qindeessuunii fi karoorsuun irratti hirmaatan gara mana murteetti dhiyeessuuf kan yaalaa jiru Dh.M.Gtti mana murtii addunyaawaa Ruwaandaa hundeessuuf adeemsa taasifamaa jiru gargaaruuf dhufuu isaati. Biryaan Dh.M.Gtiif waggootii dheeraaf waan hojjeteef, ajjeeftotni sun murtoo sirrii fi ga'aa ta'e akka fudhatan kan godhu ergama isaa keessaa tokko ta'uun isaa isa gammachiisa. Akka dhuunfaa kiyyaatti inni ergama Waaqayyo irraa itti kenname raawwachaati kan jiru.

Yeroo jalqabaaf Biriyaaniin mooraa Dh.M.G keessatti yoon argu sirriitti nama ani Waaqayyoon anaaf ergi jedhee gaafadhe anatti fakkaate. Booda irratti galma biraan yeroon darbuu fi tasgabbii guddaa ija isaa keessatti yoon argu, isa akka ta'e sirriitti beekkadhe. Garuu amantaa kiyya Waaqayyo irra waanan godhadheef Biriyaaniin gara kiyyatti akka fiduuf eege … anaafis fide.

Biriyaan waliin deemne akka bashannannu ana affeeruun yeroo gaarii waliin dabarsine. Dhuma halkan sanaattis hiriyoota jaboo akka taanee fi haftee jireenya kiyyaa isa waliin kan ani dabarsu ta'uu isaa sirriitti beekkadhe… Kiristaana osoo anaaf ta'eeti! Of tasgabbeessuun gaaffii guddicha gaafadheen. "Amantiin kee maali?"

"Ani Kiristaana."

Utaalee haammannaa isaa keessa galuun "Waaqayyo galatni siif haa ta'u! Gara jireenya kiyyaatti baga nagaan dhufte – waliin jiraannekaa!" jechuutu ana barbaachise. Garuu namicha gaarii sana akkan hin naasifneef sodaadhe. Sababa kanaaf harka isaa qabadhee seequun "Anis akkanuma kiristaana." jedheen.

Biriyaaniin yeroo duguuggaan sanyii geggeeffamaa ture waanan keessa darbe hundumaa itti himuun tasumaa iyyuu isa dhiphisuu dhiisus, yeroo onneen kiyya gadditu hundatti garuu ana dhaggeeffata. Yeroo ana barbaachisuttis gateettii isaa irratti akkan boo'uuf anaaf eeyyama.

Waggoota lamaan booda Biriyaan fi ani sirna cidhaa aadaa Ruwaandaan geggeeffachuun yeroo muraasaan booda bara 1998tti gara Ameerikaatti dhufne. Bultii jaalalaan guutamee fi wal gargaaruun keessa jiruu dha kan qabnu; Waaqayyos ijoollota babbareedoo lamaan nu eebbiseera – mucaa durbaa Niikeeyishaan fi mucaa dhiiraa Biriyaan xiqqichaan. Yeroo hundumaa hirribaa dammaqee ijoollota kiyya ergamtoota fakkaatan xixiqqoo lamaan yoon ilaalu, fuula isaanii irraa bareedinaa fi dandeettii Waaqayyoon dubbisa. Waa'ee kennaa isaa guddaa kanaaf isa galateeffachuu kiyya yoomiyyuu hin dhaabu.

Guyyaa fi daandii kamiin keessatti iyyuu Waaqayyo gargaaraa jireenya kiyyaa ta'ee itti fufa; kan ana jiraachisu, kan eegumsa anaaf godhu, kan ana gammachiisu isaa dha. Niitii, haadhaa fi nama gaarii ana taasisa. Hojii akkan argadhu ana godheera. Ijoollota kiyya ergan da'een booda hojii kiyya itti fufuu barbaadus, magaalaa Niiwu Yoork keessatti hojii argachuun Kiigaalii irratti haala duguuggaa sanyii booda ture irra caalaatti qormaata cimaa ture – namoota baay'ee garuu hojii muraasa.

Waaqayyo akka ana dursu kadhadhe. Magaalaa Maanhaataanitti kan argamu Dh.M.G keessa hojii ani hojjechuu fedhu barbaade. Al-takkaa eessaa akkan hojjechuu barbaadu ergan beekeen booda achii hojii akka waan ani qabuutti abju'adhe – yeroo hundumaa kan itti fayyadamu meeshaa yaada gaarii gochuun: - Amanaa ni argattuu! Gara weebsaayitii Dh.M.G. seenuun kutaa maqaa fi sadarkaa isaanii of irraa qabu maxxansuun baasee maqaa kiyya tarree maqaa namootaa sana keessatti dabaluun barreesse. Ofii kiyyaaf toorri bilbila keessaa illee osoo hin hafin kenne! Waraqaa tartiibni bilbilaa irratti tarreeffamee jiru keenyan irratti maxxansuun guyyaa guyyaan ilaala. Iyyata guuteera, ragaa barumsaa fi muuxannoo hojii galcheera; bilbilas bilbiluun iyyatni kiyya maal irra ga'eeras nan jedha – namootni kumaatamaan lakkaa'aman biroonis kanuma kan godhan. Waraqaa tartiibni bilbilaa irratti tarreeffamee jiru ilaaluu fi hojichi kan kiyya ta'uu isaa itti fufiinsaan amanuun, guyyaa hunda bilbilli kiyya hanga iyyutti kadhata godhadha. Akkuman eegee ture namoota iyyata galfatanii turan dhibbaan lakkaa'aman biro keessaa filamuun gaaffii fi deebiin afaanii erga anaaf godhameen booda hojicha harkatti galfadhe. Humna Waaqayyoo sirriitti arguu kiyyaa ajaa'ibsiifachuu tasumaa hin dhaabne!

Kun boqonnaa jireenya kiyya itti aanutti akka ani ce'uuf kan ana dhiibu humna wal fakkaataa dha. Waaqayyo jireenya kiyya kan anaaf fayyisee fi lubbuu kiyya kan anaaf oolcheef sababa tokkoofi. Du'a irraa kan inni ana hambiseef, seenaa kiyya namoota birootti akkan himuu fi haga anaaf danda'ame namoota hedduuf waa'ee jaalala, dhiifamaa fi humna fayyisuu isaa akkan itti agarsiisuufi dha.

Dhiisee kan ani dhufee fi namoota gargaaruun ana irra jiraatan qaba. Namoota ajjeechaa irraa oolan keessumattuu deemsa onnee Iiguwaalaamaawutaa keessatti abdii deebisanii fiduu keessatti gargaarsa gochuuf hagan danda'e dafee dafee gara Ruwaandaatti deddeebi'uun hojjechuuf abdiin qaba. Yeroo kanatti naannoo kamitti iyyuu kan argaman namootni duguuggaan sanyii irra gahee fi lola geggeefamuun miidhamaniif dhaabbata akka isaan qaamaan, sammuun fi hafuuran fayyan gargaaru hundeessuu irrattin argama.

ERGAAN WAAQAYYOO DAANGAAN tokko illee osoo hin daangessin iddoo kami fi onnee nama kamiin iyyuu keessa ni

qaqqaba. Namni addunyaa kana irra jiru kam iyyuu nama isa miidhe kamiin iyyuu akkamiin dhiifama gochuufii akka qabu barachuu ni danda'a – miidhamni irra gahe baay'atus xiqqaatus. Waa'ee dhugummaa waanta kana guyyaa guyyaan kan ani argu. Fakkeenya tuquun yoo barbaachise, seenaa kiyya kan ani itti hime hiriyaan kiyya haaraan tokko seenaa kiyya itti himee guyyoota muraasaan booda seenaan sun yeroo tokkotti walitti dhiyeenya cimaa qabdi kan turtee fi waggoota dheeraaf kan itti hin haasa'in turte eessuma isheetti akka araaramtuuf ishee kakaasuu isaa bilbiltee anatti himte.

"Baay'ee waliin mormuu keenya irraan kan ka'e guddaa waanan itti gaddeef lammaffa isa waliin haasa'uu akka hin qabne kakadheen ture." jechuun dhoksaa ishee anaaf hirte. "Namoota maatii kee ajjeesan akkamiin dhiifama gochuufii akka dandeesse ergan dhaga'een booda garuu bilbila kaasee bilbiluufiin dirqama anatti ta'e. Dhiifama hin gaafatneen – kallattiidhumaan onnee kiyya banuun dhiifama godheef malee. Akkuma sanaan haala duraan walitti dubbannu tureen walitti dubbachuu eegalle – jaalala adda ta'een. Wal-cufiinsa nu gidduutti uumameen waggootiin meeqa akka nu darban amanuu dadhabne." anaan jette.

Haaluma wal fakkaataan dubartiin ajjeechaa geggeeffamaa ture irraa haftee fi yeroo dhiyoo asitti maatiin ishee Ruwaandaa keessatti kan jalaa ajjeefaman bilbilaan namoota ajjeeftota sanaaf dhiifama gochuuf waanta ani wal duraa duubaan godhe boo'aa ana gaafatte.

"Yeroo ati jaraaf dhiifama gootu onneen kiyyaan *hintalli maraatteetti* si'iin jedhe Iimaakiyuule – waan balleessaa isaanii madaalu akka hin arganne yoo oolchituun. Dhukkubaa fi miira aarii guddaa ani onnee kiyya keessatti waggaa kudha tokkoof baadhe ana ajjeesuuf ga'a. Jireenyi kiyya yeroo dheeraaf jireenya suukanneessaa waan tureef ammaan booda dandeettiin ittiin jiraachuu danda'u tokko illee hin qabu. Namootni garuu akka ati namoota maatii kee ajjeesaniif dhiifama gootee jireenya kee jiraachuu itti fufte yoo dubbatan dhaga'eera … gammadduu akka taatee fi dhirsa, ijoollee fi hojiis akka qabdu! Anis jibba kiyya akkamiin dhiisuu akkan danda'u barachuutu ana irra jiraata. Irra deebiin jiraachuu jalqabuun qaba."

Waaqayyootti akkamiin amanuu akka qabdun itti hime; dhiifama gochuu fi gara fuulduraatti tarkaanfachuuf kan ani godhe hundumaan seenesseef … kitaaba kana keessatti kan ani barreesse hunda. Ana galateeffachuun isheenis namoota ajjeeftota sanaaf dhiifama akka gootu Waaqayyo akka ishee gargaaru gaafachuu ishee anatti himte.

Sana boodas haasaa ani Atilaantaatti godheen booda dubartii boo'aa anatti dhufte tokko nan yaadadha. Ijoollummaa isheetiin maatii ishee ajjeechaa Naaziitiin akka jalaa ajjeefaman anatti himte: "Bara jireenya kiyya guutuu onneen kiyya aariin guutamuun jiraadheera… miirri dhiphinaa ana burjaajessaa jiraadheera. Waa'ee maatii kiyyaaf waggaa dheeraaf boo'eera. Seenaa suukanneessa dabarsitee fi dhiifama gochuu danda'uu kee dhaga'uun kiyya miira ana kakaase. Bara kiyya guutuu namoota maatii kiyya ajjeesaniif dhiifama gochuuf yaaleera, amma garuu waanan danda'ee godhu anatti fakkaata. Aarii kiyya dhiisee nama gammadduu ta'uun kiyya hin oolu."

Wal gahii barnoota dabarsu irratti jaartiin umriin ishee sagaltamii lama taate tokko harka isaanii anatti maruun jabeessanii ana haammatan. Baay'ee miirri isaanii waan tuqameef dubbachuu hin dandeenye. Ta'us garuu akkuma ta'e ta'uun sagalee baasuu danda'aniiru. Jecha isaanii hin irraanfadhu: - "Dhiifama gochuuf yeroon isaa baay'ee anatti darbeera jedheen yaadan ture. Namni tokko waan ati jette hanga jedhutti osoon eeguu – nama dhiifamni hin taaneef dhiifama gochuun akka danda'amu beekuun ana barbaachisee ture, intala kiyya." anaan jedhan.

Biyya dhaloota kiyya Ruwaandaan kan wal qabate tokkoon tokkoon namootaa barumsa dhiifama gochuu fudhachuu yoo danda'e, biyyi kiyya ofii ishee fayyisuu akka danda'amuuf nan beeka. Yeroo duguuggaan sanyii geggeeffamaa ture sanatti namootni gara kuma kudhaniitti lakkaa'aman yakka ajjeechaa nama irratti raawwachuu isaaniitiif hidhamanii kan turan mana hidhaa keessaa bahuun gara magaalota fi gandoota isaanii duraattii galaa jiru. Waan kana ta'eef, yeroo kamiin iyyuu irra caalaatti yeroon itti dhiifama gochuu qaban ammaa dha. Ruwaandaan deebitee jannata ta'uu dandeessi; ta'us garuu biyyi kiyya akka fayyituuf guutummaan

addunyaa jaalala kennuufii qaba. Silaa kan darbe darbeera; Ruwaandaa keessatti kan raawwatame garuu hunduma keenya dhala namaa irratti kan raawwatame ta'uu isaatiif, hunduu dhalli namaa ajjeechaa sanyii duguuguun raawwatame sanaan madaa'eera.

Jaalalli onnee tokkicha irraa burqu addunyaa addaa uumuu ni danda'a. Yeroo tokkotti lubbuu tokko fayyisuun Ruwaandaas ta'e guutummaa addunyaa keenya fayyisuun akka dandeenyu nan amana.

GALATA

Jalqaba irratti hunda gararraatti Waaqayyoon abbaa gaarii, hiriyaa jabaa, dhoksaa kan itti himachuu danda'u … darbees oolchaa kiyya waan anaaf ta'eef galateeffachuun dirqama anatti ta'a. Yaa gooftaa kiyya, yeroo gaariittis ta'e yeroo baay'ee hammaatanittis abbaa kiyya gaarii ta'uun haga ammaatti ana waliin jirta. Onneen kiyya waan anaaf banamee fi irra deebi'uun jaallachuu akka ani danda'u waan ana dandeessifteef kabaja argadhu, galatoomis. Ani si'iin malee homaa miti, garuu si'i waliin ani waan hundumaati. Gooftaa kiyya, harka kiyya sittin kennadha – bara jireenya kiyya keessatti waan fedhii keetii anaaf haa raawwatu. Daandii kee irra adeemuu ittuman fufa.

Eebbifamtuu qulqulleettii durbee Maariyaam, yeroo hundumaa ani si'iif jira kana naan jettu, yeroo hundumaa ana bira akka jirtu anatti beekama. Waa'ee jaalalaa fi kunuunsa keetiif guddinni galata ani si'iif qabuu jechootni ibsuu hin danda'an. Onnee kiyya gara onnee keetti anaaf dhiyeessi, haadha kiyya – nama guutuu ana gootaa; anis ammo hanga barabaraatti si'in jaalladha. Kiiboohootti mul'attee balaa fuuldura keenyaan nutti dhufaa ture of eeggannoo akka goonu waan nu gooteef si'in galateeffadha … maal qaba si dhageenyeerra osoo ta'ee ture!

Doktoor Weeyin Daayer – ergamaa jannata irraa ergamtanii dha isin. Waaqayyo isniin gara jireenya kiyyaatti waan fideef nan galateeffadha; hafuurotni keenyas walii walii isaanii barabaraan akka wal barantu anatti dhaga'ama! Gaarummaa keessan hanga hin qabne, gorsa keessan beekumsaan ijaaramee fi jaalala abbummaa keessan anaaf akka fiixee xumura lafaa bal'aa dha. Namootni hedduun jecha keessaniin maaliif kaka'umsa akka argatan hubatanii beekuun salphaa dha – isin goota kiyya, isin jaalladha. Waan anatti amantanii fi gara abjuu kiyyatti ana fiddaniif, waamicha dhugaa lubbuu kiyyaa akkan barus waan ana gootaniif, onnee kiyya gubbaa irraan isin galateeffadha. Itti dabaluunis, kitaaba kana waan anaaf dhugoomsitan fi seenaa kiyya dubbachuu akkan danda'u waan ana gargaartaniif galatni guddaan isiniif haa ta'u.

Iskaay Daayer: - abbaa kee waliin waan wal ana barsiifteef akkamitti akkan si'i galateeffadhu! Si'in jaalladha!

Gartuu ajaa'ibaa Heeyi Haawus: - Jiil Kiraamer, Shaanen Liitrel, Naansii Leevin, Kiristii Saalinaas, Jaakwii Kilaark, Isteesii Ismiiz fi Jaanii Liibartii – yeroo isin waliin hojjetan akkam akka nama gammachiiftan! Waa'ee kara agarsiiftummaa keessaniif, obsaa fi jajjabina anaaf gootaniif galanni keessan guddaa dha.

Gargaaraa kiyya Istiiv Eerwiin, kitaaba kana qopheessuu keessatti ana waliin erga hojjetteen booda namni kam-iyyuu haga ati ana beektu ana beeka jedhee hin yaadu. Ati nama ajaa'ibaati; amma ati anaaf akka obboleessaati jechuu dha. Ogeessa fayyaa gaarii akkasii waan anaaf taateef, si'in galateeffadha – waa'ee maatii kiyyaa dhimma dhuunfaa hedduu yoo ana gaafattu gara-laafummaan ati agarsiifte anaaf hiika guddaa qaba. Waa'ee harka kee ajaa'ibaaf Waaqayyoon galateeffadha – barreeffamni kee jechaa fi miira kiyyatti lubbuu godheera. Itti dabaluunis, lamaan keenya iyyuu dhukkubbii haadhota keenya ganaa osoo hin quufin dhabuu kan wal nu fakkeessuu, kitaaba kana keessatti miirota hundumaa ani ibse kan hubachuu dandeessu, niitii kee Naataashaafis galanni kiyya haa qaqqabuuni. Naataashaa, ati anaaf akka obboleettii kiyyaati bar!

Viinseent Kaayiizuuka fi Eesperaansi Fuundiraa: - jalqaba irratti akkamittiin akka ana jajjabeessitanii fi amantaa ana irratti akka

godhattan tasumaa yoom iyyuu hin irraanfadhu. Isinin jaalladha! Waariyaaraa Mibuugaa, Roobert Maakimaahoon, Liilaa Raamoos, Aanaa Keeleet, Biil Barkileey fi Ribkaa Maartensen gargaarsa keessaniif, yaada anaaf kennitaniif, goorsaa fi jajjabina barbaachisaa anaaf gootaniif galata onnee irraa madden isiniif dhiyeessa.

Dh.M.Gtti garee sagantaa misoomaa fi waajjira gamaggamaa kan jirtan namootni waliin hojjennu hundi galatni kiyya isin haa qaqqabu – haala adda ta'een namootni ani galateeffadhu Deeviid Raayider Ismiiz, Ruut Ibraahiim, Aniish Piraadihaan sababa hubannaa fi gargaarsa keessaniif. Waaqayyo uumaan isin haa eebbisu – Isinin jaalladha.

Maqaa keessan kan ani hin dhoofne garuu immoo gama tokkoonis ta'e gama biraan kan ana gargaartan hunduu hiriyoottan kiyya jaallatamoo isinin galateeffadha – hundi keessan onnee kiyya keessa jirtu.

Galata dabalataa baay'ee addaa ta'an lama luboota adda ta'an lamaaf: abbaa Gaanzaa Jiin Baaptiist fi abbaa dhiifamaa kiyya Abbaa Jiin Baaptiist Buugiingof

Jaalala baay'ee guddaa fi yaadannoowwan suukanneessoo hedduu kan himuuf ulfaatan kan sitti himu obboleessa kiyya Eeyimaabil Nituukaaniyaagiwee: - *gaaffiiwwan hedduu ati gaafachuu hin dandeenyee fi anis deebii si'iif kennuu hin dandeenyee kitaaba kana keessatti deebii ni argatta jedheen amana. Ati lubbuun waan anaaf jirtuuf Waaqayyoon nan galateeffadha – ati anaaf waan hundumaa kiyya. Waa'ee namoota keenyaaf homaa hin dhiphatin ... gammadoo fi jannata keessatti ammo abukaatota keenya addaati!* Obboleessa kiyya, obboleessa gaarii waan anaaf taateef galanni kiyya si'i haa qaqqabu – umriin itti yaadachuu eegalee irraa kaasee jaalala hin hir'anne waan anatti agarsiifteef, amantaa ana irratti qabduu fi yeroo mara waa'ee seenaa maatii keenyaa akka barreesuuf waan ana jajjabeessiteef si'in galateeffadha. Irra caalaatti kan ani galateeffadhu ammoo Saawudaa dha. Niitii obboleessa kiyyaa fi hiriyaa kiyya jedhee yoon si waamu eebbifameera – sanyii keenya waan baay'ifteef galatni kiyya si'i haa qaqqabu. Akka nama ajjeechaa sanyii duguuguuf geggeeffame sana

irraa ooletti hirmaannaa seenaa ati qabduuf, kitaabni kun si'iif hiika guddaa qabaata. Guddaan si'i jaalladha.

Shoontaal Niyiiyaarukuundo, Koonsoolii Nishiimiwee fi Isteellaa Umuutoonii: isin akka obboleettiiwwan kiyya xixiqqoo dha! Kitaaba kanaan miira kaka'umsaa argachuu keessaniif galatoomaa – kaka'umsa guddaa anatti uumtaniitu. Isiniifis ta'uu isaa anaaf hubadhaa, waan ani isin jaalladhuuf.

Ijoollota kiyya babbareedoo Nikeeyishaa fi Biriyaan xiqqicha, mucaa obboleessa kiyya xiqqicha Riyaan: - jaallatamtoota kiyya, akka ililiitti uumaa biraa kan dhuftan, ergamoota xixiqqoo kiyya isin. Jaalala keessan qulqulluu fi irra deebiin akkan jiraachuu danda'u sababa waan anaaf taataniif isin galateeffadha. Lubbuun keessan qulqulluun miira jibbiinsaan addunyaa isaan itti hin miidhamne osoo jiraatee fi duguuggaa sanyiif ajjeechaa jecha jedhus osoo hin dhageenyee hawwii kiyya ture. Yeroo guddattanitti akaakayyootaa fi eessumoota keessan fuulota kitaaba kanaa keessatti argattu – yaadannoowwan isaanii kitaaba kiyya keessa ni jiraatu. Ammaaf garuu harka keessan jaallatamaa gara kiyyatti ana haammachuuf yeroo bal'istan hundatti, jaalala isaanii isniif nan dabarsa. Jireenya kiyya isin; isinan jaalladha.

Dhuma irratti, dhuma irra kan si'i godhe garuu hunduma irra xiqqeessee miti, dhirsa kiyya – Biriyaan – si'in galateeffadha. Qofummaa irraa ana oolchiteetta; dhugumaatti walakkaa qaama kiyyaati ati – Waaqayyo biraa walakkaa qaama kiyyaa guutuuf kan ergamtee dha ati. Dadhabe nuffe osoo hin jedhin waan dhamaatee fi seenaa kiyya akka ani dubbadhu waan ana gargaarteef, guddaa waan ana jajjabeessiteef, halkaneeffattee waan anaaf dubbiftee fi dogoggora jiru waan anaaf sirreessiteef si'in galateeffadha. Jaalala keetii fi da'annaa anaaf ta'uu keetiif galatni si'iif haa ta'u; Waaqayyoonis akka fira keenya gaariitti ofitti fudhachuu keetis dabalatee. Jaalallee kiyya, onnee fi lubbuu kiyya guutuun si'i jaalladha.

Iimaakiyuulee Iilibaagiizaa

Iimaakiyuule, seenaa ajaa'ibaa kee kana addunyaatti akka himtu akka ani si'i gargaaruuf waan anaaf eeyyamteef guddaan si'i

galateeffadha. Jabinni kee, amantiin kee, dandeettiin balaa irraa dafanii woyyaa'uu keetii fi ilaalchi kee miira kaka'umsaa anatti uumuun ana jajjabeessu. Si'i waliin hojjechuun kiyya anaaf carroomuu yoo ta'u, si'iinis fira kiyya gaarii jechuu danda'uu kiyyaaf ammo eebbifameera.

Heey haawus keessa kan hojjettu Jiil Kiraamar, carraa anaaf kenname kana – kabaja ogeessummaa keetiif qabdu, amala keetii fi ariitii dinqisiisaan ergaawwan anaaf ergituuf sin galateeffadha.

Heey haawusi kan hojjettu Shaaroon Liitrel, gorsa kee gaariidhaaf ilaalcha dhuunfaa kee anaaf qooduu keetiif si'in galateeffadha.

Hojjetaa koomunikeeshinii xumura hojii (Finalize communication) kan taate Feeyiz Faarziing, walii gala gorsa keetii fi xiyyeeffannoo yeroo hunda sirrii haa ta'u jedhu dhimmoota tartiibeeffamaniif qabduuf galatni kiyya addaa si'i haa qaqqabu.

Hundumaa irra caalaatti ammo niitii, jireenyaa fi waan hunda kiyya kan taate Naataashaa Istaayinoof si'in galateeffadha. Si'iin malee maaltu ana liqimsa kan ture Waaqayyo qofatu beeka.

- Istiiv Eerwin

EENYUMMAA BARREESSITOOTAA IIMAAKIYUULEE IILIIBAAGIIZAA

Iimaakiyuulee Iiliibaagiizaa Ruwaandaa keessatti dhalachuun yuuniversitii biyyoolessaa keessattis Elektiroonoksii fi Injinariingii Mekaanikaalaa baratteetti. Bara 1994tti ajjeechaa duuguuggii sanyii geggeeffameen miseensa maatii ishee hedduu dhabdeetti. Turtii waggaa afuriin booda Ruwaandaa irraa gara Yuunaayitid Isteetisitti baqachuun magaalaa Niiwu Yoork keessatti Dhaabbata Mootummoota Gamtoomaniif hojjechuu eegalteetti. Namootni kanneen biroonis dhiibbaa yeroo dheeraa duguuggaan sanyii fi lolli fidu irraa akka fayyaniif yaaduun gargaaruuf Dhaabbata Iiliibaagiizaa – Faawundeeshinii Iilibaagiizaa – dhaabuu irratti argamti. Iimaakiyuuleen odola (eddo) Loong keessa dhirsa ishee Biriyaan Bilaak fi ijoollota ishee Niikeeyishaa fi Biriyaan xiqqicha waliin jiraatti.

ISTIIV EERWIIN

Istiiv Eerwiin barreessaa fi maxxansaaf tamsaasa Raadiyoo fi Televiizi'oona irraa kan hojjetu gaazexeessaa badhaasa hedduu qabuu dha. As dhiyootti gabaasaa oduu alaa dhaabbata Raadiyoof Televiiziyoona Kaanaadaa ture. Maanhaataan keessa gaazixeessituu kan taate niitii isaa Naataashaa Istooyinoof waliin jiraachaa asoosama isaa dheeraa lammataa barreessaa jira.

ILAALCHOTA AJAA'IBSIIFANNAA KITAABICHAAF KENNAMAN

"Seenaa jeequmsaa, obsa, nageenyaa fi dhiifama gochuu danda'uu Iimaakiyuulee Iiliibaagiizaa irraa kan calaqqisu waanta hin baratamne sababa cimina hafuuraa guddaaf mataa kiyya gadin qabadha. Akka lammii Ruwaandaa ta'uu kiyyatti, ijoollotni keenya baay'een – dhiirotnii fi durbootni keenya- bara 1994tti kan nu jalaa fixe addaddumma keenya haala sirrii ta'een illee kan hubannoo irratti hin qabne sana irra taruun fuulduratti darbuun keenya guddaa ana boonsisa. Kitaabni Iimaakiyuulee seenaa duguuggaa sanyii irraa ooluu kan agarsiisu kun dhugumaatti kitaaba baay'ee dinqisiisaa dha. Qaamotni ajandaa mataa isaanii adeemsisanii fi miirri namummaa homaa itti hin dhaga'amne haa ta'u jedhanii beekaa addaddummaa uuman abdii ittiin mo'annaa nuuf kenna. Ajjeechaa duguuggaa sanyii sana irraa kan hafanis ta'e ari'attootni hunduu seenaa kana dubbisuutu irra jiraata. Hundi keenya akka Iimaakiyuulee jijjiirraa hafuuraa gadi fagoo qabaachuu fi biyya tokkichaaf fuuldurattis jiraatuuf hojjechuuf akka kaanu jecha abdiin qaba."

- **Jaaneet Kaagaamee**, dursituu haadholii Ruwaandaa

"Kitaabni Iimaakiyuulee Iiliibaagiizaa addunyaa kallatti-himtuu ishee hunda dhabuun itti bitaacha'e daandii ifaa itti agarsiisaa fi kallattiin gara daandii araaraa irra dursaa nu fide. Gochaan suukanneessaa duguuggaa sanyii Ruwaandaa keessatti finiinaa yoo deeman, amantiin Iimaakiyuulees jabaataadhuma deema. Imimmaan fi balaqqamsiisaan erga anaaf dhaabbatee yeroo dheeraan booda sammuu kiyya keessa deddeebi'uu kan eegale, wal diddaa hin qabbanoofne jeequmsaa fi amantii gidduutti uumame dha. Tarreeffamni seenaa Iimaakiyuulee adda ta'us, namootni hunduu tokkummaan kan irratti walii galan, amantiin gaarummaa isheen qabdu irra dedeebi'uun akka qoramee dha. Jechaan ibsamuun kan hin danda'amne hafuurotni hamaan itti taphatu; sababa kanaaf, namootaaf gadduu, abdii fi dhuma irratti nageenyummaa kan argamsiisu miira dhugumaatti dhiifama gochuu danda'u argachuuf guddaa dhama'uutu irra ture. 'Dhugaa dubbachuuf kan baraaramte' kitaabni jedhu kun isin dinqisiisuun fi jilbeenfachiisuun amantaa haara'e irra isin buusa."

- **Gaayil Istiraawub**, Daayirektera dhaaba Impaaworiment fi barreessaa Ze Riitim Oof Kompaashin

"Hundumtuu keenya haala biyya Iimaakiyuulee Iiliibaagiizaa keessa ture duguuggaa sanyii geggeeffameen, ishee irra gahee kan ture jeequmsaa fi maatii dhabuun osoo nu quunnamee maal gochuu akka dandeenyu ofii keenya ni gaafanna. Sodaa fi abdii kutannaan miira jibbaa fi abdii dhabuun akka nuyi guutan ni eeyyamnaa? Lubbuudhaan hoo ooluu ni dandeenyaa? Hafuurri keenya hoo ni summaa'aa? Kaayyoo jireenya keenyaa iddoon gahuuf goda daaraa keessa ka'uuf jabina isaa ni qabaanna ta'innaa laata? Sana booda hoo, jaalala kennuu fi fudhachuun nuuf danda'ama ta'innaa laata? Akka Viiktor Firaankelin fi Aanaa Firaank, Iimaakiyuuleenis namootni hammeenya dandamatanii danda'uu qofa osoo hin taane, kufaatii keessattis jajjabina, haala abdii nama kutachiisu cimaa keessattis amanti argachuu akka danda'an agarsiisuu nama dandeessuu dha. Yeroo rakkannutti beekumsaa fi kennaa argachuuf dandeettii nu gargaaru nuuf arjoomti.

- **Eelizaabeez Leesar**, miseensa gargaartuu dhaabbata Oomeegaa fi barreessituu kitaaba Birooken Ooppen: Haawu difikalt taayims kaan heelp aas giroow

"Kitaabni 'Huutuutsii' jedhu kun 'ija kan balleesse iji isaa haa badu; ilkaan kan cabse ilkaan isaa haa cabu' kan jedhu addunyaa baay'ee kan dhiphisu, yeroo rakkisaatti namootni kan eegan aadaan kan hin liqimsamneef nama kamiif iyyuu ni ta'a. Iimaakiyuulee Iilibaagiizaa barannoo sana kan diigde, gootummaan guutuutti dambalii keessa ishee jiru dhaabuunii fi dambalii ala ishee jirus obsiisuun, sana irras darbuun dhiifama gochuun kan ishee rakkisaa ture humna guddaa dhiifama gochuu akka dandeessu eeyyameef aragchuu isheeti. Seenaan ishee nama kamiif iyyuu kaka'umsa ni uuma – nama obboleessa, biyyaa yookiin ammoo ofii isaa waliin wal dhabe nama kamiif iyyuu.

- **Juudiiz Gaarten**, barsiiftuu fi gorsituu 50/50 woork akkasumas ijoollummaa isheen ajjeechaa waraana addunyaa lammaffaa irraa ooluu kan dandeesse

"Kitaabni kun guutummaa bara jireenya kiyyaan kan ana jijjiiree daandii dhugaa fi gadi fagoo irra amantaa ani Waaqayyoo fi fiixee xumura addunyaaf qabu anaaf haaresseera.

- **Kiristiyaan Noorzirap**: Doktoora fayyaa, barreessaa kitaaba Wiimens bodiis wiimens wiizdem

"Kitaaba miira nama kakaasuu fi jireenya nama jijjiiruu danda'u! Fuula tokko dubbisuuf akkuma banteen, jijjiirama jireenya guutuu siif kenna. Iimaakiyuulee fi maalummaa jireenya yeroo dukkanaa keessatti qabatanii turuu haga dhumaatti hin dagataman."

- **Siidii Parlimaan**: Siindiikati Niiwuyoork Taayimsii

"Iimaakiyuulee Iilibaagiizaa kitaaba kana keessatti kanneen ibsaman gochaa yaaduuf illee nama rakkisan warreen

raawwataniif, kennaan dhiifama gochuufii kenniteef cimina ishee bakkaa hin sochoone fakkeenya ajaa'ibsiisaa tokkoo dha. Kitaabni kun kara hin yaadamneen miira kiyya tuqeera. Itti dabaluunis amantii fi dhiifama irraa kan dhalatu kennaa guddaa irra deebi'uun ana yaadachiiseera."

- **Deenis Liin**: barreessaa kitaaba Iiffi Aayi kaan foorgiiv, soo yuu kaan foorgiiv

"Kitaaba kana dubbisuun dhugumaatti jireenya kiyya jijjiiruu danda'eera – gara fuulduraatti yookiin ammoo yeroo ta'e tokkotti osoo hin taane, ammuma! Miira kiyya illee baasee ibsuu hin danda'u, ta'us garuu jechan ittiin ibsuu danda'u haala itti hin arganne keessatti waantota keessa kiyya jiran jijjiireera. Kitaabni kun ibsa ga'aa si'iif haa goonu yoo jedhaniin lakki tasumaa kan jedhuu dha."

- **Viimaalaa Roojers**: barreessituu fi dubbattuu miira kakaastu

"Seenaan Iimaakiyuulee fuula jalqabaa hanga dhumaatti guutummaa guutuutti jabeessuun nama kan qabuu dha. Seenaa baay'ee gaarii waan ta'eef, kan baay'ee qalbii nama fannisuu dha jedhee ibsuu hin barbaadu … ta'us garuu akkasuma dha. Kitaabni kun bara jireenya kiyya guutuu ana waliin tura."

- **Aal Barten**: Baarreessaa, daayireektara fi uumaa taateewwan sagantaa televiizo'oona milkaa'ina qaban hedduu

"Kitaabni 'Huutuutsii' jedhu kun, nuti hundi keenya ijoollota Waaqayyoo ta'uu keenya, amantiin yeroo hunda raajiiwwan adda addaa akka raawwataman fi dhiifama gochuunis furtuu fakkeenyummaa ta'uu isaa nu yaadachiisa. Yeroo rakkinni itti baay'atee jiru akkanaa kanatti kitaaba dubbisuun nuyi irra jiraatuu dha."

- **Kooleettii Baaren Raayid**: barreessaa kitaaba Rimeemberiing zi fiyuucher

"Kitaabni 'Huutuutsii' jedhu kun haala amanamuu hin dandeenyeen seenaa ajaa'ibaati. Miira gaarummaas ta'e gadhummaa namummaa keenyaa ni tuttuqa. Iimaakiyuuleen fakkeenya hafuura namaa haala salphaan cabee boodatti harkifachuu hin dandeenyeeti. Seenaan ishees kan barri jijjiiru miti."

- **Istiiv Kaalifer**: yeroo sadiif badhaasa Akkaadaamii kan mo'ate